# Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaalee Aadaa Mana keessaa: Godina Wallaggaa Lixaa Kan Xiyyeefate

Geediyoon Malaakuu Taasisaa

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaatti, Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoo**

Qorannoo Digirii Sadaffaa (PhD) Guuttannaa Digirii Doktoorummaa Falaasama Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoof Dhiyaate

**Waxabajji, 2025**

**Finfinnee, Oromiyaa**

# Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaalee Aadaa Mana keessaa: Godina Wallaggaa Lixaa Kan Xiyyeefate

Geediyoon Malaakuu Taasisaa

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaatti, Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoo**

Qorannoo Digirii Sadaffaa (PhD) Guuttannaa Digirii Doktoorummaa Falaasama Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoof Dhiyaate

**Gorsitootni:**

Gorsaa Muummee: Dr. Xilaahuun Taliilaa(Itti aanaa Pirofeesaraa)

Gorsaa Itti aanaa: Dr. Filee Jaallataa (Itti aanaa Pirofeesara)

**Waxabajji, 2025**

**Finfinnee, Oromiyaa**

**Mirkaneessaafi Mallattoo**

Akka miseensa boordii qorannoo waraqaa xumuraa (PhD) Geediyoon Malaakuu mata-duree ***Xiinxala Ga'eefi Hiika Meeshaalee aadaa Mana keessaa Godina Wallaggaa Lixaa xiyyeeffate*** jedhu irratti dhiheesse dubbisnee madaaluu keenya ni mirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa (PhD) Afaaniifi Fookiloorii Oromoof ulaagaa guutuu isaan fudhatamee jira.

Dr. Addunyaa Barkeessaa (Haala Mijeessaa) ______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Taaddasee Jaallataa (Qoraa Keessaa) _____________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Prof. Dajanee Gammachuu (Qoraa Alaa) _______________ ________________

Mallattoo Guyyaa

Hojii qorannoo gorsaafi qajeelcha keenya jalatti gaggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa (PhD) guutee kan dhihaate ta'uu mirkaneessinee jirra.

Dr. Xilaahuun Taliilaa (Itti aanaa Pirofeeseraa) _________________ _________________

Mallattoo Guyyaa

Dr. Filee Jaallataa (Itti aanaa Pirofeeseraa) _________________ __________________

Mallattoo Guyyaa

**Ibsa Barreessaa**

Jalqaba irratti, qorannoon kun dhamaatii dhuunfaa koofi maddeen hojii kana keessatti dhihaatan hundi qixa sirriin wabeeffatamanii jiru. Hojiin kun, ulaagaa ittiin guuttannaa digirii 3ffaaf (PhD), sagantaa Afaan Oromoofi Fookiloorii Yuunivarsiitii Addis Ababaaf dhiyaate. Ulaagaa barruulee sadii hojii kana keessaa fudhatamaniin alatti, hojiin kun digirii biraa argamsiisuuf kanaan dura bakka kamittuu akka hinfudhatamiin nan mirkaneessa.

Geediyoon Malaakuu Taasisaa ______________________ _________________

Mallattoo Guyyaa

# GABATEE BAAFATAA


Mirkaneessaafi Mallattoo ..... i

Ibsa Barreessaa ..... ii

Gabatee Baafataa ..... iii

Hiika Jechootaa ..... vi

Galata ..... ix

Axareeraa ..... x

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ..... 10

1.3 Gaaffilee Qorannoo ..... 12

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ..... 13

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ..... 13

1.4.2 Kaayyoo Gooree ..... 13

1.5 Faayidaa Qorannichaa ..... 13

1.6 Daangaa Qorannichaa ..... 15

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 16

BOQONNAA LAMA: YAADRIMEE, YAAXXINAAFI SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII ..... 17

2.1 Yaadrimeewwan Ijoo ..... 17

2.2 Yaaxxina Qorannoo ..... 31

2.3 Sakatta’a Barruuwwan Walfakkii ..... 34

2.3.1 Ibsaafi yaadrimee Meeshaalee Aadaa ..... 34

2.3.3 Gosoota Meeshaalee Aadaa ..... 41

2.3.4 Tajaajila Meeshaalee Aadaa ..... 54

2.3.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaa ..... 55

2.3.6 Qabata Meeshaaleen Aadaa Hiika Itti Argatan ..... 59

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ..... 68

3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 68

3.2 Madda Odeeffannoo ..... 70

3.3 Iddattoofi Iddatteessuu ..... 71

3.4 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname ..... 72

3.4.1 Daawwannaa ........ 72
3.4.2 Af-gaaffii ........ 73
3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffataa ........ 74
3.5 Meeshaalee Ragaan Ittiin Qabatame ........ 75
3.6 Mala Qaaccessa Odeeffannoo ........ 76
3.1 Naamusa Qorannoo ........ 77
BOQONNAA AFUR: HAALA WALIIGALAA NAANNOO QORANNOO ........ 78
4.1 Kaartaa Godina Wallaggaa Lixaa ........ 78
4.2 Haala Teessuma Lafaa Godina Wallaggaa Lixaa ........ 78
4.3 Haala Qilleensaafi Rooba Godina kanaa ........ 79
4.4 Hambaalee Aadaa, Seenaafi Artii ........ 79
4.5 Aadaa Uummata Oromoo Godina Wallaggaa Lixaa ........ 83
4.6 Amantaafi Afaan Uummata Godinichaa ........ 84
4.7 Hidda Latiinsa Ilmaan Maccaa Naannoo Lixa Oromiyaa ........ 85
BOQONNAA SHAN: MEESHAALEE AADAA BUQQEE HADHA’AA, SUPHEEFI MIGIRARRAA HOJJETAMAN ........ 88
5.1 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa buqqee hadhaa’aarraa hojjetamanii ........ 88
5.2 Goosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Supheefi Biyyoorraa Hojjetamanii ........ 102
5.3 Gosootaafi Tajaajilaa Meeshaalee Hodhaa Migiraa ........ 118
BOQONNAA JAHA: MEESHAALEE AADAA MUKA, SIBIILAAFI GOGAARRAA HOJJETAMAN ........ 128
6.1 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Mukarraa Hojjetamanii ........ 128
6.2 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Sibiilarraa Hojjetamanii ........ 146
6.3 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Gogaarraa Hojjetamanii ........ 152
BOQONNAA TORBA: AFOOLAAFI MEESHAALEE AADAA ........ 164
7.1 Afoola (Mammaaksa, afwalaloo, Hibboofi Jechamaa)n Meeshaalee Aadaa Ibsuu ........ 164
7.2 Meeshaalee Aadaan Afoola Ibsuu ........ 181
BOQONNAA SADDEET: HIIKAAFI GAHEE MEESHAALEE AADAA ........ 195
8.1 Meeshaalee Aadaafi Hiika ........ 195
8.2 Meeshaalee Aadaafi Hawaasa ........ 196
8.3 Meeshaalee Aadaafi Saala/Koorniyaa ........ 198
8.3.1 Dhiira ........ 198
8.3.2 Dubra/Dubartii ........ 199
8.4 Ga’ee, Daangaafi Sadarkaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasummaa keessatti Argarsiisuu ........ 199

8.4.1 Dhiirummaafi Dubartummaa ........ 199
8.4.2 Abbaa Warrummaafi Haadha Manummaa ........ 200
8.5 Meeshaalee Aadaafi Umuriifi Ga'ee ........ 201
8.6 Meeshaalee Aadaafi Bareedina/ Faaya ........ 202
8.7 Hiikaafi fakkoommii Meeshaalee Aadaa kanneenii ........ 203
BOQONNAA SAGAL: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ........ 217
9.1 GOOLABA ........ 217
9.2 ARGANNOO ........ 223
9.3 Yaboo/Yaada furmaataa ........ 226
DABALEEWWAN ........ 229
DABALEE A: Gaaffilee Afgaaffiif Dhiyaatan ........ 229
DABALEE 'B': Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoof Dhiyaatan ........ 231
DABALEE C: Odeeffannoo Madda Ragaalee/Raghimtootaa ........ 232
DABALEE 'D': Suura Meeshaalee aadaa xiinxalarraa hafanii ........ 236
Wabiilee ........ 243

**Hiika Jechootaa**

Aantee........................................fira

Aloola………………………….ragaa oolmaa dirreerraa argamu

Ameessa ……………………....saawwan aannan baay’ee kennan, loowwan elmaman

Anfaaroo……………………....rifeensa dheeraa funyaan qeerransaarratti argamu

Aseennaa..................................gosa gaa’elaa durbi dhiira jaallattee hiddii cirattee itti galtu

Askutii………………………...marqaa yeroo dubartiin deessu battaluma deessee kaateen nyaattu

Booka…………………….....daadhii, bulbula dammaa

Butii........................................durba dirqisiisanii/fedhiisheen ala humnaan fudhatanii galuu

Caabitaa……………………....buddeena furdaa

Daboo………………………....walgargaarsa

Dhaala.............................adeemsa gaa’elaa dubartii abbaan warraa irraa du’e obboleessi fuudhuu

Dhaltii………………………...saawwan dhalanii baay’ee hin turiin

Dilbii…………………….....waan guddaa, waan ture, umurii dheeraa kan qabu

Dubrummaa………………......bantii, durba kabaja ishee eeggattee jiraatte

Duudhaa……………………...aadaa(safuu)

Elemtuu……………………...meshaa aannan itti elmamu

Fakkoommii………………....dhimmoota aadaa murtaawaa keessatti waan tokkotti fakkeeffaman

Fira dhiigaa……………….....fira abbaa torbaafi asitti walgahan

Gaadii……………………....meeshaa sa'a ittin gaadi'anii elman

Godahambaa…………….. ..iddoo kuusaa meeshaalee aadaafi hambaalee biroo

Hambaa ………………..…...haftee

Harooressa …………..………...gosa mukaa baay’ee sorooroofi cimaa ta’ee ulee qabatamu

Jamaa……………………......garee namootaa

Jifaara……………………....gosoota

Jigii………………………....daboo, guuza

Jilaawwaan………………....sirnoota(ayyanota)

Kiloolee……………………..sagalee miidhagaa gurra namaa hawwatu

Kolbaa………………………kan ilka arbaa ykn karkaroo irraa tolfamuu

Godina………………………godina/Zone

Korma………………………kan dhalchu, dargaggeessa

Kuusuu …………………… olkaa’uu,walitti qabuu

Labata ……………………. dhaloota

Mankuusa………………… walitti qabaa, qindeessaa

Meeshaalee aadaa...................... wantoota aadaa keessaa tokko ta’anii, bu’uuraan kanneen tajaajila idilee keessatti muul’atan hunda

Milkii………………………carraa

Mukuu……………………. nuffii, dadhabbii, yaaddoo

Odeefkennitoota…………...namoota ragaa qorannootiif barbaachisu kennuuf qorataan filataman

Ogafaan…………………… afoola,ogummaa afaanii

Ona…………………………aanaa

Qaanqiramuu……………….diimeffamuu

Qareeyyii..............................jechoota gaggabaaboo qindaa'anii kanneen sammuu namaa qaran

Qiraacii…………………… cabaa hubboo/okotee suphee

Qu'aafamuu………………..dhuka'uu

Rakoo…………….. ……….sirna guyyaa gaa'eela rawwatamu

Shaashii…………………….uffata xiqqoo gaafa cidhaa dhiigni durba ittiin irraa haxaa'amu

Sooyyama…………..……gosa mukaa keessaa tokko ta'ee keessi isaa qaawwa kan qabu

Suuquu……………………..kaa'uu

Suursagalee………………...meeshaa suuraafi sagaleen odeeffannoo ittiin walitti qaban

Ulumaayii………………....gosa mukaa keessa tokko ta'ee ilkaan itti rigachuudhaaf kan tajaajilu

Wantoota Aadaa............... wantoota qabatamoo aadaa ulfoofi meeshaalee dabalatee jiran hunda

Xebbee (Waciitii)………….meeshaa xiqqqoo nyaatawwan aadaafi kanneen biroo itti dhiyaatu

Xiiqii………………………waan tokko raawwachuuf morkii keessa namaatti uumamu

# GALATA

Bu’aa ba’ii hunda keessa na dabarsee sadarkaa kanaan kan na ga’e Waaqayyoof galanni guddaan haa ta’u. Yaa Waaqayyoo, isa muummee laga gootuu, yuuyyees nama gootuu, bu’aa ba’ii hedduu keessa na dabarsitee anaanis kanaan kan na geessee galatoomi. Gochaa kee kanaaf afaan koon carraan argadhe kanaan yoon sigalateeffadhe akka na dhageessu nan amana. Ati Waaqa uumaa uumamaa kan uumaa ofii adda hinfoone, hojii koo jalqabee akkan xumuree sadarkaa kana ga’u kan na taasifte galanni kee dachaa dachaa haa ta’u. Hojiin qorannoo kun sadarkaa kana kan ga’e tumsaafi deggersa namoota baay’een. Isaan keessaa kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaanii utuu hinqusatiin ergaafi yaada bilchaataa qorannoo kana gabbisu naaf kennuun kan na waliin dadhabaa turan gorsitoota koo Xilaahuun Taliilaa (PhD)fi Filee Jaallataa (PhD) galanni koo galaanaan qixxeedha. Gorsitootni koo kun yeroon hojii waraqaa qorannoo kana hojjedhu nacinaa dhabbachuun deggersa ogummaa na taasisuun alatti kitaabaafi ragaa qorannoo kootiif na deggeru naaf kennaa kan turaniidha. Kanamalees, qorannoo kana milkeessuuf bifa ammaa kana qabatee akka xumuramuuf nuffiifi mufii tokko malee deeggarsa ogummaa naaf kennaa, na sirreessaafi najajjabeessaa turan. Gabaabumatti, dhamaateen isaan na duukaa taasisan jechan ibsuutii ol akka ta’es nan beeka. Gorsa ogummaa isin naaf laataa turtan milkaa’ina qorannoo kanaaf shoora ol’aana kan ba’e akka ta’e akka beektan carraa kanaan ibsuun barbaada. Kanaaf, gatii gargaarsa keessaniif waanan baasu yoon dhabeyyuu umurii harraagessaa rabbi isaaniif haa laatu, beekumsa irratti beekumsa isiniif haa dabalun jedha!

Itti aansuudhaan, maatii koo haala jireenyaa ulfaataa keessatti nuffiifi dadhabbii malee na barsiisanii gama hundaan na bira dhaabbachaa turan, jalqaba barnoota sadarkaa tokkooffaarraa kaasee hanga galma ga'iinsa hojii qorannoo kanaatti deeggarsa maallaqaafi yaadaan kan nacinaa dhaabbatan maatiikoo galanni keessan hinbadiin. Keessattuu, hojiin kun yaadannoo barabaraa kanan oolmaa ishee ofirraa kaffalee utuun hin xumuriin na biraa deemtee iddoo dhugaa jirtu haadha koo Saaraa Mokonniniif haata’u. Dabalees, abbaakoo Malaakuu Taasisaa, Obbolootakoo Caalaa, Caalii, Daawwitiifi Ayyaantuu, akkasumas amaatii koo aadde Jarituu Birihaanuu, abbiyyuu koo obbo Kumarraa Tarfaa waaqayyoo umurii dheeraafi ulfina isiniif haa kennu.

Qaamolee kanneen olitti eeramanitti aansitee shoora guddaa kan baate barumsa kana akkan baradhuuf najajjabeessuurraa kaastee hanga xumura hojii qoranoo kanaatti maallaqaafi yaadaan

natumsuun nacinaa dhaabbachaa kan turte kabajamtuufi jaallatamtuu haadha warraa koo Caaltuu Kumarraa kabaja guddaan siif qaba. Gatii kee waanan amma jedhuufi barreesuun himee akkan hinfixne atuu beekta. Garuu, waanuman danda'u jechuuf Waaqayyo umurii dheeraafi ulfina siif haa kennun jedha. Gochaalee ati hojii qorannoo koo kana tumsuu keessatti naaf raawwatte kanan hindaganne keessaa muraasni, jalqabaa kaastee ijoollee koo naa kunuunsitee, akkan barumsa kana yaaddoofi beela malee baradhuuf haala hundaa naaf mijeessuun nyaanni akka natti minyaa'ee nyaadhuuf qocqocaafi cuukkoo ati naaf qopheessaa turte na duraa hinbadan. Akkasumas, yeroon dadhabbii irra jirtutti hojii idileefi qorannoo koon qabamee qofaa ijoolleefi mana sitti gatee deemu nuffiifi dadhabbii malee hojii kee qixaan bahuun waan na deggerteef galanni koo guddaadha. Yeroon sababa hojii idileefi qorannoo koon isinirraa fagaadhee jirutti yeroofi jaalala maatiin tokko namarraa barbaadu isin dhorkadhee yeroon isiniif kennuu qabu hojii qarannoo kanaaf kannee hojjedhutti nahubachuun obsaafi yaadaan nadeggaraa kan turtan ijoolleekoo Naardos, Guddaafi Injifanoo Geediyoon hedduun isin jaalladha.

Akkasumas, yaadaan nawaliin ta'uun, hamilee naa kennuun najajjabeessaa kan turan hiriyyoota koo Dagagaa Hambisaa (Ass. Prof),Waaqgaarii Haayilee (Ass. Prof), Addunyuaa Gindaabaa (PhD), Nagaraa Alamaayyoo, Waaqtolaa Waaqjiraa(PhD), Waaqwayyaa Beekumaa, Beekumaa Taasisaa, Karraasaa Kumarraa(PhD), Fiqiruu Kitilaa (PhD) Tamasgeen Disaasaa, Bulchaa Dhibbarraa, Abdiisaa Abirihaam, koree manaajimentii Yuunvarsiitii Wallaggaa kaampaasii Gimbii, keessumaa immoo hojjettoota kutaa laabii kompiyuteraaf galanni koo guddaadha. Isaan kun beekumsa isaaniifi odeeffannoo garaagaraa naaqooduun nawaliin turan; kana malees, kaan maallaqaan, kaan waraqaa qorannoo kana sirreessuun, lafa barbaachisaa ta'etti immoo piriintii naaf gochuun nuffii tokko malee kan nawaliin dadhabaa turan waan ta'eef hedduun isaan galateeffadha. Dhumarratti, tibban qorannnoo kana geggeessu ragaa naaf kennuun kan nagargaaran jiraattotaafi maanguddoota Oromoo konya Wallaggaa Lixaafi onaalee konyichaa hunda keessa jiraataniin horaa bulaan jedha. Isaan kanatti dabaluun hojii qorannoo kanaa keessatti ga'ee leencaa bahuun qorannoo kana yeroon adeemsisu odeeffannoo guutuu naa laachuun kan hirmaatan abbootii gadaa, maanguddootaafi ogeeyyii waajjiraalee adda addaatiif galanni kiyya guddaadha. Keessaayyuu ogeessota Waajjira Aadaafi Turiizimii onaalee Gimbii, Boojji Dirmajjii, Mana Sibuu, Laaloo Assaabii, Gullisoo, Sayyoo Nooleefi Noolee Kaabbaa, yeroo keessan osoo hinqusatiin waan na dukaa dhamaataniif baay'een isin galateeffadha.

## AXAREERAA

*Kaayyoon qorannoo kanaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessattii ga'eefi hiika meeshaaleen qaban xiinxaluudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa hawaasa Oromoo godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatan yoo ta'an, malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaa hojiirra oolanii jiru. Tooftaa odeeffannoon ittiin funaannames daawwannaa, afgaaffiifi maree garee xiyyeeffataati. Odeeffannoowwan kallattii kanaan walitti qabaman mala qorannoo akkamtaan gurmaa'uun xiinxalamanii jiru. Kana keessaa mala xiinxala ragaaleef bu'uurri yaadrimeefi yaaxxinaalee xiinxala meeshaalee aadaa gara fookilooriin jiru bu'urefatamee jira. Haaluma kanaan, ragaalee xiinxalaman irraa bu'aan argame akka agarsiisutti meeshaaleen aadaa bu'uura tajaajilaan aangoofi aangomuu akka ibsan, kanaanis, barcumni fakkoommii aangoo, angafummaafi kabaja yookaan ulfinaa akka qabu, cancalli fakkoommii hidhaa, rakkinaafi gidiraa, bokkuun fakkoommii ol'aantummaa seeraa nagaa, seera tumuufi labsuu, araaara buusuu, alangaan fakkoommii seera tumame labsuu, aangoo, ol'aantummaa seeraa kan mul'isu, siiqqeen fakkoommii birmadummaa /uumamaan bilisa ta'uu/, kabaja dubartii, gulantaa gara dubarummaatti ce'uu, ulee mirga dubartootaa tiksu, boraatiin fakkoommii waan miidhama nama oolchuu akka ibsan, bu'uura dinagdeen qabeenya akka agasiisan, haaluma kanaan okoleen fakkoommii akkaataa qabaa jireenyaa, sa'a qabaachuu, horii qabaachuu, gumbiin fakkoommii jireenya, barakaafi qusannaa baruutti akka fakkeeffamu, bu'uura waan irraa hojjetaman irratti hundaa'uun ga'ee namni aadaa keessatti qabu akka ibsan, kanaanis, gundoon booree fakkoommii waadaa seenuu, cichoomina, joormaa, dadhabbii, kabajaa, meeshaaleen aadaa waraanaa kanneen akka bodee, calanqaafi bakarri fakkoommii onnee cimaa/ gootummaa, dhiirummaa, moo'icha, jabinaa akka qaban, kallachi fakkoommii nageenyaafi araara buusuu, gaachanni fakkoommii nama onnee cimaa/goota, nama saba isaatiif wabii ta'u, amartiin fakkoommii naatoo yookaan miidhaginaafi kabajaa, sirna gaa'elaa keessatti faaya ta'uurra darbee fakkoommii walitti hidhamuu akka qabuufi kanneen hafanis haaluma kanaan hiika fakkoommii ofii akka qaban bira gahamee jira. Kanamalees, meeshaalee aadaa keessaa dhiironni meeshaalee muka, sibiilaafi gogaarraa hojjatamanitti dhimma yoo bahan, durbiifi dubartootni meeshaalee aadaa migiraafi baay'inaan supheefi biyyoorra hojjatamanitti dhimma akka bahan hubatamee jira. Meeshaaleen kunneen ga'e koorniyaa (dhiirummaafi dubartummaa, abbaa warrummaafi haadha warrummaa) isaan qaban, ga'e aadaan namoota ga'eela dhaabbataniif kenne akka ibsan irraa hubachuuf danda'amee jira. Bareedinni/faayaan meeshaalee sonawwan aadaa qabu (ogummaa, jaalalaafi hariiroo maatii hanga hawaasatti jiru) akka calaqqisiisan qorannoo kanaan bira ga'ameera jira. Itti dabaluun, meeshaaleen aadaa hiika kan argatan aadaafi duudhaa hawaasa tolchee dhimma itti ba'uu giddu galeeffachuun akka ta'e qorannoo adda baafamee jira. Argannoo kana irratti hudaa'uun yaboon kenname, meeshaaleen aadaa hiika aadaa qabu, hiikni isaanii kun callisee kan kennamu osoo hintaane haala hawaasa sanaa giddu galeeffateeti; yoo sanaa ala ba'e rakkoo hubannaa uumuu waan danda'uuf waajjirri aadaafi tuurizimii hubii kana dhimmamtootaafi qorattootaaf uumuu qaba.*

***Jechoota ijoo: Fakkoomii, godina, meeshaalee aadaa, wallaggaa Lixaa***

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun qabxiilee kanneen akka seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa walduraa duubaan kan of keessatti qabateedha.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Uummanni tokko jiruufi jireenya guyyaa, guyyaa addunyaa dhugaa keessatti taasisu keessatti kallattiinis ta'ee alkallattiin fookilooriitti dhimma bahuun isaa hinhafu. Fakkeenyaaf, akkaataan hawaasni tokko itti waaqeffatu, akkaataa inni itti aadaa, duudhaa, seenaafi safuu isaa eeggatuufi sirnootaafi jilaawwan adda addaa itti gaggeessu, akkasumas akkaataa inni itti meeshaalee jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti bahutti tajaajilamu hundi ogummaa fookilooorii addeessu. Akkuma hawaasa addunyaa kanneen biroo hawwaasni Oromoos fookiloorii mataa isaa qaba. Itiyoophiyaan qe'ee aadaa hedduufi sabootaafi sablammoota adda addaa gara dhibbaafi digdamaatti lakkaa'amaniiti. Isaan kanneen keessaa uummanni Oromoo saba tokkicha guddaa yoo ta'u, tilmaamaan baay'ina uummata biyyattii harka sadii keessaa tokko ta'a jedhamee amanama. Uummanni kun hangafa sanyii uummata kuush, buleessaafi baay'ina uummataafi bal'ina lafaatiin Itiyoophiyaa keessatti sadarkaa duraarratti argama. Uummanni Oromoo akka Afrikaafi Itiyoophiyaatti lakkoofsa hangamii akka qabuufi uummata akkamii akka ta'e Asafa fi Harwood (2013) yoo ibsan,

> The Oromo people are the largest of about 120 ethno national groups in Ethiopia today. The Oromo population is estimated at 60 million of people living in Ethiopia. Although they are the largest population group, they are a political minority because, along with all but two of the ethno national groups, they have been colonial subjects within the Ethiopian Empire since the last decades of the 19th century (p.278).

Yaada wabii kana keessaa jirurraa hubachuun kan danda'amu, uummanni Oromoo har'a Itiyoophiyaa keessatti sabaafi sablammoota jiran keessaa isa guddaadha. Uummata miliyoona hedduu Itiyoophiyaa keessa jiraatu keessaa baay'inni uummata Oromoo miliyoona 60tti tilmaamama. Garee uummata guddaa ta'anis, garee sabaafi sab-lammoota lama malee hunda waliin, waggoota kurnan dhumaa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Impaayera Itiyoophiyaa keessatti

sirna gita bittaan koloneeffatamaa turan. Oromoon sabaafi sablammoota Itiyoophiyaa keessa jiraatan keessaa isa tokko yoo ta'u, uummattoota afaan Kuush dubbatan jalatti ramadama. Kanaaf, uummanni kun bal'ina lafaafi baay'ina uummataan Afrikaa keessaa heddummina kan qabu jechuu dandeenya. Uummanni Oromoo uummata akka Itiyoophiyaattis ta'e akka gaanfa Afrikaatti bal'aa, guddaafi uummata kabajamaadha.Yadaa kana deggeruun Bula (2017) yoo ibsu,

> The Oromo are speakers of Afaan Oromoo, an eastern highland Cushitic branch of the Afro-Asiatic language family. They are the largest ethno linguistic group in northeast Africa. Although the majority of Oromo live in the Oromia Regional State, a significant number live in Wambara and Kamise, in the Amhara region in the central Ethiopian highlands, and in the Rayya and Asabo areas of Tigray State, in the northern highlands. Oromo are also found in Kenya and Somalia (p. 34).

Yaada kanarraa kan hubannu, uummanni Oromoo dubbattoota Afaan Oromoo, damee kuush lafa olka'aa bahaa maatii afaanii Afroo-Eshiyaati. Uummanni kun saboota Kaaba Baha Afrikaa keessaa jiraatan keessaa isa guddaadha. Irra caalaan saba Oromoo naannoo Oromiyaa keessa jiraatus, lakkoofsi guddaan isaa Wambaraafi Kamisee, naannoo Amaaraa lafa olka'aa giddu galeessa Itiyoophiyaa, akkasumas naannoo Raayyaafi Asaboo naannoo Tigraay, lafa olka'aa Kaabaa keessa jiraatu. Oromoon Keeniyaafi Somaaliyaa keessattis ni argama. Kanaafuu, uummanni Oromoo uummata guddaa lafa bal'aarra jiraatu, afaan, aadaafi amantaa mataasaa qabu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Uummanni Oromoo damee kuush lafa olka'aa bahaa maatii afaanii Afroo-Eshiyaa ta'uu qorattootni Geremew fi Hunduma (2018) yoo ibsan,

> The Oromo people are one of the largest Cushitic-speaking ethnic groups in the Horn of Africa who maintain their own culture, religion and history. The Oromo live in a territory that extends from the Highlands of Ethiopia in the North, to the Ogaden and Somalia in the East, to the Sudan border in the West and across the Kenyan border to the Tana River in the South. The Oromo possess fertile land along with its natural resources and live in suitable weather conditions. The present Oromo are estimated to comprise 40–50 per cent of Ethiopia's population of more than 50 million. he Oromo people speak Afaan Oromo which is part of the Cushitic branch of the Afro-Asiatic family and is the most spoken language in Africa with no less than four dialects (p.1).

Yaada kanarraa akka mul'atu ummaanni Oromoo gaanfa Afrikaa keessatti saboota afaan Kuush dubbatan keessaa isa tokko ta'ee, aadaa, amantiifi seenaa mataa isaa kan qabuudha. Oromoon dachee Kaabaan gaara Itiyoophiyaa irraa kaasee hanga Bahaan Ogaadeniifi Somaaliyaa, Lixaan hanga daangaa Sudaaniifi Kibbaan daangaa Keeniyaa qaxxaamuree hanga laga Xaanaatti babal'atu keessa jiraata. Oromoon qabeenya uumamaa isaa waliin lafa lalisaa kan qabuufi haala

qilleensaa mijatu keessa jiraata. Baay'inni uummata kanaa akka biyyaatti parsantii 40-50% yoo ta'u, naannoo mil.50 ta'a jedhamee tilmaama. Uummanni Oromoo Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta'u, kunis qaama maatii Afroo-Eeshiyaa damee Kuush kan ta'eefi Afrikaa keessatti afaan baay'inaan dubbatamu kan loqoda afurii gadi hintaane qaba. Kanaafuu, uummanni Oromoo sanyii duriifi jalqabumaa kaasee naannoo kana jiraachaa ture, ummattoonni naannoo Baha Afrikaa kaan baay'een isaaniirra lakkoofsa hedduu kan qabuufi damee kuush jalaa kan madde saba buleessa jechuu dandeenya.

Hawaasni kamiyyuu durii kaasee wantoota bu'uura eenyummaa isaa calaqqisiisan kan dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsaa dhufe ni qabaata. Kun immoo beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoo inni waliin kuufate jiraachuu agarsiisa. Uummanni tokko jiruufi jireenyasaa keessatti haala ittiin jiraatu kan mataasaati qaba. Kana jechuun, jireenya dhuunfaasaa mo'achuuf beekumsa xabboo mataasaan deggeree haala jireenyasaa mijeeffachuun kan ittiin jiraatu qaba jechuudha. Haaluma kanaan, uummanni Oromoo uummata oguma mataasaa, beekumsa dhuunfaasaafi dandeettii adda ta'e qabuudha. Beekumsi xabboo inni ittiin beekamu hedduun akka jiraniifi sana gargaaramee balaa aadaa, eenyummaa, afaan isaa balleessuuf itti dhufaa turan jalaa dandamachuun har'a akka ga'e ragaaleen adda addaa ni agarsiisu. Beekumsa uummanni Oromoo horatee ittiin beekamu keessaa inni adda durummaan eeramu waa'ee meeshaalee aadaa hojjechuun dhimma itti ba'uu isaanii akka ijoo tokkootti kaafamuu ni danda'a. Kanas, haala inni ittiin deggersa meeshaalee jabanaa malee meeshaalee aadaa adda addaa hojjetee itti gargaaramu, meeshaaleen kunneen immoo akkaataa isaan eenyummaasaa, haala jiruufi jireenysaa, siyaas-dinagdeesaa ibsuuf gargaaran taasisee kan inni itti dhimma bahu kan nama hunda biratti dinqisiifannaa guddaa argateedha.

Beekumsa xabboo hawaasni kun qabu keessaa tokko kan ta'e meeshaaleen aadaa hawaasa afaaniifi aadaa tokko qabu biratti akkaataafi haala itti fayyadama isaanii irratti hundaa'uun safuufi duudhaa hawaasa yeroo murtaa'e tokko keessatti dhimma itti bahaa ture sanaa kan ibsuudha. Yaada kana deggeruun Akuamoah (2015:3) yoo ibsu, "material culture as the study through artifacts of the beliefs, values, ideas, attitudes, and assumptions of a particular community or society at a given time," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, meeshaaleen aadaa qorannoo karaa hojii ogummaa, duudhaa, amantaa, sona, yaada, ilaalchaafi tilmaama hawaasa tokkoo yeroo murtaa'e tokko keessa jiraataa ture kan ibsuudha.

Meeshaaleen aadaa eenyummaa, haala jireenya uummata sanaa, bilisummaa uummanni sun qabu calaqqisiisuu keessatti qooda guddaa kanneen qabaniidha. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa hawaasa afaaniifi aadaa tokko qabu biratti akkaataafi haala itti fayyadamaa irratti hundaa'uun safuufi duudhaa hawaasaa kan ibsaniidha jechuu dandeenya.

Dabalees, beekumsi xabboo yookaan ganamaa uummanni Oromoo qabu karaa adda addaa ba'ee kan mul'atuudha. Beekumsa xabboo uummanni kun ittiin beekamu keessaa isaan biroon, akkaataa inni ittiin nagaa isaa ijaarratee eeggatu, bosona kunuunsu, daa'imman guddisu, qonnaa qotuufi kanneen biroo maqaa dha'uun ni danda'ama. Kanamalees, deggersa barnoota ammayyaa malee qoricha aadaa oomishuun akkaataa inni itti dhimma ba'u, kanniisa horsiisu, mana ijaarratuufi kanneen biroo eeruun ni danda'ama. Beekumsa uummanni kun horatee qabu keessaa kan ijaarsa manaa maal akka fakkaatu Bula (2017:35) yoo ibsu, "In the Oromo tradition, a house has representation, beyond being a place to live. A house's location and its direction of windows and doors are informed by their life-philosophy which, in turn, is framed by a people-objects relationship," jedha. Yaadni bantuu kana keessaa kan mul'isu, duudhaa Oromoo keessatti manni bakka jireenyaa ta'uu bira darbee, fakkoommii yookaan bakka bu'ummaa qaba. Bakki mana tokkoofi kallattii foddaafi balbala isaa falaasama jireenyaa isaaniitiin kan odeeffamu yoo ta'u, kunis dabaree isaatiin hariiroo namootaafi wantootaatiin kan bocameedha. Kanaaf, uummanni kun beekumsa ittiin mana isaa ijaarratu qaba jechuudha. Ijaarsi manaa Oromoo bifa sadii qabachuu mala. Isaanis: fayisoo, daasiifi mana naannoo jedhamu. Mana fayisoo hunduu hinijaarratu; fayisoo jechuun dhaabaan isaa lafatti dhaabatee hamma guutuu ga'utti walitti fayyee ijaarama jechuudha. Daasiin gajjellaafi gararraan gabaabbatee guutuun isaa walakkeessaan ol dheeratee caffeedhaan yookaan citaadhaan kan ijjeeramuudha. Manni naannoo guutummaa biyya keenyaa keessatti isa beekamaa ta'eedha. Manni kun ijaaramuu yommuu jalqabu muka qaraaroo yookaan harbuu muranii akka gabateetti soqanii walakkaa isaa bal'isanii qirixiidhaan xiyyoo isaa irras naannessanii uruun ijaarasa isaa kan xumuraniidha.

Fookiloori (Foklore) jechuun hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii , amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan yookiin himinsaan ta'uu danda'a. kanneen keessaa himinsaan kan dabru Ogafaan (Oral Literature) jalatti ramadamuu danda'a.

Kan hafan kan akka: meeshaalee aadaa, nyaata aadaa, uffannaa aadaafi gochaaleen adda addaa qabataman kan hojiidhaan yookiin tajaajila isaaniitiin kan kunuunfamanii turaniidha. Kanaafuu fookilooriin akka damee saayinsii hawaasaa tokkootti Ogummaa ykn aartii /art/ jalatti kan ramadamu ta'ee gosa adda addaa qabachuu danda'a.

Fookilooriin hambaa hawaasaati; kana malees, kalaqa sammuu kan ta'eefi seenaa, eenyummaa, aadaa, afaaniifi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisuudha. Hambaan kun garuu, dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin ibsamaa yookiin gochaan raawwatamaa kan daddarbu yammuu ta'u kan dagatamu, akka haaraa kan uumamu, kan jijjiiramu ta'uu danda'a. Gama biraatiin, jijjiirama agarsiisuun akka amala fookilooriitti kan fudhatamuudha. Fookilooriin, Oromoo qabeenyummaan isaa kan hawaasaa yammuu ta'u, kalaqummaafi ogummaa waan qabuuf damee aartii jalatti ramadamee xiinxalama. Haa ta'u malee, waa'een ogbarruu yammuu ka'u waa'een ogafaanii waliin ka'uu danda'a. Kunis inni jalqabaa kan barreeffamaan argamu yammuu ta'u, inni lammaffan garuu, himamsaan (afaaniin) dhalootaa gara dhalootaatti darba. Goorowwan fookiloorii Oromoo: Wantaadaa /meeshaalee aadaa (material culture), duudhaa hawaasaa (social folk custom), aartii sochii qaamaa (performing folk art)fi Ogafaan (oral literature) kanneen jedhama yammuu ta'an; xiyyeeffannoon qorannoo kanaa wantaadaa/ meeshaalee aadaati.

Wantoonni naannoo keenyatti argaman kanneen akka mukaa, dhagaa, baalaa, biyyoo garaa lafaa keessatti argamaniifi kanaafi kana kan fakkaatan akkuma jiranitti osoo hinjijjiiriin yookaan ogummaafi beekumsa ilma namaa otoo hindabalatiin maqaa addaa kan hambaa yookaan meeshaalee aadaa jedhamuun waamamuu hindanda'an. Erga ogummaafi beekumsa dhala namaa dabalatanii aadaa hawaasichaa keessatti fudhatama argatanii moggaasa uumaan isaan badhaaste dhiisanii maqaa waloo argachuun meeshaalee aadaa jedhamuun waamamuuf ga'u. Kanarraa ka'uun, meeshaaleen aadaafi wantootni adda addaa hawaasa kana keessatti argaman fakkoommiifi hiika garaagaraa qabaatu. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika mul'ataa qabaniin alatti hiika dhokataa qabaachuu malu jechuudha.

Hawaasni tokko wantoota aadaa isaa ittiin calaqqiisiifatuufi dhalootaa dhalootatti dabarfatu hedduu qabaachuu mala; isaan keessaa tokko meeshaalee aadaa isaati. Yaada kana kan deegaruun Dirribii (2009:17) yoo ibsu, “Meeshaaleen aadaa beekumsa, falaasamaafi duudha

hawaasni tokko qabaachaa ture karaalee duubatti deebinee ittiin ilaalluufi qorannoo seenaa hawaasaaf akka burqaa ragaatti kanneen nu tajaajilaniidha” jedha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa beekumsa ittiin hojjeetaman, falaasamafi duudhaa hawaasa tokkoo keessatti gahee qaban kan mul’isuufi hawaasni kun eenyuummaan isaa qoratamee abbaa kalaqa meeshaalee aadaa kanaafi itti fayaadamaa meeshaalee aadaa kanaa ta’uun isaa kan ittiin bira gahamu ta’uudha. Yaadrimee Meeshaalee aadaa ilaalchisee Filee (2016:246) yoo ibsu, Meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan gareedhaan yookaan dhuunfaadhaan wantoota aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban miidhaginaan ittiin ibsataniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan, akkaataa hawaasni sun dhimma itti ba’aniifi ilaaluuf ga’ee ool’aanaa kanneen qabaniidha,’ jedha. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa damee dhimma hariiroo meeshaaleefi hawaasummaa gidduu jiru gama hundaan kan ilaallatuudha jechuu dandeenya.

Meeshaalee aadaa jechuun, mallattoo eenyummaa saba tokkooti, akkaataa uumaa isaa ittiin dinqisiifatuudha; dabalees, falaasama isaa kan ittiin ibsatu, beekuma sammuu isaa keessa jiru karaa inni ittiin bakkeetti baasee agarsiisuudha. Akkasumas, karaa beekumsi dhokataan sammuu hawaasaa keessa jiru ittiin bakkeetti ba’ee mul’atu, danaa waan tokkoo sammuu isaa keessatti beeku qabataamaa taasisee kan agarsiisu, bocaafi bobboca itti baasee kan inni hojjetatuudha. Yaada kana deggeruun Woodward (2007:14) yaadrimee meeshaalee aadaa yoo ibsu, “Material culture is, chiefly, something portable and perceptible by touch and therefore has a physical, material existence that is one component of human cultural practice,” jedha.Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda’amu, meeshaaleen aadaa adda durummaan waan socho’uufi hubatamuu danda’u, kan qaqqabatamu, ijaan kan argamuufi shaakala aadaa dhala namaa keessaa tokko kan ta’eedha. Kana jechuun, meeshaalee aadaa kanneen jedhaman ijaan argamanii harkaan kan qaqqabataman ta’anii iddoodhaa iddootti socho’uu kan danda’an jechuu dandeenya.

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoo enyuummaa, amantii, duudhaa, ilaalchaafi falaasama isaa gadi faggeenyaan kan mul’isaniidha. Kanamalees, waa’ee aadaa hawaasa tokkoo kan mul’isaniifi jiruufi jireenya guyyuu hawaasichaa keessatti tajaajiila bal’aaf kan oolaniidha. Maalummaa meeshaalee aadaafi tajaajila akkamii hawaasa tokko keessatti qabaachuu akka malan ilaalchisee Akuamoah (2015:3) yoo ibsu, “material culture as the study through artifacts of the beliefs,

values, ideas, attitudes, and assumptions of a particular community or society at a given time," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubatamu, meeshaaleen aadaa qorannoo karaa hojii ogummaa, duudhaa, amantaa, sona, yaada, ilaalchaafi tilmaama hawaasa murtaa'e tokkoo yeroo murtaa'e tokko keessa jiraataa ture kan ibsuudha. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa hariiroo meeshaafi hawaasummaa gidduu jiru gama hundaan kan ibsudha jechuun ni danda'ama.

Meeshaaleen aadaa oguma ilma namaan kan hojjetaman duudhaa, safuufi aadaa hawaasa keessatti hojjetamanii kan calaqqisiisaniidha. Meeshaaleen aadaa hawaasa keessatti ga'ee akkamii akka qaban ilaachisee Habermas (2001:5) yoo ibsu, "Material culture are part of cultural systems and serve cultural functions of tradition, social functions of regulating status, and economic functions as commodities," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa akka ifutti, meeshaaleen aadaa qaama sirna aadaa yoo ta'an, hojiiwwan aadaa duudhaa, hojiiwwan hawaasummaa sadarkaa to'achuufi hojiiwwan dinagdee akka meeshaatti ibsuuf tajaajilu. Yaada Habermas (2001) deggeruun qorattootni Helen & Shirley (2008:4) jedhaman yaadrimeefi meeshaaleen aadaa maal akka ofkeessatti hammatan yoo ibsan, "Material culture is, then, culture made material—that is, it is the physical manifestations of human endeavor, of minds at work (and play), of social, economic, and political processes affecting all of us," jedhu. Yaadni bantuu kana keessa jiru kan ibsu, meeshaaleen aadaa, meeshaalee aadaa murta'aa tokko keessatti hojjetaman, mul'ataafi tattaaffii sammuu dhala namaan hojjetamanii, adeemsa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa hunda keenyarratti dhiibbaa kan geessisaaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa bu'aa hojii ogummaa harkaa dhala namaati; isaanis kan qopha'an haala aadaa hawaasa itti fayyadamuurratti hundaa'anii yoo ta'u, isaanis dadhabbii ilma namaan kan argaman, bu'aa hojii sammuufi kalaqa isaa kan ta'an, haala hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee isaa keessatti dhiibbaa guddaa geessisuun ga'ee guddaa kan bahan jechuun ni danda'ama. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa ogummaa hawaasa keessaa argameen hojjetamanii hawaasa sana kan tajaajilan wantoota bu'a qabeeyyiidha.

Meeshaaleen aadaa akkuma gosoota fookiloorii warra biroo eenyummaa uummata tokkoo ibsuu irratti iddoo ol'aanaa kan qabaniifi dhimma iddoo guddaan kennamuufidha. Yaada kana deggeruun yaadrimee meeshaale aadaafi akkamiin ilaalamuu akka qaban ilaalchisee Habermas (2001:1) yoo ibsu, "Material cultures are thus not simply physical entities of a certain size and weight. They are products of culture. Culture endows them with instrumental and symbolic

values, which are in turn elaborated on by individuals," jedha. Yaadni bantuu kana keessa jiru kan ibsu, meeshaaleen aadaa qaamolee fiizikaalaa guddinaafi ulfaatina murtaa'e qaban qofa miti; isaan oomisha aadaati. Aadaan immoo gatiiwwan meeshaafi fakkeenyaa kan isaaniif kennu yoo ta'u, kunis dabaree isaatiin namoota dhuunfaatiin bal'inaan ibsama. Kanaaf, meeshaaleen aadaa eenyummaa, aadaafi duudhaa saba tokkoo kan ibsaniifi haala salphaan ilaalamuu kan hindandeenyeedha. Dabaalees, meeshaaleen aadaa eenyummaa ofii isa dhugaa, ofii ofii haala gaariin dhiyeessuuf kan oolan, yeroo baay'ee bakka dhuunfaa (qaama irratti yookaan naannoo) yookaan bakka murta'aa tokko keessatti kan argamaniidha. Uummanni Oromoo meeshaalee aadaa wajjin walitti dhufeenya guddaa qaba. Yaada kana Bula (2017) yoo ibsu,

> In Oromo society, objects and non-human organisms have agency that affects how human agents interact with them. The objects have representations and they store information about themselves and their human partners. For example, clay, considered to be vulnerable, is treated in a fashion similar to a human infant (p.34)

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, aadaa uummata Oromoo keessatti wantootni yookaan lubbu dhabeeyyiin haala jiruufi jireenya uummatichaa keessatti dhimma kan itti bahamaniidha. Uummanni Oromoo wantoota lubbu dhabeeyyii isaan keessa immoo meeshaalee aadaa wajjin walitti dhufeenya cimaa akka qabu, meeshaaleen aadaa kunneen agarsiiftuu aadaa uummatichaa ta'uurra darbanii bakka bu'aasaa ta'uun kan tajaajilaniidha. Meeshaaleen aadaa kunneen uummaticha bakka bu'uun waa'ee isaa dubbachuu akka danda'an, uummaticha akka ibsaniifi amala bakka bu'aafi bakka bu'amaa waliin kanneen qabaniidha. Kanaaf, uummanni Oromoo isaan aadaa, eenyummaafi duudhaa isaa calaqqisisan kanaaf iddoo guddaa kan kennuufi walitti dhufeenya cimaa waliin kan qabuudha jechuu dandeenya.

Meeshaaleen aadaa uummata Oromoo iddoo adda adda jiraatu biratti akkuma argaman, hawaasa Oromoo Maccaa birattis kan beekaman, kabajamaniifi dhimma itti bahamaa turaniifi jiraniidha. Hawaasni Oromoo Maccaa akkuma uummata Oromoo kanneen naannoo biroo keessa jiraatanii beekumsa xabboo mataasaan dabalee meeshaalee kanneen kalaqee itti fayyadamaa akka tureefi jiru, isaaniin akka agarsiiftuu aadaasatti kan itti gargaaramu ta'uu ragaaleen adda addaa ni ifoomsu. Hawaasni Oromoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatu meeshaalee aadaa kanneen beekumsa xabboo mataasaaniin bocatee kan itti gargaaramuufi iddoo guddaa akka kennuuf ni dubbatama. Akkuma uummata Oromoo godinaalee biroo keessa jiraatanii hawaasni

Oromoo godina kanaa meeshaalee aadaa kan mataasaa kalaqee iddoowwan adda addaa, sirnoota garaagaraarratti dhimma itti ba'aa ture, ammas dhimma itti ba'aa kan jiru hedduu qaba.

Gabaabaatti, uummanni Oromoo beekumsa xabboo isaan meeshaalee aadaa kalaqee itti fayyadamaa kan tureefi kan jiru, meeshaaleen kunneen akka mul'iftuu aadaasaafi jabeessituu Tokkummaan uummatichaa ta'anii kan tajaajilan ta'uun hubachuun ni danda'ama. Meeshaalee aadaasaa qabatee bakkoota garaagaraatti argamuun aadaansaa akka ittiin gabbatu taasisa, kanaaf, meeshaalee kanneeniif iddoo ol'aanaa akka kennu achii as dhufteen uummatichaa ni ibsa. Safeeffannaan meeshaalee kanneeniif kennamu durumaa kaasee akka tureefi beekumsa xabboo uummatichaan kan kalaqaman ta'uutu dubbatama. Kanumaan walqabatee, yaadota beekumsa xabboo meeshaalee aadaa kanneen hojjechuufi itti fayyadamuu, hiika fakkoommii meeshaalee aadaafi jifaara isaanii waliin kan walqabatan xiinxaluuf kaayyeeffadhee qorannoo kana geggeesseen jira.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo aadaa baay’ee gabbataafi hawwataa ta’e hedduu qaba. Aadaasaa kana balleessuuf duulli karaa garaagaraa yeroo adda addaatti irratti geggeeffamaa ture, ammas itti fufee jira. Isaan keessaa waa’ee bulchiinsa siyaasa cunqursaa kaasuun ni danda’ama. Innis, mootummootni Oromoorraan dhiibbaa ga’aa turan gaaddisa tokkummaan, afaan, aadaa, amantii, beekumsa xabboofi waa hallee uummatichaa kan ta’e Sirna Gadaa diiguufi uummatichi sirna kana akka hin geggeeffanne labsiidhaan hanga ittisuutti gochaa isaan taasisan kaasuun ni danda’ama. Kanamalees, iddoowwan uummanni Oromoo dur itti waaqeffataa ture kanneen akka tulluu irratti manni waaqefannaa (bataskaanni) akka ijaaramu taasisanii jiru, hujuba muranii jiru, asxaa eenyummaa isaa kan ta’e afaan isaa akka hin dubanne ifaan uggura irra ka’aanii jiru. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa hiika fakkoommii meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman qaban xiinxaluudha. Kunis, kan inni irratti xiyyeeffatu hiikni meeshaalee kanneenii qabata kamiin akka kennaman, eenyuun akka kennaman, namoota saalaafi umurii adda addaarratti argamaniin hiika akkamii akka qaban xiinxaluu bu’uureffata jechuudha.

Mata-duree Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaalee aadaa Mana keessaa jedhurratti akkan qoradhuuf wantootni ka’umsa naaf ta’an sababoota hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni: Guddinna fookiloorii biyya keenyaa kanneen biyyoota biroo waliin walbira qabnee yeroo ilaallu sadarkaa gadii irra jira. Irra caalaatti fookilooriin Oromoo daranuu guddinnaan quucaraa ta’uun qorannoon akka kanaa kun gama ofduraatti bal’innaan gaggeeffamuu akka qaban akeekkachiisa. Qorataanis qabanni guddaan qorannoon kun akka gaggeeffamu isa taasise keessaa inni guddaan walitti hidhanna aadaafi afaanii dhugoomsuun gaaga’amaafi maalummaa, faayidaaa, fakkoommii, yoomessa meeshaalee aadaa jabana ammaa kana dhaloota haaraa biratti mul’atu kana hubachuun xinxaluudha. Gosoonni fookiloorii hedduudha. Isaan keessaa meeshaan aadaa yeroo adda addaatti barattoota dhaabbilee barnoota ol’aanoo(Yuunivarsiitiii) adda addaa qabata barnoota isaanii fooyyeeffachuutiin qorannoon muraasni geggeeffamanii jiru. Qorataanis kanuma bal’isuun meeshaalee aadaa Godina Wallaggaa Lixaa keessatti naannoo manaatti dhimma itti ba’aman xinxaluu irratti xiyyeeffatee jira.

Sababni inni biroon meeshaaleen aadaa aadaan hawaasaa akka inni itti fufiinsaan asilummaa isaa eegee akka turu gochuu keessatti ga’eensaa ol’aanaa ta’uun isaa beekamuu dhabuudha. Kun immoo meeshaaleen aadaa hawaasni itti fayyadamaa turan akka badan, harca’aniifi fudhatama

dhaban taasisuun isaa waan hin oolleedha. Sababoonni meeshaaleen aadaa akka badaniifi dagataman taasisan keessaa muraasni: afaaniifi aadaan Oromoo akka hinguddanneef sirnoonni dhufanii darban dhiibbaa garagaraa kana jedhamee hin tilmaamamne geessisaa turuu isaaniiti. Yeroo ammaa kanas yoo ta'e dhimmoonni amantiin walqabatan meeshaaleefi duudhaa hawaasaa hedduu ukkaamsuu, gubuu, akka namoonni itti hinfayyadamne dhiibbaa xinsammuufi qorqalbii irraan ga'uun kan amantii isaaniif tolu qofa dagaagsaa dhufan. Kun immoo kallattiinis ta'e alkallattiin meeshaalee aadaarraattiifi hiika isaan qabanirratti dhiibbaa guddaa fidaa ture. Fakkeenyaaf, hiika meeshaalee sanaa dhiisaatii meeshaalee sanayyuu ijaan arguun hindanda'amne. Kana ilaalchisuun akka godina kanaatti qorannaan meeshaalee aadaarratti hojjetame dhibuun ka'umsa qorannoo kanaa ta'ee jira.

Sababni inni dabalataa, meeshaaleen aadaa  akka godina Wallaggaa Lixaatti naannoo manaatti dhimma itti ba'aman kunniin yeroo ammaa kana gosoonnni isaanii kam kam akka ta'an, maaliif akka dhaabbatan, hiika maalii akka qaban, sadarkaa umurii kamitti akka ittifayyadaman, akkamitti akka itti fayyadaman, akkaataa kamiin akka itti fayyadaman sirritti adda ba'ee beeakmuu dhabuu isaaniiti. Kana malees, gaatii ummanni Oromoo dur meeshaalee aadaa kennu yeroo ammaa kennamaafi hinjiru. Keessatu, yeroo ammaa kana sirna adda addaatii keessatti meeshaalee aadaa naannoo manaatti dur ittifayyadamaa turan akka aadaa boodatti hafaatti kan fudhataman jiru. Sababa kanaaf namoota muraasa hin jedhamneen kan dagatamaa jirudha. Haa ta'u malee, dhaloonni si'anaa kanneen saboonummaatti amanaan meeshaaleen aadaa muraasa kan itti fayyadamaa jiratan maal maal akka ta'aniifi tokko tokkoon isaanii hiikaafi faayidaa akkamii akka qaban gadi fageenyaan hinbeekan. Kanaaf, sababni kun ijoo dubbii qorannoon kun akka adeemsifamuu wantoota taasisan keessaa isa tokkoodha.

Yaadni qorannoo kanaaf ka'umsa ta'e inni ijoofi guddaan immoo, hawaasni Oromoo godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatu muraasa kan hin jedhamne meeshaalee aadaa kanneen mana keessaa qaban maqaafi hiika isaanii dagachaa dhufuu isaaniiti. Hiikni meeshaalee aadaa kanneenii namoota hedduun dagatamaa jiru. Kanuma bu'uura taasifachuun anis, yeroo ammaa meeshaaleen aadaa akka Godinichaatti beekaman hiikaafi moggaasa maqaa isaanii akkamiin argatu, qabata maaliin hiika maqaa isaanii kana argatu, namoonni meeshaalee aadaa manaa qaban akkamiin hiiku yookaan ibsu kan jedhu kan xiyyeeffateedha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa Oromoo akka naannoo kanaatti jiran hawaasa keessatti hiika akkamii qabu, hiika sana

akkamiin argatu, hiikni meeshaalee aadaa kanneenii namoota sadarkaa umurii adda addaarratti argamaniin akkamiin akka kennamu ilaaluu yaada jedhus kan dabalateedha.

Qorannoowwan akka addunyaa, akka Afrikaafi akka biyya keenya Itiyoophiyaatti akkasumas akka naannoo Oromiyaatti dhimma meeshaalee aadaa ilaalchisuun geggeeffaman qorannoo mata dureen isaa Xiinxala Hiika Meeshaalee Aadaa Oromoo naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaa keessatti kanneen argaman kan xiyyeeffatu jedhurraa adda kan isaan taasisu wantoota hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni: bakka qorannoon itti adeemsifame, xiyyeeffannoo, kunis, qorannoowwan kunneen baay'een isaanii faayidaa meeshaaleen aadaa sirna tokko keessatti qaban xiinxaluu, jifaara meeshaalee aadaa kanneen keessaa tokko fudhachuun ibsuufi qaaccessuu, hiika isaan hawaasa keessatti qaban xiinxaluu, haala itti fayyadama meeshaalee aadaa haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban xiinxaluurratti kan bu'uureffataniidha. Qorannoon ani geggeesse garuu kanneen hunda bakka tokkotti kan hammateedha. Kanamalees, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan hiika meeshaaleen aadaa haala jiruufi jireenyaa keessatti qabaniifi fakkoommii isaaniirratti hundaa'uun hiika dhokataa isaan qaban xiinxaluudha. Gabaabaadhumatti, qorannoon kun yaadota kanneeniin qorannoowwan kanaan dura adeemsifaman irraa adda yoo ta'u, yaada haaraa akkaataa meeshaaleen aadaa haala jiruufi jireenyaa, akkasumas fakkoommii isaanii bu'ureffachuun hiika itti argatan kan jedhurratti yaada haaraa kan dabaluudha. Kanarraa ka'uudhaan, gaaffileen qorannoo kanaa gadii deebii argachuu qabu jechuun murteesseen jira.

### 1.3 Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanaa gadiif deebii barbaada. Isaanis:

1. Gosootni meeshaalee aadaa Oromoo kanneen mana keessatti dhimma itti ba'aman kan akkamiiti?
2. Meeshaaleen aadaa kunneen tajaajila akkamii qabu?
3. Meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman hiika/ fakkoommii akkamii qabu?
4. Afoolli meeshaalee aadaa kanneen wajjin walqabatan maal ibsu?

### 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun mata-duree: Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaalee aadaa  Mana keessaa: Godina Wallaggaa Lixaa kan xiyyeeffatu jedhurratti adeemsifame. Kanaafuu, qorannoon kun kaayyoo gooroofi gooree qabachuun raawwatamee jira.

#### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa ga’eefi hiika meeshaaleen aadaa Godina Wallaggaa Lixaa keessatti argaman qaban xiinxaluudha.

#### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo qorannichaa kanneen galmaan ga’uuf kayyooleen gooree qabxiiwwan armaan gadiirratti xiyyeeffachuun qophaa’anii jiru. Isaanis:

1. Gosoota meeshaalee aadaa Oromoo  akka godina kanaatti naannoo manaatti argaman ibsuu
2. Tajaajila meeshaaleen aadaa kunneen qaban agarsiisuu
3. Hiika fakkoommii meeshaaleen aadaa hawaasichaa keessatti qaban dhiyeessuu
4. Akkaataa afoollii meeshaalee aadaa itti ibse agarsiisuu

### 1.5 Faayidaa Qorannichaa

Akka addunyaattis ta’e, akka Afrikaatti akkasumas akka Itiyoophiyaafi Oromiyaatti yoo ilaalame haalli hojiifi itti fayyadamni meeshaalee aadaa adeemsa mataa isaanii qabu. Kanarraan kan ka’e, akkaataafi adeemsi itti fayyadama meeshaalee aadaa kun iddoodhaa iddootti garaagarummaa agarsiisuu malu. Gara Oromiyaattis yoo deebine, bal’ina lafaafi baay’ina uummatichaarraa kan ka’e adeemsi hojiifi itti fayyadama meeshaalee aadaan walqabatan ilaalchisee garaagarummaan nimul’ata. Kanaafuu, adeemsa raawwii qophiifi itti fayyadama meeshaalee aadaa hawaasa tokko keessatti argaman qorachuun ifatti baasuufi kanneen biraa wajjin walbira qabamee akka ilaalamu gochuun barbaachisaa ta’a. Kanamalees, adeemsa qophii, itti fayyadamaafi hiika meeshaalee aadaa hawaasa tokkoo qorachuun beeksisuun aadaa, duudhaa, safuufi seenaa hawaasa tokkoo qorachuu keessatti shoora ol’aanaa qaba. Qorannoon kun hiika meeshaalee aadaa Oromoo Maccaa: Godina Wallaggaa Lixaa keessatti argamanii xiinxaluu xiyyeeffata. Faayidaan qorannoo kanaa qaawwa hedduu gama hiika meeshaalee aadaan akka hawaasa Oromoo naannoo Maccaatti

mul’atan furuuf daran kan gargaaruudha. Kanaafuu, faayidaan qorannoo geggeeffame kanarraa eegamu kanneen kanaa gadiiti:

- Qorattoota gara fuula duraatti gosoota meeshaalee aadaa Oromoo godinaalee adda addaa keessatti argaman irratti qorachuu barbaadaniif ka’umsa ta’uu danda’a.
- Namoonni meeshaalee aadaa kanneenitti gargaaramaa turan yoo sababa adda addaan dhibaman aadaan kun akka hin badne taasisuuf qorannoon kun iddoo guddaa qaba.
- Faayidaa meeshaaleen aadaa qaban ilaalchisee qaamolee odeeffannoo barbaadaniif humna ta’a.
- Gosoonni meeshaalee aadaa naannoo kanatti argamanii maal maal akka ta’an, hawaasni yoom akka itti gargaaramu, hubannoo hawwaasni yeroo ammaa meeshaalee aadaa kanneenirratti qabu, walitti dhufeenya meeshaalee aadaafi dhimmoota hawaasummaa kanneen biroo gidduu jiru maal ta’uu qaba kan jedhuufi kanneen biroorratti hubannoo kennuuf hedduu kan gargaaruudha.
- Waajjiraaleen Aadaafi Turizimiin naannoo Maccaafi Oromiyaa guutuu keessa jiran haala jiruufi jireenyaa, hawaas-dinagdeefi siyaasaa keessatti faayidaa meeshaaleen aadaa qaban hubachuun walitti guuranii godambaa naannoo isaaniifi akka biyyaatti jiru keessatti akka walitti qaban taasisuu keessatti faayidaa guddaa qaba.
- Imaammata bulchiinsa itti fayyadamaafi qindeeffama meeshaalee aadaa biyya keenyaa keessatti itti fayyadamaafi agarsiisa meeshaalee aadaa sabaafi sablammootaa gidduutti walqixxummaan akka jiraatu taasisuu keessatti shoora ol’aanaa qaba.
- Daawwattoota iddoo seenaafi meeshaalee aadaa godina kanaarratti odeeffannoo barbaadaniif odeeffannoo ragaan deeggarame dhiyeessuu danda’a.
- Dhumarratti, qorannoon kun qorattoota kana booda waa’ee Xiinxala faayidaa, hiikaafi jifaara meeshaalee aadaa Oromoo godina Wallaggaa Lixaa keessatti argamaniifi iddoo biraatti argaman irratti kanneen qorannoo taasisuu barbaadaniif akka ka’umsaatti fayyaduu ni danda’a.

### 1.6 Daangaa Qorannichaa

Fookilooriin hedduu bal'aafi wantoota baay'ee ofkeessatti kan hammatuufi goorowwan sadii yookaan afuritti kan qoodamuudha. Gosoota fookiloorii kanneen iddoo tokkotti qorachuun qorannicha walxaxaa, amanamummaafi iftoominni qorannichaa akka gadi bu'uu taasisa. Kanamalees, qorannoo tokko yeroo kenname keessatti xumuranii dhiyeessuufis ta'e leeccalloo ga'aa argatanii hojjechuuf daangaa qorannichaa murteessuun barbaachisaa ta'a. Daangaa qorannoo tokko murteessuu jechuun immoo garmalee akka hin bal'anneefi garmalees akka hindhiphanne gochuudha. Waan kana ta'eef, qorannoon wantoota aadaa fookilooriin qoratu keessaa bu'uraan meeshaalee aadaa irratti kan daanga'eedha. Isa keessayis, hiikaa meeshaalee aadaa Oromoo Maccaa xiinxaluu kan jedhu ta'ee, bakkaan daangaan isaa naannoo Maccaa: Godina Wallaggaa Lixaatti kan daangeffameedha.

Dhimmi qorannoon kun irratti gaggeefame dhimma xiyyeefannoon guddaa barbaadu waan ta'eef, kutaalee Oromiyaa mararratti geggeessuun bu'aa argamu mul'isuun faayidaa ol'aanaa qaba ture. Kana gochuuf garuu yeroo, maallaqaafi humna namaa guddaa waan gaafatuuf, daangaa qorannichaa bakkaan naannoo Maccaa: Godina Wallaggaa Lixaarratti daangeefamee jira. Daanga'uun isaas odeeffannoo haala salphaan funaannachuuf waan gargaaruufi yeroo gabaabaa keessatti namootan odeeffannoo irraa guurradhe baasii guddaa haala na hingafanneen dhimmicha hubachiisuun miira nama gammachiisuun bajata xiqqaa ta'een qulqullinaan akka hojjedhuuf na gargaaree jira. Gama qabiyyeen yaada bu'uuraa xiinxala hiika meeshaalee aadaa Oromoo naannoo Maccaa: Godina Wallaggaa Lixaarratti kan daangeffameedha. Mata-duree kana jalattis gosoonni meeshaalee aadaa naannoo kanatti argaman maal maal akka ta'an, qaama kamiin akka itti fayyadamaman, maalirraa akka hojjetaman, sadarkaa umurii kamitti akka itti fayyadamaman, faayidaa isaan seenaa uummata Oromoo qorachuu keessatti qaban, faayidaa isaan dinagdee hawaasa Oromoo keessatti qabaniifi kanneen biroo xiinxaluurratti kan daangeffameedha. Gabaabumatti, haalli daangaa qorannichaa karaalee ibsame kanaan kan daangeeffame jechuudha.

### 1.7 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti hanqinoonni na mudatan hedduudha. Hanqinoota qorannoo keessaa tokko haala yerooti; kana jechuun, yeroon qorannoo tokko keessatti geggeeffamu sababa adda addaarraan kan ka’e gabaabbachuu yookaan dheerachuu akka danda’u kaasuun ni danda’ama. Qorannoon kun yeroo kaayyeffame keessatti akka hin xumuramne kanneen na taasisan sababoota hedduutu jiru. Isaan keessaa tokko rakkoo nageenyaa Lixa Oromiyaa keessaayyuu bakka xiyyeeffannoo qorannoo kanaa jiraachuun hanqinoota na mudatan keessaa isa ijoodha. Akkasumas, gorsitootarraa fagaachuufi rakkoon hawaasummaa adda addaa qormaata jabaa kanneen natti tahaa turaniidha. Kanamalees, hawaasicha keessa turuun yookaan qorannoo sanyaabsaa geggeessuuf rakkoo gama kanaan na mudachaa turan hammana kan jedhaman miti. Qorannicha hojjechuu keessatti naannoo ani jiraadhu manni kitaabaa gahaan dhibuu, kitaabilee wabii gahaa argachuu dhabuu, marsariitii/internet gahatti dhabuun hanqinaalee kanneen birooti. Itti dabaluun, adeemsa qorannoo kanaa ilaalchisee ragaalee sassaabbachuuf yoon deemu rakkoolee geejjibaan walqabatan, namoota madda ragaa ta’an bakkaafi yeroo barbaachisetti argachuu dhabuun hanqinoota qorannicha keessatti bal’inaan mul’achaa turaniidha.

Hanqinootni armaan olitti ibsaman hundi galma ga’iinsa qorannichaa gufachiisuuf yoo yaalanis, qabxiiwwan itti aanan akka furmaataatti gargaarameen jira. Isaanis: hanqina kitaabilee wabiitiin walqabatan furuuf, mana kitaabaa Yuunvarsiitii Wallaggaa Kaampaasii Gimbii eyyamsiifachuun fayyadamuu, alatti kitaabota kanneen qorannichaaf murteessoo ta’an muraasa dhuunfaan bituun keessa bahuuf yaaleen jira. Hanqinaalee nageenyaan walqabatan ilaalchisuun haala yeroon barbaadu fayyadamuun qorannoo koo adeemsiseen jira. Kanamalees, yeroo ragaan sassaabamu odeeffannoowwan harca’anii hafan nuffii tokko malee walitti qabuun rakkoowwan gama kanaan mul’atanis keessa darbeen jira.

# BOQONNAA LAMA: YAADRIMEE, YAAXXINAAFI SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

## 2.1 Yaadrimeewwan Ijoo

Mataduree kana jalatti yaadrimeewwan ijoo hojii kanaa: meeshaalee aadaa, gosoota meeshaalee aadaa, hiikaafi gahee meeshaalee aadaa yaadrimeessuufi ibsa kennuun daangaan xiyyeeffannoo hojii kanaa ittiin agarsiifameedha. Guutummaan qorannoo kanaas kan irratti hundaa'ee dhihaate isaan irratti. Haata'uutii, ibsi mataduree kana jalatti itti kenname gabaabaa yoo ta'u, matadureewwan gara garaa jalatti akkaataa barbaachisummaa isaaniin ka'anii jiru. Yaadrimeen qorannoo yaada mata-duree keenyarratti nuti laannu, rakkoo qoratamuuf deemu, gaaffilee gaafatamuun deebii argachuuf deeman, barreeffamoota walfakkii keessa deebi'aman, yaaxxinaalee dhimma itti ba'aman, mala hordofame, tooftaa funaansa ragaalee, malleen funaansa ragaaleefi malli qaacceessa ragaalee bakka itti ifa taasifnuudha. Kanaaf, yaadrimee qorannoo jechuun yaada gabaabaa waa'ee qorannoo keenyaa bakka itti laannu kan ibsu jechuu dandeenya.

### A.Meeshaalee Aadaa

Yaadrimee meeshaalee aadaafi moggasasaa haala wal fakaataan hiikuun rakkisaa akka ta'e beektota adda addaan ni kaafama. Isaan keessaa Bolin fi Blandy (2003) haala moggaasa maqaa meeshaalee aadaafi jalqabbii qorannoosaa yoo ibsan,

> Throughout the past 125 years there have been many uses of and meanings given to the term "material culture."Since the late 1800s, the expression material culture has been an integral part of the professional vocabulary exchanged by anthropologists, and it is now a phrase employed by those working in an extensive variety of academic fields (p.249).

Yaada bantuu kanarraa hubachuun kan danda'amu waggoota 125 darban keessatti jecha "meeshaalee aadaa" jedhuuf itti fayyadamuuf hiikni hedduun kennamee jira. Dhuma bara 1800 mootaa irraa eegalee ibsi meeshaalee aadaa jechoota ogummaa ogeeyyiin antiroopooloojii waljijjiiran keessaa qaama barbaachisaa ta'ee jira, amma gaalee ta'eera kanneen damee barnootaa adda addaa bal'aa irratti hojjetaniin dhimma itti ba'amuu eegalee jira. Yaada kana deggeruun Droogan (2013:13) yoo ibsitu, 'There is no set definition for material culture in the wide literature touching on material culture theory. Apart from the purely ideal, the mental and, challenge it be said, the superior, very little is not materially embodied in some fashion,' jetti. Yadaa bantuu kanarraa hubachuu kan dandeenyu, meeshaalee aadaaf hiikni qofaatti yookaan

ifatti lafa taa'e akka hin jirre, haata'umalee, kan itti dhiyaatuufi hiikni yookaan ibsi hanga tokko waliin nama galchu meeshaalee aadaa jechuun yaadannoo yeroo dheeraa kan qabateefi dhimma ammayyummaarraa bilisa ta'eedha. Kanaaf, meeshaalee aadaaf hiika nama hunda amansiiseefi waliifgalche akkasumas, hiikni waliigalaa akka hin argamaniif jiru ni hubatama. Ta'us, meeshaaleen aadaa waan kuusaa yaadannoofi muuxannoo dhala namaa akka ta'an nutti agrsiisa.

Haala moggaasa maqaafi oomisha meeshaalee aadaarratti Woodward (2007:4) yoo ibsu, "The term 'material culture' emphasizes how apparently extinct things within the environment act on people,and are acted upon by people, for the purposes of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, jechi meeshaalee aadaa jedhu kun kan ibsu yookaan kan irratti xiyyeeffatu waan walitti dhufeenya lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii ibsu yookaan walittti dhufeenya namaafi kanneen biroo kan ibsuudha. Isaan keessaa jireenya ilmaan namaaf bu'aa kan buusan, hawaasummaa namootaa kan ifoomsan, walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsaniifi mallattoolee jireenya ilmaan namaa keessatti hiika kennaniidha. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa wantoota lubbu dhabeeyyii ta'anii kanneen lubbuu qabaniif tajaajila hawaasummaa hiika qabu akka qabaatuuf kanneen shoora cimaa taphatan jechuun ni danda'ama.

Goorowwan fookiloorii keessaa meeshaaleen aadaa wantoota naannoo keenyatti argaman irraa kanneen tolfaman, haala jireenya keenyaa keessatti qooda ol'aanaa kan qabaniidha. Isaan kun hojii ogummaa harkaa dhala namaan kan walqabatanfi wantoota naannoo keenyatti argaman irraa tolfamu. Ga'ee meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoof qaban ilaalchisee Habermas (2001:3) yoo ibsu, "Material Culture used to symbolize identity and to present the self favorably are usually located in the personal space (on or near the body) or in personal places," jedha. Meeshaaleen aadaa eenyummaa agarsiisuuf, ofii ofii haala gaariin dhiyeessuuf kan itti fayyadamnu, yeroo baay'ee bakka dhuunfaa (qaama irratti yookaan naannoo) keessatti kan argamaniidha. Meeshaaleen aadaa yaadrimee akkamii akka qaban ilaalchisee Filee (2016:246) yoo ibsu, "Meeshaaleen yookaan meeshaan aadaa fedhii qabatamaa namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan gareedhaan yookaan dhuunfaadhaan wantoota aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban miidhaginaan ittiin ibsataniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan, akkaataa hawaasni sun dhimma itti ba'u ilaaluuf gahee ool'aanaa kanneen qabaniidha," jedha. Meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni wantoota aadaafi hawaasummaa ilaalcha

addunyaaf qaban miidhaginaan ittiin ibsaniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan taasisuuf wanta ijaan argamuufi qabatamaa ta'e kan bakka bu'uudha. Kunis, akkaataa hawaasni tokko dhimma ta'e itti ilaalu, ibsu kan hammatuudha.

Meeshaaleen aadaa hojii ogummaa harkaan kan walqabatan, hojii qorannoo seenaa keessatti dhimma kan itti bahamaniifi dhugaa hawaasaa kan ibsaniidha. Yaada kana deggeruun Goldberg (2013:11) yoo ibsitu, "Material Culture is a term used to describe the objects produced by human beings, including buildings, constructions, memorials, tools, furniture, art and any other physical items created by a society Material culture is the main source of information about the past from which archaeologists can make inferences," jetti. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaalee aadaa jechuun meeshaalee ilma namaan oomishamaniifi itti fayyadaman yoo ta'u, kunis gamoo, ijaarsa, yaadannoo, meeshaalee manaa, aartiifi wantoota qaamaan mul'atan kamiyyuu kan hawaasni tokko uumee dhimma itti ba'u jechuudha. Meeshaaleen aadaa madda odeeffannoo waa'ee seenaa darbee isa ijoo qorattoota qo'annoo seenaa durii hambaalee biyyoo keessa awwaalamanii jiran qoratanii baasan (archaeologists) yaada xumuraa gochuun dhimma itti ba'aniidha. Kanaafuu, meeshaalee aadaa jechuun meeshaalee oogummaa ilma namaan kalaqamanii ilma namaa kan tajaajilan karaa biraammoo akka madda seenaafi odeeffannootti wantoota tajaajilan jechuun ni danda'ama.

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman bu'aa akkamii akka qaban ilaalchisee McDonnell (2023:199) yoo ibsu, "material culture examines what people do with objects, and studies of materiality examine what objects do with or for people," jedha. Meeshaaleen aadaa namoonni wantootaan yookaan meeshaaleetti dhimma ba'uun maal akka hojjetan kan qoratuufi meeshaaleen namoota waliin yookaan namootaaf maal akka hojjetan qorata. Gabaabumatti, meeshaalee aadaa jechuun, adda durummaan waan socho'uufi hubatamuu danda'u kan qaqqabatamu, ijaan argamuufi shaakala aadaa dhala namaa keessaa tokko kan ta'eedha jechuun ni danda'ama. Hawaasni kamuu aadaa mataa isaa qaba; aadaan immoo mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Mallattoo eenyummaa uummata Oromoo kan ta'aniifi beekumsa xabboosaa kan calaqqisiisan wantoota baay'eetu jiru. Isaan keessaa, aadaan bakka guddaa qaba. Aadaa uummatni Oromoo qabu immoo bal'aadha. Aadaan isaa kun bal'aa akkuma ta'e tajaajilliifi hiikkaan aadaa uummata kana biratti qabuus ni bal'ata. Gosoota aadaa keessaa meeshaaleen jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu eenyummaa hawaasa sanaa ibsuu irraatti bakka

ol’aanaa waan qabaniif akka meeshaa aadaatti ilalamu.

Meeshaalee aadaa jechuun, mallattoo eenyummaa saba tokkooti; akkaataa uumaa isaa ittiin ibsatu, hojii uumaa isaa ittiin dinqisiifatuudha, Dabalees, falaasama isaa kan ittiin ibsatu, beekumsa sammuu isaa keessa jiru karaa inni ittiin bakkeetti baasee agarsiisuudha. Akkasumas, karaa beekumsi dhokataan sammuu hawaasaa keessa jiru ittiin bakkeetti ba’ee mul’atu, danaa waan tokkoo sammuu isaa keessatti beeku qabataamaa taasisee ittiin agarsiisu, boca, bobboca itti baasee kan inni hojjetatuudha. Yaada kana deggeruun Woodward (2007:14) yaadrimee meeshaalee aadaa yoo ibsu, ”Material culture is, chiefly, something portable and perceptible by touch and therefore has a physical, material existence that is one component of human cultural practice,” jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa adda durummaan waan socho’uufi hubatamuu danda’u kan qaqqabatamu, ijaan kan argamuufi shaakala aadaa dhala namaa keessaa tokko ta’e qaba. Kana jechuun, meeshaalee aadaa kanneen jedhaman ijaan argamanii harkaan kan qaqqabataman ta’anii iddoodhaa iddootti sochoofamuu kan danda’an jechuu dandeenya.

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoo enyuummaa, amantii, duudhaa, ilaalchaafi falaasama isaa gadi faggeenyaan kan mul’isaniidha. Kanamalees, waa’ee aadaa hawaasa tokkoo kan mul’isaniifi jiruufi jireenya guyyuu hawaasichaa keessatti tajaajiila bal’aaf kan oolaniidha. Maalummaa meeshaalee aadaafi tajaajila akkamii hawaasa tokko keessatti qabaachuu akka malan ilaalchisee Akuamoah (2015:3) yoo ibsu, ”material culture as the study through artifacts of the beliefs, values, ideas, attitudes, and assumptions of a particular community or society at a given time,” jedha. Yaada waraabbii kana keessa jirurraa hubachuu kan dandeenyu, meeshaaleen aadaa qorannoo karaa hojii ogummaa, duudhaa, amantaa, sona, yaada, ilaalchaafi tilmaama hawaasa yookaan hawaasa murtaa’e tokkoo yeroo murtaa’e tokko keessa jiraataa ture kan ibsuudha. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa hariiroo meeshaafi hawaasummaa gidduu jiru gama hundaan kan ibsu jechuutu danda’ama.

Meeshaaleen aadaa oguma ilma namaan kan hojjetaman duudhaa, safuufi aadaa hawaasa keessatti hojjetamanii kan calaqqisiisaniidha. Meeshaaleen kunneen hawaasa keessatti ga’ee akkamii akka qaban ilaachisee Habermas (2001:5) yoo ibsu, ”Material culture are part of cultural systems and serve cultural functions of tradition, social functions of regulating status, and

economic functions as commodities," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa qaama sirna aadaa yoo ta'an, hojiiwwan aadaa duudhaa, hojiiwwan hawaasummaa sadarkaa to'achuufi hojiiwwan dinagdee akka meeshaatti ibsuuf tajaajilu. Yaada Habermas (2001) deggeruun qorattootni qorattootni Helen & Shirley (2008:4) jedhaman yaadrimeefi meeshaaleen aadaa maal akka ofkeessatti hammatan yoo ibsan, "Material culture is, then, culture made material—that is, it is the physical manifestations of human endeavor, of minds at work (and play), of social, economic, and political processes affecting all of us," jedhu. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa, kanneen aadaa murta'aa tokko keessatti hojjetamanii mul'ataafi tattaaffii sammuu dhala namaan hojjetamanii adeemsa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa hunda keenyarratti dhiibbaa kan geessisaaniidha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa bu'aa hojii ogummaa harkaa dhala namaati; isaanis kan tolfaman haala aadaa uummata yookaan hawaasa itti fayyadamuu yookaan dhimma itti ba'uurratti hundaa'anii yoo ta'u, isaanis dadhabbii ilma namaan kan argaman bu'aa hojii sammuufi kalaqa isaa kan ta'an haala hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee isaa keessatti dhiibbaa guddaa geessisuun ga'ee guddaa kan ba'an jechuun ni danda'ama. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa ogummaa hawaasa keessaa argamaniin hojjetamanii hawaasa sana kan tajaajilan jechuu ni danda'ama.

Meeshaaleen aadaa akkuma gosoota fookiloorii warra biroo eenyummaa uummata tokkoo ibsuu irratti iddoo ol'aanaa kan qabaniifi dhimma iddoo guddaan kennamuufidha. Yaada kana deggeruun yaadrimee meeshaale aadaafi akkamiin ilaalamuu akka qaban ilaalchisee Habermas (2001:1) yoo ibsu, "Material cultures are thus not simply physical entities of a certain size and weight. They are products of culture. Culture endows them with instrumental and symbolic values, which are in turn elaborated on by individuals," jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, meeshaaleen aadaa qaamolee fiizikaalaa guddinaafi ulfaatina murtaa'e qaban qofa miti; isaan oomisha aadaati. Aadaan immoo gatiiwwan meeshaafi fakkeenyaa kan isaaniif kennu yoo ta'u, kunis dabaree isaatiin namoota dhuunfaatiin bal'inaan ibsama. Kanaaf, meeshaaleen aadaa eenyummaa, aadaafi duudhaa saba tokkoo ibsan kan haala salphaan ilaalamuu hinqabne akka ta'an ni hubatama.

Meeshaaleen aadaa waan hojii ogummaan walqabatan ta'anii wantoota naannoo keenyatti argaman irraa kanneen hojjetamaniidha. Yaada kana deggeruun Daniel (1998:118) yoo ibsu, "Material Culture is the products of human activity determined by the habits (culture) acquired by man as a member of society," jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa bu'aa gochaalee ogummaa dhala namaa kan ta'an haala yookaan amala aadaa hawaasa waan sana kalaqeen adda kan ba'aniifi hawaasa sana keessatti fudhatama guddaa kanneen qaban jechuu dandeenya. Akkasumsas, meeshaaleen aadaa isaan kanneen akka garee hawaasa dhimma itti ba'u sanaatti fudhatamiidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti namoota beekumsa xabboo qabaniin kalaqamanii hawaasa keessatti argaman sana hawaasa biroorraa adda baasanii aadaasaa ibsuufi jiruufi jireenya keessatti bu'aa kanneen qaban jechuu ni dandeenya.

Yaadrimee meeshaaleen aadaa qabaniifi barbaachisummaa isaanii ilaalchisee Beaudry (2015: 191) yoo ibsitu, "Material culture is abundant in our everyday lives; we are surrounded by it and arguably can do little without it," jetti. Meeshaaleen aadaa meeshaalee barbaachisoofi murteessoo jiruufi jireenya keenya keessatti hedduu nu fayyadaniifi dhimma itti baanu naannoo keenya marsanii kan jiraniifi isaan gargaaramnee waan tokko hojjechuu kan dandeenyu ta'uu nu hubachiisa. Yaada qorattuu kanaa anis irrajireessaan kanan qooddadhuufi meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti kanneen barbaachisoo nuti dhimma itti baanuufi hedduu nu gargaaran jechuu dandeenya.

### B. Gosoota Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa calaqqisiistuu, aadaa, eenyummaafi jireenya hawaasummaa uummata tokkooti. Meeshaaleen aadaa kunneen gosa, amalaafi tajaajila adda addaa qabu. Wantoota aadaa hawaasni tokko itti gargaaramuun hawaasa biraarraa adda baasnee beekuu dandeenya. Akkasumas, seenaa, eenyummaafi akkaataa jireenya hawaasichaa isa darbe ittiin beekuuf nu gargaara. Meeshaaleen aadaa waan yeroo darbee keessatti raawwatamaa ture qorannee beekuuf carraa kan nuuf kennaniidha. Taatee seenaa yeroo adda addaa keessa turanii kallatiin nu hubachiisu. Meeshaaleen kunneen ofiisaaniitiin taateewwan seenaa miti; garuu, akka madda ragaa seenaatti kanneen ilaalamaniifi hiikni itti kennamuu akka danda'u isaan taasisaniidha. Meeshaaleen aadaa wantoota aadaan hawaasa tokkoo ittiin calaqqisiifamuufi dhalootaa dhalootatti ittiin darbu keessaa isa tokkoodha. Isaanis beekumsa xabboofi duudhaa hawaasni

tokko qabaachaa ture karaalee duubatti deebinee ittiin ilaalluufi qorannoo seenaa hawaasaa keessatti akka burqaa ragaatti kanneen nu tajaajilaniidha.

Meeshaalee aadaa hawaasa tokko biratti beekaman bakka tokkotti qorachuurra akka maddaafi faayidaa isaaniitti adda adda baasanii qorachuun hojii qorannoo sanaa kanneen mijeessan keessaa waan ijoodha. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman isaan kam akka ta’an, maalirraa akka hojjetaman, hiika akkamii akka qaban, faayidaa akkamii akka kennan, eenyuun akka hojjetaman, yeroo akkamii akka hojjetaman, tajaajila akkamiif akka oolan yookaan tajaajila akkamii akka kennan hubachuun hedduu barbaachisa. Meeshaalee aadaa otoo garee isaaniitti addaan hinqoodiin yoo qo’achuuf yaalle adeemsa hojii qorannoo keenyaa ulfaataafi walxataa waan taasisuuf gareettii qooduun hedduu barbaachisa. Yaada kana deggeruun Rouse (1960) yoo ibsu,

> There are several different ways of classifying a collection of material culture to form types. The most systematic one is to divide the varieties into two or more classes on the basis of one set of modes, for example, of materials; then to subdivide each class on the basis of another set of modes, such as shapes; and to continue this process until all the artifacts of the same kind have been separated into a single sub-sub class (p. 316).

Meeshaalee aadaaf jifaara uumuufi sanaan ramaduuf karaaleen adda addaa hedduutu jiru. Inni baay’ee sirna qabeessa ta’e bu’uura tuuta haala lama yookaan isaa olitti qooduudha; sana booda tokkoon tokkoon gitaa bu'uura tuuta sanaaf abbaa yookaan kan isaan jalatti qoodaman uumna. Kanas kan raawwannu akka boca isaaniitti qooduu, akkasumas adeemsa kana hanga hojii ogummaa harkaa gosa tokkoo hundi gara gita xiqqaa tokkotti adda baafamanitti itti fufu. Yaada kanarraa kan hubannu meeshalee aadaa yookiin hojiilee ogummaa harkaa kanneen jedhaman karaalee adda addaa qooduu dandeenya. Karaalee isaan qooduuf nu gargaaran keessaa inni duraafi ijoon meeshaalee kanneen akka walfakeenyaafi jifaara isaaniitti qooduudha. Fakeenyaaf meeshaa tokko fudhannee jifaara isaan erga ramadnee booda kanneen biroo jala naquu jechuudha. Yeroo meeshaalee kanneen qoodnu haala wal fakeenyaafi qabiyyee isaaniin qooduu akka qabnuufi hanga meeshaaleen kunneen jiraatanitti akka addaan hinbaane taasisuun barbaachisaadha.

Addunyaa namni irra jiraatu kana keessatti jifaarri meeshaalee aadaa danuu akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Meeshaaleen aadaa kan uummanni tokko jireenya isaa keessatti haala hiikaafi faayidaa mataa isaa ibsuu danda'uun ijaarrachuun itti jiraatuudha. Haaluma kanaan, dhugaan haala meeshaalee aadaa Oromoo ilaalchisee jirus kanarraa akka hinfagaanne tilmaamuun nama hinrakkisu. Yeroo adda addaatti jifaara meeshaalee aadaa tarreessuufi madda isaanii eeruun akkuma hiika maqaasaa rakkoo cimaa ta'ee kan mul'atuudha. Haata'u malee, qorattootni tokko tokko madda garaagaraa fayyadamuun addaan qooduuf yaalanii jiru. Anis, yaada kana bu'uura taasifachuun yaada jifaara/akaakuu meeshaalee aadaa jedhuuf yaada qorattootaa bakka lamatti hiree yaada giddu galeessaa baasuun ibsuuf yaaleen jira. Yaadonni jifaara meeshaalee aadaa qooduurratti jiran keessaa inni duraa meeshaaleen aadaa hojii ogummaa harkaa ilma namaa kanneen akka hojii suphee, mukaa, gogaafi sibiilaa jechuun wantoota meeshaaleen aadaa kunneen irraa hojjetaman bakka afuritti qoodaniifi bakka adda addaa jahaafi isaa olitti qoodaniidha. Qorattoota bakka afuritti qoodamu jedhan keessaa Duguma (2016)fi Bula (2011:3) maqaa dha'uun ni danda'ama. Akaakuun meeshaalee aadaa bu'uura rammaddiif filatamerratti hunda'uun adda addumaa qabaachuu danda'a. Fakkenyaaf, wantoota irraa meeshaaleen aadaa kunneen hojjatamaniin, isaanis: kan gogaa, kan migiraa, kan mukaa, kan suphee, jirbiifi kkf… jechuun ni danda'ama. Ramaddiin biraa ammoo meeshaalee idilee (secular)fi ulfoo (sacred) jedhanii ramaduun ni danda'ama(Woodward:2007).

Dorson (1972:11) ogumma fookiloorii keessatti (1) Meeshaalee (folk Craft) (2) Faayaa Meeshaalee (Folk Arts), (3) Danaa Ijaarsaa (Folk Archetechure) (4) Faayaawwan (folk Costumes) fi (5) Nyaata aadaa (Cookery ) jedhee ramada. Dhimmonni walkeessa ta'an akka jiraatanis ni ibsa. Fakkenyaaf, meeshaaleen manaa wantoota bareedinaa (folk Art) ni qabaatu-kan akka boboca, haalluufi kkf beekumsa hawaasafi wantoota naanawarra argamaniin. Filee (2023) rammaddii Dorsan kanaan alatti 'duudhaa' jechuun kan dabale meeshaaleen bu'uraan qabatamoodha, hiika jedhu wajjin wanta walbuusu fakkata. Rammaddiwwan akaakuu kunneen gadfageenyaan qorachuuf yoo ta'e malee bu'uraa irratti hidhata niqabaatu. Askeessatti, meeshaaleen aadaa namoonni mana keessatti dhimma itti ba'an, kanneen meeshaalee ulfoo ta'anirraa bal'inaan namoota hedduu bira jiraachuu malaniidha. Yeroon itti fayyadama keessatti mul'achuus, sana caalaa dheeraa ta'uunsaa hinoolu. Kunis, meeshaaleen ulfoo yeroo murtaa'e (guyyaa aayaanaa), iddoo murtaa'e (iddoo raawwii sirnaa), nama murtaa'e (gaggessitoota aadaa sanaa)fi fakkoommii/golgamoo ta'u isaanirraa kan ka'e kanneen jiruufi jireenya idileerraa ni

fagaatu. Sanarratti, mana nama hundaattis kan argamuu danda’u miti. Meeshaaleen manaa garuu, mana nama hundaa jiru, ga’e walfakkataa qabu, hawaasa mana qabu hunda tajaajilu; kunis, aadaan isaaniin walqabatee jiru bal’inaan akka jiraatu taasisa. Gabaabumatti, meeshaalee aadaa bakka bu’uura lamatti qooduu dandeenya. Isaanis: waan irraa hojjetaman, muka, migira, biyyoo, sibiila, buqqeefi gogaa; tajaajila kennanirratti hundaa’uun tajaajila amantaatiif, aaga baafachuuf, qalmaafi ateeteef waraanaaf, muuziqaatiifi faayaaf kanneen oolan jennee addaan qooduu dandeenya.

**C. Hiika**

Hiikni ergaa yookaan dhaamsa waan tokko qabuu jechuu dandeenya. Hiikni waan tokkoo keessumaa kan meeshaalee aadaa kan argamu akkaataa waliigaltee hawaasatiin yoo ta’u, irra caalaatti immoo wantoota ilaalaman irratti hundaa’uun. Hiikni yaadrimee akkamii akka qabuufi maal ofkeessatti akka hammatu ilaalchisee Dennis (2011:350) yoo ibsu, “Meaning is thus something that is a product of social interaction, but requires active interpretation to be acted on,” jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuu kan dandeenyu, hiikni waan bu’aa walqunnamtii hawaasummaa ta’eedha yookaan walqunnamtii hawaasaarraa kan argamuudha; garuu, hiikni hojii xiyyeeffannoo guddaa qabuufi irratti hojjetamuu barbaaduudha. Kun kan agarsiisu hiikni waan tokkoo bu’aa waliin jireenya hawaasaarraa kan argamu yoo ta’u, hiikni waan tokkoo callisee kan kennamu osoo hintaane haala hawaasa sanaa giddu galeeffateeti; yoo sanaa ala ba’e rakkoo hubannaa uumuu danda’a jechuudha.

Hiikni bakka hundatti kan argamuufi jireenya hawaasummaa keessatti qooda guddaa kan qabuudha. Hiikni waan tokkoo akkamiin akka argamuufi maal akka fakkaatu ilaalchisee Martín fi López (2018:61) yoo ibsan, ”Meaning is a central concept for any translation theory; meaning is a social phenomenon,” jedhu. Yaadni bantuu kana keessaa kan ibsu, hiikni yaada hiikkaa kamiifuu yaad-rimee giddugaleessaati; kanamalees, hiikni taatee hawaasummaati. Kanajechuun, hiikni handhuura yookaan giddu galeessa waan raawwannu hundaati; akkasumas jiruufi jireenyaaf haala kan mijeessu jechuun ni danda’ama. Hiikni dhimma afaan yookaan xiinqooqa keessatti ilaalamu qofa osoo hintaane, dhimma waan hunda keessatti argamuuti.

Hiikni waan tokkoo yookaan jecha tokkoo kan argamu bifa mul’ataa qofaan osoo hintaane karaa dhokataanis ta’uu danda’a. Hiikni waan tokkoo akkamiin akka argamuu danda’u ilaalchisee Nagy (2017:46) yoo ibsu, ”Meaning is entities that semantics investigates, cannot be directly observed. It is important to notice that meanings are not located some how in the physical shape of words, that is, words cannot be defined in terms of physics,” jedha. Yaadni waraabbii kana keessaa kan ibsu, hiikni qaamolee xiinhiikni qoratu kallattiin ilaalamuu hindandeenyeedha. Hiikkoon jechootaa yookaan waan tokkoo bifa fiizikaalaa jechootaa keessatti haala kamiinuu akka hinargamne hubachuun barbaachisaadha. Jechuun, jechoonni gama fiiziksiitiin ibsamuu akka hindandeenye hubachuun barbaachisaadha. Kanajechuun, hiikni yaada dhokataa ofkeessaa kan qabuufi hojii hubannoo cimaa barbaadu akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Haala waliigalaa yaadrimee hiikaa ilaalchisuun Martín & López (2018:63) yoo ibsan, ”Meaning is not limited to language, because all kinds of symbols have meaning, whether linguistic or not,” jedhu. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, hiikni afaan qofaarratti yookaan afaan qofaaf kan daangeffame miti, sababni isaas mallattoon gosa hunduu afaaniis ta’e afaaniin alatti raawwataman hunduu hiika qabu. Kanaafuu, hiikni waan hundaa keessatti kan argamuufi hunda kan hirmaachisu jechuun ni danda’ama.

### D. Fakkoommii

Fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu’iinsa yaadaa dhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatuudha. Jechi fakkoommii jedhu afaan Giriikiirraa kan fudhatame yoo ta’u, innis waan tokko waan biraan wal fakkeessuu jechuudha. Haala maddaafi yaadrimee fakkoommii ilaalchisee Sruthi (2019:5) yoo ibsitu, “The word ‘symbolism’ is derived from Greek verb “Symbollein”, means ‘to put together’. In short symbolism is the representation of objects, moods and ideas through the medium of symbols,” jetti. Yaada waraabbii kana keessa jirurraa hubachuu kan daneenyu, jechi 'fakkoommii' jedhu jecha Giriikii irraa kan argame yoo ta'u, hiikni isaas 'walitti galchuu' wal cina kaa’uu kan jedhuudha. Gabaabumatti, fakkoommiin meeshaalee, miiraafi yaada karaa mallattootiin bakka kan bu’uudha jechuu dandeenya.

Fakkoommiin jiruufi jiirenya dhala namaa keessatti waan waa tokko bakka bu’u yoo ta’u, jijjiirama guddaa jireenya dhala namaa keessatti fiduu kan danda’uudha. Fakkoommiin yaadrimee akkamii akka qabuufi akkamiin akka ilaalamu Lakhadive (2019:6) yoo ibsu, “Symbolism can be found almost anywhere. Any time there is something that represents more

than its literal meaning, this can be an example of symbolism," jedha. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan ibsu, fakkoommiin bakka kamittuu argamuu ni danda'a; yeroo kamiyyuu hiika waan tokkoo kan bakka bu'u ni jiraata, kun immoo fakkoommii agarsiisa. Kana jechuun, waan tokko hiika mul'ataa qabuun cinatti fakkoommii isaan yookaan hiika dhokataa isa bakka bu'u qabaachuu ni mala jechuudha. Fakkoommiin hiika dhokataa yookaan ergaa dhoksaa meeshaan yookaan waan tokko qabu kan ibsuudha. Kanamalees, bakka bu'aa yaada dhokataa ergaa ifa jiruuti jechuu dandeenya.

Fakkoommiin hiika dhokataa waan tokko duuba jiru kan ibsuudha. Yaadrimee fakkoommiin qabuufi akkamiin ilaalamuu akka qaban ilaalchisee Sruthi (2019:12) yoo ibsitu, "Symbolism is a literary device where an object, person, situation, or action represents something beyond its literal meaning. It is often used to convey deeper meanings, emotions, or ideas in a concise and indirect way," jetti. Yaadni waraabbii kana keessa jiru kan ibsu, fakkoommiin meeshaa ogbarruu keessaa tokko yoo ta'u, meeshaan yookaan wantootni, namni, haalli yookaan gochi tokko hiika kallattiin qabu ala waan tokko yoo bakka bu'u kan argamuudha. Yeroo baay'ee hiika, miira, yaada gadi fagoo ta'e karaa gabaabaafi al-kallattiin dabarsuudhaaf itti fayyadama. Fakkeenyaaf, nagaa argisiisuuf gugee, hammeenya fakkeessuuf bofa fayyadamuu, fayyadama daraaraa kan akka roozii jaalala bakka bu'u ykn liiliiwwan qulqullina bakka bu'an fayyadamuun fakkoommii jedhama. Qorataan Lakhadive (2019) jedhamu yaada qorattoota olitti eeraman deggeruun yaadrimee fakkoommii yoo ibsu,

> Symbolism is often used by writers to enhance their writing. Symbolism can give a literary work more richness and color and can make the meaning of the work deeper. Symbolism is used to describe any mode of expression, which instead of referring to something directly refers to it indirectly through the medium of something else (p.2).

Fakkoommii yeroo baay'ee barreessitoonni barreeffama isaanii guddisuuf itti fayyadamu. Hojii ogbarruu tokkoof badhaadhinaafi halluu dabalataa kennuu kan danda'uufi hiika hojii sanaa gadi fagoo gochuu danda'a. Fakkoommiin haala ibsa kamiyyuu ibsuuf kan gargaaru yoo ta'u, kunis kallattiin waan tokko agarsiisa, al-kallattiin karaa waan biraatiin kan agarsiisuuf kan ooluudha. Kanaaf, fakkoommiin yaada dhokataa ergaa yookaan hiika ifa jiruuti jechuu ni dandeenya.

### E. Gahee Meeshaalee Aadaa

Saayinsii hawaasaa keessatti-keessattuu hawaasummaafi saayinsii aadaa **keessatti** jechi "gahee" jedhu amala, itti gaafatamummaafi seera eegamu kan ejjennoo hawaasummaa ykn sadarkaa addaa garee ykn hawaasa tokko keessatti walqabatu agarsiisa. Gama sadarkaa hawaasummaan yoo ilaalamu gaheen tokko sadarkaa (fkn, barsiisaa, warra/maatii, geggeessaa, barataa) wajjin walqabatee jira. Tokkoon tokkoon sadarkaa gahee murtaa'e ykn amala eegamu qaba. Gama eegganoo amalaan, gaheen tokko asxaa qofa miti; haalawwan adda ta'an keessatti namoonni akkamitti socho'uu akka qaban ibsa. Gaheen barsiisaa barattoota qajeelchuu, madaaluu fi qajeelchuu of keessaa qaba. Gaheen abbaa murtii loogii irraa bilisa ta'uu, seera hiikuufi murtii kennuu dabalata. Gama duudhaafi aadaan: gaheen hojii kan bocamu seera aadaafi gatii hawaasa tokkootiin. Wanti "haadha" ykn "hogganaa" irraa eegamu aadaa adda addaa keessatti garaagarummaa guddaa qabaachuu danda'a. Gama gahee dachaafi waldhabdeen gahee namoonni yeroo baay'ee hawaasa keessatti gahee dachaa qabu (fkn, dubartiin haadha, doktora fi geggeessituu hawaasaa ta'uu dandeessi). Yeroo tokko tokko gaheen hojii kun waldhaba, kunis waldhabdee gahee hojiitti fida (fkn, dhimmoota madaallii hojii fi jireenyaa).

Meeshaaleen aadaa hawaasa kamiyyuu keessatti gahee murteessaa qabu; wantoota qaamaan mul'atan, qabeenyaafi iddoowwan namoonni aadaa isaanii ibsuuf itti fayyadaman agarsiisa. Kunis meeshaalee, uffataafi gamoo irraa kaasee hanga aartii, teeknooloojiifi meeshaalee manaa guyyaa guyyaa hunda kan hammatuudha. Yaada kana deggeruun Johan fi Helen (2011) yoo ibsan,

> The role of material culture is to express of identity and beliefs. Material culture reflects the values, beliefs, and identity of a society. For example: Religious artifacts (e.g., crosses, prayer beads) represent spiritual beliefs. Traditional dress reflects cultural heritage and identity. In addition the role of material culture is to show Social Organization and Structure. Objects can indicate social roles, status, and hierarchies: **A** crown or scepter signals leadership or royalty. Architecture (palaces vs. huts) can reflect social class differences (p.65)

Yaada bantuu kanarraa kan hubannu, meeshaalee aadaa gahee eenyummaafi amantaa ibsuudha Meeshaaleen aadaa gatii, amantaafi eenyummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisaniidha. Fakkeenyaaf: Meeshaaleen amantii (fkn, fannoo, kadhannaa) amantii hafuuraa bakka bu'u. Uffanni aadaa hambaa aadaafi eenyummaa calaqqisiisa. Dabalataanis, gaheen meeshaalee aadaa

gurmaa'ina hawaasummaafi caasaa agarsiisuudha Meeshaaleen aadaa gahee hawaasummaa, haalaafi sadarkaa agarsiisuu danda'u: gonfoon ykn uleen mootummaa hoggansa ykn mootummaa agarsiisa. Ijaarsi (masaraawwan mootummaa vs. godoowwan) garaagarummaa gita hawaasummaa calaqqisiisuu danda'a. Meeshaalee aadaa jechuun meeshaalee ijaatti mul'atan, meeshaaleefi iddoowwan hawaasa tokko keessatti namoonni uumaniifi itti fayyadaman agarsiisa. Isaan keessaa meeshaalee, uffata, ijaarsa, hojii aartiifi teeknooloojii kan dabalatuudha. Meeshaaleen aadaa gahee sona, amantaafi akkaataa jireenya hawaasa tokkoo waan calaqqisiisaniif murteessoodha.

Meeshaaleen aadaa eenyummaa kan ibsan, seenaa kan eeganiifi sadarkaa hawaasummaa ibsuuf gargaaru. Fakkeenyaaf, meeshaaleen amantii kan akka fannoo ykn siidaan mana qulqullummaa keessatti argaman amantii hafuuraa kan agarsiisan yoo ta'u, uffataafi manni jireenyaa ammoo gita hawaasummaa agarsiisuu danda'u. Akkasumas, sochii dinagdee kan akka meeshaalee qonnaa keessatti fayyadaman ykn meeshaalee daldala keessatti hirmaatan ni deeggara. Kana malees, meeshaaleen aadaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti dabarsuudhaaf gargaara, akka walitti hidhamiinsa qabatamaa hawaasa tokkoo darbee wajjin tajaajila. Gahee meeshaaleen aadaa hawaasa keessa jiraniif qaban ilaalchisee Jiang (2023) yoo ibsitu,

> Material culture has a role in Communication across Time. Material culture helps societies pass down traditions, history, and knowledge: Monuments, books, or tools tell us how people lived in the past. Museums preserve material culture for future generations. And also it has a role in Economic and Technological Development. The materials a society produces or uses demonstrate its level of economic and technological development: Stone tools, bronze weapons, or digital tech each mark different stages of development. Trade goods (e.g., silk, gold) show economic exchange between cultures.

Yaada waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa walqunnamtii yeroo hunda keessatti gahee qabu. Walqunnamtii yeroo keessatti: meeshaaleen aadaa hawaasni duudhaa, seenaafi beekumsa isaanii akka dabarsaniif gargaara: siidaaleen, kitaabonni ykn meeshaaleen namoonni yeroo darbe akkamitti akka jiraatan nutti himu. Golhambaan meeshaalee aadaa dhaloota dhufuuf ni eegu. Akkasumas misooma diinagdeefi teeknooloojii ibsuu keessatti ga'ee qabu. Misooma diinagdeefi teeknooloojii: meeshaaleen hawaasni tokko oomishu ykn itti fayyadamu sadarkaa guddina dinagdeefi teeknooloojii isaa agarsiisu: Meeshaaleen dhagaa, meeshaaleen waraanaa nadhii, ykn teeknooloojii dijitaalaa tokkoon tokkoon isaanii sadarkaa

guddinaa adda addaa agarsiisu. Meeshaaleen daldalaa (fkn, silkii, warqee) aadaa gidduutti waljijjiirraa dinagdee agarsiisu.

Gahee meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti qaban ilaalchisee Tilley fi kaawwan (2006)

> Material culture expresses identity. Material objects (clothes, hairstyles, homes) show who we are, including social status, ethnicity, gender, religion, and profession. Example: Traditional dress in Ethiopia (like *habesha kemis*) reflects cultural heritage and identity. Preserves History and Memory, Monuments, artifacts, and buildings are tangible links to the past. They help communities remember their history, heroes, and shared experiences (p.22).

Yaada bantuu kanarraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa eenyummaa ibsu. Meeshaaleen qaamaa (uffata, akkaataa rifeensa mataa, mana) sadarkaa hawaasummaa, gosa, saala, amantiifi ogummaa dabalatee eenyu akka taane agarsiisu. Fkn: Uffanni aadaa Itoophiyaa keessatti (akka habesha kemis) hambaa aadaafi eenyummaa calaqqisiisa. Seenaafi yaadannoo ni eega, siidaaleen, meeshaaleen duriifi gamooleen walitti dhufeenya qabatamaa kan darbeedha. Dabalees, meeshaaleen aadaa hawaasni seenaa gootota isaaniifi muuxannoo waliin qaban akka yaadatan taasisuu keessatti qoodnisaanii guddaadha.

Meeshaaleen aadaa hawaasa keessa jiraniif gahee guddaa qabu. Yaada kana deggeruun Hodder (1982) yoo ibsu

> Material culture facilitates social communication. Objects carry symbolic meanings (e.g., flags, wedding rings). They communicate values, beliefs, or social norms without words. Supports Cultural Transmission: Material culture helps pass knowledge and customs from one generation to the next. Example: Tools used in farming or pottery making teach both practical and cultural lessons (p.4).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa qunnamtii hawaasummaa kan mijeessuudha. Wantoonni hiika fakkeenyaa (fkn, alaabaa, ringii cidhaa) qabatu. Dabalees, meeshaaleen aadaa duudhaa, amantaa ykn seera hawaasummaa jecha malee dabarsu. Akkasumas, dabarsa aadaa ni deggera. Meeshaaleen aadaa beekumsaafi aadaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti akka darbuuf gargaara. Fakkeenya: Meeshaaleen qonnaa ykn suphee dhooftuu hojjechuu keessatti fayyadaman barnoota qabatamaafi aadaa barsiisu.

Gahee meeshaalee aadaa Woodward (2007) yoo ibsu,

> Material culture has the role of reflecting economic and social structures. The kinds of materials people produce and use tell us about a society's economic system, class divisions, and technological level. Example: Luxury items can show wealth and power; simple tools reflect subsistence lifestyles. Spiritual and Ritual Significance: Many material objects hold religious or spiritual importance. Example: Holy books, crosses, prayer beads, or traditional altars (p.37).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan mul'atu, meeshaaleen aadaa gahee caasaa dinagdeefi hawaasummaa calaqqisiisuu qaba. Gosoonni meeshaalee namoonni oomishaniifi itti fayyadaman waa'ee sirna dinagdee hawaasa tokkoo, qoqqoodinsa gitaafi sadarkaa teeknooloojii nutti himu. Fakkeenyaaf, meeshaaleen qananiin qabeenyaafi aangoo agarsiisuu danda'u; meeshaaleen salphaan haala jireenyaa gadi aanaa calaqqisiisu. Kanamalees, meeshaaleen aadaa gahee hiika hafuuraafi sirnaa ibsuu qaba. Kunis, meeshaaleen qaamaa hedduun barbaachisummaa amantii ykn hafuuraa ibsuu qabu.

## 2.2 Yaaxxina Qorannoo

Yaaxxinaaleen qorannoo fookilooriiif oolan hedduu akka ta'an beekamaadha. Yaaxxinni mala ittiin qorannoo keenya adeemsifnu keessaa isa ijoodha. Yaada kana deggeruun Filee (2019:22) n maalummaa dayeessaa yookaan yaaxxinaa yoo ibsu, "Dayeessi ijoo mata-duree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo ittiin agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daran barbaachisoo ta'an filachuuf yaada adda addaa walbira qabanii madaaluudhaaf, qeequudhaaf, akkasumas sakatta'a barruu walmaddii, ka'umsa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokko galmaan ga'uu keessatti daran barbaachisaa ta'edha," jedha. Yaaxxinoonni qorannoo kanaaf madaqfamuun hojiirra oolan lama yoo ta'an, isaanis yaaxxina faayidaa (functional theory) yaaxxina xiinhiika mallattoolee (Symbolic Interpretation theory) kanneen jedhamaniidha. Gara qorannoo kanaatti fiduuf bu'uura kan ta'e, muuxannoo qorattoonni dhimmoota hawaasaa ittiin ibsuuf tajaajilamanidha. Haalli hojiirra oolmaa isaanii amala qabiyyee qorannoo kanaa waliin wal simsiisuuni. Yaaxxinoonni kunneen haala isaan itti hojiirra oolan, qabiyyee itti daangessaniifi amala isaan qaban wal duraaduubaan ibsamaniiru.

**Yaaxxina Tajaajilaa/Faayidaa:** Akka yaaxxina kanaatti fookilooriin faayidaan inni uummataaf qabu maal isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul`ata. Yaada kana deggeruun Filee (2019:27) Neuman (2005) wabeeffachuun yoo ibsu, "yaaxxinni

faayidaa adeemsa sirnootaafi ayyaanota adda addaa, faayidaa isaa, ga'ee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qaban, akkasumas hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabuufi faayidaa aadaan uummata tokkoo uummatichaaf qabu ittiin qorachuuf gahee olaanaa qaba," jedha. Fakkeenyaaf, yaaxxinni kun faayidaa walaloon amantii safuu waaqaafi hawaasa kabachiisuu keessatti qabu, faayidaa mallattooleen meeshaalee aadaa beekumsa hawaasaa cimsuufi jajjabeessuu keessatti qaban qorachuufi barbaachisaadha jechuun ni danda'ama. Kanaaf, yaaxxinni kun faayidaa gosoonni fookiloorii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban qorachuudhaan adda baasuuf gahee ol'aanaa qaba. Waan kana ta'eef, namoonni fookiloorii irratti qorannoo geggeessan yaaxxina kana gargaaramuun haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif carraa kan kennuudha. Sababa kanaaf, akka yaaxxina kanaatti gosti fookiloorii tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u. Kunis, qorannoon fookiloorii gama faayidaa isaatiin geggeeffamuu akka qabu agariisa. Faayidaaleen fookilooriin akka waliigalaatti qabu (1) Barsiisuu (2) too'achuu (3) miliquufi (4) Mirkaneessuu ta'uu Bascom (1956)kaa'ee jira. Kanaafuu, yaadrimee ga'ee meeshaalee aadaa bu'uura irraa ibsuuf, yaaxxina kana hordofuun murteessaadha.

**Yaaxxina Xiinhiika Mallattoolee :** Yaaxxinni xiinhiika mallattoolee yaaxxinoota saayinsii hawaasaa keessaa isa ijoodha.Yaaxxinni kun dhugaan mallattooleerratti hunda'a yaada jedhu qaba; bu'uurri isaa hiikuudha. Kanamalees, yaaxxinni xiinhiika mallattoolee haala namoonni yeroo walii galtee raawwatan itti fayyadaman kan qoratuudha. Yaada kana deggerruun Aksan (2009:91) yoo ibsu, "The foundation of this theory is meanings. Symbolic interaction examines the meanings emerging from the reciprocal interaction of individuals in social environment with other individuals and focuses on the question of "which symbols and meanings emerge from the interaction between people," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, hundeen yaaxxina xiinhiika mallattoolee hiika. Yaaxxinni kun yeroo waliin dubbiifi waliin jireenyaa waan namoonni taasisan irratti akkamiin akka waliif galan kan qoratuudha. Hiikni mallattoolee kan argamu yeroo waliin dubbii namootaa yookaan hawaasaati.

Yaaxxinni xiinhiika mallattoolee haala ilaalcha yookaan garaagarummaa ija waan tokko ittiin ilaallu kan mul'isuudha. Maddi odeeffannoo yaaxxina xiinhiika mallattoolee walquunnamtii dhala namaati. Yaaxxinni xiinhiika mallattoolee yaadrimee akkamii akka qabu ilaalchisee Carter

fi Fuller ( 2016:1) yoo ibsan, ”Symbolic interactionism is a micro-level theoretical framework and perspective in sociology that addresses how society is created and maintained through repeated interactions among individuals,” jedhu. Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda’amu xiinhiikni mallattoolee bu’uura da’eessotaafi ilaalcha sadarkaa hawaasummaa keessatti akkaataa hawaasni itti hiika uummatuufi kunuunfachuu danda’u kan ilaalu yoo ta’u, walqunnamtii irra deddeebi’amee namoota dhuunfaa gidduutti taasifamus kan qoratuudha.

Qorannoon mallattummaa xinaadaa keessatti akkaataa itti hawaasni naannoo isaa hubatu, raawwii hawaasaafi sagalee ofii dhageessifatu xiinxala. Xinhiikni kun sirna aadaa waljijjiirraa garee hawaasaa sana kan gara hiikaatti geessu bu’uureffata. Yaaxxinni kun adeemsa raagamtaafi ayyaaneffannaa keessatti dhalli namaa mallattoolee sanaaf hiika inni kennus ni qo’ata. Mallattoon kun jireenya hawaasummaa dhala namaa keessatti gaaffilee bu’uraa ka’uu malan akeeka. Yaada kan deggeruu Ahmed (2023:235) yoo ibsu, ”Symbolic interactionism, a sociological theory, posits that individuals derive meaning from symbols and interact based on these shared meanings,” jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu xiinhiikni mallattoolee yaadiddama hawaasummaa yoo ta’u, innis karaa namoonni dhuunfaa mallattooleef hiika itti kennaniifi hiika irraa argatan waliif qooduun wal quunnaman kan qoratuudha.

Yaaxxinni kun akkaataa hawaasni waan tokkoof hiika itti kennuufi dhugaa jiru hundeeffatu kan qoratuudha. Yaada kana deggeruun Askan (2009:94) yoo ibsu, “Their fundamental interest was in examining how people formulated their reality. Symbolic anthropology is concerned with studying the process by which people give meaning to their world and how this world is expressed in cultural symbols,” jedha. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan addeessu, xiyyeeffannoon hiikni mallattoolee xiinaadaa akkamitti akka hawaasni addunyaa keessa jiru itti hiikkatuufi sana ibsuuf mallattoolee inni fayyadamu kan addeessuudha. Xiyyeeffannoon yaaxxina kanaa adeemsa hawaasni waan tokkoof hiika itti kennuufi addunyaa kana mallattooleen ibsu qorachuudha. Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman akka barbaadanitti kan hiikaman miti; hiikni sammuu nama oomishee yookaan kalaqee keessa jira. Hiika meeshaaleen aadaa kunneen hawaasa keessatti qaban hubachuuf yaaxxina xiinhiika mallattooleetti dhimma bahuun qorannichi adeemsifamee jira.

## 2.3 Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

Kutaa kana jalatti ijoo qorannoo kanaa maddeen yaadrimee meeshaalee aadaan hidhata qabantu sakatta'ame. Hidhata yoo jedhamu, kallattiin meeshaalee aadaan kan wal qabatuufi gooroowwan dhimmi meeshaalee aadaa ittiin ba'ee mul'aturratti maddeen akka waliigalaatti jiraniidha. Kana jechuun, jecha meeshaalee aadaa jedhu mataa isaan fudhachuun kan ibsan, qabiyyee dhimmi meeshaalee aadaa ittiin dhihaatu eeruun yaadrimee meeshaalee aadaa kan kaa'an, yaadrimee hiika meeshaalee aadaa hawaasni qabatee jireenya isaa ittiin gaggeeffatu mul'isaniifi aadaa isaa kana eeggachuuf waan hawaasni raawwatu irratti muuxannoo maddeen qoodan wal duraa duubaan dhihaataniiru.

### 2.3.1 Ibsaafi yaadrimee Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa ogummaafi beekumsa yookaan dandeettii dhalli namaa haalawwan jireenya isaaf barbaachisan mijeeffachuuf yookaan fedha isaa guuttachuuf tolfateefi kanneen uumamaan jiranitti fayyadamee dhalootaa dhalootaatti dabarfatu jechuu ni dandeenya. Isaan kun mallattoo eenyumaa (seenaa, aadaa…)fi ibsituu saba tokkoo, haala ilmi namaa jiruufi jireenya isaa keessa ittiin darbee dhufe, qabiyyee hojii ogummaa yaadannoo aadaafi seenaa uummata tokko kan biroorraa addaan baasuufi sadarkaa guddina hawaas-dinagdee saba tokkoo kan mul'isuudha. Meeshaaleen aadaa amantii, dandeettiifi ogummaa waa uumuu dhalootni darbe ittiin jiraachaa tureefi madda ragaa barreeffamaafi hin barreeffamiin kan dabalatuudha.

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoo enyuummaa, amantii, duudhaa, ilaalchaafi falaasama isaa gadi faggeenyaan kan mul'isaniidha. Meeshaaleen kunneen waa'ee aadaa hawaasa tokkoo kan mul'isaniifi jiruufi jireenya guyyuu keessatti tajaajiila bal'aaf kan oolaniidha. Meeshaaleen aadaa kan ijaan mul'ataniifi harkaan qabataman ta'anii kan namoonni ogummaafi dandeettii isaanii gargaaramanii harka isaaniitiin bocanii itti gargaaramaniidha. Wantootni meeshaalee aadaa jalatti tarreeffaman kunneen hawaasni tokko jiruufi jirrenyasaa dabarse keessatti muuxannoo akkamiitiin akka dhimmicha raawwatan ifa kan taasisaniidha. Wantootni aadaa meeshaalee hawaasni tokko beekumsa isaatti fayyadamuun hojjetee itti gargaaramu ta'anii haalli hojii isaaniifi itti fayyadama isaanii akkasumas, hiikniifi kabajni isaaniif kennamu bifa wal fakkaataan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Dameen fookiloorii kun beekumsa xabboo hawaasa tokkoo calaqqisiisa. Hawaasni Oromoo industriin osoo hin dagaagiin dura meeshaalee aadaa harka isaan hojjechuun jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti ba'aa ture. Gosti meeshaalee aadaa kanneeniis kan akka ijaarsa manaa, uffata aadaa, meeshaalee sirbaafi k.k.f dha.

Hawaasni tokko wantoota aadaa isaa ittiin calaqqiisiifatuufi dhalootaa dhalootatti dabarfatu hedduu qabaachuu mala; isaan keessaa tokko meeshaalee aadaa isaati. Yaada kana kan deegaru, Dirribii (2009:17) yoo ibsu, “Meeshaaleen aadaa beekumsa, falaasamaafi duudha hawaasni tokko qabaachaa ture karaalee duubatti deebinee ittiin ilaalluufi qorannoo seenaa hawaasaaf akka burqaa ragaatti kanneen nu tajaajilaniidha” jedha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa beekumsa ittiin hojjeetaman, falaasamafi duudhaa hawaasa tokkoo keessatti ga’ee qaban kan mul’isuufi hawaasni kun eenyuummaan isaa qoratamee abbaa kalaqa meeshaalee aadaa kanaafi itti fayaadamaa meeshaalee aadaa kanaa ta’uun isaa kan ittiin bira ga’amu ta’uudha. Meeshaaleen aadaa qabiyyee, ogummaa, qulqullina hojiifi miidhagina isaatiin faayidaa ragummaa inni qorannoo hawaas-dinagdee, saayinsiifi tekinoloojii keessatti kennuuniifi qabeenya ajaa’ibsiisaa dha. Qorattuun Vadi (2018) jedhamtu meeshaaleen aadaa yaadrimee akkamii akka qabu yoo ibsitu,

> Material culture is an inclusive idea that includes “objects made or modified by” human beings.Material culture is a broad concept, inclusive of artifacts as diverse as objects, buildings, and even landscapes. It has material, aesthetic, cultural, and sometimes iconic value.Artworks, such as paintings, sculptures, crafts, photographs, films, literary works, and architecture, are a special type of material culture because of their artistic, aesthetic, and iconic value (p. 4).

Meeshaalee aadaa jechuun waan hedduu kan ofkeessatti hammatuufi irra jireessaan meeshaalee oguma harkaa dhala namaan kan hojjetaaniidha. Kanamalees, meeshaalee aadaa kan jedhaman yaada bal’aa kan ofkeessatti qabatuufi waan hojii ogummaa harkaa ilma namaa kan ibsu, wantoota akka meeshaalee bakka adda addaatti dhimma itti ba’amanii, ijaarsota adda addaafi teessuma lafaan kan wal qabatuudha. Meeshaaleen aadaa kunneen waan miidhaginaa, aadaafi wantoota dhimma baasan kanneenis ofkeessatti ni hammatu. Akkasumas, meeshaaleen aadaa hojiiwwan harkaa kanneen akka halluuwwan adda addaa, hojiiwwan ogummaa harkaa adda addaa, suurawwan, fiilmii, hojiiwwan kalaqaa yookaan ogbarruufi kanaafi kana kan fakkaatan wantoota meeshaalee aadaa jalatti hammataman keessaa warreen ijoodha jechuun ibsa.

Qorataan O'Toole (2008:617) jedhamu yaadrimee meeshaalee aadaa yoo ibsu, ”Material culture refers to the corporeal, tangible object constructed by humans. describes material culture as‘ all of the things people leave behind….All of the things people make from the physical world–farm tools, ceramics, houses, furniture, toys, buttons, roads and cities,” jedha. Meeshaalee aadaa

jechuun meeshaalee ijaan argaman, harkaan qaqqabataman ta'anii kanneen beekumsa dhala namaan ijaaraman yookaan hojjetamaniidha. Kanamalees, kan dhalli namaa yeroo darban keessatti itti jiraataa, ittiin jiraataa, keessa jiraataa tureefi dhimma itti ba'aa ture kan ibsaaniidha. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman isaan wantoota naannoo dhalli namaa jiraatutti argamanirraa hojjetamanii hawaasichaaf tajaajila adda addaa kanneen kennaniidha. Wantootni kunneenis biyyoo lafaa, suphee, mukeen, migiraafi kanneen biroo yoo ta'an, isaanis jifaara adda addaa qabaachuu ni danda'u. Qorataa biroon Scarpaci (2016:1) jedhamu immoo meeshaalee aadaa jechuun maal jechuu akka ta'e yoo ibsu, "Material culture is an objects that surrounding us in our everyday lives enhance our material, personal, and even spiritual welfare beyond their utilitarian functions," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa wantoota naannoo keenya marsanii argaman, wantoota jireenya keenyarratti nuuf dabalamaniifi bu'aan isaanii jireenya keenyaaf hedduu barbaachisaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa jireenya jiraannu keessatti iddoo guddaa kanneen qabaniifi haala jireenya keenyaa bareechuufi hiika itti gochuuf wantoota ka'aman jechuu ni dandeenya.

Qorattootni kanneen biroon Amanpreet & Manpreet (2016:226) jedhaman maalummaa meeshaalee aadaa yoo ibsan, "Material objects, also known as material culture, refer to items with physical substance shaped or produced by humans," jedhu. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa ijaan kan argamaniifi harkaan kan qaqqabataman bu'aa hojii ogummaa harkaa dhala namaati. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa dandeettiifi beekumsa xabboo namoota ogummaa qabaniin kalaqamanii uummaticha kan tajaajilaniidha. Anis akka qorataatti yaada qorattoota kanneenii kanan qooddadhu yoo ta'u, innis meeshaaleen aadaa kanneen ijaan argamaniifi harkaan qaqqabataman kanneen wantoota naannoo jireenya dhala namaatti argaman irraa namoota beekumsa qabaniin hojjetamanii tajaajila kanneen kennan akka jedhaman hubachuun ni danda'ama.

Yaadota olitti qorattoota adda addaan ka'an hunda deggeruun Serena (2021:287) maalummaafi faayidaa meeshaalee aadaa yoo ibsitu, "Material culture often acts as a marker of humanity's distinctions, divisions and diversity. It is part of complex culture of otherness, appropriation, demarcation and identity,'' jetti. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa daangaa namummaa namaa kan ibsan, tokkummaafi garaagarummaa garee hawaasaa keessatti mul'atan kanneen calaqqisiisaniidha. Kanamalees, garaagarummaa aadaa,

yaadaa, ilaalchaa kanneen ibsaniifi eenyummaa saba tokkoo ijaaruufi ibsuu keessatti qooda ol'aanaa kanneen qabaniidha. Gabaabumatti, meeshaalee aadaa kan jedhaman isaan kanneen haala hawaasummaa dhala namaa bineensota kanneen biroorraa adda baasanii ibsan, eenyummaa isaa calaqqisiisan, fedhii namummaa isaafi ilaalcha isaa ibsan jechuu dandeenya. Meeshaaleen aadaa agarsiftuu eenyummaa keenyaa, ibsituu aadaafi miira keenyaati. Kana malees, sadarkaa jireenyaa nuti irra turre, fedhii nuti qabnu kan agarsisaniidha. Yaada kana deggeruun Kris (2021) yoo ibsu,

> Material culture both reflects society and is involved in its constitution and transformation. Creating, exchanging and consuming objects are necessary parts of displaying, negotiating and enhancing a particular public self. Objects can be seen as the blank slates upon which we project our needs, desires, ideas and values. As such, material culture contains a wealth of information about who we are, who we want to be (p. 10).

Meeshaaleen aadaa waan hawaasa sana ibsu, aadaa hawaasichaa kanneen ijaaraniifi dhaloota dhufutti dabarsaniidha. Meeshaaleen kunneen waa'ee garee hawaasa dhuunfaa tokkoo ibsuuf kanneen qooda guddaa qabaniidha. Meeshaaleen aadaa wantoota fedhii keenya, hawwii keenya, miira keenya, yaada keenyaafi sadarkaa jireenya keenyaa ibsuuf kan oolaniidha. Kanamalees, meeshaaleen aadaa odeeffannoo fayyaleessaa waa'ee eenyummaa keenyaa, eenyuun akka taaneefi maal ta'uu akka barbaadnu kanneen bakka keenya bu'uun ibsaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa maalummaa hawaasa kalaqee, aadaasaa, safuusaa, miirasaa, fedhiisaa, sadarkaa jireenyasaa, maal akka tureefi maal ta'uuf akka deemu ibsuuf aangoo guddaa kanneen qabaniidha jechuu ni dandeenya. Qorataan Sibani (2018) jedhamu maalummaa meeshaalee aadaa yoo ibsu,

> Culture is divided into two broad categories, using such terminologies as Material and Nonmaterial to depict its distinctiveness. Material Culture: This is the aspect of culture that is observable and overt, relating to the tangible products of art, technology, craftsmanship, industry, skill, etc, which can be seen; or the visible possession of man in society as stated by Okoye (1995). Examples of material culture include artifacts, such as farm implements such as hoes and machetes, hunting and fishing implements such as guns and traps of different kinds, cooking utensils like pots, knives, tripods plates; these are physical tangible and noticeable culture artifacts of any society. Thus material culture consists of those objects which people have invented to meet their needs in society (p. 59).

Aadaan bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: meeshaaleefi wantoota meeshaalee aadaan ala jiran jedhamuu danda'u. Isaan kanneen keessaa meeshaaleen aadaa harkaan kan

qaqqabataman, ifa kan jiran, kalaqa namootaarraa kan argaman, jiruufi jireenya hawaasummaa dhala namaa keessatti kan argamaniifi qooda kanneen fudhataniidha. Meeshaaleen aadaa kanneen jedhaman isaan akka meeshaa qonnaa keessaa gasoo, maarashaa, harqotaafi kanneen biroo, meeshaalee adamoofi qurxummii ittiin qaban, meeshaalee waraanaa keessaa xiyya, eeboo, gaachanaafi kanneen biroo, meeshaalee mana keessaa nyaata qopheeffachuuf gargaaran kanneen akka haaduu, gomjiifi kanneen biroo hammata. Isaan kunneen meeshaalee hawaasa keessaa ba'anii hawaasicha tajaajilaniifi hawaasummaasaa kan jabeessaniidha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa meeshaalee harkaan qaqqabtaman, ijaan argaman, hawaasni dhimma jiruufi jireenyasaa keessatti dhimma itti ba'uufi hawaasummaa isaa keessatti qooda guddaa kanneen xabatan akka ta'an hubanna.

Meeshaaleen aadaa hojii qorannoo seenaan walqabatuufi dhugaa hawaasaa ibsuuti; waan hojii namaafi uumamaati. Yaada kana deggeruun maalummaa meeshaalee aadaa ilaalchisee Duguma (2016:17) yoo ibsu, ”The term "material culture" is often used by archaeologists as a non-specific way of referring to artifacts or other concrete things left by past cultures. Material culture means something else to art historians. Interestingly enough, when they speak of material culture they speak of material culture they look at an object within its environmental and cultural context as things left by past cultures,” jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, jechi meeshaalee aadaa jedhu kun kan jalqaba dhimma itti ba'amaa ture qorattoota qo'annoo seenaa durii hambaalee biyyoo keessa awwaalamanii jiran qoratanii baasaniin yoo ta'u, innis, karaa wantoota hojiilee ogummaa harkaafi harkaan qaqqabatamanii akkasumas, wantoota haftee ta'anii hafan ittiin qorannuudha. Meeshaaleen aadaa hojii seenaa keessatti kanneen aartiin guutamaniidha; jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qooda kan qaban, hawwatoo kan ta'an, seenaa darbe kan nama yaadachisaniifi kalaqaan guutamanii waa'ee hawaasa sanaa dubbachuuf aangoo kanneen qaban jechuu ni dandeenya. Meeshaaleen aadaa dhimma maaliirratti akka xiyyeeffataniifi tajaajila maaliif akka oolan ilaalchisee O'Toole (2008) yoo ibsu,

> Material culture refers to objects that are used, lived in, displayed and experienced. Human beings interact with material culture as a normal part of their daily lives. Because of this interaction, material culture and human living is strongly influenced by each other, and thus studying material culture gives us important clues about the way humans live and have lived in the past. Schlereth (1982) outlines the importance of the study of material culture, arguing that through material culture we can learn about the'belief systems–the values, Ideas, attitudes, and assumptions–of a particular community or

society, usually across time' (p. 618).

Meeshaaleen aadaa isaan dhalli namaa ittiin jiraatuufi keessa jiraatuufi muuxannoo jireenya hawaasa tokkoo kanneen ibsaniidha. Dhalli namaa meeshaalee aadaa kanneen waliin walitti dhufeenya gaariifi dhaabbataa ta'e uumuun kan jiraatu yoo ta'u, jireenya guyyuu isaa keessatti isaan kanneenitti haalaan dhimma ba'a. Sababa walitti dhufeenya isaanii lamaan kanaan inni tokko isa kan biroo irratti dhiibbaa geessisuun jiraatu; kana jechuun, tokko isa kan biraa malee jiraachuu hin danda'u jechuudha. Kanaaf, meeshaalee aadaa yoo qorannu haala ilmi namaa yeroo durii yookaan yeroo darbe keessa itti jiraataa ture kan nu agarsiisuudha. Kanamalees, meeshaalee aadaa qorachuun waa'ee garee hawaasa tokkoo yeroo murtaa'e keessa jiraachaa tureefi jiruu ilaalcha, dandeettii, fedhii, siyasaa, duudhaa, amantaafi kanneen biroo yeroo birootti lufee jiraatu qorachuudha. Yaada kanarraa akkuma mul'atu meeshaaleen aadaa meeshaalee oguma ilma namaan waan naannoo isaatti argamurraa hojjetamanii tajaajila jireenya guyyuu isaa keessatti qooda kan fudhataniifi jireenya namaarraa adda baasuun kan hin danda'amne, isaan kanneen gargaaramuun seenaa duubee hawaasa tokkoo, haala jireenya isaa yeroo durii keessa hubachuu kan dandeenyu ta'uu ibsa. Qorattuun Karen (2018) jedhamtu immoo maalummaa meeshaalee aadaafi faayidaasaa yoo ibsitu,

> Material culture is just what it says it is – namely, the manifestations of culture through material productions. And the study of material culture is the study of material to understand culture, to discover the beliefs – the values, ideas, attitudes, and assumptionsof a particular community or society at a given time.The underlying premise is that human-made objects reflect, consciously or unconsciously, directly or indirectly, the beliefs of the individuals who commissioned, fabricated, purchased, or used them and, by extension, the beliefs of the larger society to which these individuals belonged. Material culture is thus an object-based branch of cultural anthropology or cultural history (P. 8).

Meeshaaleen aadaa waanuma nuti ittiin jennu kanneen ta'aniidha, kunis, agarsiiftuu aadaa hawaasa tokkoo, meeshaalee oguma dhala namaan aadaa hawaasa sanaa bu'uura godhachuun hojjetaman jechuu dandeenya. Meeshaalee aadaa qorachuu jechuun aadaa saba tokko, barsiifata, yaada, ilaalchaafi duudhaa hawaasa tokkoo qorachuu yookaan karaa ittiin qorannu jechuu dandeenya. Meeshaaleen aadaa kunneen karaa kallattiin yookaan alkallattiin kan isaan ibsan meeshaalee ogummaa harkaa dhala namaan kalaqamanii, miira, duudhaa, ilaalcha, amantii,

barsiifataafi muuxannoo hawaasa kalaqee itti fayyadamuu, haawasa dhimmi kun isa ilaallatuu kanneen ibsan jechuunis danda'ama. Kanamalees, meeshaalee aadaa kanneen jedhaman isaan damee xiinaadaa yookaan xiinseenaa jedhamaniidha. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa agrasiiftuu aadaa, duudhaa, seenaa, barsiifataafi beekumsa xabboo hawaasa kalaqee dhimma itti ba'uu kanneen ibsaniifi agarsiisan jechuu dandeenya.

Meeshaaleen aadaa hojii ogummaa harkaan walqabatan, hojii qorannoo seenaa keessatti dhimma itti ba'amaniifi dhugaa hawaasaa kan ibsaniidha. Yaada kana deggeruun Goldberg (2013:11) yoo ibsitu, "Material Culture is a term used to describe the objects produced by human beings, including buildings, constructions, memorials, tools, furniture, art and any other physical items created by a society Material culture is the main source of information about the past from which archaeologists can make inferences,"jetti. Meeshaaleen aadaa meeshaalee hojii ogummaa harkaa ilma namaan hojjetaman wantoota akka ijaarsa manaa, caasaalee garaagaraa, siidaawwan adda addaa, meeshaalee mana keessaafi alatti dhimma itti ba'aman, meeshaalee aartii kan hammatu ta'ee ilma namaan dandeettii kalaqa hawaasa tokko ibsuuf kanneen oolan jechuun ni danda'ama. Karaabiraan, meeshaalee aadaa jechuun madda odeeffannoo waa'ee waan darbee yookaan seenaa kanaan dura dalagameefi bakka ka'umsa ragaa qorattoota seenaa yookaan qorattoota qo'annoo seenaa durii (hambaalee biyyoo keessa awwaalamanii jiran qoratanii baasan) jedhamuu kan danda'uudha. Kanaafuu, meeshaalee aadaa jechuun meeshaalee oogummaa ilma namaan kalaqamanii ilma namaa kan tajaajilan, karaa biraammoo akka madda seenaafi odeeffannootti wantoota tajaajilan jechuun kan danda'amuudha.

Meeshaaleen aadaa waan qabatamaa hawaasa tokko keessa jiru kan ibsuufi odeeffannoo ga'aa waa'ee hawaasa sanaa kennuu kan danda'uudha. Yaada kana deggeruun Helen & Shirley (2008:5) yoo ibsan, "Material culture encompasses those things that have physical form and presence, whether an object you can hold in your hand; an environment in which you live, work, worship, or play; or an image of the landscape you captured with your digital camera as you traversed a pond or a mountain range," jedhu. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, meeshaaleen aadaa waa'ee meeshaalee naannoo jireenya ilma namaatti argamanii kan ijaan argamaniifi harkaan qaqqabatamanii, hojii ogummaa harkaa jireenya ilma namaa tumsan, jiruu namaa keessaaf shoora xabatan, teessuma lafaa, wantoota seena qabeeyyii yeroo ilaalaman nama gammachiisan kan hammatuudha. Akka yaada kanarraa ifutti meeshaaleen

aadaa wantoota dhala namaan hojjetamanii jiruufi jireenyasaa keessatti dhimma itti bahamaniifi haala hawaas-dinagdee keessatti qooda guddaa qaban akka ta'an kan nu hubachiisuudha.

Yaada qorattoota Helen & Shirley (2008) jedhaman deggeruun Blandy & Bolin (2003:249) maalummaafi faayidaa meeshaalee aadaa yoo ibsan, "Material culture is a term that is broad-based in its meaning and application, and describes all human-made and modified forms, objects, and expressions manifested in the past and in our contemporary world," jedhu. Yaada waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, jechi eeshaalee aadaa jedhu yaada bal'aa kan hammateefi raawwiinsaa guddaa kan ta'edha. Meeshaaleen aadaa beekumsa ilma namaan kalaqamanii yookaan hojjetamanii naannoo jireenya ilman namaatti argaman mara kan hammatuufi seenaa dhuftee namaa himuu keessatti qooda ol'aanaa kan qabaniidha. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa meeshaalee kalaqa ogummaa ilma namaa ta'anii seenaa darbe qorachuu keessatti iddoo guddaa kanneen qaban jechuu dandeenya. Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa beekumsa xabboo ilma namaan waan naannoosaatti argamurraa kan hojjetaman, haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo guddaa kan qaban, hojii qo'annoofi qorannoo keessatti akka madda ragaa tokkoffatti kanneen tajaajilan, fuula seeraa duratti fudhatamummaa guddaa kanneen qaban, jechuu dandeenya. Meeshaaleen aadaa dhimma hawaasummaa mijeessuun alatti seenaa uummata tokkoo qorachuuf, aadaa saba tokkoo cimsuu, jajjabeessuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuuf adda durummaan kanneen eermaniidha.

### 2.3.3 Gosoota Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa uummanni Oromoo tolchee itti fayyadamu hedduudha. Isaan keessaa muraasni kanneen migirarraa, supheerraa, mukarraa, sibiilarraa tolfaman maqaa dha'uun ni danda'ama. Isaan kanneen tajaajila amantiif, tajaajila aaga baafachuuf, tajaajila qalmaafi ateetee baafannaaf, tajaajila waraanaaf, tajaajila muuziqaaf, tajaajila qonnaaf, tajaajila mana keessaaf, tajaajila faaya adda addaafi dhimmoota adda addaaf dhimma itti ba'aa turan, ba'aas jiru.

#### i. Meeshaalee Aadaa Oromoo Supheerraa Hojjetaman

Jifaara hojii ogummaa harkaa keessaa ogummaan suphee dha'uu adda durummaan eerama. Meeshaaleen aadaa supheerraa tolfaman kunneen haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qooda kan qabaniifi yeroo dheeraa dura kan turan ta'uu maddeen adda addaa ni ibsu. Haala jalqabbii meeshaalee aadaa supheerraa hojjetaman ilaalchisee Clive fi Michael (2013:5) yoo ibsan,

”Written evidence of interest in excavated pottery goes back to at least the Fifteenth century. Ebendorfer (d.1464) described prehistoric pots found at Stocker au as man-made objects, countering the common views that they were' magic crocks' that had grown in the ground or had been made in mines by gnomes,” jedha. Yaadni waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, Hojiin suphee dhahuu yookaan ogummaan suphee dhahuu kan eegale jaarraa 15ffaa keessa. Innis, kan eegale yeroo haalawwan adda addaa gargaaramuun waa barreessuun eegale yoo ta’u, keessaayyuu yeroo dhagaarratti waa barreessuun eegale jedhamee kan amanamuudha. Kanaafuu, ogummaan suphee dha’uu ogummaawwan kanneen biroo dura akka eegaleefi kanneen biroof bu’uura akka ta’e yaadni hayyoota hedduu ni dhugoomsa. Gosoota meeshaalee aadaa supheerraa hojjetamaniifi waa’ee ogeeyyii suphee dha’uu Bula (2011) yoo ibsu,

> Individual tumtu potters mine clay from river valleys where suitable clays develop. Potters dig sometimes five meters below the surface, until they access clay which they perceive to be of a high quality.It is believed that in most cases quality clay is waterlogged, and for this reason potters dig down below the water table. When they come to mine clay on the following day, potters often find the mining pit filled with percolating water (p. 307).

Namoonni ogeeyyii jedhamanii hawaasa keessatti beekaman suphee hojjetan kunneen suphee hojii kanaaf ta’u laga deemuun akka fidan, supheen isaan fidan hojiima kanaaf kan ooluudha. Yeroo suphee kana fidan boolli inni itti gubatu kan meetira 5(shan) ta’u qophaa’uun achi keessatti kuusu. Jabinni biyyoo sanaa kan beekamu bakka kuufametti bishaan qabachuufi dhiisuu isaan yoo ta’u, kana argachuuf yeroo baay’ee garaa galaanaa jalaa baasuun dhimma itti ba’u. Yaadni kun kan nutti mul’isu, supheen meeshaalee adda addaa hojjechuuf fayyadu argachuun of eeggannoo akka barbaaduufi kanuma hojjechuuf kan uumame ta’uu nutti kan mul’isuudha.

Meeshaalee supheerraa tolfaman ilaalchisuun Duguma (2016:19) yoo ibsu, ”Potters make domestic material like coffee pots, cooking pots, bowls, vases, dishes, and incense burners, baking plate, water container and decorative items such as figurines,” jedha. Yaadni waraabbii kana keessa jiru kan ibsu, meeshaleen aadaafi kanneen biroo supheerraa ogeeyyii suphee dhahaniin tolfaman kanneen akka jabanaa, eelee, waciitii, caabii, meeshaalee midhaginaa, kuusaa bishaaniifi kanneen biroo of keessatti hammachuu kan danda’uudha.

Meeshaalee supheerraa tolfaman keessaa faayidaa doocoo qorattootni Kayamba & Kwesiga (2016:82) jedhaman yoo ibsan, ”Pots are used on different occasions, which include large

gatherings of people, weddings, funerals, and during communal labour. Small pots are used in small family groups and small gatherings," jedhu. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan ibsu, meeshaalee bu'aa hojii suphee ta'an keessaa doocoo yookaan giicuu, okkotee, washoon tokko kan ta'eefi faayidaan isaas hedduu akka ta'e nutti mul'isa. Faayidaan doocoo sirnawwan akka fuudhaafi heerumaa, awwaalchaa, guuzaafi kanaafi kana kan fakkatan irratti namoota hedduu keessummeessuuf dhimma kan itti bahamuudha. Doocoon xiqqoon immoo maatii xiqqoo keessatti tajaajila walfakkaataa kan kennuudha.

Meeshaalee aadaa supheerraa hojjetaman keessaa maalummaafi faayidaa cuggeen qabu ilaalchisee Dafaa (1974:105) yoo ibsu, "ጩጌ (ጎምቦ) ዮኪስ መንቀሊ፤ከንጀጳሙ እጆሌን ዱርባ ጥጥኖን ለጋ ብሻን እቲን ፍዳን ዳጺስ ከን እትፍራ ጌሰኒጳ።ፈርሰስሞ ከን እቲንባታኒጳ።ኤጋ ጎምቦን ሱጳ ዋን ታኤፍ ዳፌ ዳፌ ጫቡንሳ ቤከማጳ።ከናፍ ገረ ማንቆርቆራት ዳርባ ጂራ" jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, cuggeen yookaan manqalliin okkotee gadi xiqqoo taatee tajaajila hojii mana keessaaf kan ooltu, bishaan lagaa ittiin fiduufi dhugaatiiwwan adda addaa yeroo sirnootaafi ayyaanota garaagaraa itti kuusuuf kan gargaartuudha.

### ii. Meeshaalee Aadaa Oromoo Sibiilarraa Hojjetaman

Jifaara meeshaalee aadaa Oromoo keessaa kanneen sibiilarraa hojjetaman yookaan tolfaman akka jiran eenyu jalaayyuu dhokataa miti. Uummanni Oromoo akkuma supheerraa meeshaalee aadaa adda addaa hojjetee itti gargaaramaa tureefi jiru, meeshalee aadaa adda addaa tajaajila garaagaraaf oolan kanneen sibiilarraa tolfaman hedduu akka qabu ni hubatama. Maalummaa meeshaalee aadaa sibiilarraa tolfamaniifi ogummaa sibiila tumuu ilaalchisee Duguma (2016) yoo ibsu,

> Blacksmiths has significant role in different rituals and have better respect in the society. Because of their handicraft works that are used in everyday life such as haaduu, (knife) waraana (spears), clothes etc. they were not left in total neglect. All of these low status groups have constant interactions with Borana Oromo in everyday life. They participate in cattle or herd management, watering and other social activity Ayalew (2002: 97).Blacksmiths play great role in Oromo culture in general and Limmu Oromo in particular.They produce material from metal which are used in rituals, domestic and agriculture (p. 18).

Meeshaaleen sibiilarraa tolfaman jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti shoora guddaa kan xabataniifi iddoon guddaan kan kennamuufidha. Meeshaaleen sibiilarraa tolfaman kan jireenya guyyuu keessatti dhimma itti baanu yoo ta'an, isaanis: wantoota akka haaduu, waraanaafi kanneen biroo ofjalatti kan hammataniidha. Meeshaaleen aadaa sibiilarraa tolfaman kunneen

uummata Oromoo biratti hedduu kan beekaman yoo ta'an, keessaayyuu uummata Oromoo naannoo Booranaa jiraatan biratti haalaan dhimma kan itti bahamaniidha. Uummanni Oromoo meeshaalee sibiilarra tolfaman kan dhimma itti ba'u yeroo jilawwan adda addaa, kanneen mana keessatti dhimma itti bahamaniifi qonnaaf kan oolaniidha. Yaada kanarraa kan hubannu meeshaaleen aadaa sibiilarraa tolfaman tajaajijla guddaa kan kennan ta'uusaaniiti. Meeshaalee aadaa sibiilarraa tolfaman keesssaa maalummaafi faayidaa eeboo Ayalew (2013) yoo ibsu,

> The name Watta given to the murderers of the arrows accredit one such supposition because the Watta or the way to are Hamites that one finds in a sporadic condition the low plains of dembea or proince of Gonder to the west of Oromo.The Oromo have had enough elevation of sprit and firmness of soil in order not to slide ino the torrent whose muddy waters have rolled the world in to the abyss of the polytheism and materialism (p. 234).

Meeshaalee aadaa sibiilarraa tolfaman keessaa eeboon isa tokko. Eeboon maashaalee aadaa kanneen sibiilarraa tolfaman keessaa tajaajila waraanaaf kan ooluudha. Eeboon aadaa uummata Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabuu, umurii dheeraa kan tureefi goosota hedduu kan qabuudha. Kanamalees, meeshaaleen kanneen akka waraanaa, cookoo, gaachanaafi billaa ummata Oromoo waliin umurii dheeraa kan dabarsaniidha. Gabaabumatti, eeboon meeshaa waranaa sibiilaafi muka shimalaa yookaan arooreessa jedhamurraa hojjetamuudha. Faayidaan isaa yeroo lolaafi adamoo kan qabatamu ta'ee karaa hundee isaa yookaan jalasaa jinfuu kan jedhamu kan qabuudha.

Meeshaaleen waraanaa sibiilarraa tolfaman yeroo umurii akkamii qabatamuuakka qaban ilaalchisee Ayelaw (2013:123) yoo ibsu, “Each warrior or better each man from the age 14 years carries on his belt a knife or heave bent dagger with two sharp eadge whose length varies between 14 and 16 centimeter” jedha. Akka aadaa Oromootti meeshaaleen aadaa sibiillarraa tolfaman keessaa tokko bodee kan jedhamuudha. Bodeen nama kamiinuu kan qabatamu ta'ee, keessaayyuu umurii 14 eegaluun kan qabatamuufi diina qolachuuf kan ooluudha. Kunis, ummanni Oromoo durumaanuu qabee meeshaalee waraanaa akka qabeenya isaa cimatti akka ilaaluufi walitti dhiyeenya gudda akka qaban mul'isa. Kallachi meeshaa kabajaati; aangoo kan mul'isuudha. Temesgen (2008) maalummaafi haala kallachaa yoo ibsu,

> The phallic Kallacha is regarded sacred because its material is believed to have a heavenly origin (made by the first smith) that appears in the form of lightening to fertilize

> earth. It is always kept in a milk container (Okolee) made of plant fibers and is not exposed (a ritual object inside a ritually clean material, milk). Its material is bronze, copper, or iron. This object is instrument of fertility and blessings (p. 31).

Kallachi meeshaa qulqulluu ta'ee addarratti kan godhatamu yoo ta'u, meeshaan kun jalqaba sibiila samiirraa bu'een kan hojjetame yoo ya'u, innis yeroo baay'ee sibilla bakakkaa jedhamee kan beekamu lafa keessa galurraa hojjetama. Sibiila kana fuudhuuf meeshaa aannan itti elman okolee kan buqqeerraa hojjetame keessatti naquun kan hin saaxilamne (wanta sirnaa meeshaa sirnaan qulqulluu ta'e keessa jiru, aannan) itti naquun baasu. Meeshaan isaa sibiila diimaa, sibiila diimaa ykn sibiilaati. Kanaaf kallachi meeshaan dhalaafi eebbaati jedhamee waamama.

### iii. Meeshaalee aadaa Oromoo Gogaarraa Tolfaman

Haala jalqabbii hojii gogaa duuguu ilaalchisuun Kaya (2009:1747) yoo ibsu, '… in this work, the concern is tanning activities in 16th, 17th and 18th centuries. The activities in 19th century are mentioned very briefly in the conclusion.Inevitably the main focus became activities of Istanbul tanners due to the scarcity of sources about Anatolian tanners,' jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, hojiin gogaa duuguu kan eegale jaarraa 16ffaa hanga 18ffaa keessatti yoo ta'u, caalaatti hojiinsaa cimee kan itti fufe immoo jaarraa 19ffaa keessa ta'uu nu agarsiisa. Hojiin kun biyyoota adda adda keessatti xiyyaaffannaa argachuun qoratamaa kan ture ta'uu hubachuun ni danda'ama. Haala hojii gogaafi bu'aalee gogaa biyya Itiyoophiyaa ilaalchisuun Gebremichael (2016) yoo ibsu,

> According to Centeral Statics Agency (CSA), Ethiopia is a home for 56.7 cattle, 29.3 sheep and 29.1 goats.This indicates the country possesses the largest livestock population in the world.Traditionally livestock is an important sub-sector within Ethiopian Economy in terms of its contribution both to agricultural value-added production and to the national economy.Livestock contributes to the production of meat, milk, eggs, blood, industrial raw materials, wool, hair, hides and skin. Leather from animal skin has been chemically modified to produce a strong, flexible material that resists decay (p. 1).

Ragaan lakkoofsa manaafi uummata Itiyoophiyaa akka agarsiisutti Itiyoophiyaan saawwan 56.7% hoolaa 29.3 %fi re'ee 29.1% qabaachuun beekamti. Kun kan mul'isu biyyattiin horsiisa horiifi bushaayee irratti akka addunyaatti sadarkaa guddaa akka qabdu agarsiisa. Akka aadaatti hojiin horsiisa looniifi bushaayee hedduu beekamaafi dinagdee hawaasichaa wantoota tumsan keessaa adda durummaan kan eeramuudha. Hojiin horsiisaa kun faayidaa adda addaa kanneen akka aannanii, foonii, gaanfaa, kotteefi gogaa kennuun qonnaatti aansee damee shoora guddaa

dinagdee hawaasaa tumsuu keessatti ba'aa tureefi jiru ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.

Maalummaa ogeeyyii gogaa duuguu( faaqii)fi meeshaalee bu'aa gogaa ta'anii Duguma (2016:19) yoo ibsu, "Tanners are expert of skin materials. They produced domestic material like mat (Jandee made from cow skin), pillow, whip, sack (qalqala) belt, and milk materials. These materials are used in both in house hold and social life.On wedding day the couple setting on jandee and blessed by their parents," jedha. Yaadni bantuu kana keessa jiru kan ibus, Oogeeyyiin sibiila tumuufi suphee dha'uu akkuma jiran ogeeyyiin gogaa duugan ni jiru. Ogeeyyiin gogaa duuguu yookaan faaqii jedhaman ogeeyyii meeshaalee adda addaa bu'aa gogaa ta'an tajaajila hawaasummaaf oolan kanneen dalaganiidha. Meeshaaleen kunneen gogaa saawwaafi kanneen biroorraa kan hojjetamaniidha. Meeshaaleen bu'aa gogaa ta'an kanneen akka alangaa, qalqalaa, qabattoofi bu'aalee aannanii itti kuusuuf kan oolaniidha. Meeshaaleen gogaarraa tolfaman kunneen haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti kan fayyadaniifi jireenya mana keessaaf tajaajila kanneen kennan akka ta'e kan nu hubachiisuudha. Gabaabumatti, ogeeyyiin gogaa duuguu kunneen gogaa saawwaafi kanneen biroo fayyadamuun meeshaalee tajaajila hawaasummaaf oolan kanneen akka alangaa, qalqalaa, jandee/itillee, qabattoofi bu'aalee aannanii kanneen oomishaniidha.

Qorattootni biroon Berihun fi Geetuun (2019:363) jedhaman maalummaa ogeeyyii gogaa duuganiifi meeshaalee bu'aa gogaa yoo ibsan, "Traditional hide and skin tanners produce different semi finishing manual leathers, the common ones include bags, wallets, belts, crop absorber's (aybet), loketa, mechagna, korcha and for praying book (Dewitt) and in dega place they wear hadigi (traditional cloth) for prevent rain fall and clouds," jedha.Yaadni hammattuu kana kessaa kan ibsu, aadaadhaan namoonni ogeeyyii gogaa duuguu ta'an meeshaalee kanneen akka boorsaa, qabattoo, alqabaa, uffata macaafota adda addaa, uffannaa yeroo qorraa irraa hojjechaa akka turan kan ibsuudha. Akka yaada kanarraa hubannutti ogeeyyiin kunneen gogaa horiifi kanneen biroo fayyadamuun meeshaalee mana keessaafi kanneen biroo hojjechuun jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dhimma itti bahaa akka turan kan nutti agarsiisuudha. Itti dabaluun, Gebremichael (2016) maalummaa ogeeyyii gogaa duuguu yoo ibsu,

> Parallel to modern tanning, Ethiopia is also one of the African countries with the presence of huge number of traditional tanners. It is estimated that there are about more than 6722 household traditional tanners in the country, mainly scattered in the northern

> part of Amhara, Tigray and Oromia regions of the country. In Amhara region alone, 5292 traditional tanners are found. Nationally they have a capacity to utilize more than 700,000 hides per annum (p. 2).

Itiyoophiyaan gama hojii gogaa duuguun yoo ilaalles akka Afrikaatti sadarkaa duraa biyya qabattuudha. Akka tilmaamamutti abbootii warraa 6722 tu hojii gogaa duuguu kana biyya Itiyoophiyaa jedhamtu kana keessatti hojjetu. Harki caalaan isaanii immoo naannolee Oromiyaa, Amahaaraafi Tigiraay keessatti yoo argaman irra jireessaan jechuun heddumminaan namoota ogummaa gogaa duuguu qaban akka Itiyoophiyaatti 6722 ta'an keessaa 5292 naannoo Amaaharaa keessatti argamu. Isaan kunneen waggaatti oomisha 700,000 oomishuu akka danda'antu tilmaamama.

### iv. Meeshaalee Aadaa Oromoo Ogummaa Wayyaa Dhahuurraa Tolfaman

Dhalli namaa yoomiifi maaliif wayyaa uffachuu akka eegale seenaan ifatti lafa kaa'u hinjiru. Yaada kana deggeruun Sahoo(2018:2)yoo ibsu, "No data is available for the exact period from which humans started wearing clothes, but anthropologists and archaeologists believe in the fact that early humans must adapted clothes covering their body to protect from cold, heat, rain and climate variation etc," jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa hubachuu kan dandeenyu, dhalli namaa yoomiifi maaliif wayyaa uffachuu akka jalqabe kan beekuu hinjiru. Garuu, qaama isaa rakkina irraa eeguuf, bareedinaaf, mala waliigalteefi eenyummaa isaanii uffataan beeksisuuf jecha waggoota kuma dhibba dura uffannaa uffachuu akka jalqaban nitilmaamama.

Waggoota kuma digdamii shanii kaasee ilmi namaa lilmoo erga uumee booda beelladootaafi biqiltoota irraa wayyaa bifa adda addaa qabu hojjechuu eegale. Dhuma bara 1700 immoo maashinni wayyaa dhahu hojiirra ooluudhaan induustiriin huccuu akka dagaagu godhee jira. Ta'us, ragaaleen tokko tokko akka mul'isanitti dhalli namaa wayyaa uffachuu kan eegale waggoota kuma dhibba tokkoo duraafi bara Biroonzii jedhamu keessa jechuun dhaloota Kiristoosin dura waggaa 5000 duradha. Wayyaa kana hojjechuuf meeshaan dhimma itti bahamaa ture keessaa tokko jirbii yoo ta'u, halli kun baroota akka koopperii, ayireeniifi kanneen biroo keessatti dagaaguun hojiirra oolaa kan tureedha.

Yeroo ammaa ummanni addunyaa hunduu huccuu jabanaa kanatti haa fayyadamu malee uffata aadaadhaan darbaa dhufe san irraanfachuu hindandeenye. Yeroo dhihoos biyya keenya keessatti gogaa, baala, quncee, mukaa, jirbiifi kanaafi kana kan fakkaatan irraa uffata qopheessuudhaan

ummanni fayyadaman jiru. Yaada kana deggeruun Sahoo (2018:1) yoo ibsu, ”As the civilization grows with time humans have tried to make clothes from various raw materials such as vegetation and animal skins,” jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, akkuma qaroominni yeroo wajjin guddachaa deemuun ilmaan namootaa meeshaalee adda addaa fayyadamuun biqiltootaafi gogaa bineensotaa irraa uffata hojjechuuf yaalii gochaa turanii jiru.

Dhalli namaa uffata dhimmoota adda addaatiif uffata; sababa kanaafis qorattoonni qorannoo gaggeessan ragaa ba’u. Uffata kan uffannuuf sababoota akka sadarkaa jireenya keenyaa mul’isuuf, haala hojii keenyaa agarsisuuf, eenyummaa keenya namoota birootti beeksisuufi ilaalcha namoota saalaan nurraa adda ta’an offitti harkisuuf fa’a akka ta’e ni ibsama. Yaada kana deggeruun dhalli namaa maaliif uffata akka uffatu Gilligan (2018:1) yoo ibsu, ”Clothes are what most visibly set humans apart from all other species,” jedha. Yaada waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, uffanni waan ijaan mul’atu ta’ee dhala namaa bineensota yookaan uumama biraarraa addaan baasuuf kan ooluudha.

Uffatni dhalli namaa uffatu kun jifaaraafi maqaa adda addaa kan qabuudha. Isaan keessaa uffata aadaa yeroo jedhamu huccuu adda addaatiifi meeshaalee isa wajjin deeman qabata. Kana jechuun, uffanni aadaa faayaalee waliin deeman kan qabateefi meeshaalee aadaa jalatti kan hammatamuudha. Hiika uffataa bal’isnee yoo ilaalle ilmi namaa qaama isaa irratti kan godhatuufi uffatu hunda qabata. Dabalataanis, uffata aadaa akka faaya aadaatti namoonni midhaginaaf jecha bifa aadaatiin hojjatanii kan itti faayyadamaniidha. Faayni aadaa ogummaa bara dheeraa qabuudha. Namoonni wantoota jaallatan, fedhiifi jaalala qaban ibsuuf qaama isaanii miidhagsuuf, fedhii qaban hunda ittin ibsachuuf, kan itti gargaaramu ogummaa aadaa kan ta’eedha.

Hawaasni Oromoo akkaataan faaya aadaa isaanii kan dubaraa yookaan kan dhiiraa itti dalagan garaagara ta’us kaayyoo tokko kan qabuudha. Kunis miidhagina namootaa, kan naannoo uumuuf, eenyummaa isaanii ibsuuf jecha ta’uu mala. Uffanni hawaasa tokko keessatti ergaa adda addaati qaba. Fakkeenyaaf, nama uffata inni uffate ilaaluun sadarkaa jireenya isaa, eessaa akka dhufeefi eenyummaa isaa tilmaamuun ni danda’ama. Yaada kana deggeruun Sahoo (2018:2) yoo ibsu, ”It is also believed that clothes indicated the social status of the various members of the society,” jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, uffannaan sadarkaa dinagdeefi

hawaasummaa dhala namaa ibsuuf aangoo guddaa kan qabu ta'uusaa nu hubachiisa.

Dabalees, wayyaa isheen uffatte yookiin dabbasaa isheen dhahatte irratti hundaa'uudhaan dubartiin tokko heerumaaf qophaahuu, dhirsa qabaachuufi jalaa du'uu ishee beekuun haalli itti dandaa'amu hawaasa tokko tokko keessa nijira. Wayyaan guyyaa hojiitiifi ayyaanaa; akkasumas, yeroo gaddaa uffatamu garaagarummaa qaba. Wayyaan ijoollees akkuma saalaafi umurii isaanitti garaagarummaa kan qabuudha. Kudhaamni uffannaa waliin morma ijoollee irraatti kaahamus ija hamaatiif qoricha jedhee ummanni amanu nijira. Waan fedhe yoo ta'es wayyaan namoota ogeeyyii jedhamaniin hawasa keessatti argamaniin kan qophaa'uudha. Maalummaa ogeeyyii wayyaa dhahuu Duguma (2016) yoo ibsu,

> Shamanes are artisans those have skill of making clothes.As Bartles (1983) clearly put the term shamane comes from Amharic term 'shama' clothe making. They provide ritual clothes for Oromo people from local raw material by their indigenous knowledge.Ritual cloths are also serving as symbol of power. According to oral source obtained from elder of Limmu district the products of weavers are used in political and ritual practices.When Gada system was in practiced rufa has been serving as symbol of Abbaa Gadaa.This cloth distinguishes the Abbaa Gada from other people. Thus it is a symbol of authority. In addition to this, the weavers also provide women cloth that they use in Ateetee and other ritual event (p. 19).

Shammaanee jechuun kanneen ogeeyyii dandeettii wayyaa dhahuu qaban jechuudha. Dhuguman (2016), Bartles (1983) wabeeffachuun akka ibsetti shammaneen jecha afaan Amaaraa 'shama" jedhurraa kan dhufe yoo tahu, innis, wayyaa hojjechuu jechuu akka ta'e ibsa. Akka aadaa Oromootti ogeeyyiin kunneen dandeettii uumamaan qaban gargaramuun uffannaalee adda addaa kan sirnawwan adda addaaf oolan oomishu. Akka ragaaleen adda addaa ibsanitti hojiileen ogeeyyii kanneen siyaasaafi sirnoota garaagaraa keessatti iddoo ol'aanaa kan qabaniidha. Yeroo sirna Gadaa wayyaan Abbaan Gadaa uffatu mallattoo ta'ee namoota biroorraa adda isa baasuuf kan oolu akka ta'e ibsa. Kanamalees, yeroo baay'ee sirna ayyaana dubartootaa ateetee jedhamu keessattis haala walfakkaatuun kan oomishan akka ta'edha. Gabaabumatti, yaada kanarraa kan hubannu, ogeeyyiin shammaanee jedhaman kunneen meeshaalee garaagaraa naannoosaanitti argaman fayyadamuun hojii bu'a qabeessa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti kan buusan ta'uu nu hubachiisa. Yaada kana deggeruun Alhayat (2018) yoo ibsu,

> Hand weaving and crafting sectors are one of the most important nonagricultural sources ofIncome in Ethiopia. Hand weaving is a traditional technology to produce specialty

> fabrics as Well as ordinary fabrics in the rural and semi-urban areas scattered throughout Ethiopia.Weaving is traditionally found throughout Ethiopia but there are clustered hand weaving Activities in the Shiro Meda, Adisu-Gebeya, Kechene-Medhane Alem and Guellele in Addis Ababa. In the rural areas, Dorze and Konso in Southern part of Ethiopia are well known for Their weaving as is Gondor, Gojjam and Wollo in Amhara (p. 59).

Hojiileen ogummaa wayyaa dhahuu dameewwan barbaachisoo damee qonnaan ala jiran keessaa isa angafaati. Hojiin wayyaa dhahuu dandeettii yookaan tekinoloojii aadaan raawwatuufi warshaa uffataa akka ta'e kaasa. Hojiin kun irra jireessaan baadiyyaa keessatti kan argamu yoo ta'es, hangi tokko magaalaa keessattis kan raawwatuudha. Hojiin wayyaa dhahuu kun biyyoota Itiyoophiyaan ala jiran keessattis kan argamu yoo ta'u, Itiyoophiyaa keessaa iddoowwan adda adaa keessatti bifa waloon kan mul'atuudha. Hojiin wayyaa dhahuu kun kibba biyyattiirraa Dorze fi Konso, irraa kan maddeefi gara caalaa hojiin kun kan dhufe naannoo Amaaraa Gondor, Goojjamiifi Walloorraa akka ta'e ibsa. danda'antu tilmaamama.

### v. Meeeshaalee Aadaa Oromoo Migirarraa Tolfaman

Meeshaaleen migirarraa tolfaman kunneen yeroo adda addaatti aadaa uummata Oromoo keessatti dhimma itti bahamaa kan turaniifi jiraniidha. Gosoonni meeshaalee kanneenii iddoowwan adda addaatti garaagara yoo ta'anis, faayidaan isaan kennan wal fakkatu. Meeshaalee akka aadaa Oromootti beekaman keessaa muraasni gingilchaa, massii, gundoo, gilgilii, gundoo booreefi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun ni danda'ama. Yaada kana deggeruun Tarik (2012:16) Hecht (1992) wabeeffachuun waa'ee hojii migiraa yoo ibsitu, "basket production had existed for centuries and is woven by women and indicated the different kinds of decorated baskets used for different purposes," jetti. Yaadni waraabbii kana keessa jiru kan ibsu, hojiin migiraa jaarraa hedduu dura kan jalqabe yoo ta'u, hojii dubartootaa ta'ee kan beekamuufi bu'aaleen hojii kanarraa argaman tajaajila adda addaa kanneen akka miidhaginaa, hojiilee mana keessaafi hawaas-dinagdee dubartootaa cimsuu keessatti shoora ol'aanaa kan ba'aniidha. Itti fufuun, Tarik (2012) waa'ee hojii migiraa yoo ibsitu,

> Basket weaving might be seen from two angles. On the one hand, it might be used as a mechanism to access resource, and to share power from the community. On the other hand, the precise rules and ways of arranging baskets in the house might be considered as mechanisms to subordinate women by forcing them to take much time in this type of reproductive work (p. 18).

Hojiin migiraa karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Inni duraa mala hawaasa keessatti qabeenya ofiitti haalaan fayyadamuu barsiisuufi ga'ee hawaasa sana keessatti akka qabaatan gochuu, inni biraa immoo maatii geggeessuu keessatti qooda isaanii akka ba'aniifi yeroo isaanii iddoo biraatti qisaasessuurra hojii kanarratti akka hirmaatan kan taasisuudha. Hojiin migiraafi biqiloota kanneen biroorraa meeshaalee adda addaa hojjechuu kun dubartootni hawaasaafi mana isaanii keessatti ga'eesaanii ba'uun ofittii amanamummaa akka horatan taasisuu keessatti qooda cimaa kan qabu ta'uusaa kan nama hubachiisuudha. Kanamalees, dubartootni meeshaalee adda addaa hojjechuun dinagdee isaanii cimsachuun gaheesaanii warra dhiirotaan qixxee akka bahatan kan taasisu mala hojii hawaasni kun hojjetu keessaa isa tokko akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Itti dabaluun, Tarik (2012:18) waa'ee hojii migiraafi seenaasaa yoo dubbattu, "Basket weaving as women's reproductive role was traditionally produced at home and never had market value. But, now women consider basket weaving as means to generate income," jetti. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, hojiin migiraafi biqiltoota kanneen biroorraa meeshaalee adda addaa hojjechuu kun yeroo duriitti aadaadhaan naannoo manaatti kan hojjetamuufi gurgutaaf kan hinoolle ture. Yeroo ammaa garuu, dubartootni hojii migiraa kana akka madda galii isaaniitti kan dhimma itti ba'aa jiraniidha. Dhugaan kun hawaasa naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatan biratti kan mul'atu yoo ta'u, dubartootni migiraafi biqiltoota kanneen biroo fayyadamuun meeshaalee mana keessaafi miidhaginaa adda addaa hojjechuun jiruufi jireenya isaanii mijeeffachaa turan jirus.

### vi. Meeshaalee Aadaa Oromoo Mukarraa Tolfaman

Akka aadaa Oromootti akkuma meeshaalee kanneen biroorraa wanta aadaa tolchanii itti dhimma bahaa turaniifi jiran mukarraas hojjechuun dhimma itti ba'aa turan. Oromoon mukaaf iddoo guddaa kenna, ni kabaja, ni safeeffata. Kanarraan kan ka'e, meeshaaleen aadaa Oromoo keessatti mukarraa hojjetamanii dhimma itti bahaman danuu yoo ta'an isaan keessaa muraasni barcuma, meeshaalee qonnaa addaa addaa, Bokkuu, Siiqqee, siree, eeruun ni danda'ama.

### vii. Meeshaalee Aadaa Oromoo Buqqee Hadha'aarraa Tolfaman

Buqqeen biqilaa yookaan sanyii miidhaanii hunda dura facaafamu kan gosa adda addaa qabuudha. Kunis, sanyiin buqqee miidhaan hunda dura akkuma arfaasaan ba'ee ganni galeen facaafamu yookaan dhaabamuudha. Arfaasaan gaarii ta'uufi dhabuun kan beekamu yoo buqqeen

dhaabame yookaan facaafame kun tolee biqile yookaan badeedha jedhama. Kanaaf, sanyiin buqqee sanyii midhaanii hunda dura waan dhaabamuuf hangafa midhaanii jedhamee waamama. Buqqeen nyaata yookaan biqila akka addunyaatti beekamuufi jaallatamauudha. Buqqeen biqilaa dhalli namaa biqiloota kanneen biroo dursee itti fayyadamuu eegale akka ta'es ni himama. Yaada kana deggeruun Alcazar fi Gulick. (1983:1) yoo ibsan, "cucurbits were among the first plants used by man," jedhu. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, buqqeen biqiltoota jalqaba namni itti fayyadame keessaa tokko akka ta'etu himama. Buqqeen akkuma uummata addunyaa kana gubbaa jiraatan hunda biratti beekamu uummata Oromoo birattis kan beekamuudha. Biqilli yookaan sanyiin midhaanii kun biyyaa biyyatti, ardiidhaa ardiitti garaagarummaa maqaa, itti fayydamaafi haala guddisaa guddaa biqila yookaan sanyii nyaataa qabuudha.

Buqqeen gosa biqiltootaa keessaa tokko kan ta'eefi baroota hedduu dura kan tureedha. Buqqeen ardiiwwan hunda keessatti kan beekamuufi oomisha isaaf iddoon guddaan kan kennamuudha. Biqiltuu kun maqaa adda addaafi Jifaara garaagaraa kan qabuudha.Yaada kana deggeruun Rebecca fi kanneen biroo (2017:1) yoo ibsan "cucurbitaceous Cucurbits encompass a diverse group of annual and perennial species, several of which are of commercial importance worldwide.Cucumber (Cucumis sativus L.), melon (Cucumis melo L.), pumpkin, squash and gourd (Cucurbita spp.), and watermelon [Citrullus lanatus (Thunb.) Matsum. & Nakai] comprise the major cucurbits," jedhu. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, gosti biqiltuu kan maqaan isaa akka biyya keenyaatti buqqee yookaan dabaaqula jedhamee waamamu kun jifaara adda addaa kan buqqee nyaatamu (Cucumber), habiibii(watermelon, melon), dabaaqula (pumpkin)fi buqqee isa boca hinqabne (squash) kanneen jedhaman kan qabuudha. Isaan kun jifaara buqqeen qabu 30 keessaa warreen ijoofi namoota hunda biratti beekamaniifi jaallatamaniidha.

Buqqeen faayidaa nyaataaf kennuun alatti tajaajila hawaasummaa kanneen biroof akka oolu ni kaafama. Biqiltoonni kunneen faayidaa nyaataaf kennaniin alatti yookaan cinatti dinagdee hawaasaa cimsuuf kan oolan kana jechuun nyaataaf, isaan kanneen hinnyaatamne immoo meeshaalee adda addaa irraa hojjechuun dhimma itti baha. Meeshaalee miidhagina adda addaa irraa tolchuuf, aadaa mul'isuuf, daawaafi faayidaa biqiloonnii kennan kennuuf kan gargaarudha. Gosoonni buqqee kunneen jireenya hawaasummaa dhala namaa keessatti akka kuusaa yaadannoofi agarsiiftuu aadaa hawaasa itti gargaaramaa tureetti fudhatamuu danda'u. Jifaara

buqqee jedhamu keessaa buuqqeen kaawwan kanneen nyaatamaniifi dinagdee hawaasichaa cimsuu keessatti qooda kan qaban yoo ta'an, kanneen meeshaalee aadaa irraa hojjechuuf oolan immoo buqqee hadha'aa kan jedhamaniidha.

Akka aadaa Oromootti buqqeen gosa lama qaba; isaanis: buqqee hadha'aafi kan nyaatamu yookaan kan hinhadhoofne jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Akka aadaa Oromootti gosoonni buqqee hadha'aafi isa nyaatamu jedhamanii kan adda baafaman baala biqiltuu isaanii ilaaluun akka ta'e namoonni dhimma kanarratti muuxannoo qaban ni addeessu. Kunis, buqqee hadhaa'aan akka buqqee isa nyaataaf ooluu baalli isaa magariisummaa qabaatee hincululuuqu. Ta'us, buqqeen inni nyaatamus ta'e inni hadhaa'u kun tajaajila nyaataafi dinagdee hawaasichaa tumsuuf hedduu kan gargaaraniidha. Buqqeen inni nyaataaf oolu akka aadaa Oromootti nyaata namoota hunda biratti beekamuufi namoota baay'een jaallatamuudha. Keessaayyuu namoota naannoo baadiyyaa jiraatan hedduufi naannoo magaalaatti immoo namoota muraasaan dhimma kan itti bahamuudha. Buqqeen yeroo hedduu dura faayidaa akka hinqabnettti kaafamaa yoo tureyyuu, yeroo dhihoo as qorannoo taasifameen faayidaan isaa daran ol'aanaa ta'uun hubatamee namoota hedduun jaallatamaafi dhimma itti bahamaa kan dhufeedha. Buqqeen inni nyaataaf oolu kun baalli isaa magaarisummaa kan qabuu, bifaan guddaa, bocni isaa geengoo kan ta'eefi keessi isaa duudaadha.

Buqqee hadha'aa kan jennu akkuma buqqee isa nyaataaf ta'uu kan facaafamu ta'ee carraan isaa kanaaf isa kan geessisuudha. Kanarratti hundaa'uun aadaa Oromoo keessatti afoolli dhimma kanaan walqabatu 'Buqqeefi nama akka uumu hinbeekanii' kan jedhu ni jira. Innis, waan yaadameef ooluu dadhabuu waan tokkoo agarsiisuuf kan jedhame akka ta'etu himama. Buqqee hadha'aan kun darbee darbees buqqee seexanaa akka jedhamu, kana kan jedhameefis waan inni hinnyaatamneef ta'uutu dubbatama. Bocni buqqee hadhaa'aa yeroo baay'ee moluuluu yookaan bocni isaa geengoorraa adda kan ta'eedha. Kanarratti hundaa'uun, buqqeen hadhaa'aan kun tajaajila nyaataaf waan hinoolleef meeshaaleen adda addaa akka irraa bocamantu ta'a. Kana sababa taasifachuun meeshaalee kamiif akka oolu murteessu. Meeshaaleen buqqee hadhaa'aarraa hojjetaman kan murta'an boca buqqee sanaa giddu galeeffachuun akka ta'e ragaaleen tokko tokko ni addeessu. Meeshaalee buqqee hadha'arraa hojjetaman keessaa muraasni hullee gosa adda addaa, wullee farsoo itti dhuguuf oolan, bocni isaanii moluuluufi keessi isaanii dhiphaa ta'ee hammaan xiqqaa yookaan guddaa akkasumas dheerina kan qabaniidha. Kanneen biroon,

dibduu, ukee, guchuma, budduksee/xuruursee bukoo, okoleefi kkf ta'an isaanis boca geengoo, keessi isaanii bal'aa yookaan dhiphaa, hammaan guddaa yookaan xiqqaa akkasumas gabaaboodha. Isaan biroon ro'oo, masaaqula, gaayyaa, quluufi kkf yoo ta'an, isaan kunneen ammoo hudduufi mataan bal'aateetu mormi kanneen qal'atuudha.

### 2.3.4 Tajaajila Meeshaalee Aadaa

#### i. Tajaajila Aaga Baafachuuf, Qalmaafi Ateeteef Kanneen Oolan

Meeshaaleen aadaa Oromoo keessatti tajaajila aaga baafannaa, qalmaafi ateetee baafannaaf oolan kan jedhaman buqqee, okkotee, doocoo, billaa fa'i. Meeshaalee kanneen yeroo sirni aageffachuu, qalmaafi ateetee jirutti uummanni Oromoo dhimma itti baha. Yaada kana deggeruun Dirribiin (2012:124) waa'ee meeshaalee aadaa kanneenii yoo ibsu, "dhangaan sirna ateetee irratti qophaa'u, farsoon okkotee jabaatti naqama. Farsoon ateetee biqila garbuu irraa doocootti naqama, sana booda okkoteefi doocoon kun immoo baala ulumaa'iitiifi coqorsaan marama." Tajaajila dhugeeffannaa keessatti uummanni Oromoo meeshaalee garaagaraatti fayyadamaa turuu ragaan akka kanaa ni mirkaneessa. Okkoteen meeshaa supheerraa tolfamu ta'ee uummata Oromoo Maccaa biratti tajaajila akka farsoo itti naquutiif ooluun kan beekamuudha.

#### ii. Tajaajila Waraanaaf Kanneen Oolan

Meeshaalee waraanaa kanneen jedhaman meeshaalee yeroo lola itti fayyadamaaniidha. Meeshaaleen kunneen akkuma gosti isaanii adda adda ta'e maqaan isaaniifi tajaajilli isaanii garaagara. Baay'inaan meeshaalee waraanaa jedhamuun kanneen beekaman bakara, cookee, eeboofi billaafaa kanneen ummata Oromoo waliin umurii dheeraa qabaniidha. Kanaaf, meeshaaleen kunneen seenaa biyya kanaa keessatti iddoo guddaa kenneen qabanidha. Meeshaalee aadaa Oromoo keessaa kanneen sibiilarraa tolfaman keessaa eeboon daran kan beekamuufi kabajamuudha. Eeboon tajaajila garaagaraaf kan ooluufi jifaara adda addaa kan qabuudha. Eeboon uummata Oromoo biratti tajaajila ittiin diina ofii qolachuun allatti yeroo abaarsaa dhimma kan itti bahamuudha. Meeshaalee dhimma waraanaatiif oolan abbaan muudaafi ayyaantuu Oromoo ni lagatu. Kanuma ilaalchisuudhaan Dirribiin (2012:457) yoo dubbatu, "Abbaan Muudaafi Ayyaantuun waraana hinqabatan. Abbaa Gadaattis kennee ittiin qali, ittiin waraani, ittiin ajjeesi jedhee hineebbisu," jechuun lafa kaa'a. Kun kan agarsiisu Abbaan Muudaafi Ayyaantuun meeshaalee kanneen akka lagataniifi uummata isaanii meeshaalee

kanneenin hammeenya dalaguun gaarii akka hintaane beeksisu.

### iii. Tajaajila Faayaaf Kanneen Oolan

Ilmi namaa gaafa lafa kanarra jiraachuu jalqabee kaasee meeshaalee faayaafi bareedina qaban hojjetee itti gargaaramaa ture. Irra caalaan meeshaalee faaya qabeessi kanaa wantoota naannootti argaman irraa kanneen hojjetamaniidha. Shamarreen Oromoo calleewwan mormaa, addaafi harkatti kanneen kaawwataman, kanneen miillaafi gurratti kaawwataman eeruun ni danda'ama. Meeshaaleen faayaa kunneen isaan dubartootni bareedina dabalataa gonfachuuf jecha bifa aadaatiin hojjetanii kan ittiin of-miidhagsaniidha. Dubartootni qaama isaanii miidhagsuufi meeshaa aadaa hunda ittiin calaqqisiisan yookaan kan itti gargaaraman ogummaa aadaatiinidha. Hawaasa Oromoo naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaa biratti faayaaleen uffata aadaa waliin kaawwataman yookaan godhatamaniifi harkatti qabataman baay'eetu jiru. Faayaaleen kunneen waantoota adda addaa kanneen akka sibiila, birrii, calleefi kkf irraa tolfamu. Akkasumas, meeshaaleen kunneen faayidaa gara garaaf kan oolaan yommuu ta'an, koorniyaafi umurii tilmaama keessa galchuun kan tajaajla kennaniidha. Faayaaleen aadaa kunneenis kanneen akka hanbaarrii, callee, albuu kkf dha.

### 2.3.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa faayidaa hedduu akka qaban nama hundaa biratti ni hubatama. Meeshaaleen aadaa haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qooda kan qaban, walitti dhufeenya hawaasummaa ilma namaa kanneen miidhagsaniidha. Yaada kana deggeruun Davison (1991:30) faayidaa meeshaalee aadaa yoo ibsu, "…material culture is of importance in the continuing construction of identity. People,as social subjects,are continually interacting with the material world, as a setting for action and in their roles as consumers and producers," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa eenyummaa saba tokkoo ijaaruufi jabaatee akka itti fufu taasisuu keessatti iddoo guddaa kan qabaniidha. Uummanni tokko jireenya hawaasummaa isaa yoo jiraatu meeshaalee aadaa kanneen waliin walitti dhufeenya uumee jiraata, yeroo jiraatu bu'aa isaanii kana fayyadamee jireenyasaa geggeeffata; kanaaf, hanga jiraatutti walitti dhufeenya addaan hincinne meeshaalee aadaa kanneen waliin qaba jechuudha.

Qorataan biroon Vadi (2018:17) jedhamu immoo faayidaa meeshaaleen aadaa qaban yoo ibsu, "Objects can be time cases, which open new perspectives on the past," jedha. Yaadni hammattuu

kana keessaa kan ibsu, meeshaaleen aadaa waan yerooti, kana jechuun yeroo wajjin kan wal qabatan, yeroon kan ibsamaniifi yeroo kan ibsaniidha. Kanamalees, meeshaaleen aadaa kunneen waan yeroo darbe keessatti raawwataman ibsuun boqonnaa haaraa waan yeroo dhufu keessatti raawwatu kanneen akeekaniidha. Meeshaaleen aadaa meeshaalee waan yeroo darbe keessatti raawwatameefi yeroo dhufu keessatti tahuu malu aggamuun nutti agarsiisuuf aangoo ol'aanaa qabaniidha. Waan yeroo darbe keessatti raawwatamaa turan agarsiisuun ol'antummaa gareen tokko yeroo darbe keessatti qabachaa turuun miidhaa yookaan faayidaa isaan geessisaa turan karaa salphaa ta'e kan namaaf seenessaniidha. Kanajechuun, meeshaalee aadaa ilaaluun yeroon darbe maal akka fakkaatu, sadarkaan jireenya hawaasaa achi keessatti mul'achaa ture maal akka ibsu hubachuun ni danda'ama. Faayidaa meeshaaleen aadaa qaban ilaalchisee Jones (2007) immoo yoo ibsu,

> Human memory is breakable and finite.We mentally store our experiences as memories. However, memories are easily forgotten, and the retrieval of memories, through the act of remembering, is inexact and faulty.Due to our finite ability to mentally store our memories, human societies have produced a series of devices for storing memory in extra bodily form. These have included notched bone implements, clay and stone tablets, carved stele, and, at a later stage in history, maps, drawings, photographs, phonographs, and other recording technologies, and, finally, the computer. Each of these offers an increasing capacity for the storage of memory (p.1).

Hangi dandeettii dhala namaa waan tokko sammuutti kuusanii tursiisuu dadhabaafi daanga'aadha. Sammuu keenya keessatti muuxannoo murta'aa yeroo muraasaaf kuusnee tursiisfachuu dandeenya. Haata'u malee, waanti nuti kuufanne kun sababoota adda addaatiin yeroodhaa gara yerootti irraanfatamaa, dagatamaa deemu. Sababa kanarraan kan ka'e dhalli namaa waan kuufate akka hindagannetti waan kuusaa yaadannoofi muuxannoosaa ta'u kana oomishee itti gargaaramuutti dhufe. Wantoota inni kuusaa yaadannoofi muuxannoosaa taasifatee dhimma itti ba'aa ture keessaa wantoota naannoosaatti argaman kanneen akka supheefi dhagaa tolfaman, siidaawwan garaagaraa, suurawwan adda addaa, erga ammayyoomee immoo meeshaalee akka kompiwuteraafi kanneen birootti dhimma akka bahaa turetu dubbatama. Kanaaf, meeshaaleen aadaa kuusaa yaada qalbii keenyaa, mudannoofi muuxannoo keenyaa ta'uun kan nu gargaaru dhimma guddaa akka ta'eefi durii kaasee dhimma itti bahamaa kan ture ta'uusaa kan nu agarsiisuudha.  Qorataan biroon Buchli (2002) jedhamu immoo faayidaa meeshaaleen aadaa qaban yoo ibsu,

> Material culture functions as a means of resistance against globalization or as a way of countering colonial heritages (Rowlands this volume), or through consumption facilitates inalienable authenticity (Miller 1987), and the generation of various 'strategic essentialisms' the 'cultural property' of Rowlands's contribution here (p.17).

jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa meeshaalee mala badiisa qaroominaan aadaa, safuu, duudhaafi kkf keenyatti dhufan ittiin ofirraa ittifnu, yookaan mala ittiin garbummaa dandamannu isa jabaadha. Kanamalees, mala ittiin aadaa keenya eeggannu, kunuunfannu, beeksifannuufi balaa jalaa ittiin baafannuudha. Ittidabalees, akka qaroominni aadaa keenya hinballeessine, aadaan keenya itti fufee akka jiraatu, koloniin aadaa keenya akka hinballeessine wantoota ittiin eeggannu keessaa meeshaa amanamaadha. Faayidaa meeshaaleen aadaa jireenya hawaasummaa keessatti qaban Bula (2011:305) *yoo ibsu*,

> It is also important to note that in Wallaga, women from non-artisan backgrounds (non - tumtu women) become potters to support themselves.The tumtu potters, together with the traditional midwives, healers, rainmakers and rain-stoppers, are known as the ogeyyii , literally "the skilled ones." The non -tumtu potters are not perceived as ogeyyii (p.305).

Yaada waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa dinagdee uummataa tumsuu keessatti iddoo guddaa kan qabaniidha. Keessumaa immoo akka naannoo Wallaggaatti namoonni jireenya isaanii geggeffachuuf hojiiwwan adda addaa hojjetu. Hojiiwwan isaan ittiin jireenya isaanii geggeessuuf, mo'achuuf hojjetan keessaa hojiin suphee dha'uu isa angafaati. Kanaan alatti, dubartii deessisuu, bokkaa caamsuufi roobsuun jireenya isaanii geeggeeffatu. Gabaabumatti, namoonni naannoo kanaa haala jiruufi jireenya isaanii mo'achuuf hojiiwwan adda addaa akka hojjechuun dinagdee isaanii tumsu.

Faayidaa meeshaaleen aadaa jireenya dhala namaa keessatti qaban Droogan (2013:14) yoo ibsitu, "Material culture may be durable and remain as autonomous objects to be identified in the archaeological record; materialization is usually action-centered and thus constrained by considerations of temporally," jetti. Yaada waraabbii kana keessa jiruraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa of danda'aanii kan dhaabbatan madda seenaa qorannoo kan ta'aniidha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa akka madda odeeffannoo bu'uuraatti qorattoota seenaa kan gargaraniidha. Gochi meeshaalee aadaa kanneeniin raawwatamu waan yeroo muraasaafi baduu danda'an miti. Kanaaf, haalli itti fayyadama meeshaalee kanaa jijjiiramuu kan danda'u yoo ta'u, meeshaalee aadaa kanneen eeganii tursiisuun akka madda seeenaafi ka'umsa qorannootti akka

fayyadu kan nu agrsiisuudha.  Faayidaa meeshaaleen aadaa qaban Rouse (1960) yoo ibsu,

> Material cultural can be described as any object that humans use to survive, define social relationships, represent facets of identity, or benefit peoples' state of mind, social, or economic standing. Material culture is contrasting to symbolic culture, which includes nonmaterial symbols, beliefs, and social constructs (p.320),

Yaada kanarraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa meeshaalee dhalli namaa jiruufi jireenya ittiin mo'achuuf dhimma itti bahuufi itti tajaajilamuudha. Kanamalees, walitti dhufeenya hawaasaa kanneen ibsan, eenyummaa saba tokkoo kan ibsaniifi bakka bu'an, dinagdee hawaasaa kanneen tumsan, fayyummaa sammuu hawaasaa kan eeganiifi walitti dhufeenyi gaariin hawaasa gidduu akka jiraatu kanneen taasisaniidha. Dabalees, mallattoolee aadaa hawaasaa ibsuuf gargaaraniidha. Kanajechuun, wantoota aadaa hawaasa tokkoo keessatti ijaan hin mul'anne kanneen akka duudhaafi amantii keessatti mul'atan ifa baasanii mul'isuuf dhimma kan itti bahamaniidha. Kanamalees, faayidaa hawaasni sun aadaa sanarraa argatu, eenyummaasaa, hanga beekumsaa isaafi sadarkaa dinagdeesaa ibsuu kanneen danda'aniidha.

Akkasumas, faayidaa meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya, qorannoofi qo'annoo keessatti qabu Helen & Shirley (2008:196) yoo ibsan, "While material culture has always been seen as an important component of folklore studies, it received special emphasis during two periods of the twentieth century," jedhu. Yaada kanarraa kan ifu, qorannoo meeshaalee aadaa fudhatamummaa argachaa kan dhufe dhuma jaarraa 19^ffaa^fi jaarraa 20^ffaa^ keessa akka ta'etu dubbatama. Meeshaleen aadaa kunneen qorannoo fookiloorii keessatti iddoo guddaa kan qabaniifi meeshaalee funaansa qorannoo fookiloorii keessaa akka isa tokkootti akka ilaalaman kan ibsuudha.

Qorataa biroon Miller (1998:73) jedhamu ammoo faayidaa meeshaaleen aadaa qaban yoo ibsu, "Material culture, its acquisition and appropriation, is integral to the construction and negotiation of social worlds and identities," jedha. Yaada waraabbii kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa hawaasummaafi eenyummaa ilma namaa ijaaruu keessatti wantoota iddoo guddaa qaban keessaa sadarkaa duraatti kan eeramuudha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa eenyummaa hawaasa tokkoo kanneen ibsaniifi waliin jireenya isaanii keessatti hawaasummaa ijaaruuf kanneen oolan akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Itti dabaluun, Woodward (2007) faayidaa meeshaaleen aadaa qaban yoo ibsu,

> If we think of the material culture of consumer societies, they are in fact the point where mass-produced consumer objects are encountered and used by individuals, who must establish and negotiate their own meanings and incorporate such objects into their personal cultural and behavioral repertoires, sometimes challenging and sometimes reproducing social structure (p. 4).

Meeshaaleen aadaa namoota hawaasa keessaa ogeeyyii jedhamanii beekamaniin kalaqamanii yookaan hojjetamanii jireenya waloo keessatti kanneen qooda qaban, nama dhuunfaafi waloon dhimma kan itti bahaman, hiika dhuunfaa hawaasa kalaqeen kan argataniifi jireenya hawaasummaa ijaaruu keessatti qooda ol'aanaa kan qabaniidha. Yaada kanarraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa kan hawaasaati, nama dhuunfaan kalaqamanii hawaasa guutuu biratti fudhatama kan qabaniifi hiikni isaanii hawaasa dhimma itti bahu qofaan kan kennamuufi beekamaniidha.

Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa kuusaa yaad qalbii keenyaa, mudannoofi muuxannoo keenyaa ta'uun nu gargaaru. Dabalees, haala hawaasummaa dhala namaa keessatti wantoota mul'atan hunda keessaayyuu eenyummaa, aadaa, miira, sadarkaa jireenyaafi kanneen biroo calaqqisiisuuf aangoo guddaa kanneen qabaniidha. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman kun bakka bu'aa hawaasa dhimma itti bahuu, duudhaa, safuu, barsiifata hawaasa sanaa kan calaqqisiisaniifi dhaabbata hawaasummaa ijaaramee hawaasa sana keessa jiru akka walii galaatti isaan ibsaniidha. Meeshaalee aadaa waan yeroo darbe keessatti raawwatameefi yeroo dhufu keessatti tahuu malu aggamuun nutti agarsiisuuf aangoo ol'aanaa kanneen qaban jechuu dandeenya.

### 2.3.6 Qabata Meeshaaleen Aadaa Hiika Itti Argatan

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika kan argatan aadaafi duudhaa hawaasa tolchee dhimma itti ba'uu giddu galeeffachuun akka ta'e barreeffamoonni tokko tokko ni ibsu. Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika akkamiin akka argatan ilaalchisee Berger (2016:55) yoo ibsu, "From a semiotic perspective, nothing has meaning in itself; an object's meaning always derives from the network of relations in which it is embedded," jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa hubachuu kan dandeeny, ija xiinmallattootiin yoo ilaalle, wanti tokko illee ofuma isaatiin hiika hinqabu; hiikni wanta tokkoo yeroo hunda kan argamu toora hariiroo inni keessatti hojiirraa oolerraa madda. Kana jechuun, hiikni meeshaalee aadaaf kennamu harka hawaasa oomishee dhimma itti bahuu jira jechuu dandeenya. Yaada kana deggeruun Askan (2009:94) yoo ibsu, "Their fundamental interest was in examining how people

formulated their reality. Symbolic anthropology is concerned with studying the process by which people give meaning to their world and how this world is expressed in cultural symbols," jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa hubachuu kan danddenyu, xiyyeeffannoon hiika fakkoommiin xiinaadaa akkamitti akka hawaasni addunyaa keessa jiru itti hiikkatuufi sana ibsuuf mallattoolee inni fayyadamu kan addeessuudha. Xiyyeeffannoon yaaxxina hiikaas adeemsa hawaasni waan tokkoof hiika itti kennuufi addunyaa kana mallattooleen ibsu qorachuudha. Kanaafuu, hiikni hariiroo hawaasummaa keessaa argama jechuudha.

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman qabata akkamiin hiika akka argatan ilaalchisee qorattootni Gerritsen fi Riello (2014:8) jedhaman yoo ibsan, ''Material culture is based on meaning as much as on materiality. A second material limitation derives from the fact that we might have the object but we have often lost the context that made the object meaningful," jedhu. Yaadni waraabbii kana keessaa kan ibsu, meeshaaleen aadaa akkuma dhimma meeshaa irratti hundaa'u dhimma hiika irrattis nihundaa'a. Daangeffamni meeshaa lammaffaa kan maddu meeshaa sana qabaachuu dandeenya garuu yeroo baay'ee haala wanti sun hiika akka qabaatu taasise dhabuu dandeenya. Meeshaalee aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan taasisu meeshaaleen aadaa yoo meeshaa sana ofbiraa qabaannee galumsa murta'aa dhabnes yookaan galumsa murta'aa keessatti meeshaa sana yoo of biraa dhabnes hiika barbaachisu kennuu danda'uusaati. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan jedhamaniif hawaasa sanaa keessatti kalaqamuusaanii qofa osoo hintaane, hiika kan argatan hawaasa keessatti kalaqameeniifi galumsa barbaachisaa keessatti ta'uusaaniiti.

Meeshaaleena aadaa hawaasa keessatti oomishaman keessatti yookaan biratti seerlugaafi hiika mataa isaanii kan qabaniifi salphaatti hubachuun kan hindanda'amne kan qabaniidha. Yaada qorattoota olii kanneen deggeruun Habermas (2001) haala meeshaaleen aadaa hiika itti argatan yoo ibsu,

> Material culture may also become endowed with private meanings that are shared only by some, or even only one, member of a culture. Objects may take on metaphorical and metonymical meanings. These meanings are not easily accessible to outsiders. Objects always have cultural meanings, to which private meanings may be added, increasing their individuality (p.3).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa hiika dhuunfaa miseensa

hawaasaa aadaa tokko keessa jiraatun yookaan nama tokko yookaan nama dhuunfaan illee kennamu qabaachuu danda'a. Meeshaaleena aadaa hiika fakkeenyaafi fakkeenya dubbii jechi tokko jecha biraa isa waliin walitti dhiyeenyaan walqabatu bakka bu'u qabaachuu danda'u. Hiikkoon kunniin namoota alaa biratti salphaatti kan argaman miti. Meeshaaleen aadaa yeroo hunda hiika aadaa qabu; kana irratti hiikni dhuunfaa itti dabalamuu danda'a, kunis dhuunfaa isaanii guddisuu danda'a. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika kan argatan waloonis dhuunfaanis ta'uu danda'a jechuudha.

Meeshaaleen aadaa haawasa keessatti hiika akkamiin akka argataniifi hiikni isaanii akkamiin akka hubatamuu danda'u yaada Habermas (2001) deggeruun qorattuun Serena (2021:284) jedhamtu yoo ibsitu, "Objects have 'their own grammar and vocabulary', with which material culture scholars must become familiar. Yet material languages are as complex and diverse as those spoken and written," jetti. Yaadni waraabbii kana keessaa jirurraa kan hubannu, meehaaleen aadaa seerlugaafi jechoota mataa isaanii kan qaban yoo ta'u, qorattootniifi dhimmamtootni meeshaalee aadaa kana beekuu qabu. Ta'us, afaanonni meeshaa akkuma warra dubbatamaniifi barreeffamanii walxaxaafi adda addaadha. Kana jechuun, meehaaleen aadaa haawaasa tokko keessatti argaman seerlugaafi jechoota mataa isaanii kan gareen isa kalaqeefi itti fayyadamu qofti beeku kan mataa isaanii qabu. Afaan meeshaalee aadaa baay'ee cimaafi wal xaxaa kan salphaatti hubatamuu hindandeenyeedha. Hiikaafi moggaasa maqaa meeshaaleen aadaa qaban haawaasa oomishee itti fayyadamuufi namoota dhimma qorannoof isaan irraa hubatan malee akka salphaafi irra keessaan hiikuun ulfaataadha. Kana jechuun, akkaataan nuti waa'ee meeshaalee aadaa itti ilaalluufi hiikni isaanii itti kennamu daran gargar fagoodha.

Meeshaaleen aadaa hawaasa oomishe keessatti faayidaafi hiika addaa kan qabuufi hiika isaanii kana argachuun xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Meeshaaleen aadaa hawaasa murtaa'e tokko keessatti argaman akkamiin akka ilaalamuu qabaniifi hiika isaanii hubachuun akka danda'amu ilaalchisee qorattootni Gerritsen fi Riello (2014:2) jedhaman yoo ibsan, "Objects have meanings for the people who produce and own, purchase and gift, use and consume them. Material culture therefore consists not merely of 'things', but also of the meanings they hold for people," jedhu. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan ibsu, meeshaaleen aadaan namoota oomishan, manaa qabaniif, bitaniif, kennaaf itti fayyadamaniif hiika ofii isaanii qabu. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa 'wantoota' qofa osoo hintaane, hiika dhokataa isaan namootaaf qaban of

keessaa qaba. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa oomishee itti gargaaramuuf faayidaafi hiika addaa akka qabaniifi hiika isaanii argachuun kan danda'amu hawaasaa oomishee itti gargaaramu keessatti qaamaan argamanii yoo ta'uu baate rakoon hiikaa mudachuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Hiika dhokataa meeshaalee aadaa keessa jiru, dhugaa keessatti mul'atuufi qabata meeshaaleen aadaa kunneen hiika itti aragatan ilaalchisuun Vadi (2018:26) yoo ibsitu, "Material culture has not a mere aesthetic value; rather, it has a deep relationship with reality, carries meaning, and expresses a point of view. It "do[es] not simply resemble reality, [it] also tend[s] to stimulate…emotional responses…," jetti. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan ibsu, meeshaaleen aadaa waan miidhaginaa qofa kanneen ibsan miti; irra caalaa walitti dhufeenya gadi fagoo dhugaa wajjin, hiika dhokataa kanneen qabaniifi ilaalcha gareen tokko kalaqeef ibsuu wajjin kanneen walqabatanii. Meeshaaleen aadaa kunneen dhugaa yookaan haqa akkasumaan dubbatamee darbu qofa kanneen ibsan miti, dhugaa qabatamaa hawaasaa keessatti ijaarame mala karaa salphaan hubachuun hindanda'amneen kanneen ibsaniifi miira namootaa kanneen calaqqisiisaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa meeshaalee dhugaa hawaasaa ibsan, miiraafi fedhii hawaasaa karaa dhokataa ta'e addeeessaniifi hiika gadi fagoo kanneen qaban akka ta'e kan nama hubachiisuudha.

Qorattuun Serena (2021:285) jedhamtu haala meeshaalee aadaa hiika itti argataniifi faayidaa isaanii yoo ibsitu, "Material culture centers on accessing and assessing the uncountable layers of cultural meaning embedded within objects. When approached as material culture, objects are more than witnesses to history, they are autonomous agents in the creation of that history," jetti. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa irra jireessaan waa'ee hiikaafi daangaa meeshaaleen kunneen aadaa sana keessatti qaban kan ibsuufi ergaa meeshaan sun qabu kan agarsiisuudha. Meeshaaleen aadaa fuula seeraa durattis ta'e iddoowwan biroo duratti ragaa namaa olitti kanneen ilaalamaniidha. Kunis, meeshaaleen aadaa isaan kanneen seenaa hawaasa tokkoo bu'uuressaniifi bakka bu'aa seenaa waan tokkoo waan ta'aniifidha. Meeshaaleen aadaa meeshaan tokko haawasa sana keessatti ergaa akkamii qaba, ija aadaa saba sanaan akkamiin hiikama, maaliif fayyada kan jedhu kan of keessatti hammataniidha.

Haaluma kanaan, qorattootni akka Gerritsen & Riello (2014) ,Woodward (2007), Karen (2018), Kris (2021), Serena (2021) fi kanneen biroon yaada yookaan ragaa afgaaffiifi maree gareerraa argame kan meeshaaleen aadaa qabata isaaan hiika itti argatan haala waliigaltee uummata dhimma itti ba'uurratti hundaa'uun yoo ta'u, irra caalaa garuu bu'uura kan taasifatan waan irraa hojjetaman, bara turtii, akka itti hojjetamaniifi eenyu akka hojjete bu'uura godhachuun jedhu waan deggeraniif, salphaadhumatti meeshaaleen aadaa qabata hawaasaan hiika argatu jechuu dandeenya. Kanamalees, xiinxala ani taasise ilaalchisees yaadni qorattootaafi argannoon koo waan wal simuuf meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman qabata waan irraa hojjetaman, faayidaafi yoom akka hojjetaman irratti hundaa'uun hiika yookaan moggaasa argatu jechuu dandeenya. Anis yaadni odeefkennitootaafi qorattoota kanaa amansiisaa ta'uufi meeshaaleen aadaa qabatuma jedhameen hiika kan argatan ta'uu nan amana.

### 2.3.7 Hariirowwan yaadrimee Meeshaalee Aadaa baatan haala itti mul'atan

Waa'een meeshaalee aadaa dhimmoota hawaasummaa hunda keessatti akka mul'ataniifi akka argaman maddeen ni kaasu. Lafa meeshaaleen aadaa keessa hin jirreefi waan isaan keessatti qooda hin fudhanne hin jiran. Meeshaalee aadaatti fayyadamuun waan hedduu ibsuun hawaasa kana keessatti haalaan kan mul'atuudha.

**i. Meeshaalee Aadaafi Ogafaan**

Meeshaaleen aadaafi ogafaan qaamolee ibsa aadaa hawaasa tokkoo keessatti walitti hidhaman lama yoo ta'an, tokko tokkorratti dhiibbaa kan geessisaniifi kan calaqqisiisaniidha. Hariiroon isaan gidduu jiru karaa hedduudhaan hubachuun ni danda'ama; keessumaa akkaataa isaan amantaa, duudhaafi muuxannoo bakka bu'aniifi itti dabarsan kanneen ijoodha. Hariiroon meeshaalee aadaafi ogafaanii bu'uura kamiin akka ilaalamu ilaalchisee Sone (2016: 3) yoo ibsu, "Together, these forms reflect the identity of a group. Material culture often appears in oral traditions—stories might mention specific objects (like tools or clothing) or describe cultural practices (like feasts or ceremonies) that are embodied in material forms," jedha.Yaada bantuu kana keessa jirurraa hubachuun kan danda'amu, unkaaleen kunneen lamaan eenyummaa garee tokkoo calaqqisiisu. Meeshaaleen aadaa yeroo baay'ee duudhaa afaaniin dubbatamu keessatti mul'ata seenaaleen meeshaalee adda ta'an (akka meeshaalee ykn uffata) kaasuun ykn gochaalee aadaa (akka ayyaana ykn sirna) bifa meeshaatiin qaama ta'an ibsuu danda'u. Kanaafuu, hariiroon

isaanii kun bakka bu'ummaa eenyummaa aadaa kan calaqqisiisuudha jechuu dandeenya. Kunis, meeshaaleen aadaa meeshaalee ijaan mul'ataniifi harkaan qaqqabataman kanneen akka ijaarsaa, uffataafi teeknooloojiiwwan aadaan tokko ittiin uumaman kan agariisuudha. Isaan kunniin gochaaleefi caasaa hawaasummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu jechuudha. Ogafaan immoo seenaa, sheekkoo, sheekkoo, sirboota, mammaaksaafi duudhaa afaaniin dubbataman dhalootaan darban of keessatti qabata. Ogafaan dubbatamu akka meeshaa eenyummaan aadaa, seenaafi seera ittiin dabarfamutti tajaajila.  Wanti biraan hariiroo meeshaalee aadaafi ogafaanii ibsuuf gargaaru immoo seenaa himuu, beekumsa kuusuufi dabarsuu isaaniiti. Yaada kana deggeruun Lyngdoh (2022) yoo ibsu,

> In many cultures, oral narratives are used to explain the origins and meanings of certain objects or rituals. A common example is the way certain sacred or cultural objects are given mythic or legendary significance through storytelling. For instance, an ancestral artifact may be the subject of legends passed down through generations. Material Culture in Storytelling: Objects like weapons, tools, or clothing can be characters in oral traditions (p.9).

Aadaa baay'ee keessatti seeneffama afaaniin dubbatamu ka'umsaafi hiika meeshaalee ykn sirnoota murtaa'oo ibsuuf itti fayyadamna. Aadaa keessatti wanti afaaniin dubbatamu kunuunfamee karaa meeshaalee ijaan mul'atanii kan darbuudha. Fakkeenyaaf, sirnoonni ykn sirboonni tokko tokko meeshaalee adda addaa wajjin walqabatanii darbuu danda'u. Wantoonni kun seenaa afaaniin dubbatamu yaadachuufi dabarsuudhaaf akka yaadachiisaa ykn kaka'umsa ta'anii hojjechuu danda'u. Duudhaan afaaniin dubbatamu dhaloota dhufu akkaataa meeshaaleen aadaa itti hojjetan ykn itti fayyadaman qajeelfama kennuu danda'a. Fakkeenyaaf, jaarsi tokko meeshaa murtaa'e tokko akkamitti akka hojjetan ykn meeshaa murtaa'e tokko akkamitti akka hodhan qajeelfama afaaniin dabarsuu danda'a, kunis ogummaa qabatamaa wanta tokko hojjechuufi seeneffama aadaa isa marsee jiruu wajjin walqabsiisuu danda'a.

Meeshaaleen aadaafi ogafaan waliin ta'uun itti fufiinsa gochaalee aadaafi eenyummaa mirkaneessuuf hojjetu. Duudhaan afaaniin dubbatamu yeroo baay'ee waan darbeefi gahee meeshaaleen qaama seenaa bocuu keessatti qaban ibsu. Yeroo booda garuu aadaan meeshaafi ogafaaniin dubbatamu lamaan isaanii iyyuu guddachaa kan dhufan yoo ta'u, yeroo tokko tokko haala haaraa wajjin kan walmadaalan yoo ta'u, qaamolee aadaa ijoo qabatanii jiru. Hawaasa hedduu keessatti sirnoonnifi raawwiin meeshaalee aadaafi oguma afaaniin dubbatamu keessatti

waan murteessaadha. Sirni tokko meeshaalee qaama addaa fayyadamuu kan of keessaa qabu ta'uu danda'a, yeroo sirnichaas yeroo baay'ee meeshaalee kana waliin seeneffama afaaniin dubbatamutu dubbifama. Sirnoonni kunniin hiika aadaa meeshaalee aadaafi duudhaa afaaniin dubbatamu lamaan isaanii eeguuf gargaaru. Gabaabumatti, hariiroon meeshaalee aadaafi ogafaan gidduu jiru gadi fageenyaan kan walitti hidhame yoo ta'u, lamaan isaanii iyyuu amantaa, duudhaafi seenaa hawaasa tokkoo ibsuufi kunuunsuuf tajaajilu.

### ii. Ogeeyyii (Namoota Ogummaa Harkaa Qaban)

Maalummaa namoota ogeeyyii jedhamanii Bula (2009:3) yoo ibsu, "The ogeyyii involved both in agricultural and craft sectors though their focus is getting concentrated on agriculture since recent times. They involve in handicraft works mainly as par time workers especially in sowing and harvesting seasons of the year," jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, namoonni hawaasa keessatti ogeeyyii jedhaman hojii harkaa qofarratti kanneen bobba'an osoo hintaane, isaan hojii qonnarratti bobba'aniifi hojii ogummaa kana yeroo isaanii qonnaan alatti jiru keessatti raawwataniidha. Kanajechuun, ogeeyyiin kunneen ogummaa hundaan kanneen badhadhaniifi hawaasa keessatti karaa mara fudhatamummaa guddaa qaban jechuun ni danda'ama. Yaada olii kan degeruun waa'ee namoota ogummaa harkaa qabaniin meeshaalee aadaa adda addaa hojjetanii Nebiyu (2012) John Michael Vlach wabeeffachuun yoo ibsu,

> The craftsmen also produce the objects based on the social context, the environment and the indigenous knowledge in which they are engaged in. They possess through time or inherit from their ancestors and make it as it is or modify or make a complete change using their talent (p. 20).

Namni ogeessa jedhamee hawaasa keessatti beekamu nama meeshaalee aadaa adda addaa hojjechuun beekamuudha. Namni kun meeshaalee aadaas haata'u waan biraa yoo hojjetu haala hawaasummaa ilma namaa, haala naannoofi beekumsa xabboo hawaasa sanaa giddu galeeffachuun hojjeta. Isaan kunneen adeemsa yeroo dheeraa keessa yookaan dhaalaan kan hojjetaniifi kennaa ganamaan kan kalaqan ta'uu mala. Kanajechuun, ogeessi meeshaalee aadaa hawaasa tokko keessatti fayyadan hojjetu waan irratti hundaa'ee hojjetuufi akka seeraatti ilaalamuu qaban daangaa akka qaban kan namatti ibsuudha. Meeshaalee aadaa lafaa kaanee kan hojjennu otoo hintaane, bu'uura ittiin meeshaalee aadaa hawaasa tokkoo hojjennu akka qabnu nutti agarsiisa.

Kanamalees, waa'ee maalummaa ogummaa harkaafi gosoota isaanii Bula (2009:3) yoo ibsu, "Handicraft works, which are owned and run by artisans involve in pottery making, iron smiths, jewelry, weaving, woodcarving, tannery and basketry," jedha. Yaadni hammattuu kana keessa jiru kan ibsu, hojiin ogummaa harkaa namoota ogeeyyii jedhamaniin kan geggeeffamuufi hojii gosa adda addaa kanneen akka suphee dha'uu, sibiila tumuu, meeshaalee miidhaginaa hojjechuu, wayyaa dhahuu, hojii mukaa, gogaa duuguufi hojii migiraa kan hammatuudha. Namoonni kunneen hawaasa keessatti ogeeyyii maqaa adda addaan waamanan yoo ta'anis, kabajaafi fudhatamummaa guddaa hawaasa keessatti kanneen qabaniifi ogeeyyii jedhamuun kanneen wamamaniidha. Itti dabaluun, Nebiyu (2012) Robert (1972) wabeeffachuun waa'ee ogeeyyii hawaasa keessaa meeshaalee aadaa hojjetanii yoo ibsu,

> Mentioned some of the purposes that the craftsman engaged in this kind of activity. "Some of the craftsmen involved in the production of objects, because there are handmade items which are hardly made through factory. In other cases people are made these objects to survive and to manifest their tradition and culture through these objects (p. 21).

Namoonni ogeeyyii jedhamanii hawaasa keessatti beekaman isaan kanneen meeshaalee adda addaa fayyadamuun wantoota aadaa kan hojjetan, isaan kanneen jiruufi jireenya guyyuu keessatti dinagdee isaanii ittiin tumsuuf kanneen hojjetan, aadaa isaanii ittiin tursiisuuf akka fayyaduuf namoota shoora isaanii ba'aniidha. Kanajechuun, ogeeyyiin kunneen namoota hawaasa keessatti qooda guddaa aadaa hawaasa sanaa tursiisuu keessatti qaban dinagdee isaanii ogummaa qabaniin tumsachuuf shoora ol'aanaa taphataniidha.

Dabalees, waa'ee ogeeyyii meeshaalee aadaa hawaasa tokko keessa jiraniifi maalirratti hunda'anii akka hojjetan Nebiyu (2012: 20) yoo ibsu, "…a craftsman's work is related directly to his social context, immediate ecology, historical period and economical circumstance as well as his personal training, development of skill, and expression of talent," jedha. Yaadnu waraabbii kana keessa jiru kan ibsu, namoonni hawaasa keessatti ogeeyyii jedhaman kallattiin walitti dhufeenya guddaa kan qaban ogummaa qaban waliin osoo hintaane, haala hawaasummaa hawaasichaa, haala naannoo, seenaafi haala sadarkaa jireenya hawaasummaa akkasumsa, beekumsaafi muuxannoo hawaasni sun qabaachaa tureefi qabatee jiru, dandeettii guddinaaf inni qabuufi dandeettii inni beekumsa xabboofi ogummaasaa ittiin ibsachuuf qabu giddu galeeffachuu

qaba. Yaada kanarraa kan hubannu meeshaalee aadaa hojjechuuf yookaan kalaquuf ogummaa nuti dhalootaan yookaan uumamaan arganne, dhaalaan arganne qofti gahaa miti. Meeshaalee aadaa hawaasa tokko keessatti argaman kan hojjechuu qabnu haala hawaasummaa, dinagdeee hawaasichaa, haala siyaasa inni keessa tureefi itti adeemaa jiru karaa ibsuufi akeekuun ta'uu qaba. Meeshaaleen aadaa haala kanaan yoo hinhojjetamne waan akeekamaniif ala ba'uun dhimma biraaf ooluu waan malaniif eeggannaa jabaan taasifamuufi qaba.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoofi mala filannoo iddattoo, meeshaalee ragaan ittiin funaaname: daawwannaa, afgaaffii, maree garee xiyyeeffataa, adeemsa odeeffannoon itti walitti qabame, mala ragaaleen ittiin qaaccaffaman, qindeeffama qorannichaafi sakkoo yookaan naamusa qorannichaatu dhiyaatee jira.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo keessatti karoora qabameef murtoo kennuuf karoorri idilee qophaa'u saxaxa qorannoo jedham. Qorannoon akka walii galaatti gosoota saxaxaa lama (akkamtaa (qualitative) fi hammamtaa (quantitative)) jedhamuun akka qoodamu Addunyaan (2011) hayyoota Timfi Sigh. (2002)fi (2007) walduraa duubaan wabeeffachuu ni kaa'a, akka filannoo sadaffaatti lamaan walitti makuun akka danda'amu (Creswell, 2009; Tavakoli 2012) ibsuun, amala qorannoo irratti hundaa'uun akka murtaa'u himu. Qorannoon kun mata-duree Xiinxala Ga'eefi Hiika Meeshaalee Aadaa Mana keessaa: Godina Wallaggaa Lixaa xiyyeeffachuun kan adeemsifameedha. Meeshaaleen aadaa godina kana keessatti argaman hawaasicha keessatti waan qophaa'aniif maalirraa, akkamitti akka qophaa'an beekuun faayidaa isaanii xiinxaluuf nu gargaara. Ragaa argatanii faayidaafi hiika isaanii qaaccessuuf ammoo namoota meeshaalee aadaa kanneen qopheessaniifi itti fayyadaman gaafachuufi qorachuun barbaachisaadha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammoo qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun gaarii akka ta'e beekamaa dha. Kanaafuu, qorannoo kana galmaan ga'uuf gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa, maleenyaa ibsaatti dhimma bahamee jira.

Kana bu'uura taasifachuun, qorannoo aadaa hawaasaa waliin walqabatu geggeessee waanan jiruuf qorannoo akkamtaatti gargaaramuun adeemsa hojii koo mijeeffadheen jira. Sababni isaas, gosti qorannoo akkanaa odeeffannoo daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataatiin kallattiidhumaan hawaasicha keessa galuun funaanaman gadi fageenyaan ibsuuf waan garfgaaruufi. Gosa qorannoo kanaa keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee, giraafiifi kanaafi kana kan fakkaataniin kaa'amanii waan hinibsamneef gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta'uu danda'a. Akka Spradley (1979) ibsutti, qorannoon aadaa hawaasaa irratti geggeeffamu waa'ee hawaasichaa qorachuurra darbee hawaasicharraa barachuurratti xiyyeeffata yaada jedhu of keessaa qaba. Qorannoon geggeeffame kun qorannoo aadaa hawaasaa

jalatti ramadama. Qorannoon gosa akkanaa waan jiruufi jireenya dhala namaa keessa jiru (duudhaa, dandeettii, dadhabina, fedhii, jaalala, jibba…) daawwachuun, gaafachuun, yaadannoo qabachuufi waraabuun ragaalee funaannata.

Hayyoonni Palmer & Bolderston (2018:16) jedhaman maalummaa qorannoo akkamtaa yoo ibsan,"Qualitative research methods are designed to help researchers understand people and the social and cultural contexts within which they live," jedhu. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, qorannoon akkamtaa qorataan waa'ee hawaasa qorannoorratti adeemsisuu haala hawaasummaafi jireenya isaan keessa jiraatan hubachuun hojiisaa akka haalaan adeemsisuuf gargaara yaada jedhu kan ibsuudha. Kanajechuun, qorannoon akkamtaa qorataan hawaasa keessatti argamee qorannoosaa madda amanamaarraa argatee akka adeemsisuuf kan gargaaru akka ta'eedha. Qorataan mala qorannoo akkamtaan hojjetu odeeffannoo kan argatu marii adda addaa gaggeessee, daawwatee, gaafateefi keessatti hirmaatee akka ta'e ni hubatama. Haaluma kanaan, anis marii garee garagaraa fayyadamuun namootaafi ogeeyyii ogummaa harkaa meeshaalee aadaarratti qaban waliin mari'achuun qorannoo kana geggeesseen jira. Gabaabumatti, gosoota qorannoo jiran keessaa mata-duree qorannoo kanaaf kan filatame qorannoo akkamtaa maleenyaa sanyaabsaa qaaccessa odeeffannoo akkamtaan ta'ee, meeshaalee odeeffannoon ittiin guurame ammoo karaalee daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataan walitti guuramee erga qacceeffameen booda kan dhiyaateedha. Dabalees, qorannicha galmaan ga'uuf, ragaan kallattii adda aadaatiin qorataan walitti qabe akkaataa soqa/barbaacha hiika ragaan bira ga'amuuf yaalamee jira.

Qorannoon kun Godina Wallaggaa Lixaa keessatti aanaalee argaman keessaa aanaa Gimbii, Boojji Dirmajjii, Mana Sibuu, Laaloo Assaabii, Gullisoo, Sayyoo Nooleefi Noolee Kaabbaa filachuun gaheefi hiika meeshaaleen mana keessaa aadaa keessatti qaban xiinxaluurratti kan xiyyeeffateedha. Sababni godinni kuniifi aanaaleen kunneen filatamaniifis bakka jireenya koofi odeeffannoo ga'aafi amansiisaa ta'e haala nama hinrakkifneen naanna'ee funaannachuuf yookaan argachuuf na dandeessisa jedhee waanan yaadeefiidha. Meeshaaleen aadaa qorannichi irratti geggeeffame akkaataa wantoota irraa hojjatamaniin kan mukaa keessaa barcuma, boraatii, bokkuu, siiqqeefi kkf, kan migiraafi buqqee keessaa qabee, ro'oo, dibduufi kkf, kan migiraa keessaa gundoo booree, kan biyyoofi suphee keessaa gumbii, okkotee, gaanii, waciitii xuwweefi kkf, kan gogaa keessaa gaachanaafi alangee kan sibiilaa keessaa ammoo kallacha, cancalliifi

eeboon filatamuun xiinxalamanii jiru. Gosoota meeshaalee aadaa keessaa isaan kunneen idileen tajaajila sadarkaa hawaasa tokkoo keessatti kanneen bal'inaan mul'ataniidha.

### 3.2 Madda Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaa fayyadameen jira. Akka madda odeeffannoo tokkoffaatti kan ani itti gargaarame kallattiin namoota ogummaa meeshaalee aadaa adda addaa hojjechuu qabaniifi meeshaalee aadaa bakka isaan jiranitti qaamaan argamee keessatti hirmaachuun, viidiyoo waraabbachuu, suura kaafachuun geggeesseedha. Inni kan biraan, naannoo qorannoo caqafaman keessatti argamuun namoota ogummaa meeshaalee aadaa hojjechuurratti muuxannoo qaban kanneen sirriitti beekaniifi dhimma meeshaalee aadaa Oromoorratti muuxannoo qaban gaafachuun odeeffannoo amansiisaa funaannadheen jira.

Maddi odeeffannoo tokkoffaan odeeffannoo odefkennitoota irraa kallattiin dhiyaachuudhaan tooftaa ittiin walitti qabataniidha. Yaada kana ilaalchisee Kabir (2016:204) yoo ibsu,"ragaan madda tokkoffaa ragaa yookaan odeeffannoo abbaa dhimmaarraa qaamaan argamuudha. Maddi ragaa tokkoffaa kan duraan hinwaraabamne, hinmaxxanfamneefi kaayyoo amansiisaa ta'e qabuudha" jedha. Kanamalees, ragaan akka kanaa kan hinjijjiiramne, hinfooyyofneefi amanamummaansaa madda ragaa lammaffaa haalaan kan caaluudha. Madda odeeffannoo kana madda odeeffannoo lammaffaarraa adda kan taasisu qorataan kallattiidhaaan namootaafi naannoo filatamanitti fuulaafi fuulatti bira ga'uun waan arguufi dhaga'u odeeffannoo qabatamaa karaa ittin sassabatuudha. Akka madda ragaa 1ffaa tti qorannoo kana keessatti kan dhimma itti ba'aman bakka hojiilee ogummaa harkaa kanneen akka suphee, muka, sibiila, gogaafi migiraa, akkasumas, mana namoota dhuunfaafi bakka sagadaa meeshaalee aadaa hedduu kuufatanii qabaniidha.

Inni itti aanu, madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaati. Maddi ragaa akkasii ragaalee dokimentii adda addaa odeeffannoo waa'ee qorannichaa deeggaruu danda'an sakata'uudhaan kan argamaniidha. Sababni madda laammaffaa jechisiises kallatiidhaan osoo hintaane kitaabileefi ragaalee adda addaa irraaa odeeffannoo sassaabamee taa'e waan ta'eef madda kallattii osoo hintaane madda lammaffaa dha. Madda ragaa lammaffaa jechuun ragaa yookaan odeeffannoo jalqaba funaanamee taa'erraa kan argamu jechuudha. Odeeffannoo nama kan biraan duraan hojjetame, ragaawwan dhimma biroof walitti qabaman ragaalee madda lammaffaa

jedhamu. Akka madda ragaa 2ffaa tti kanan dhimma itti ba’e ragaalee waajjira aadaafi turizimii naannoo qorannichaafi waajjira Koomunikeshinii mootummaarraa ragaaleefi dokimentii adda addaa odeeffannoo waa’ee qorannichaa deeggaruu danda’an sakata’uudhaan kanan argadheedha.

### 3.3 Iddattoofi Iddatteessuu

Qorataan qorannoo adeemsisee odeeffannoo fudhatama qabuufi qabatamaa ta’e argachuuf iddattoowwan ofeeggannoon filachuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee Taherdoost (2016) yoo ibsu, “qorataan gaaffilee qorannoosaa hunda deebisuuf odeeffannoo bakka qorannoo itti adeemsisuu funaanuu qaba. Kana gochuuf immoo qorataan iddattoo filachuun dirqama,” jedha. Bakki qorataan iddattoota kanneen filatu immoo jamaa qorannoo jedhamu. Jamaa hundarraa odeeffannoo argachuun qorataarraa yeroofi maallaqa ga’aa waan barbaaduuf kana hambisuuf immoo iddattoo filachuun furmaata akka ta’e kan ibsuudha. Kanaaf, iddattoo filachuun kan barbaachiseef yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaadameeti.

Kanarraa ka’uun, malli iddateessuu qorannoo kana keessatti dhimma itti ba’aman mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu eertuu yookaan darbaadabarsaafi mala iddatteessuu akkaayyooti. Waa’ee mala iddatteessuu miti-carraa Taherdoost (2016:22) yoo ibsu, “iddatteessuun miti-carraa kallattiin hojii qorannoo akkamtaafi qorannoo haalaa keessatti hedduu tajaajila,” jedha. Qorannoon mala kanaan geggeffamu lakkoofsaan osoo hintaane kanneen jechaan ibsaman adeemsisuuf kan gargaaruudha. Waan kana ta’eef, qorannoo haala kanaan adeemsifamuuf malli kun filatamaa akka ta’e ibsa. Malli iddatteessuu eerummaa kun irra caalaa kan filatameef namoota ogummaa meeshaalee aadaa hojjechuu qabaniifi bakka meeshaaleen aadaa kunneen jiran bal’inaan ofii kootiif waanan hinbeekneef, namoota ogummaa meeshaalee aadaa hojjechuu qaban ilaalchisee odeeffannoo bal’aa argachuu kanan danda’u mala kanaan waan ta’eefi mala kana filadhe. Mala kanaan namoonni naannoo kana jiraatan namoota ogummaa meeshaalee aadaa hojjechuu qabaniifi bakka meeshaaleen kunneen baay’inaan itti gargaaraman eessafaa akka ta’an erga naa eeranii booda eeruun jara bira dhaqee odeeffannoo irraa funaannadheen jira. Waan kana ta’eef, malli kun iddattoowwan muraasa odeeffannoon irraa argamu argachuuf mala filatameedha. Kanaafuu, malli iddatteessuu eerummaa kun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan naaf ga’ee jira.

Hojiirra oolmaa iddatteessuu irratti aanaalee digdamii tokko (21) Godinni Wallaggaa Lixaa qabu keessaa, aanaalee torba(7)fi gandeen digdamii tokko (21) filadheen jira. Sababni ani aanaaleefi gandeen kanneen filadheefis, akkan hojjeettoota waajjira Aadaafi Turizimii godinichaa mariisisetti aanaaleen kunneen rakkoo nageenyaa hammaataa kan hinqabneefi manguddoonni haala fakkoommii meeshaalee aadaa sirritti beekan kan keessatti heddummatan dabalees, aanaaleen eeraman kunneen godinichatti kan dhiyaataniifi daandii geejibaaf tolu kan qaban baasii, humnaafi yeroo ni qusatu jedhamanii waan eeraniif aanaalee kanneen filadheen jira. Iddatteessuu eertummaa fayyadamuun namoota odeeffannoo kennuu danda'an mala kanaan filadheen jira. Hojiirra oolmaa iddatteessuurratti namoota waa'ee meeshaalee aadaa Oromoorratti hubii gahaa qaban aanaalee torbanuu gandoota digdamii tokko keessaa filachuun ragaa funaannadhe. Kunis, namoonni kun kallattii garaa garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya waan qabaniif odeeffannoo gaarii ta'e akkan argadhuuf na dandeessisee jira. Akkasumas, hojjettoota waajjira Aadaafi Tuurizimiifi Waajjira godinichaafi aanaalee filataman keessaa namoota filachuun qorannoon kun geggeeffamee jira.

### 3.4 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoon qulqulleeffataa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala funaansa ragaa adda addaatti gargaaramuu ni danda'ama. Qorannoo akkanaa keessatti daawwannaa, afgaaffii, ragaalee barreeffama adda addaa sakatta'uufi marii garee xiyyeeffataatiin ragaa funaanuun qorannoo geggeessuun nidanda'ama. Qorannoo qulqulleeffataa keessatti qorataan malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu ni danda'a. Haaluma kanaan, malawwan funaansa odeeffannoof fayyadan keessaa kanan dhimma itti ba'e sadiidha. Isaanis: daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataati. Maloota funaansa ragaa hedduutti fayyadamuun tarsiimoo funaansa ragaa keenyaa wantoota cimsan keessaa adda durumaan eeramuu danda'a.

#### 3.4.1 Daawwannaa

Meeshaalee qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin sassaabame keessaa inni angafti daawwannaa dha. Qorannoo kana kallattii barbaadameen galmaan ga'uuf odeeffannoo barabaachisaa ta'e karaa mala kanaa funaannadheen jira. Qorannoo ani geggeesse kun aadaa hawaasaan walqabataa yemmuu ta'u, qorannoon aadaa hawwaasichaan walqabataa ta'e immoo odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf daawwannaa hirmannaa qabutti gargaaramuun bu'a qabeessa nama taasisa. Sababiin

isaas qaamaan bakkichatti argamuun daawwachuun haala aadaa hawaasichaa dhuga qabeessa ta'e argachuuf waan nama dandeessisuufiidha.

Daawwannaan rakkoo jiru bira ga'anii ilaaluun waa'ee rakkoo sanaa waan tokko jechuudha. Qoratichi qaamaan argamee rakkoo sana ilaaluun ni barbaachisa.Yaada kana deggeruun Stein (1964:35) yoo ibsu,"Odeeffannoon daawwannaan argamuu odeeffannoo kan afgaaffiin argamu caalaa fudhatama qabeessa," jedha. Daawwannaan karaa barbaachisaa naannoo keenya haalaan akka hubannuuf nu taasisan keessaa isa ijoodha. Dhalli namaa odeeffannoo naannoosaa jiru karaa qaama miiraasaa dafee hubachuuf aangoo guddaa qaba. Odeeffannoon karaa daawwannaa argamu kan dhaggeeffachuun argamu caalaa daran barbaachisaadha. Kanamalees, daawwanaan mala odeeffannoo gadfagoo argachuuf nu gargaaru keessaa isa ijoo akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Bifuma kanaan anis aanaaleefi gandoota filataman keessatti guyyaa 21/4/2014 hanga 22/6/2015 argamuun manneen amantaa lama (2), iddoo hojii suphee afur (4), iddoo hojii sibiilaa torba (7), iddoo hojii mukaa tokko (1)fi manneen namoota dhuunfaa kudha-afur (14)tti argamuun meeshaalee aadaa garaagaraa 98 ta'an funaanuun kanneen keessaa naannoo manaatti kan dhimma itti ba'aman afurtamii tokko (41) ga'eefi hiika isaaniis xiinxalee raawwadheen jira. Suura kaasuun meeshaalee aadaa aanaalee kanneen keessa jiran yookaan keessatti argaman fakkoommii isaanii waliin fudhachuuf yaaleen jira. Bu'uuruma kanaan, bakka meeshaaleen aadaa kunneen jiraniifi itti hojjetaman hundatti argamuun meeshaaleen kunneen eenyuun akka hojjetaman, yoom akka hojjetaman, eessatti akka hojjetaman, haala kam keessatti dhimma akka itti bahamaniifi kanaafi kana kan fakkaatan, yeroo meeshaaleen kunneen hojjetamaniifi bakka isaan jiranitti argamuun, viidiyoo waraabbachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannadheen jira.

### 3.4.2 Af-gaaffii

Meeshaalee qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin sassaabame keessaa inni biraan afgaaffiidha. Malli kunis mala ani odeefkennitoota waliin fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo qorannoo koof na barbaachisan afaaniin gaafachuun funaannadheedha. Maalummaafi gosoota afgaaffii Kabir (2016) yoo ibsu, "meeshaalee funaansa ragaalee keessaa tokko kan ta'e afgaaffiin gaaffii dirreerratti qorataan qaamaan argamee gaafatamaa gaafachuun deebii argatuudha," jedha.

Afgaaffiin karaalee adda addaa raawwachuu kan danda'uudha; isaanis: fuulaafi fuula nama tokko waliin, fuulaafi fuula garee waliin raawwaachuutu danda'ama. Afgaaffii karaa meeshaalee elektirooniksii adda addaa fayyadamuun raawwachuu akka dandeenyuufi afgaaffii bifa caaseffammaafi miti caaseffamaan geggeeffamuu ni danda'a. Afgaaffiin keessoofi yaada gadi fagoo gaafatamaa yookaan deebisaa keenyaa akka argannuuf carraa kan nuuf kennuudha. Kanamalees, sadarkaa hubii gaafatamaa yookaan muuxannoo isaa guyyaa guyyaa akka hubannu kan nu taasisuudha. Kunis, mala kana qorataan yoo fayyadamu gaafatamaan maal akka gaafatamuuf deemu beekee karaa qabsiisuuf mala fayyaduudha. Kana malees, qorataafi gaafatamaan sodaa malee waliin akka haasa'an gochuun qorataan waan barbaade akka argatu taasisa jedhudha.

Gama biraatiin, malli kun dandeettii dubbisuu qabaachuu odeefkennitootaa waan hingaafanneef namni ogummaa meeshaalee aadaa qopheessee itti fayyadamuufi nama biroofis kennuu odeeffannoo ga'aa akka naaf kennaniif daandii saaqee jira. Kanaafuu, malli kun malawwan kanneen biroo caalaa filatamaafi kan odeeffannoon bal'aan ittiin argameedha jechuun ni danda'ama. Namoonni afgaaffiirratti hirmaatan aanaaleefi gandoota hunda keessaa dargaggoota Dhiira kudha-afur (14), Dhalaa torba (7), maanguddoota Dhiira digdamii saddeet (28)fi jaarolee kudha-afur (14) waliigala namootni jahatamii sadii (63) afgaaffiirratti hirmaatanii jiru. Kanumarraa ka'uun, afgaaffii caaseffamaa 9 qopheessuun odeefkennitoota irraa odeeffannoo kanan funaannadhe yoo ta'u, xiyyeeffannoon gaaffilee kanneeniis giddugaleessaan gaheefi hiika fakkoommii meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman qaban cuunfee kan qabateedha.

### 3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffataa

Meeshaaleen qorannoo kanaaf odeeffannoon ittiin funaaname inni sadaffaan marii garee xiyyeeffataa yoo ta'u, kaayyoon isaas qorannoo kana qixa barbaadamuun galmaan ga'uuf odeeffannoo dabalataafi qabatamaa ta'e ittiin argachuufiidha. Mariin garee xiyyeeffataa saxaxa qorannoo akkamtaa keessatti daran barbaachisaadha. Malli kun odeeffannoowwan adda addaa namoota kallattii mata-duree qorannoo sanaan hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsa cimaa qaban irraa qaamaan dhiyaachuudhaan odeeffannoo fudhachuudhaaf daran gargaara. Akka mala akkamtaatti meeshaalee funaansa ragaaleef gargaaran keessaa mariin garee xiyyeeffataa namoota yookaan hirmaattota wal fakkeenya qaban bakka tokkotti walitti fiduun waan garaasaanii akka

fedhasaanitti qorataatti akka dubbatan mala taasisuudha. Qorataan yeroo akka kanaa meeshaalee waraabbii adda addaafi barreeffamoota garaagaraa fayyadamuun ragaa walitti qabachuu kan danda'uufi hirmaattotumti yaada maddisuun carraa odeeffannoo haaraa burqisiisuu akka argatan mala taasisuudha. Malli kun callisanii nama walitti naqanii kan mariisisan yookaan dubbachiisan miti; marii addaa gama kaayyoon, baay'ina namaan, caasaasaafi adeemsa isaan adda kan ta'eedha. Maree garee xiyyeeffataa keessatti hirmaattotni ulaagaa isaan ittiin filataman haala hubii dhimma sanaa waliin qabaachuu isaaniirratti hundaa'eeti. Kanaaf, mareen garee xiyyeeffataa namoota dhimma barbaadamerratti hubannaa ga'aa qaban waliin maree adeemsifamu akka ta'e hubachuun gaarii ta'a.

Haaluma kanaan, gaaffileen marii garee qorannicha milkeessan odeefkennitoota keessaa kanneen ani odeeffannoo naaf kennu jedhee itti amanu, namoota haala hojii ogummaa meeshaalee aadaafi akkaataa meeshaaleen aadaa hiika itti argatan beekan afgaaffiif iddoo garaagaraatii iyyaafachuun dhiyaatan walitti qabuun geggeesseen jira. Haaluma kanaan, raghimtoonni marii garee xiyyeeffataa keessatti hirmaatan waliigalatti namoota kudha saddeetiidha. Isaanis, garee sadiitti kan qoodaman yommuu ta'an, miseensi garee tokkoo raghimtoota ja'a ofkeessaa qaba. Kunis, aanaalee sadii jechuun, ona Gimbii, Noolee Kaabbaafi Laaloo Assaabii keessa kan jiraatan yoo ta'an, kunis, guyyaa hawaasni aanaalee kanneenii ayyaana yookaan jiila gaggeeffatu beellamaan irratti argamuun afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataa fayyadamuun ragaalee walitti qabadheen jira. Gaaffilee maree garee xiyyeeffataaf dhiyaatan 6(jaha) bu'uura godhachuun kan mari'atan yoo ta'an, marichi sa'atii 1:00-1:30tti kan geggeeffame ture.

### 3.5 Meeshaalee Ragaan Ittiin Qabatame

Meeshaalee ani odeeffannoo ittiin funaannachuuf fayyadame kanneen ijoon yaadannoo dirreerraa qabachuu, meeshaa ittiin sagalee waraaban, kaameraafi viidiyoodha. Warraabbiin sagalee afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataa waa'ee haala hojii, qabata yookaan sababa meeshaaleen aadaa kunneen hiika itti argataniifi faayidaa meeshaaleen aadaa qaban irratti haalaan kan xiyyeeffatu yoo ta'u, odeeffannoon daawwannaan argame ragaa waraabame waliin kan wal deggeruudha. Dhumarratti, waan waraabame isaan dhageessisaa iddoo itti dabaluun narra jiraatutti itti dabalaa, kan irraa hir'isuun narra jiraaturraa hir'isaa kan raawwatameedha.

Waraabbii viidiyoos ta'e meeshaalee biroo akkuman xumureen kompitaraan ragaalee sassaabaman tartiibaan qindeessee barreeffamatti jijjiireen jira.

### 3.6 Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Gosoonni qorannoofi malleen qorannoo adda addaa akkuma jiran odeeffannoowwan adda addaa maddeen garagaraa irraa walitti qabaman tooftaalee ittiin qaacceffamanis qabu. Ragaalee qorannoo meeshaalee qorannoo adda addaatiin odeeffannoo walitti qabatan kallattii adda addaatiin qaaccessuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, malli qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame gosa qorannoofi saxaxa qorannichaa bu'uureffachuun mala qaaccessa odeeffannoo akkamtaatiin qaacceffamuun kan dhiyaateedha. Kanaaf, odeeffannowwan kanneen akka daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataan argaman gadi fageenyaan ergan xiinxalee booda hiika itti kenneen jira. Maddeen kanatti gargaaramee odeeffannoon walitti qabadhe mala akkamtaa fayyadamuunin qaaccessee jira. Ragaaleen qorannoo kanaaf funaanamanis tooftaalee garaagaraatiin mala akka gosa isaaniitti qooduufi ibsaatiin qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu erga funaanamee booda bakka adda addaatti qoqqoodamuun ibsame. Odeeffannoon afgaaffii, daawwannaafi maree garee xiyyeeffatan funaanaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti guurama'anii ibsaman. Ibsi itti kennames haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii waliiniidha.

Akka waliigalaatti, haala hiika fakkoommii meeshaalee aadaa naannoo Maccaa keessatti argaman, gosoonni meeshaalee aadaa kunneen maal maal akka ta'an, hawaasni Oromoo naannoo kanaa yoom yoom akka itti gargaaramu, sadarkaa umurii kamiin akka itti faayadamaman, qabata maaliin akka hiikaman, irra jireessaan qaamni kam akka itti fayyadamu, maalirraa akka hojjetaman,eenyu akka hojjetu, faayidaa meeshaaleen aadaa kunneen hawaasdinagdee uummataa keessatti qaban, faayidaa akkamiif akka oolaniifi akkaataa itti fayyadama meeshaalee kanneenii irratti ibsi gabaabaan erga itti kennamee booda, tokko tokkoo isaanii ragaa meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka afgaaffii, maree garee xiyyeeffataafi daawwannaarraa argaman yaada qorattootaafi odeefkennitootaa wajjin wal deggersiisuun ibsi bal'aan kan itti kennameedha.


### 3.1 Naamusa Qorannoo

Qorannoon yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataa isaa qaba. Namni qorannoo gaggeessus of eeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irraa eegama. Kunis, hawaasa sanaan walfakkaatanii waan isaan raawwatan hunda raawwachuun safuu hawaasichaa eegaa waliin jiraachuun hojii ofii hojjechuu jechuudha. Kana jechuun, qorannoo tokko gaggeessuufi milkeessuuf haalli dhiyeenyaafi akkaataan qorataa murteessaa akka ta'e namatti kan agrsiisuudha. Kana hunda raawwachuuf qorataan hawaasa sana bira tutturuun yaada isaanii baruufi akka hawaasichaatti hojjechuun waan hedduu barbaachisaadha. Kana jechuun, qorataan hawaasa kana wajjin turee dursa waan gochuu qabuufi hinqabne, dhimma laguu qabu akka itti himaniif eyyama gaafachuu qaba jechuudha. Sana booda, sirnicha irratti yookaan waan daawwachuu qabu sana keessatti argamuun waan waraabbachuufi suuraa kaasuun dhoowwaa ta'e irraa of eeguun hawaasaaf amanamee hojiisaa raawwachuu qaba. Bakka itti walii galetti immoo suura kaasuun suurichi maaliif akka oolu duursee itti himuudhaan fedhii qabaachuu isaanii addaan baafatee erga eeyyamsiisee booda fudhachuun hojii qorannoo isaaf oolchata jechuudha.

Haaluma kanaan, anis akkaataa uffannaa, aadaa nyaataafi amantii isaanii kabajuudhaan odeefkennitootan walii galee daawwannaa koofi hojii koo raawwadheen jira. Kanaan booda, meeshaaleen aadaa kunneen bakka isaan itti argamaniifi itti hojjetaman dhaquun eeyyama gaafachuun bifa suuraafi viidiyoon aadaan isaanii akka mul'atuuf erga eeyyamsiisee booda suuraan meeshaaleen aadaa kunneen qorannoo kanaaf kan dhimma itti bahamaniifi hojii biraaf akka hinoolle itti himuun fudhatamanii jiru. Sana booda, ragaaawwan sagaleefi viidiyoo kaameraan waraabaman dhageeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiruun ragaalee wal fakkaatan iddoo tokkotti gurmeessuu, qoqqooduun kan qaacceffamaniidha.

**BOQONNAA AFUR: HAALA WALIIGALAA NAANNOO QORANNOO**

## 4.1 Kaartaa Godina Wallaggaa Lixaa




***Madda: Waajjira Karooraafi Misooma Dinagdee Godina Wallaggaa Lixaa bara 2023/2016***

## 4.2 Haala Teessuma Lafaa Godina Wallaggaa Lixaa

Hawaasni Oromoo naannoo Maccaa: Godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatu bakka tokko tokkotti walitti siqee yommuu jiraatu, bakka tokko tokkotti immoo walirraa gargar faffaca’ee jiraata. Kunis kan ta’e haala teessuma lafasaa, haala hojii ittiin bulmaata isaaniitiif mijatuttiidha. Haalli faca’iinsa uummata Godina kanaa $km^2$ bal’aatti tilmaamamu uwwisee akka argamu ragaan Waajjira Karooraafi Misooma Dinagdee Godina Wallaggaa Lixaa bara 2016 qindaa’e jirurraa argame ni ibsa. Godina kana keessa kan jiraatu baay’een isaa qomootiin uummata

Oromoo yommuu ta’u, uummanni Amaaraafi kanneen biroonis darbanii darbanii ni argamu. Qooqni aadaa uummataa keessaa kutaa tokko yommuu ta’u, reeshoon isaas baay’ina uummataa duukaa deema. Haaluma kanaan, Afaan Oromoo afaan bal’inaan Godina kana keessatti dubbatamuufi dagaagee argamuudha. Godinni Wallaggaa Lixaa Godinaalee 21 Motummaa Naannoo Oromiyaa keessaatti hundeeffamanii jiran keessaa isa tokko ta’ee, Finfinneerraa gara Lixaatti km 441 irratti yoo argamu, magaalaa Gimbii teessoo bulchiinsaa godhatee, kallattii kaabaan $8^0 12^{'}$–$10^o$03 Laatiitiyudii, Bahaan $34^0$08’-360’-10’ Loongiitiyudi gidduutti; akkasumas, Lixaan Qellem Wallaggaa, Kaaba Lixaan Motummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuz, Bahaan Wallaggaa Bahaa, Kibbaan Motummaa Naannoo Gambeelaafi Iluu Abbaa Booraatiin daangeffamee lafa bal’ina km$^2$ **13,351.886** tti tilmaamamu huwwisee argama. Godinichi aanaalee 21fi bulchinsa magaalotaa 3 walitti 24, akkasumas gandoolee magaalaa 39 fi baadiyyaa 488 waliigalatti gandoolee 527 qaba**.**

### 4.3 Haala Qilleensaafi Rooba Godina kanaa

Jijjiirama qilleensaa Altiituyuudiifi Laatiitiyuudii kan hordofu garaagarummaa hoo’ina waggaa $15^o$c hanga naannoo $30^0$c kan qabuufi %5 Baddaa**,** %72 Badda-dareefi %23 Gammoojjiidha. Facaatii ammamtaafi turmaataan haala qilleensafi teessuma lafichaa hordofee kan jijjiiramu ta’ee naannoon baddaa gara Bahaa rooba mm 1800- mm2000, garri giddu galeessaa mm1600-mm 1800, iddoowwan hafan mm 1200-mm1600 fi iddoowwan rooba xiqqaa mm 800 – mm 1200 akka argatan ragaan tokko tokko ni ibsu (***Madda: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Wallaggaa Lixaa)*****.**

### 4.4 Hambaalee Aadaa, Seenaafi Artii

Ona Noolee Kaabbaatti gidduu gala yookaan galma sirna amantaa Duudhaa Dilaa koobii warqee, hora Dardaraafi siidaa Jorgoo Dagaagoo, ona Hoomaa ganda siibaa Meetos, ogummaa ijaarsa mana duriifi meeshaalee suphee, muka, sibiilaafi ona Gullisoo (Gujii Geettare)fi Aayiraatti (ganda Abayyanii), hafteen sirna amantaa siidaawwan meeshaaleefi kkf ni argamu. Ona Laaloo Assaabiitti masaraa Fitawuraarii Bulchaa Firdiifi meeshaalee hambaa ganda Buukkoo Assaabii, Najjootti iddoowwan akka qotaa Najjoo, Guutee Dilii, Yaa’ii yookaan Tutee mi’aa, ona Gimbiitti giddu gala ogummaa harkaa oomisha meeshaalee aadaa Gadaa Dissii, ona Boojjii Dirmajiitti haftee masaraa Dibaabaa Bakareefi siidaawwan Boojjii Karkaroo misiyoonota

amantii dagaagina Afaan Oromoon tattaaffii Abbaa Gammachiis dhuma jaarraa 19ffaan boodaan hidhata qaban, ona Gullisootti haftee masaraa Balaambaraas Gammadaa Urgeessaa, Ona Sayyoo Nooleetti Hora Torbaatama (meexxii, Dhagaa Geelaafi kkf), ona Ganjiitti horawwan fayyaa beeladaafi sirni biroon walqabaatan, ona Haaruutti iddoowwan seenaa laga Koriifi haroo Congee, hojii qotaa warqeefi pilaatiniyeemii akkasumas, dhagaa Goordanaa, oomisha meeshalee sibiilaa adda addaaf oolu, aanaalee Yuubdoo, Aayira, Najjoo, Laaloo Assaabii keessatti akkasumaas haroowwan nam-tolchee'Giddib'Intoo (Boojiifi Gommii (Gullisoo)fi gaaniin umurii jaarraa tokkoon ol qabu, Ona Haaruufi kkf Godina Wallaggaa Lixaa ibsuuf qooda guddaa kanneen qabaniidha.

**A. Gadaa Dissii**

Uummanni Godina Wallagaa Lixaa kun hojii qonnaafi daldala cinatti hojiilee ogummaa harkaa garaa garaa hojjechuun jireenya isaa gaggeeffataa kan tureefi jiruudha. Hojiileen ogummaa harkaa kunneenis: sibiila tumuu (eeboo, ankaassee, maarashaa, qonyee, qottoo, qarabaa, haaduu), gogaa duuguu (wantee, itillee, qalqalloo,teepha, hudhaa, kooraa fardaa), jirbii foo'uun uffata dhahuu meeshaaleen kunneenis: (gaabii, bullukkoo, sabbata, qomee, uffata aadaa) meeshaalee qonnaa (noohee, gindoo, waanjoo, loloosoo, babattee, dhiittaa, harkiftuu, gubbee, hudhaa, digarii, bulbulaa) tolchuu, mukeen bocuun meshaalee mana keessaa (barcuma, siree, minjaala, boraatiifi kkf) tolchuufi hojiilee kanneen biroo hojjechuun dingdeen isaanii akka cimuufi guddina biyyaa irrattillee qooda fudhachuun jireenya isaanii gaggeeffataa turanii ammas geggeessaa jiru.

Gadaan Dissii maqaa namaati. Jalqaba walitti bu'iinsi daangaa Oromoo Godina Wallaggaa Lixaa gidduuutti adeemsifame dhaloota shan lakkoofsisee jira jedhama. Kunis, walakkaa jaarraa kudha saddeetteffaa (1752) ta'a jechuudha. Dissii Garbii, Gidaadaa Garbiifi Maatii Garbii yeroo walitti bu'iinsa Oromoota Godina Wallaggaa Lixaa tilmaamaan jalqaba walakkaa jaarraa kudha saddeettaffaa humna waraanaa Leeqaa bakka har'a Dongoroo Dissii jedhamee waamamutti waraana Sibuu wajjin lola geggeessan. Erga waraana geggeessanii booda deebi'anii biyya isaaniitti osoo hingaliin naannoo Dongoroo Dissiitti hafan. Obbolaawwan sadan kunneen Dissii, Maatiifi Gidaadaa Garbii achumatti erga hafanii booda, hawaasa Oromoo naannoo Dongoroo jiraatan irraa ogummaa adda addaa baruu jalqaban. Oromoonni yeroo sanatti naannoo kana turan ogummaa hojii sibiilaan beekamoo turan; qomoon kun immoo Enimaayii Boollee jedhamu turan.

Obbolaawwan sadan ogummaa adda addaa baruu jalqaban. Dissiin ogummaa hojii harkaa har’a naannoo kanatti beekamu sibiila qaraafi ilka arbaa walitti fiduun bobboca adda addaa kalaqa mataa isaan uumuu bare. Maatii Garbii immoo ogummaa harkaa uffata dhahuu barate. Dissii Garbii erga naannoo kanatti dhufee achitti hafee ilmaan dhiiraa sadii: Gadaa, Jimmaafi Horroon godhate. Dissiin meeshaalee adda addaafi faaya aadaa maatii moototaaf hojjechaa akka turetu himama. Yeroo sanatti kan inni hojjetu faaya aadaa elboraa, maldaa yookaan bitaa’oo, mooqaa, filaa shurrubbaa fa’i. Meeshaaleen armaan olitti caqafaman intalli mootiifi haadha manaa mootiif akka meeshaa aadaatti fayyadaa turan. Gara boodaa keessa ilki arbaa naannoo isaan jiraatan kanaa dhibamee jennaan gara naanoo har’a Maqa-Najjoo jedhamee waamamuutti ilmaan isaa sadan erge. Ilmaan isaa sadan keessaa Gadaan ilka arbaa kana dhabee achummaan naannoo Maqa-Najjootti hafe. Ilki arbaa dhibamee jennaan muka kanneen akka akka Gambeelaa, Waddeessaafi kkf irraa ogummaa abbaa isaarraa barate ballisee akkasumas ogummaa haaraa uumee hojjechuu eegale. Ogummaa inni jalqabe kun kan akka barcuma hirkoo abbaa miila sadii, gaatee geengoo utuu mismaaraan walitti hinrukutne, siree teephaa, mooyyee tumaa, mooyyee bunaa, geeba dhugaatii itti dhuganiifi kkf hojjechuun hanga har’aatti iyyuu iddoon kun kanaan beekama.

### B. Gaara Abbaa Seenaa

Gaarri abbaa seenaa gaara marfata baay’ee qabu kan magaalaa Naqamteefi Gimbii gidduutti argamuudha. Maqaan abbaa Seenaa jedhu maqaa namaati. Innis Garbaa Duubee Bongaasee jedhamu abbaa qalaadii naannoo sanaa yommuu ta’an, maqaa Giraammaash Abbaa Seenaa yookaan Giraammash Garbaa Duubee jedhamanii waamamaa turan; iddoon dhaloota isaanii iddooma sana. Barri isaas bara Atsee Minilik keessa kan turaniidha. Sababni moggaasa kanaas namootni durii miilaan waan deemaa turaniif gaara abbaa Seenaa deemanii ol ba’uun baay’ee waan nama rakkisuuf yookaan waan nama dadhabsiisuuf kun nama qorqiti waan jechaa turaniif kanumarraan ka’uudhaan iddoo gaara abbaa Seenaa kana maqaa addaa isaa qorqaa jedhamee jedhama.

Gaarri abbaa Seenaa dura marsaa 14(kudha afur) yeroo ta’u, yeroo ammaa garuu erga daandii ‘asfaaltiin’ hojjetamee hojjettootni daandii kana mala ammayyaan gara marsaa 8(saddeetii)tti xiqqeessanii jiru. Gaarri kun marfata isaafii gaarummaa isaa qofa osoo hintaane kan nama hawwatus bosona achirratti argamuudha. Gosootni mukeen bosona abbaa Seenaa keessatti

argamaniis Odaa, qilxuu, dabaqaa, botoroo, mukee, naanasaa, qanqashee, liluu, gambeelloo, harooressa, hudhaa, buulidoo, shimala, burburii, mixoo, kombosha, agamsa, goosuu, baddeessaa, akuukkuu,wadeessaafi kanneen biroo eeruun ni danda'ama. Gaarri abbaa Seenaa magaalaa Gimiirraa 30km kan faagatu yoo ta'u, magaalaa Finfinneerraa immoo 411km fagaatee argama. Weedduun gaara abbaa seenaan wal qabatee hawaasa kana keessatti yaadatamaa jiraatu

*Yommuuttiin qorqaa gahee soogidda qorqun se'e,*
*Yommuu dhidheessa ga'e birriin dibbeessan se'e,*
*Yommuuttiin Tolee ga'ee tola fudhatun se'e, galeen liqeessan se'e,*
*Dhidheessi nooraa dhumaa, hiyyeessi jooraadhumaa jedhe geeraraan (Afgaaffii Amajjii 2015)*

**C. Bosona Cuuttaa**

Bosonni Cuuttaa Godina Wallagga Lixaa ona Gimbii ganda qonnaan bulaa Cuuttaa Giyoorgisii, Cuuttaa Soodduu, Cuuttaa Qakkiifi malkaa Gaasii keessatti argama. Bosonni kun magaalaa Finfinneerraa fageenya Km 449 fagaatee kan argamu yeroo ta'u, magaalaa guddittii Godina Wallaggaa Lixaarraa immoo fageenya Km 8 irratti argama. Bosonni kun bal'ina lafaa hektaara 600 olitti tilmaamamu uwwisee argama. Haalli moggaasa bosona kanaa maqaa dubartii naannoo kana jiraataa turtee aadde Boontuu Gaachaa'oo jedhamturraa ka'ee Cuuttaa Boontuu jedhamuu akka eegaletu dubbatama. Iddoon kun wantoota ajaa'ibsiisoo ta'an baay'ee ofkeessaatti kan qabateedha. Isaan keessaa muraasni bakeewwan waaqaffannaa kanneen akka irreeffannaafi jaarii Oromoo durii itti ba'aa turan of keessaa qaba.

**D. Odaa Giree**

Odaan Giree kan jedhamu naannoodhuma gaara abbaa Seenaa akka jiru maanguddoonni dhimma kana beekan ni dubbatu. Dur odaa baarii qaraxaa kan jedhamutu achi ture jedhama. Bara durii sana bara mootii Haayilesillaasee jala ta'anii qaraxa funaanaa turan jedhama. Akkaataan moggaasa maqaa kanaas nama Giree Quunnaa jedhamu irraa kan mogga'eedha. Odaa kana jalatti immoo jaarii geggeessu, itti irreeffachaa turan. Mukeetiin bosonaa achitti argaman baay'een qorichummaaf akka oolaniidha. Qorichoota dhukkuba adda addaarraa nama fayyisan kan qabatee jiruudha jedhu. Mukeetiin kunneen umurii dheeraa warra jiraatan akkasumallee tajaajila meeshaalee garaagaraa irraa hojjechuuf kan filatamaniidha.

### E. Masaraa Giraazmaach Caalii Yadataa

Teessoon masaraa kanaa ona Boojji Coqorsaa ganda muklamii jedhamuuti. Masaraan kun yeroo durii tajaajila mana mootummaa ta’uun tajaajilaa kan tureedha. Masarichi mana jireenyaa Giraazmaach Caalii Yadataa kan tureefi labsiin bara 1967 booda harka mootummaa jala gale. Kan ijaarame bara 1963-1966tti ogeessota Leeqaa Naqamteerraa dhufaniin yommuu ta’u, dheerina meetira 15.70, bal’ina meetira 17.60, diyaameetira 279.46 $m^2$ irra kan buufateedha. Yeroo ammaa kana mana namoota harka qalleeyyii ta’ee tajaajilaa kan jiruufi qabeenyummaan isaa kan uummataati. Masaraan kun balbaloota torbaafi foddaa kudha tokko kan qabuudha.

## 4.5 Aadaa Uummata Oromoo Godina Wallaggaa Lixaa

Hawaasni waliin jiraatu tokko aadaa kaawwan irraa ittiin adda ta’ee eenyummaa isaa ibsatu qaba. Uummanni Godina kanaa aadaa boonsaa ta’aniifi kan jajjabaachuu qaban hedduu qaba. Isaan kunis, koreewwan wal-gargaarsa iddirii, uqqubii, waldaawwan wal gargaarsa garaagaraafi walii birmachuu qaba. Akkasumas, aadaa nyaataafi dhugaatii, fuudhaafi heerumaa, aadaa meeshaalee aadaa adda addaa, gaddaafi gammachuu, aadaa hojii, sirna waaqeffannaa, kabaja ayyoonotaafi jila garagaraa, isaan muraasa. Aadaan sirna jiruufi jireenya dhala namaa keesatti bal’aa, walxaxaa kan ta’eefi itti jiraachuuf garuu kan nama hinrakkisneefi namatti toluudha. Kanaaf, hiika aadaa kana qofa jedhanii lafa kaa’uun rakkisaadha. Aadaa yoo bal’ifnee ilaallee waan walxaxaafi bal’aa qaama hunda haammatu kan beekumsa, amantaa, aarti, haamilee, seera duudhaa, dandeettiwwaniifi amaloota gargaraa hawaasa keessatti dhala namaatiin argaman kan of keessaa qabuudha. Kanaafuu, aadaan mallattoo uummata tokkooti yoo jedhame waan arbeeffamu miti.

Hawaasni Godina kanaa aadaa hawwataa ta’e afoolawwan garagaraatiin calaqqisan kan namatti tolan hedduu qaba. Afoolli kun immoo faayidaa mataa isaa of keessaa qaba; akkasumas, akaakuuwwan adda addaa qaba.Uummanni Godina kanaa egaa aadaa hedduu faayidaa haganaa qabu itti fayyadamuu isaa malee waa’ee baduufi itti fayyadamni isaanii hir’achaa dhufuu namoota eenyummaa isaaniif quuqaman muraasarraa kan hafe hedduun isaanii waan hubatan hinfakkaatu. Kanaaf, qorannoon kun qaawwa gama meeshaalee aadaan jiru qorachuun adda baasuun ifa baasuuf Godina kana giddu galeeffate. Aadaan mallattoo yookaan ibsituu uummata tokkooti. Wanta baratamaa dhalootaan dhalootaaf darbuudha. Aadaan uummata tokkoo akkaataa

jiruufi jireenya sabichaa guutummaan hammatee jira. Aadaan uummata tokkoo amantii yookaan sirna waaqeffannaa uummatichaas hammachuu mala. Gabaabumatti, wanti aadaan ofkeessatti hinhammanne hinjiru jechuun ni danda’ama. Aadaan haala nyaataa, haala ijaarsa manaa, haala uffannaa, miidhaginaa, gaa’ilaa, gurmaa’insaa, sirna bulchiinsaa, sadarkaa hawaasummaa, waraana, seera, amantii, afaaniifi kanneen biroollee ofkeessatti hammachuu mala.

Egaan aadaan saba tokkoo jireenya isaa keessatti wantoota inni irratti waliigalee fudhate hedduu bakka tokkotti qabatee kan jiru sirna yookaan duudhaadha. Dhimma bulchiinsaafi siyaasa uummata tokkoo yoo ilaalles sirna ittiin walbulchan akkasumas, aangoollee ittiin daddabarsan yoo fudhanne qaamuma aadaati. Aadaan egaa gombisaa waan hundaa yoo jennes waan sobnu nun taasisu. Aadaan kuufama beekumsaa, qaroominaa wantootaafi yaadotaatis. Kanaafuu, aadaan wantoota hawaasni tokko beeku, amanuufi dhalootatti darbu yookaan barsiifamuu qabu kuufama qaroomina barootaati. Walitti qabaatti, aadaan eenyummaa sabaa kan mul’isu ta’ee kan hawaasni ittiin waliin jiraatuudha. Wantoonni inni ofkeessatti hammatu keessaas sirni bulchiinsaa isa tokko. Akka aadaa Oromootti sirna Gadaa kaasnee ibsuu dandeenya. Dur-dur Oromoon akkaataa ittiin rakkoo isaa hiikkatu, waan gara fuula duraatti dhufus dursee mari’atu, seera itti tumatu sirna kabajamaafi daran jaallatamaa iftoomina qabu sirna Gadaa jedhamuu akka qabu addunyaan saalfii malee dhugaa baa’eefii jira. Har’as, dachee Oromiyaa bal’oo mara keessatti guutummaan akka durii sanatti itti fufee jiraachuu baatullee sirni Gadaa geggeeffamaa jira. Maarree Godini Wallaggaa Lixaas aadaa ofiisaa akkuma uummata Oromoo naannoo biraa jiraatuu ni qaba; sirna Gadaas geeggeeffataa jira.

### 4.6 Amantaafi Afaan Uummata Godinichaa

Godina kana keessa bal’inaan hordoftoota amantaa bifa saditu jira. Isaanis: amantaa Kirisitiyaana, Musilimaafi Waaqaeffataatu jiru. Isaan kanneen keessaa amantaan pirotestaantiifi ortodoksii (%80) yoo qabatan, kaatolikiifi adiveentistiin (%10) amantaan musiliimaa (%7) waaqeffataan (%3)dha. Godina kana keessatti afaanonni bal’inaan dubbataman Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Maa’oofi Guraageedha. Isaan kanneen keessa afaan sadarkaa duraatti dubbatamuufi dubbattoota hedduu qabu Afaan Oromoo yoo ta’u innis (%97) ta’a. Afaan Amaaraafi kanneen biroon walduraa duubaan sadarkaa itti aanu qabatanii argamu. Afaan Amaaraa saboota adda addaatiin akka afaan 1$^{ffaa}$tti kan itti fayyadaman (%2) ta’u. Kan hafe %1

afaan Maa'oofi Guraageeti. (***Madda: Waajjira Karooraafi Misooma Dinagdee Godina Wallagga Lixaa bara 2023).***

### 4.7 Hidda Latiinsa Ilmaan Maccaa Naannoo Lixa Oromiyaa


Ragaan seenaa afoola Oromoo Maccaa wabeeffachuun akka addeessutti maddi Oromoo Maccaa Walaabuu Abbayyaa/Mormor ykn Gurraacha Abbayyaa bakka Araddaa Lageen hedduu, bosona magariisa, lafa labbeessa akka jannataa namni jalqabaa Horo abbaan Oromootaa itti uumamee, walhoree bala'tee kumaatama bobbaaseedha. Akkasumas, naannoo cittuuwwan Haroo Coomman Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti, lageen Abbayyaa, Dhidheessaa, Gibee, Gudar, Daabana, Daabbusiifi kkf dabalachuun hidhamiinsa akka qabu eeru. Naannoo golba/ sulula Mormor-Gurraacha Abbayyaa Wiirtuu Ejersa Maccaa jedhamu jalatti dur durii jalqabee Oromoon Maccaa sirna jaarsaafi alangaan kan manguddoonni filataman nama yakke alangaan adabaniin,boodas sirna kakuu Maccaa shanan(The 5-Cannon laws) nama Ajjeessuu, Hatuu, Sobuu, sagaagaluu, kofa uummataa saaquu kan dhorkuuf xiyyeeffateen bulaa ture jedhama. *Madda: (Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa f:27)*

Dhimmoota hawaasummaa, eebbaafi ayyaanota irreessaa keessatti afoolli Oromoo-Maccaa giddugalummaa amantiifi siyaasaa Abbayyaan walqabsiisuun" *Cirracha Abbayyaa ta'aa, hammaarraan isin hinfixin, galaana Abbayyaa ta'aa, waraabbiin isin hinfixin" jedhanii wal-eebbisu*" abbaawoo yookaan Abbayyoo karra naa baniihoo''jedhanii faarsu. Macca jechuun hedduu, baay'ee, danuu, bal'ina yookaan guddina kan agarsiisu, baay'ina uummata Oromoo waliigalaafi kan addumaan gosni yookaan qomoon Maccaa kun horaterraa waan maddeef manneen amantaa kiristaanaa keessattillee 'Waaqayyoo Gooftaa Maccaa' jechuun fayyadamu. Macca yeroo ammaa Godinaalee 10 ol Shawwaa Kibba Lixaafi Shawwaa Lixaarraa eegalee Lixa Oromiyaa mara, Waambaraa/ Matakkal/ Goojamii hanga Sudaanitti fulla'ee jiraata .

Latiinsa hiddaa Maccaa ilaalchisee Horo nama jalqabeerraa eegalee dhaloota 12 booda Raayyaan/ Sapheeraan Ilmaan 4 horatee Isaanis: Tuulama, Macca, Walloofi Kaarrayyuu jedhamu. Akka raghimtoota keessaa obbo Cheerinnat Waaqwayyaa Balaambaraas Jabeessaa Ejjetaa wabeeffachuun ibsanitti, Maccaa Ilmaan 9 qaba. Isaanis: Jaawwii, Liiban Galaan, Jibaati, Tum'ee, Hullee, Abboo, Obo, Walal) fi Ilmaan Meedhichaa 3-Warra Gurraacha Abbayyaa Gama/Balas jiran Abballaan, Laaloofi Gundee ta'ee walumatti-12 tarreessa. Haata'u malee,

ragaaleen kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa akka ibsanitti Macca ilmaan 5 kan horate ta'ee 5nan Maccaa kunniinis 3dan Liiban, 6nJaawwii, 7nGuduruu, Daallee/Daadhiifi Jidda fa'i. Shanan (5 Ilmaan Maccaa kunniin haala armaan gadiitiin bal'inaan ilaalamu.

## Hidda Latiinsa Maccaa




Madda: (seenaa Oromoo 2012 hanga Jaarraa 16ffaa Gul.4ffaa f. 193-208

# BOQONNAA SHAN: MEESHAALEE AADAA BUQQEE HADHA'AA, SUPHEEFI MIGIRARRAA HOJJETAMAN

Boqonnaa kana jalatti ragaalee dhimma meeshaalee aadaa tajaajila mana keessaaf oolanii kanneen daawwannaa, afgaaffiifi maree garee taasifamerraa argaman bakka itti qaacceffaman, haala hojiirra oolmaafi tajaajila isaaniin qoqqoodamuun bakka itti dhiyaataniidha. Meeshaalee aadaa mana keessaa kanneen suphee, mukaafi migirarraa hojjetaman kanneen akkamii akka ta'aniifi yoomessa akkamii keessatti hojiirra akka oolaniifi yeroo ammaa haala akkamiirra akka jiran odeeffannoo kana ilaalchisuun karaa daawwannaafi afgaaffii argaman iddoo itti ibsamaniidha. Gosoonni meeshaalee aadaa tajaajila mana keessaa kennan akka godina Wallaggaa Lixaatti jiran hedduudha. Meeshaalee kanneen yeroo ayyaanota garagaraa, yeroo cidhaa, yeroo imala jireenya guyyaa guyyaatti kan hawaasni itti tajaajilamaniidha. Gosoonni meeshaalee kaanneenii akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

## 5.1 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa buqqee hadhaa'aarraa hojjetamanii

Uummanni Oromoo meeshaalee jiruufi jireenyasaa keessatti dhimma itti ba'aa tureefi jiru wantoota naannoosaatti argaman adda addaa irraa hoojjetatee akkuma dhimma itti bahaa ture, buqqee hadha'aa/ hullee irraas meeshaalee adda addaa tolfachuun dhimma itti ba'aa ture, ammas dhimma itti bahaa jira. Meeshaaleen buqqee hadha'aa yookaan hullee irraa tolfaman kunneen ogeessa ittiin qophaa'an qabu. Meeshaaleen hullee yookaan buqqee hadha'aarraa hojjetaman hawaasicha keessatti faayidaa adda addaa kennu. Akkasumas, adeemsa ittiin qopha'an, galumsa keessatti qopha'aniifi faayidaa sababa taasifachuun qophaa'an qabu. Meeshaaleen aadaa buqqee hadha'aa yookaan hullee irraa qopha'an yookaan hojjetaman akka naannoo Maccaa: godina Wallaggaa Lixaatti beekaman danuudha. Isaan keessaa muraasni: ro'oo, gaayyaa, qabee unata farsoo, qabee unata aannanii, qabee unata bordee, qabee bishaan itti dhugan, qabee aannanii, qabee qorii, shooroo, elemtuu, buddusee, mashaaqulaafi kanaafi kana kan fakkaatan eeruun ni danda'ama.

Adde Faaxumaa Xahaa waa'ee buqqee hadha'aafi bocasaa akkas jedhu, Sanyiin buqqee hadha'aa tokko miti jechuun, 'Buqqeefi nama akka uumu hin beekanii' jechuun mammaakani. Bocni buqqee hadha'aa kan uumamaati boca isaaniirratti hundaa'uun meeshaa kamiif akka oolan akkas

jedhani, hullee gosa adda addaa, abooreef kan oolan bocni isaanii muluuluufi keessi isaanii dhiphaa ta'ee hammaan xiqqaafi guddaa akkasumas dheerina kan qabuudha. Kan dibduu, ukee, guchumaa, xuruuree bukoofi ittoo, okoleefi kkf oolan immoo boca geengoo keessi isaanii bal'aa ykn dhiphaa, hammaan guddaa ykn. xiqqaa akkasumas gabaabaadha. Kan ro'oo, masaaqulaa, gaayyaa, quluuf oolan ammoo hudduufi mataan bal'aateetu mormi qal'aata jedhani.

### A. Okolee



***Suura 1: Okolee (qorataan Amajjii 2015 kan kaafame. Aanaa Noolee Kaabbaatii kan fudhatame)***

Akka aadde Asteer Goobanaa jedhanitti, "hambaan kun akka naannoo godina Wallaggaa Lixaatti qabee aannanii yookaan elemtuu yookaan okolee aannanii jedhama," jedhan. Hambichi waggoota hedduu duraa kaasee buqqee hadha'aarraa ogeeyyii ogummaa hojii buqqee hadha'aa hojjechuu qabaniin kan hojjetamaa tureefi jiru ta'uu dubbatu. Haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa jedhan. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalee hedduu biratti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi golhambaa iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii yookaan kuusaa hambaaleefi seenaafi aadaa uummata Oromoo aanaa Noolee Kaabbaafi godina Wallaggaa Lixaa aanaa Gimbiitti, Ulaa Irreessaa karra amantii duudhaa diinaa abbaa caffee keessatti kan argamuudha.

Adde Masqalee Tolasaa akka jedhanitti, Okoleen yookaan qabeen aannanii yookaan elemtuun meeshaa aadaa hawaasicha keessatti haalaan beekamuudha. Hawaasichi meeshaa kanatti dhimma bahuuf adeemsa ittiin qopheeffatu qaba; innis dura hullee elemtuu ta'uu danda'utu filatama.

Haaluma kanaan gosoota hullee jiran keessaa hullee baadhee kan jedhamutu filatama. Hullee filame kana mataasaa irraa muruun cumaa keessa hullee kanaatti argamu yaasuun akka keessisaa duwwaa ta'utti qulqulaa'a. Hulleen amala hadhaa'uu waan qabuuf hadhaasaa kana akka gadhiisisuuf nisiileffama. Turtii guyyoota sadii hanga shanii booda miicuun qulquleessanii akka qooruuf aduu keessa kaa'uun qoorfamee, qoraasumaan qoraafamee itti fayyadamu jedhan.

Okoleen aannan mucha sa'aa keessaa ba'u itti elmuuf oola. Kana jechuun, dubartootni Oromoo kan itti aannan elmaniidha. Tajaajilli okolee aannan itti elmuu yoo ta'eeyyuu jedhu adde Bungulee Garbichoo, “okoleen buqqee akka salphaatti dhiqamee qulqullaa'uufi yeroo qoraafamus foolii qoraasumaa waan ofiitti qabatuuf baay'ee filatamaadha,” jedhu. Okoleen hawaasa kana biratti kabajaafi safuu qaba. Hawaasni kun okolee bira safuu ittiin darban qabaachuus akkas jedhani, okolee tajaajilaf bahe irra hin tarkaanfatan, hamma okoleen bahe ol deebi'uutti eegu. Akkasumas, nama sa'a elmaa jiru bira yoo gahan, nooru okolee kun kabaja okolichaati jedhu. Dubartiin sa'a jala okolee baattee elmaa jirtuus hamma sa'a jalaa ol deebituutti namaa waliin hin dudubbattu. Erga okolee lafa keessee galata Waaqaaf galfattee dubbatti jechuun kabajaafi safuu okoleen kun aadaa hawaasichaa keessatti qabu dubbatti. Taajaajilli okolee inni biraa ammoo yeroo ayyaana Facaasaa Loonii (Gannii) hora bishaanii okoleetti naqachuun horii mooraa looniitti ol galchanii marga jiidhaa (coqorsaan) horiitti okolee keessaa cuuphachaa facaasu. Gaafuma kana marqaa sirna kanaaf qophaa'e okoleetti tikseedhaaf dhiyeessu jedhan.

Waa'ee itti fufiinsaafi jijjiirama okolee adde Taashushee Tarfaarraa akka jedhu, “hambaan yookaan meeshaan aadaa kun meeshaalee aadaa sababoota adda addaan dhaloota yeroo ammaan akka godina kanaatti hin beekamneefi dagatamaa dhufan keessaa keessaa isa tokko,” jedhu. Sababoota meeshaan aadaa kun akka badu taasisan keessaa inni jalqabaa aannan elmuun bifa ammayyummaatti geeddaramuu, biqilli kun dhibamuu, dhaloonni yeroo ammaa fedhii inni meeshaalee aadaatti fayyadmuuf qabu xiqqoo ta'uu dubbatu. Yeroo ammaa okoleen meeshaalee ammayyaa kanneen akka ‘joogiin’ bakka bu'ee akka jiru Taashuusheen ni dubbatu.

### B. Dibduu



***Suura 2: Dibduu (qorataan Muddee 2015 kan fudhatame; ona Gimbiitii kan fudhatame)***

Akka aadde Baanchee Toleeraa jedhanitti, “meeshaan aadaa kun akka godina Wallaggaa Lixaatti dibduu jedhama,” jedhan. Meeshichi waggoota hedduu duraa kaasee buqqee hadha’aarraa namoota dandeettii yookaan ogummaa hojii kanaa hojjechuu qabaniin hojjetamee dhimma itti bahamaa kan tureefi jirudha jedhu. Hambichi hawaasa naannichaan yeroo cidhaafi ayyaanota adda addaa waan dibatan yookaan dibata keessa kaawwachuuf itti fayyadamaa kan turan yommuu ta’u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa jedhu. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalee godina Wallaggaa Lixaa keessatti argaman hedduu biratti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi iddoolee waaqaffannaa kanneen akka iddoo waaqeffannaa ulaa irreessa karra amantii duudhaa diinaa abbaa caffee ona Gimbiifi ona Noolee Kaabbaa iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii  keessatti kan argamuufi dhimma itti bahamaa akka jiru hubatamee jira.

Dibduun meeshaa aadaa uummatichi dhimma itti ba’aa tureefi jiru keessaa tokko ta’ee, adeemsa ittiin qophaa’u qaba kan jedhan immoo aadde Masqalee Tolasaati. Akka isaan jedhanitti, meeshaan aadaa kun gosoota hullee keessaa hullee xiqqoo kan jedhamu kan xiqqoo asii ol dheeratutu meeshaa kanaa hojjechuuf filatamee isarraas qopha’a jedhan. Meeshaan kun otoo hin qophaa’iin dura adeemsi hordofamuu qabu danuun akka jiru odeefkennitootni ni ibsu. Buqqeen

sun erga gara manaatti fuudhamee booda qooxii manaarra kaa'uun akka qaanqiramu yookaan diimatu taasifama. Afaan isaa meexxiidhaan hodhuudhaan qadaadaa akka qabatu taasisu jedhan.

Tajaajilli dibduun aadaa hawaasa kanaa keessatti qabu hedduu ta'uu adde Shukaaree Kaappiitaanoo yoo ibsan, "dhadhaan dibata dabbasaatifi fuula haxawwachuuf oolu keessa kaawwama," jedhan. Haala kanaan, dibduun mi'a qoodaa intala heerumtuu keessaa tokko ta'uu akkasitti ibsani. "Intala aadaa fuudhaaf heerumaa kamiinuu heerumtuuf haati dhadhaa gosa lama qabate jechuun, dadhaa addaanuu adasiidhaan urgaa'e kan intalli ishee akka dabbasaan gogee hin addaaneetti dabbasaa ishee dibattu dibduu mataa jedhamuufi dhadhaa addaanuu kichuu kan urgaa qoraasumaa malee urgooftuun biraa itti hin makamin fuulaafi harka ishee keessaa haxaawwatu dibduu fuulaa kenniitiif," jedhu. Sababni haati intalaa dibduu dhadhaa qabate kennituuf inni jalqabaa qe'een warra gurbaa intalaaf haaraa waan ta'eef akka mana haadhaa *mataa naa dibaa, fuula naaf haxaa'aa* jechuun waan ishee qaanessuuf; akka intallishee warra gurbaa biratti hinqaanofneef dibanni keessa kan kaa'amuufidha. Kanamalees, intalli heerumtu sun durbummaa yoo qabaatte yeroo gurbaan eenyummaa yookaan kabaja ishee kana irraa fudhatu yoo gaggabdu dibanni qodaa kana keessa jiru gubbee isheerra akka ka'amuuf yaadameeti. Kana kan raawwatu haadha gurbaa yookaan amatii intalaati.  Itti dabaluun, akka isaan yeroo aadaa muuda adda addaa, ayyaana masqalaarratti, gaafa gurbaan fuudhaaf manaa bahu, gaafa ateetee bulfataniifi gaafa dubartiin deessu dhadhaan dibduun dhiyaatee, keessaa harkaan kutaa wal muudu jedhan.

### C. Guchuma



***Suura 3:  Dibduu (qorataan Muddee 2015 kan fudhatame; ona Gimbiitii kan fudhatame)***

Akkaa aadde Magartuu Disaasaa jedhanitti, tajaajilli guchumaa dhadhaa sukkummaa ykn baskaa keessa kaa'uufi nama da'eef ykn dhibamee ciseef kan ittiin mooqa, marqaa ykn harkisoo geessaniidha jedhu. Tajaajila cabaa guchumaafi dibduu (qorsee) immoo yoo ibsan, cabaan guchuumaafi dibduu, mataa calii jirbii ittiin fo'anii ta'a. Namoonni beekumsa hojii suphee qaban ammoo qorsee cabaa kanaan durjuu suphee ittiin wal qiqixxeessu jedhan adde Maragtuu Disaasaati.

### D. Wullee Farsoo



***Suura 4: Qabee unata farsoo/bordee (Suura Qorataan Mudde, 2014 kan kaafame/ fudhatame)***

Akka aadde Masqalee Tolasaa jedhanitti, hambaan kun qabee unata farsoo yookaan bordee jedhama. Hambichi waggoota hedduu duraa kaasee buqqee hadha'aarraa ogeeyyii ogummaa hojii buqqee hadha'aa hojjechuu qabaniin akka hojjetamee dhimma itti bahamaa tureefi jirudha jedhu. Hambichi hawaasa naannichaan dhugaatiiwwan adda addaa itti dhuguuf fayyadamaa kan turan yommuu ta'u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalee hunda keessatti argaman hedduu biratti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi golhambaa iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii yookaan kuusaa hambaaleefi seenaafi aadaa uummata Oromoo ona Noolee Kaabbaafi godina Wallaggaa

Lixaa aanaa Gimbiitti, Ulaa Irreessaa karra amantii duudhaa diinaa abbaa caffee keessatti kan argamuudha. Qabeen unata farsoo yookaan bordee akkuma qabee unata aannanii buqqee hadhaa’aa cumaa keessa isaa jiru baasuun akka inni hadhaa isaa kana dhiisuuf wantootni adda addaa itti naquun erga miicaame qooree tajaajila barbaadamu kan kennuudha jedhan. Akka yeroo ammaa meeshaaleen jabanaa kan dhugaatii otoo hin dhufuun uummanni Oromoo meeshaalee dhugaatiiwwan adda addaa itti dhugu buqqeerraa qopheeffachuun dhimma itti bahaa ture jedhan. Qabeen unata farsoo yookaan bordee kunis dhugaatiiwwan kanneen ittiin dhuguuf baay’ee kan gargaaru ta’uu dubbatu.

Faayidaa hulleen farsoo hawaasa Oromoo naannoo kanaaf qabu aadde aster Goobanaa yoo ibsan, farsoon Oromoo dhugaatii aadaa hawaasa Oromoo biratti beekamu meeshaa aadaa ittiin dhugamu ammoo hullee farsoo Oromoo kanadha. Yeroo durii farsoon hulleen malee hindhugamu jedhu. “Nyaanni aadaa meeshaalee aadaa faana hidhata qabu,” jedhu. Sababni isaas wanti nyaatamu jiraannaan wanti irratti nyaatamus ni jira.” jechuun dubbatu. Akkasumas jedhu, dhibaayyuun gosti kamiyyuu hullee farsoo Oromoo kanaan malee hin dhibaafatamu. Eebba eebbisuuf biqilli eebbaa (dhugaatiin aadaa) kan dhiyaatu hulleedhuma kanaan ta’uufi dammiifi dhadhaan kan itti naqamu ykn ittiin gurguramuufi urguufoo, qariiboo, farsoo geesheen, bulbulli dammaafi bishaan ittiin dhugama jedhu aadde Asteer Goobanaa.

### E. **Ro’oo/Abuubbii**



***Suura 5: Ro’oo (qorataan Gurraandhala 2015 kan kaafame; aanaa Laaloo Assaabiitii argama)***

Akka aadde Baanchee Toleeraa jedhanitti, meeshaan aadaa kun kun akka naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaatti abuubbii yookaan ro’oo jedhama jedhan. Hambichi buqqee

hadha'aarraa namoota beekumsa yookaan ogummaa hojii kanaa hojjechuu qabaniin akka hojjetamutu dubbatu. Akka isaan jedhanitti meeshaan aadaa kun hawaasicha keessatti faayida qabeessa akka ta'eefi haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa kan taasisuudha jedhu. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalaa hunda keessatti kan argamuufi beekamu akkasumas mana nama dhuunfaa hedduu keessatti hambaa argamuudha.

Akka aadde Faaxumaa Xahaa jedhanitti, ro'oon meeshaa aadaa uummatichi dhimma itti ba'aa tureefi jiru keessaa tokko ta'ee, adeemsa ittiin qophaa'u qaba jedhu. Innis meeshaa kana hojjechuuf gosoota hullee keessaa hullee baadhee kan jedhamu kan dalga dheeratutu filatamee irraa qopha'a jedhan. Meeshaan kun otoo hin qophaa'iin dura adeemsi hordofamuu qabu danuun jira jedhu. Hulleen kun bilchaatee yeroo qooru bakkeerraa gara manaatti fuudhama; erga gara manaatti fuudhamee booda qooxii manaarra kaa'uun akka qaanqiramu taasifama; qaanqiramuun kun akka aaraan diimatee cululuqu taasisuu jechuudha jedhan. Meeshaa kana qopheessuuf dura mataa isaatu irraa muramee cumaan keessa isaatti ijasaa qabatee jiru keessaa yaafama; keessi hullee kanaa duwwaa ta'ee waa baachuuf mijataa akka ta'utti qophaa'a jechuudha. Keessi hullee amala hadhaa'uu waan qabuuf hadhaa'uu sana akka gadhiisuuf immoo ni siileffama. Siilessuuf adeemsi deemamus daaraa yookaan 'saabbaa' yookaan 'atalaa' itti naquun guyyoota 3(sadii) hanga guyyoota 5 (shan) keessa tursu. Erga isaan kun keessaa baafamanii booda qola baddeessaa soofanii guyyoota sadiif erga keessa tursanii booda qiraacii caccabaa yookaan dhagaa xixiqqoo itti naquun miicuu aduu keessa kaa'uun qoorsu. Erga qooree booda qoraasuumaan qoraasanii urgeessuun tajaajila olii kennuuf qophaa'a jedhan.

Aadde Tashuushee Tafarraa waa'ee ro'oo yoo dubbatan, meeshaaleen aadaa hawaasa kana keessatti argaman moggaasa maqaa uummatichi ittiin waamu kan adda addaa qabu. Uummatni Oromoo mogaasa maqaa meeshaalee aadaa kanneenii yeroo kennu haala gocha isaaniirratti hundaa'uun akka ta'e odeefkennitootni ni ibsu. Meeshaalee aadaa haala kanaan moggaasa argatan keessaa tokko ro'oodha. Meeshaan kun kan faayidaa irraa eegamu kennuu danda'u raafamuun. Kanaafuu, uummatni itti dhimma ba'u faayidaa kennuuf sochii taasisu kana irratti hundaa'uun moggaasa maqaa meeshaa kanaa kan argate rarra'uu yookaan oliifi gadi raafamuusaarraan ka'eetu jedhan. Ro'oon aannan kuusaa keessatti itiite kan ittiin raafamuudha. Afaan ro'oofi qadaanni ro'oos migiraan kan hodhame ykn muxameedha. Qadaadni ro'oo buqqee hadhaa'aatu itti sirreeffamee qophaa'a jedhan adde Shaashiituu Olaanaa.

### F. Gaayyaa



***Suura 6: Gaayyaa (Suura Qorataan Mudde, 2014 kan kaafame/fudhatame)***

Akka obbo Addisuu Bultum jedhanitti, meeshaan aadaa kun gaayyaa jedhama. Hambichi baroota hedduu dura buqqee hadha'aafi meeshaalee kanneen biroorraa ogeeyyii ogummaa hojii kanaa hojjechuu qabaniin kan hojjetamaa tureefi jiru yoo ta'u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa jedhu. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalee godina Wallaggaa Lixaa keessatti argaman hedduu biratti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi golhambaa iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii yookaan kuusaa hambaaleefi seenaafi aadaa uummata Oromoo ona Noolee Kaabbaafi Konya Wallaggaa Lixaa aanaa Gimbiitti, Ulaa Irreessaa karra amantii duudhaa diinaa abbaa caffee keessatti kan argamuudha.

Akka obbo Oljirraa Dibaar jedhanitti, gayyaan meeshaa aadaa uummatichi dhimma itti ba'aa tureefi kan iddoo guddaa qabuudha. Meeshaa kana qopheessanii itti fayyadamuun adeemsa mataa isaa danda'e qaba jedhu. Adeemsi qophiisaas, gosoota hullee keessa hullee xiqqaa filachuun kan adeemsifamuudha. Hulleen filatamus kan uggoonsaa yookaan mormisaa dheerina qabuufi xiqqoo keessatti jallatee dheeratutu filatama. Hullee filatame mataasaa irraa muruun cumaa keessa hullee kanaatti argamu keessaa yaasuun akka keessisaa duwwaa ta'ee bishaan qabachuu danda'utti qulqulaa'a. Hulleen amala hadhaa'uu waan qabuuf hadhaa akka gadhiisisuuf nisiilessama. Adeemsi siila'uusaas, daaraatu keessasaatti naqamuun turtii guyyaa 3

(sadii) hanga 5( shanii) keessa tursuun akka hinhadhoofne taasifama. Turtii guyyoota kana booda miicuun qulquleessanii akka qooruuf aduu keessa kaa'u, erga qooree booda qoraasuun urgeessu. Uggoosaatti leemmana yookaan sooyyoma keessi isaa qaawwaa ta'e gabaabsanii itti kaa'u; garaasaarra huruun leemmana yookaan sooyyoma sana qaawwaa ta'e gabaabsamee qaawwaa hullichaa keessa gala. Leemmana gabaabduu huraa bantii hullee gadii keessa galerra qeremootu ta'a, qeremoorra yookaan booralee irra maaxaraatu ta'a. Adeemsa kanaan meeshaan aadaa kun qophaa'a jedhan.

Gaayyaan meeshaa aadaa hawaasa kana keessatti faayidaa guddaa qabuudha kan jedhan Obbo Dabalii Qananiiti. Kunis, "hawaasa kana keessatti midhaan dafqanii qotatanii nyaachuun aadaadha; yeroo midhaan eegan akka yaadaan hin dararamneef falaasama uummatichi yaada itti irraanfachuuf dhimma itti ba'aa ture," jedhan. Akkasumas, hiriyaan waljaallatu jaalalasaa kan ittiin ibsatu gaayyaa walharkaa fuudhuun xuuxuun akka wal hin tuffanneef, wal hin balfine waliif dhugoomsa; kun hawaasicha keessatti aadaadha jedhan. Gaayyaan tajaajila tamboo ittiin xuuxuuf kan ooludha jechuun kan dubbatan obbo Usmaan Gammadaati. Ittuma fufuun, gaayyaan gasa lama: tokkoo jabaa ta'ee kan manumatti lafa kaa'uun namni qe'ee jiru yeroo barbaadeetti tamboo ittiin xuuxu ta'ee kan waliin itti tajaajillaman gaayyaa jedhamun kan beekamudha. Inni lammaffaa kun isa tokkoffaarra hammisaa uumamaan baay'ee xiqqaa ta'ee yeroo qe'eedhaa miilla fageeffatanii deeman bakka gahannitti harkarra keewwatanii kan tamboo ittiin xuuxan taatee feree jedhamuun beekamti jedhan. Faaiydaa meeshaan aadaa kun isaaniif kennaan ture akkas jechuun yaadatu

***Gaayyaa koo xuuxe xuuxeen aara mataa caalchise***
***Walitti cabee taa'een yaada garaa caalchise***

Yeroo ammaa meeshaan kun dhaloota ammaan dagatamaa kan dhufeedha. Sababoota kanneen keessaa tokko namoonni meeshaa kanatti fayyadaman xiqqaachaa deemuu, oomishni tamboo xiqqaachaa dhufuufi sababa amantiin akka ta'e ni himama. Meeshaan kun akka inni badu kan taasise keessaa inni biraan immoo oomishoota kanneen ammayyaa fayyadamuun adda durummaan kan kaafamuudha. Meeshaa kanatti fayyadamuun yoo jajjabeeffamuu baates, ogummaa uummanni kun ittiin waa uumee fayyadamu daran kan nama aja'iibsiisuudha kan jedhan obbo Dafaa Waaqumaati.

**G. Budduksee**



***Suura7: Budduksee Bukoo (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame/ Fudhatame)***

Akka aadde Duulee Immaanaa jedhanitti, meeshaan aadaa kun meeshaalee aadaa hawaasa kanaa keessatti qopha'an keessaa kanneen buqqee hadhaa'aarra qopha'an keessaa tokko ta'ee bukkusee bukoo jedhama jedhan. Hambichi waggoota hedduu duraa kaasee buqqee hadha'aarraa ogeeyyii ogummaa hojii buqqee hadha'aa hojjechuu qabaniin akka hojjetametu himama jedhu. Hambichi hawaasa naannichaan bukoo qodaa bukoo keessaa baachuuf qophaa'e ittiin budduksanii eeleetti naquuf itti fayyadamaa kan turan yommuu ta'u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa keessaatti aanaalee hedduu keessatti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi iddoo adda addaatti argama. Budduksee qopheeffatanii itti fayyadamuun adeemsa mataasaa keessa darbu qaba kan jedhan aadde Duuleen, innis, jalqaba hullee budduksee ta'uu danda'utu filama; hulleen filamus kan uggoo yookaan morma qabutu filatama. Hullee filame mataasaatu irraa murama; akkasumas, gara bal'ina qabu gadiitiinis bifa maroon muramee keessaa ba'uun cumaa keessa hullee kanaatti argamu yaasuun akka keessisaa duwwaa ta'utti qulqulaa'a jedhan.

Akka aadde Duuleen jedhanitti, budduksee jiruufi jireenya keessatti faayidaa guddaa qaba. Uummanni Oromoo jiruufi jireenyasaa keessatti soorataaf buddeena tolfatee nyaata. Buddeena

kana tolfachuuf bukoon qodaasaa keessaa buddufamee eelleerratti sereraa'uutu irra jira. Kanaafuu, meeshaan kun bukoo buddusuun eeleerratti ittiin seeraruuf kan oolu ta'uu dubbatan immoo adde Masqalee Tolasaati. Hambaan yookaan meeshaan aadaa kun moggaasa maqaa isaa kan argate akkuma meeshaalee aadaa kanneen biroo tajaajila kennu irraa ka'ee akka ta'e aadde Masqaleen ni dubbatu. Buddukseen qodaa bukoo keessaa bukoo fuudhanii eeleerratti naquuf kan gargaaruudha. Kanaaf, namni jireenya, dinagdee qabu tolfatee nyaata, yoo hin qabne qodaa kana gatee kadhaa deema jedhan.

### H. Masaaqula





***Suura 8: Masaaqula Qorataan Amajjii 2014 kan kaafame, aanaa Gimbiitii kan fudhatame***

Akka aadde Baanchee Toleeraa jedhanitti, hambaan kun masaaqula jedhama. Hambichi jaarraa hedduu duraa kaasee buqqee hadha'aarraa ogeeyyii ogummaa hojii buqqee hadha'aa hojjechuu qabaniin akka hojjetametu himama jedhu. Hambichi hawaasa naannichaan tajaajila hawaasummaa adda addaaf oolaa kan ture yommuu ta'u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha

hawwataa taasisa jedhan. Meeshaa kana qopheessuuf dura mataa isaatu irraa muramee cumaan keessa isaatti ijasaa qabatee jiru keessaa yaafama. Keessi hullee kanaa duwwaa ta'ee waa baachuuf mijataa akka ta'utti qophaa'a jechuudha. Keessi hullee amala hadhaa'uu waan qabuuf hadhaa'uu sana akka gadhiisuuf immoo ni siileffama.Siilessuuf adeemsi deemamus daaraa yookaan 'saabbaa'yookaan 'atalaa'itti naquun guyyoota 3( sadii) hanga guyyoota 5 (shan) keessa tursu. Guyyoota kana booda miicuun aduu keessa kaa'uun qoorsu. Erga qooree booda qoraasuumaan qoraasanii urgeessuun dhimma itti bahu jedhan. Tajaajilli masaaqulaa kan ijoolleen lagaa bishaan ittiin fidan ta'uufi kan yeroo karaa dheeraa deeman bakka gahanitti bishaan dhugaatii ittiin waraabbatanii dhuganisdha jedhu. Keessattuu, ijoolleen loon tiksan gateettiitti rarraafatanii deemuun bishaan dhugaatii ittiin waraabbatanidha. Akkasumas, yeroo namni nama bira hinjirre ofiin bishaan qicachaa harkaafi miilla dhiqachuufi hojii hojjeechuuf oola. Ijoolleenis miillaafi harka dhiqachuu akka baranif dhuunfaatti kanameefi ittiin harkaa, fuulaafi miilla dhiqatuu jedhani.

Tajaajilli meeshaan kun kennu gama hawaasummaan kennu maal akka fakkaatu Abbaan Gadaa Moosisaa Garbii yoo dubbatan, "hawaasni naannichaa bishaan lagaa waraabbachuuf itti fayyadamaa turan," jedhu. Kanamalees, yeroo irreessa yookaan mijuu bahan qabatanii bakka sirna sanaa dhaqu. Keessumaa immoo yeroo birraa galateeffannaaf yeroo gara malkaa dhaqan waan facaafatanii argatan irraa, bixxillee sagal, urgeessaa, ulumaayiifi meeshaa kanatti miidhan adda addaa guutanii qabatanii galataeeffannaa kana dhaqu. Ayyoo gamaa gamana dhaabbatanii, oboofi cooraan gamaafi gamana dhaabbatanii ittiin galata galchu. Moggaasni maqaa meeshaa kanaas akkaataa uumama isaa bu'uureffachuun akka ta'eefii innis morma qabaachuun isaa moggaasa maqaasaa kanaaf iddoo guddaa akka qabu kan dubbatan Abbaa Gadaa Moosisaa Garbiiti. Meeshaa kana yeroo qabatanii gara malkaa dhaqan haadholiin akkas jechuun weeddisu jechuun yaadatu.

***Hoo…….. yaa aayyoo***
***Nooruu yaa abboo***
***Ittiin nu gahee***
***Masaaqula keetiin nu gahee yaa aayyoo***
***Aayyoo maqaa guddoo***
***Giiftii baddaa gommuu***
***Hoo ……..yaa aayyoo***
***Muudi muudamee, masaaqulli dhaabbtee***

***Nooruu yaa aayyoo jechuun weeddisu*** (Afgaaffii, Amajjii, 2014).

**Jijjiiramaafi itti fufiinsa Meeshaalee Aadaa buqqee Hadhaa'aarraa Qophaa'an irratti Mul'atu**

- Jijjiirramni meeshaalee aadaa buqqee hadhaa'aarraa qophaa'an irratti mulatu kan bocaafi tajaajilaan walqabaatee mul'atu ni jira. Gama tajaajilaatiin jijjiirramni mul'ate yeroo ammaa kana meeshaalee ammayyaa kan akka pilaastiikaafi sibiilarraa kan qophaa'an kan akka mi'a aannaan itti elman, ittii kuusaniifi dhadhaa ittiin olkaa'aniifi bishaan harkaa keessaa dhiqatan faa ta'uu adde Xajjiituu Shooneetu dubbate.
- Kunis, okoleefi ro'oon gara meeshaa ammayyaafi meeshaa pilaastikiirraa hojjetamu kan " high land" jedhamutti, dibduun sababa qaroomina fakkaatuun baduu, gaayyaan gara shiishaafi sigaaraatti, buddukseen bukoo gara'joogiitti' akka jijjiiramanii dhimma itti ba'amaan jiran jiran dubbatu aadde Xajjituu Shoonee. Fedhiin namoonnii meeshaalee aadaa kanneenitti fayyadamuuf yeroo ammaa qaban xiqqoo akka ta'eef garuu qabiyyee isaanii jijjiiruu akka hin qabne fedhii isaanii isa ol'aanaa akka ta'e kan dubbatan immoo aadde Masqalee Tolasaati.
- Haata'u malee, tajaajilaan bakka wal bu'uu keessatti pilaastiikiitti aannaan eelmuufi kuusuun Miidhaa qabaachuus adde Faantaayee Dureessaa akkas jedhu, "meeshaa piilaastikiirraa qophaa'e qoraasuu kan hin mijanneefi qoraasuma ofitti hinqabanneef aanaan dhandhamuun bu'aa aannaanii miidha," jedhu. Obbo Eebbisaa Gaaromaa ammoo, "sababa qorichi farra armaa tibba Birraafi Arfaasaa biifamuuf, gosti buqqee tokko tokkoo badaa jiraachuufi oomishni buqqees xiqqaachuun mul'ateera," jechuun jijjiirama mul'ate himanii jiru.

### 5.2 Goosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Supheefi Biyyoorraa Hojjetamanii

Maashaaleen aadaa mana keessaafi alatti tajaajilan wantoota garaagaraarraa hojjetamanii hawaasa kana tajaajilaa turaniifi yeroo ammaa hanga tokko tajaajilaa jiran kanneen qorannoo kanaan bira ga'amuuf yaalaman jiru. Isaan keessaa uummanni Oromoo meeshaalee jiruufi jireenyaasaa keessatti itti fayyadamaa tureefi jiru supheerraa qopheeffachuun dhimma itti ba'aa ture, dhimma itti ba'aas jira. Meeshaalee kanneen qopheesuuf ogeessota hawaasicha keessatti moggaasa maqaa ogeeyyii yookaan 'waata' jechuun waamamantu qopheessuun beekamu. Meeshaalee kanneen qopheessuufis adeemsa ittiin qophaa'u qaba. Hojiin ogummaa suphee dhawuu uummatni Oromoo kan jalqabe bara akkasii iddoo akkasiitti yoo jedhamuudhaa baate iyyuu, waa bilcheeffatanii nyaachuuf akkuma ichima busaanii ibidda argataniin waan itti bilcheeffataniifi irraatti nyaatan barbaadan; sana booda, dhagaa qarqara laga mormor, dabbusiifi kanaafi kana kan fakkaatan keessa jiru irratti ibidda bobeessanii foon affeeluu jalqaban. Boodarra immoo boca sanaan suphee irraa waciitii, xuwwee, eeleefi beddee hojjetanii itti gargaaramuu eegalan kan jedhan Obbo Oljirraa Dibaatiiti.

Qorataan odeef-kennitoota manguddoota beekumsa aadaa hawaasichaafi tajaajila meeshaalee aadaa hawaasichaa qaban (aadde Faaxumaa Xahaa, aadde Bungulee Garbichoo, aadde Shukaaree Kaabbiitaanoo, aadde Maragtuu Disaasaa, aadde Asteer Goobanaa, Obbo Dabalaa Caalii, Obbo Dabalaa Hundeefi Obbo Dafaa Waaqumaa) fi ogeeyyii suphee dhahuu (aadde Baanchee Toleeraa aadde Duulee Immaanaa, aadde Kuulanii Ashandaa, adde Masqalee Tolasaa, adde Shiibirree Isaayyas)waliin afgaaffii taasiseen meeshaaleen aadaa supheerraa hojjetaman manqallii yookaan cuggee, okkotee, gaanii, eelee, jabanaa, gaanii, xuwwee yookaan doocoo, cororsaa dhadhaa, gumbiifaa akka ta'an hubatamuuf yaalamee jira. Meeshaaleen kunneen faayidaafi fakkoommii mataa isaanii akka qabaniifi gosoota isaanii addaan baasuun tokkoon tokkoo isaanii xiinxaluun akka itti aanutti addeessuuf yaaleen jira.

### A. Manqallii yookaan Cuggee



***Suura 9: Cuggee/ Manqallii (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame) aanaa Gimbiitti argama***

Akka aadde Shiibirree Isaayyas jedhanitti, meeshaan aadaa kun akka godina Wallaggaa Lixaatti Cuggee yookaan manqallii jedhamuun beekama jedhan. Cuggeen meeshaa yookaan qodaa supheerraa dubartoota ogummaa suphee dhahuu qabaniin kan hojjetamuudha. Innis, qodaa dhugaatiin itti qoodamu, ittiin baatamee qodaa isa guddaa ’’gaanii’ ’jecha ‘ga’aanii’ ‘irraa hafaa’ ‘guddaa’ yaada jedhurraa maddeen moggaafame keessaa booka, farsoo, buqurii yookaan buqulii buusanii gara fayyadamtootaatti geessaniidha. Muchi qaama isaa kanarratti argamu qabannoofi miidhaginaaf cinaacha isaa iddoo addaa addaarratti kan hojjetamuudha. Cuggeen kun abiddaan erga gubamee siileffamee booda ogeettiidhaan yookaan warra bitatee manatti galeen eebbifamee faayidaaf oola. Tajaajila mana keessatti kennuun cinatti yeroo sirna cidha gaa’elaa, Sirna Gadaafi Jila warra qaalluu biratti faayidaa guddaa kenna kan jedhan haadha siiqqee Kuulanii Ashandaati.

Haala hojii cuggee aadde Baanchee Toleeraa yoo ibsan, hambaan yookaan meeshaan kun kan hojjetamu, “biyyoo garaa lafaa jalaa kutamu kan maqaa addaa suphee jedhamee beekamurra yoo ta’u, innis ogeeyyii namoota jedhamaniin kan hojjetamuudha,” jedhu. Yaada kana deggeruun

Bula (2011, f. 307) yoo ibsu, ‘Potters dig sometimes five meters below the surface, until they access clay which they perceive to be of a high quality’ jedha. Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, iyyoon kun erga lagaa dhufee boolla meetira shan gadi fagaatu keessatti torban tokkoo hanga guyyaa sagaliitti boolla keessatti kuufamee erga turee booda, gubachuun tajaajila kanneen kennuu eegala jedha.

Waa’ee cuggee yookaan manqaallii aadde Duulee Immaanaa immoo yoo dubbatan, “Manqallii gurroo sadii qabu farsoo guutuudhaan gulantaa duratti baasanii muudanii dhaabu; Kanaa booda, manqallii cinaa farsoo okkotee tokkoofi gumboo caabbii guutanii dhaabu, Bookas qadaadanii dhaabu. Asirratti, farsoos ta’e bookichi kan ayyaana abbaaf dhiyaatu geeshoo hin qabu. Dhangaa kana biras buna qalaa kaa’u,” jedhan. Manqaalliin kun gurroo sadii kan itti godhaniif qabannaaf akka mijatutti yaadameeti. Gulantaa duratti muudanii dhaabu kan jedhameef immoo teessoo mijeessanii bakka hirmaattotni sirna sanaa arguu danda’an dhaabu jechuudha. Cuggeen yookaan manqalliin okkotee gadi xiqqoo taatee tajaajila hojii mana keessaaf kan ooltu, bishaan lagaa ittiin fiduufi dhugaatiiwwan adda addaa yeroo sirnootaafi ayyaanota garaagaraa itti kuusuuf kan gargaartuudha kan jedhan immoo aadde Masqalee Tolasaati.

Tajaajila Cuggee aadde Shiibirree Isaayaasa yoo ibsan, “Cuggeen yookaan manqalliin okkotee gadi xiqqoo taatee tajaajila hojii mana keessaaf kan ooltu, bishaan lagaa ittiin fiduufi dhugaatiiwwan adda addaa yeroo sirnootaafi ayyaanota garaagaraa itti kuusuuf kan gargaartuudha, jedhu. Aadde Asteer Goobanaa immoo faayidaa cuggeen hawaasa kana keessatti qabaachaa ture yoo yaadatan akkas jedhu, “yeroo durii ‘bara barri jiru’ bookaafi farsoo gaaniitti naqamee taa’erraa buusnee namoota daadoofi guuzaan qonnaa qotaniif geessina,” jedhan. Bara barri jiru...’amma lafti qotanis, dammi isaas, tokkummaan wal gargaarunis badee waan jiruuf meeshaan kunis duukaa bade jedhu. Meeshaan kun dhaloota yeroo ammaa jiru kanaan hin beekamu. Itti dabaluun, akka aadde Asteer jedhanitti sababoota akka meeshaan kun baduufi irraanfatamu taasisan keessaa inni biroon namoonni meeshaa kanatti fayyadamuu akka booddetti hafumaatti waan fudhataniif, meeshaan kun dafee caba, itti fayyadamuuf hin salphatu jedhanii yaadanuu meeshaalee ammayyatti dhimma bahuu waan filataniif amma akka durii miti jechuun ibsu.

Itti dabalees, akka namoonni meeshaa kanatti hin fayyadamne wantoota taasisan keessaa kan biraan faayidaafi maalummaa hambaa kanaa dhaloota ammaatti himuu dhiisuu keenyadha kan jedhan immoo aadde Baanchee Toleeraati. Kana jechuun, faayidaa meeshaan kun hawaasummaa, amantii dinagdeefi siyaasa keessatti qabu dhaloota kanatti himuufi olkaa'uu dadhabuun keenya akka rakkootti kan fudhatama jedhan. Sababni biraan, dhaloonni yeroo ammaa meeshaan kun dafee caba, mana fokkisiisa, mana magaalaa wajjin hin deemu, ibsaan fayyadamuun hin danda'amu, iddoo mana keessaa fudhata kan jedhuufi kanaafi kana kan fakkataan sababa meeshaan kun dhaloota ammaa biratti gatii akka hin qabaanne taasisan keesssaa warra ijoodha jechuun kan jedhan immoo aadde Shukkaaree Kaabbitanooti. Shamarreen Caaltuu Daawwit waa'ee hambaa kanaa maalummaafi faayidaa isaa kan hin beeknee akka ta'e, hedduu diqisiifachuun kanatti deebi'anii fayyadamuu akka hin barbaadne, kanatti fayyadamuun boodatti hafummaa akka ibsu yaada ishee kaastee jirti. Ammayyummaan gaariidha; garuu kan aadaa, eenyummaa keenya nu dagachiisu yoo ta'e faayidaa isaarra miidhaan isaa akka caalu tilmaamuun nama hin dhibu. Meeshaaleen aadaa ammayyummaan akka aadaa keenya hin balleesine, koloniin biyyoota ormaa akka nun dhaalle kanneen taasisan keessaa adda durummaan eerama.

### B. Okkotee



***Suura 10: Okkotee (Amajjii 2015 qorataan kan kaafame; ona Gimbiitii kan fudhatame)***

Akka aadde Xajjituu Waaqjiraa jedhanitti, hambaan kun okkotee bishaaniifi dhugaatiiwwan adda addaa itti kuusan jedhama. Jaarraa hedduu duraa kaasee supheerraa kan hojjetamaa ture yoo ta'u, hawaasni naannoo kana jiraatu hambicha lagaa bishaan itti waraabuuf, mana keessatti immoo farsoofi dhugaatiwwan aadaa adda addaa itti naqachuuf dhimma itti bahaa kan tureefi kan jiruudha jedhan. Umuriifi haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa kan taasisu yommuu ta'u, yeroo ammaa naannoo baadiyyaafi magaalaa keessaa iddoowwan muraasa keessatti dhimma itti bahamaa kan jiru ta'uu kan himan aadde Masqalee Tolasaati. Waa'ee meeshaalee aadaa supheerraa hojjetamanii keessaa maalummaa okkoteefi tajaajila isaa aadde Bungulee Garbichoo yoo ibsan, "meeshaalee tajaajila mana keessaaf oolan yookaan kennan keessaa kanneen bakka hundatti beekaman eeleefi okkoteen adda durummaan eeramu. Okkotee yookaan huuboo kan jedhamu guddaa, hojjaan isaa dheeraa kan ta'eefi tajaajila bishaan itti waraabuufi kuusuuf akkasumas, farsoo itti naqachuuf, tajaajila aaga baafannaafi kanaafi kana kan fakkataniif kan ooluudha," jedhan.

Adde Faayituu Gonfaa tajaajila hubboon aadaa hawaasa kanaa keessatti qabdu yoo ibsan, "mi'a qodaa haati intala heerumtuuf kennitu ta'ee qophee, haphii (kan hin ulfaanne) gurroo sadii kan qabduufi bareedduu taatee kan siileeffamteedha," jedhu. Intallis gaafa shanan ulmaa cidhaa ishee hubboo kanaan bishaan waraabdee mana isheetti buna danfisti," jedhu. Tajaajilli hubboon amantii Waaqeefataa hawaasa Oromoo biratti qabdu abbaa Gadaa Fiqiruu Galataa akkasitti ibsu, "gaafa daa'iima hammachiifatan qe'ee warra ayyaana itti hammachiifataniitti farsoo Oromoo hubbootti geessu, dhugaatii aadaa araqee hubboo abiddarra kaa'uun ittiin baasu," jedhu. Akkasumas, gaafa cidha firaa gumaata geessaniifi gaafa ilaalcha adda addaa farsoo ittiin waliif kan geessan ta'uufi dabalataanis, hubboon bishaan ittiin waraabuuf, hubboon nama alaa hojii hojjeetuuf farsoo ittiin geessuuf, damma itti naqanii maraganii kaa'uufi akka qodaa bukoottis kan oolu ta'uu dubbatanii jiru.

Adde Magartuu Fayyisaa immoo tajaajila hubboo yoo ibsan, "faayidaan okkotee akkuma cuggee (manqallii) ta'ee dubartoota ga'eessotaafi namoota gurguddoon farsoofi dhugaatiiwwan kanneen biroo ittiin baatanii bakka daboofi daadoon jirutti geessuuf kan gargaaruudha. Inni lammaffaan hambaan kun cirracha keessasaatti naquun bishaan yoo keessa tursan akka qabbanessuuf yookaan akka diidalleessuuf kan itti fayyadamaniidha," jedhu. Yaada kana maalummaa okkotee Bula (2011:130) yoo ibsu, '*Different shaping techniques are used for different types of vessels,*

*especially griddles and bowls. Bowls Very large and elongated pots with restricted rims (e.g., water, storage, and brewing jars), are fashioned using a combination of coiling and molding techniques*' jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaalee supheerraa tolfamanii tajaajila mana keessaaf oolan yookaan kennan keessaa kanneen bakka hundatti beekaman eeleefi okkoteen adda durummaan eeramu. Okkotee yookaan huuboo kan jedhamu guddaa, hojjaan isaa dheeraa kan ta'eefi tajaajila bishaan itti waraabuufi kuusuuf akkasumas, farsoo itti naqachuuf, tajaajila aaga baafannaafi kanaafi kana kan fakkataniif kan ooluudha. Yaada kana deggeruun Dirribiin (2012:224) faayidaa okkotee yoo ibsu, '*Farsoon Oromoo okkotee jabaatti naqama. Farsoon Ateetee biqila garbuurraa doocootti naqama: okkoteefi dooccoo sana baala ulumaayiifi coqorsaan maru*,' jedha. Aadaa Oromoo keessatti okkoteen tajaajila hawaasummaa keessatti kennuun cinatti tajaajila aaga baafannaa, waaqeffannaafi kanneen biroo kessatti akka kennu hubachuun ni danda'ama. Kanamalees, fakkoomiiwwan kanneen akka ulumaayiifi coqorsi kan isaan agarsiisan jiidha, magarisummaafi urgaa waan tokkoo kanneen ibsaniidha. Kanaafuu, okkoteen tajaajila guddaa uummata Oromoo iddoo hunda jiraatu biratti kan qabuufi safeeffatamuudha.

Hawaasa kana keessatti okkotee fakkoommii akkamii akka qabu abbaan Gadaa Moosisaa Garbii yoo ibsan, "okkoteen waan gaariifi badaatti fakkeeffama," edhu. Kunis, dubartiin hubboo duwwaa baattee yoo namatti dhufte akka milkii gaariitti ilaalama. Sababni isaas hubboo duwwaa kanatti guutuu waan deemtuufiidha. Dubartiin hubboo guutuu baattee yoo guyyaa namatti dhufte akka milkii badaatti ilaalama. Kunis, akka aadaa Oromootti guutuun nama dhiibbatti waan jedhamuuf. Yaadni kun iddoodhaa iddootti garaagara yoo ta'u, kanneen kana faallaa isaatti dhimma bahanis hindhibaman jedhu. Kanamalees, okkoteen fakkoommii waan guddaa, waan waan baay'ee baatutti fakkeeffama kan jedhan immoo Karrasaa Caaliiti. Kanas jechaman maal jechuun akka ibsan yoo yaadatan, '*namicha isa garaa okkotee*' jedhu. Kana jechuun, kan garaan isaa guddaafi nyaatee kan hinquufne, fokkisaa jechuutti hiikama. Dabalees, bishaanis ta'e dhugaatiiwwan adda addaa kan nama qabaneessan waan baatuuf nama lafa garaa namaa namaaf oolu, kan garaa nama cibsuuttis ni fakkeeffama. Aadde Magartuu Fayyisaa baay'ina gurroo hubboo hawaasni Oromoo godinichaa akkasitti fakkoomsu jedhu, gurri yookaan gurroon meeshaalee aadaa supheerraa hojjetaman irratti argamu fakkoommii mataasaa danda'e qaba. Haaluma kanaan, gurroon tokkoo Waaqa tokkichatti fakkooma, gurroon lamaa abbaa manaafi

haadha manaatti fakkooma, gurroon sadii abbaa manaa, haadha manaafi ijoolleetti, gurroon afur mucha sa'aatti fakkooma jedhan.

### C. Gaanii



***Suura 11: Gaanii (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame)aanaa Gimbiifi Mana sibuutii kan fudhatame***

Akka aadde Masqalee Tolasaa jedhanitti, meeshaan kun gaanii jedhama. Hambichi bara hedduu duraa kaasee supheerraa ogeeyyii ogummaa hojii suphee hojjechuu qabaniin akka hojjetamuu eegale jedhu. Itti dabaluun, "hambichi hawaasa naannichaan dhugaatiiwwan aadaa adda addaa itti naqachuuf fayyadamaa kan turan yommuu ta'u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa," jedhan. Yeroo ammaa hambichi naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessaatti daran kan beekamuufi mana nama dhuunfaafi Waajjiraalee Aadaafi Tuurizimii onaalee Gimbii, Mana Sibuu, Boojji, Najjoofi iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii Warqee kan ona Sayyoo Noolee jiru keessatti akka argamu adda baafamuuf yaalamee jira.

Haala hojii gaanii Aadde Zannabuu Miijanaa yoo ibsan, "Gaaniin suphee gurraacharraa tolfama, meeshaa supheerraa tolfamu isa guddaafi kan hammasaa dheeratu hin jiru," jedhan. Innis, dheerinni isaa hanga hojjaa namaa jala kan dhufuufi garaa kan guddatuudha. Gaaniin hubboorra

baay'ee guddaa kan ta'eefi jalli isaa bal'atee gara afaaniitti kan dhiphatu yookaan qal'aafi dhiphaa ta'ee mudhii irratti gurra sadii hanga afurii kan qabuudha. Hambaa kana nama tokkoon ol fuudhuun yookaan bakkaa bakkatti sochoosuun rakkisaa waan ta'eef namoota lamaafi sana oliin iddoo iddootti kan socha'uu kan jedhan immoo aadde Eebbisee Urgeessaati.

Aadde Masqalee Tolasaa faayidaa gaanii yoo ibsan, "faayidaan isaa farsoofi booka keessatti naquudhaaf oola; namoonni sirna garaa garaaf farsoofi booka baay'isanii yeroo naqan meeshaa kanatti dhimma ba'u," jedhan. Moggaasni maqaa isaas kanuma qabata godhachuun akka moggaafameefi innis waan ga'aa yookaan waan hin hanqanne yaada jedhurraa kaafamee akka moggaafameefi nama dinagdee, jireenya qabutu kana akka raawwatutu dubbatu. Haala itti fayyadama gaaniin qabu ilaalchisee itti dabaluun aadde Masqalee Tolasaa yoo ibsan, "farsoofi daadhiin gaaniitti naqame akka minyaa'uufi namatti toluuf mudhiisaa gadi boolla keessa owwaalu. Kunis kan taasifamuuf akka qabbanaa'u, yeroo dheeraa akka turuufi akka inni leellifamuuf yaadameeti," jedhu. Gaaniin booka yookaan daadhii qabate kun kan inni boolla keessatti owwaalamuuf inni biroon daadhiin humna waan qabuuf akka hin dhooneef yaadamee akka ta'e aadde masqaleen ni dubbatu. Kanamalees, akka inni diidallaa'ee qabbanaa'ee hanga dhumaatti jaallatamee akka dhugamuufi akka inni hin shaagganneef yaadameeti. Farsoon gosa dhibaayyuu kamiifuu gaaniitti naqama. Yeroo sirni cidhaafi du'aa jiru daadhiis ta'e farsoon gosti kamuu gaaniitti naqama. Egaan farsoos ta'e daadhiin gaaniitti naqame ni leellifama. Sababni isaas otoo daadhiis ta'e farsoo kana naquu hin eegaliin baala reejjiin miicanii ejersaan ulanii waan qopheessaniif ofitti kan nama harkisuufi hedduu kan jaallatamuudha kan jedhan immoo aadde Faaxumaa Xahaati.

### D. Gumbii



***Suura 12: Gumbii (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame)***

Akka obbo Abdiisaa Bayyaan jedhanitti, hambaan kun gumbii jedhama. Hambichi waggoota hedduu duraa eegalee biyyoorraa hojjetamaa kan ture yommuu ta’u, hambichi midhaan itti kuusuuf hawaasa Oromoo tajaajilaa ture kan jedhan Obbo Magarsaa Goobanaati. Haalli ogummaa hojiisaa hambicha hawwataa kan taasisu yommuu ta’u, yeroo ammaa godina Wallaggaa Lixaa keessaa aanaalee hedduu keessatti mana nama dhuunfaa keessatti kan argamuudha. Gumbiin meeshaalee hawaasni Oromoo beekumsa xabboo isaa gargaaramee hojjetee dhimma itti bahaa ture keessaa tokko yoo ta’u, yeroo baay’ee cidiifi biyyoo lafaa walitti makuun kan hojjetamuudha. Gumbii hojjechuun beekumsa kan barbaadu yoo ta’eyyuu namoonni hedduun naannoo mana isaaniittii hojjechuun midhaan gosa adda addaa kanneen akka boqqolloo, xaafii, bisingaafi kanneen biroo itti naqatu kan jedhan Obbo Suutumaa Waaqjiraati. Gumbiin biyyoo lafaarraa hojjechuun waan barbaachiseef Obbo Abdiisaa Taammiruu yoo ibsan, “manni hawaasni Oromoo yeroo durii ijaarrachuun itti galu citaa waan ta’eef yoo abiddi akka tasaa mana sana gube miidhaan isaa akka hin gubanneef yaadameeti,” jedhu. Kunis, biyyoon abiddaan

salphaatti waan hin gubanneef yaadamee akka ta'e dubbatu. Aadde Xajjituu Waaqjiraa tajaajila gumbiin hawaasa kana keessatti qabu yoo ibsan, "Gumbiin meeshaa midhaan itti naqatanii olkaawwataniidha,"jedhu. Dabalees, midhaan yoo gumbii keessa taa'e in barakata yookaan barakaa qaba amantaan jedhu waan jiruuf meeshaan kun hawaasa Oromoo iddoo baay'ee jiraatu birattii daran beekamaadha jedhu.

**E. Eelee**



***Suura 13: Eelee (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame***

Akka aadde Maragtuu Disaasaa jedhanitti, maqaan hambaa yookaan meeshaa kanaa eelee jedhama jedhan. Kan inni irra hojjetamu suphee irrati; eeleen qodaa diriiraa ta'ee supheerraa ogeeyyii suphee hojjetaniin hojii harkaatiin biyyoo diimtuu yookaan gurraacha 'xibiruu' kutamee bukeeffamurraa hojjetama kan jedhan adde Maragtuu Disaasaa. Innis, abiddaan erga gubamee siileffamee booda, ogeettiidhaan yookaan warra bitatee manatti galeen eebbifamee faayidaaf oola. Hojiin eelee haala kanaan raawwatu eelee siilessuu siilettii jedhama; siilettiin eelee nama gara laafessaa jedhamuuf kennama. Kunis, kan taasifamuuf eeleen sun umurii dheeraa akka turuuf, buddeena seeraan akka baasuuf jedhamee akka ta'e dubbatu.

Hojiin suphee meeshaa dhahamu irratti hundaa'uun akka adeemsa duraa duubaa qabu aadde Mastuu Kabbadaan akkas jedhu, "biyyee suphee qonnee gara mana finne waan hinbarbaachiifne qubaan keessaa gurree, qulqulleessinee akka goguti aduurratti hafna,"jedhan. Jiidhinni isaa akka qooruuf aduuratti hafnee yeroo goge meeshicha dhahuu itti fufnaa jedhani. Aadde Faayiituu

Gonfaa ogummaa eelee buddeenii dhahuu qaban duraa duuba hojii eelee buddeenaa yoo ibsan akkas jedhu, "tokko biyyee suphee hojii eelee buddeeniitiif oolu qopheeffadheen bishaan qulqulluudhaan biyyicha bukeesseen sirriitti dura harkaan achii miillaan sukkumna," jedhan. Kan sukkumeen bukeessee kun durjii jedhamaa jechaa, eleen buddeenaa durjiin isaa sirriitti sukkumame akkuma eelee gaarii ta'uufi bulu kan hin sukkumamne ammoo buddeenas hintolchuu hinbuluusii jedhani. Lammaffaarratti, durjii kana guyyaa shaniif boolla qophaa'e keessan kaa'a. Saddaffaa, durjii boolla keessaa kan eelee tokko tokkoof ta'u qoodeen qiiraacii tumamee ykn daaknee qopheeffadhe ykn biyyee suphee ciirrachaa tumee ykn daakee qopheeffadhe itti firfirssaa sirriitti sukkuma. Arfaffaa, biyyeerraa madabii qophaa'e irratti huccuu ykn laastiikii balisee afuudhaan durjii hamma eelee tokkoof ta'u huccuu ykn laastikii bal'ise irratti eelee dhaha jedhan. Eeleen dhahame kun ammas bultii shaniif bakka dhahametti turuu qaba. Shanaffaa, eelee dhahamee goge kana huccuu ykn laastikii irratti dhahameerraa ol qabeen biyyee diimaa bishaaniin qal'iisee bulbulee naafxaa boba'aaf oolu itti makeen fuula eelee diba jedhan.

Adde Obsee Haayilee ammoo gosti eelee amma hojjeedhuu sadii: eelee buddeenaa, eelee daabboofi eelee beeddeeti jechuun hojiin eelee beeddeefi eelee daabboo kan eelee buddeenaarraa addaa akkuma meeshaalee kaanitti dhahamaa jechuun eelee dhahuu kan baran amaatii isaanii jalatti ta'uufi yeroon hojjii eeleetiif hin mijanne ji'a Fulbaanaafi Onkololeessaa waan bubbeen eelee dhodhoosuuf tibba gannaas roobni waan dhahuufi gubuuf roobni rakkisuuf jechuun hojii eeleerratti kan hirmaatan haadholiifi ijoollee durbaa gurguddoodhaa jechuun eelee kan siileefatu nama bitee itti tajaajilamudhaa jedhani. Itti dabaluun, aadde Obseen faayidaa eelee yoo ibsan, "Eeleen buddeeniifi gosa nyaataa kanneen birootiis itti bilcheeffachuuf kan gargaaruudha," jedhan. Kanamalees, jedhu aadde Obsaan, "Eeleen akka barbaachisummaa isaatti xiqqaafi guddaa, diriiraafi golboo jedhamuun kan hojjetamuudha," jedhu. Eeleen diriiraan nyaata guyyuu itti bilcheeffachuuf yoo oolu, inni golboon yookaan diriiraa hin taane immoo nyaata aadaa kan akka cumboofi daabboo itti tolchuuf kan ooluudha. Eeleen hangaan xiqqaa beddee kan jedhamu yoo ta'u, tajaajila kanneen akka maxinoo itti maxinuufi buna akaawuuf kan tajaajiluudha jedhan. Yaada kana deggeruun Bula (2011, f.310) Eeleen meeshaa akkamii akka ta'eefi faayidaa akkamii akka qabu yoo ibsu, 'Different shaping techniques are used for different types of vessels, especially griddles and bowls. Ceramic griddles (eelee) are plates used for baking local breads:

buddeena,’jedha. Meeshaalee manaa kanneen jedhaman keessaa eeleen biyyoo lafaa kan suphee jedhamee waamamurraa kan hojjetamu, diriiraa kan ta’eefi buddeen itti tolchuuf kan tajaajiluudha.

### F. Xuwwee Ittoo



***Suura 14: Xuwwee Ittoo (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame)***

Aadde Bugulee Garbichoo akka jedhanitti, “hambaan yookaan meeshaan aadaa kun xuwwee ittoo jedhama” jedhu. Xuwween ittoo gosoota meeshaalee aadaa supheerraa duburtoota ogeeyyii suphee dhahaniin kan tolfamuudha. Xuwwee gaafa dha’an jalqaba suphee lagaa kutamee dhufee boola keessatti gubate baasanii erga aduu keessatti gogsaanii booda akka inni sirriitti gogee jabaatuuf citaa itti tuuluudhaan ibidda itti qabsisu; kunis xuwwee gubuu jedhaamee beekama. Erga abidda itti qabsisaanii booda baay’ee jabata; xuwween ibiddaan bichaate kun durjii jedhamee waamama. Haala kanaa waan qophaa’uuf uummanni Oromoo tajaajilaafi jabina meeshaa kanaa yoo ibsu, ‘abshaalli distii bishaan hambiftee qoonxaa dhimmisti; Xuwwee deemtuun mana keessa gubatti,’ jedha. Erga kana godhanii booda, biyyee suphee bishaan jiifachuun kutatanii lafa irratti akkuma jabanaafi kanneen biroo sanitti qopheeffachuun boca geengoo itti uumuun tolchu. Xiqqoo akka jabanaa lafarra erga ballisanii booda ol qabanii akka okkoteetti boollessuun guddisanii irraa xumuru; bocni isaa jalaan akka geengoo ta’ee qadaada kan qabuudha jedhan

Tajaajilli xuuwwee ittoo jedhu adde Bugulee Garbichoo yeroo qophiin cidhaa, kabaja ayyana Masqalaa, Qillee, Faasigaafi kkf. xuwwee ittoo guddaatti itteessu. Akkasumas, marqaa itti marquu, baaduu ro'oo yookaan abuubbii  raasatti rasaanii yeroo dhaadhaa keessaa baasan dhaadhaa, baaduufi dhama yeroo adda baasuuf akkasumas, foon jidhaas ta'ee foon jaji'ame 'qoonxaa' itti affelluuf kan gargaaruudha jedhu. Xuwween ittoo meeshaalee supheerraa hojjetaman kanneen akka okkoteefi jabanaarraa adda kan jedhan immoo aadde Masqalee Tolasaati. Innsi, "morma kan hin qabneefi mudhii isaa irratti hojiinsaa yoo xumuramu, okkoteen morma qal'achuun garaa bal'atee kan argamuudha," jedhu. Hambaan yookaan meeshaan kun, tajaajila guyya guyyaa mana keessatti nyaata itti qopheessuuf kan ooluudha. Akkasumas,  yeroo qophiin cidhaafi kabaja ayyanota adda addaa wantoota xuwwee ittoo guddaatti qopheessuu hin dandeenye itti qopheessuuf kan gargaaruudha. Haluma kanaan dur durbi yeroo gurbaan fuudhu gaafa Mana warra gurbaatti sirbuudhaan intala arrabsitu akkas jeettiin

***Qadaada xuwwee mirmixaa***
***Sayyuun koo duruu billiqaa***
***Hudduun ishee ni cabeemoo***
***maaf dhimmisaa*** jettee sirbitee sayyuu dubbiidhaan tuqxi. Kanaafuu, xuwween meeshaa aadaa Oromooti jechuu dandeenya jedhan.

### G. Jabanaa



***Suura 15: Jabanaa morma lamaa (Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame)***

Akka aadde Asteer Goobanaa jedhanitti, "hambaan kun akka naannoo kanaatti jabanaa morma tokkoofi lamaa jedhama. Jabanaan kun kan hojjetamu suphee lagaa kutamurraa yoo ta'u, faayidaan isaa yeroo sirnoota adda addaa buna itti danfisuuf kan ooludha," jedhan. Keessumaa

naannoo warra waaqeffataatti bal'inaan dhimma kan itti bahamuudha. Moggaasni maqaa isaas haala isaafi faayidaa isaarraa ka'ee akka moggaafame jedhu. Jabaanaa kanatti morma lama itti gochuun kan barbaachiseef yoo ibsan, "yeroo buna danfisan karaa isa tokko daakuu bunaa yoo itti naqan, karaa isa biraa immoo dhadhaa bakfamaa itti naqu," jedhan. Kun kan barbaachiseef dhadhaafi daakuun bunaa sun wal keessa akka hin badneefi mi'aa isaa akka hin balleessineef yaadamee akka ta'e ragaan odeefkennitootarraa argame ni ibsa. Yeroo ammaa jabanaan kun onaalee baayyee keessatti kan hin argamne yoo ta'es, ona Gimbii, Laaloo Assaabii, Sayyoo Noolee, Noolee Kaabbaafi Mana sibuu keessatti yoo argamu, akkaataan hojiisaa baay'ee kan nama dinqisiisuudha jedhan. Obbo Dabalaa Gaaroomaa tajaajilli jabanaa aadaa hawaasa kanaa keessatti qabu yoo ibsan, "jabanaan akkuma tajaajila isaatti addaa addadha. Jabanaan buna olla waliin dhuguuf guyya guyyaatti itti danfisnu funyaan isaa tokkodha," jedhu. Jabanaan bunni gaafa kabaja kenna Ayyaana Abbaa itti danfuu ykn. kan gaafa Masqalaa itti danfu ammoo funyaan tokkoo ol qaba. Tajaajilli jabanaa kan biraa, akka araaraattis (nagaa) Waaqa isaanii biraa argachuuf jecha yeroo dubartiin dahumsaaf ciniinfattu jabanaa ni dhaabama jedhan.

### H. Xebbee



***Suura 16: Xebbee***

Akka aadde Jamiilaa Siiraaj jedhanitti, "hambaan kun akka naannoo Wallaggaa Lixaatti Xebbee jedhamuun beekama." Kan inni hojjetamu supheerraa yommuu ta'u, namoota ogeeyyii jedhamanii hawaasa keessatti beekamaniin hojjetama. Xebbeen meeshaalee aadaa akka naannoo kanaatti supheerraa hojjetaman keessaa hangaan kanneen kaanirra xiqqaa kan ta'eedha. Moggaasni maqaa isaas xiqqeenya isaa kanarraa ka'ee akka kenname dubbatu. Adde Jamiilaa Siiraaj tajaajilli xeebbeen aadaa hawaasa kanaa keessatti qabdus akkas jedhani, ijoolleen harka, fuulafi miilla dhiqachuu kan ittiin baran waan ta'eef, mata mataatti qabu. Bishaan migira itti

laaffiifatan kan ittiin dhiyeeffatanidha jedhan. Dabalees jedhu aadde Jamiilaan, ijoollee tikee, ijoollee xixinnoofi shamarran yookaan ijoolleen dubaraa hin heerumiin yookaan heerumaaf hin ga'iintu buddeena yookaan waanuma nyaatamu itti nyaatu. Kanaaf, durbi dur yeroo gaafa cidha isheetii yeroo soddaa arrabsitu akkas jettee sirbiti jedhan,

### I. Caabii



***Suura 17: Caabii (Suura Qorataan Mudde, 2014 kaafame/fudhatame)***

Akka Obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti, "maqaan hambaa kanaa Caabii jedhama; kan inni irra hojjetamu mukarraa osoo hintaanee suphee irraati," jedhan. Caabiin qodaa diriiraa (flat) ta'ee supheerraa ogeeyyii suphee hojjetaniin hojii harkaatiin biyyoo diimtuu yookaan gurraacha 'xibiruu' suphee kutamee bukeeffamurraa hojjetama. Abiddaan erga gubamee siileffamee booda, ogeettiidhaan yookaan warra bitatee manatti galeen eebbifamee faayidaaf oola. Naannoo andaara isaa karaa alaatiin bobbocni yookaan muchi lakkoofsaan murasni itti hojjetamanii argaman miidhagina mi'ichaaf, qabannoo harkaaf jechuun akka nama harkaa mucucaatee hinkufneef yaadamee akkasumas, tarii ayyaana maatii kan suga namaaf kennu ittiin yaadachuufi kkf tilmaama keessaa galchuun irratti kan hojjetamuudha jedhan.

Tajaajilli caabii jedhu adde Shaashituu Ool'aanaa, "gaafa Ateetee bulfatan, dhaqna dhiqaa da'uumsaafi dhaqna dhiqaa ulmaa cidhaa marqaan caabitti marqamu ta'uufi nyaata aadaa tibba adda addaa qophaa'u kan akka mulluu boqqoolloo asheetii mukaanmukii ykn falfallii, baalaan maroo, baqqaana buqqee, qociinoo, mulluu daddarbaa faa itti afeellama," jedhan. Akkasumas,

dhugaatii aadaa araqee qopheessuu keessatti bu’aa kan qabuufi bishaan farsoon Oromoo yeroo namoonni baay’een dhuguuf hirmaatan ittiin areeramu caabii kanaatti kan ho’iifamu ta’uu dubbatan. Haadhi Siiqqee Kuulanii Ashandaa faayidaa caabii yoo ibsan, “marqaan xuwwee keessatti tolfame nyaataaf akka mijatuuf caabii kanatti baafama. Kana jechuun, yeroo marqaan tolfamu xuwwee marqaa keessaa baasan Caabiirratti baasuu jechuudha,” jedhan. Marqaa xuwwee keessatti tolfamerratti itittuu itti jigfatanii nyaachuun waan hin danda’amneef caabii kanarrattii baasuun maatiifi firoonni gamtaadhaan irraa nyaatama. Akkasumas, buna qalaa itti dhiyeeffachuunis nidanda’ama. Meeshaan kun uummatuma Oromoo waliin kan tureedha. Kunis, keessumaa yeroo sirna gaa’elaa, yeroo saawwa dhaabbatan hambaa kanatti dhimma bahaa akka turaniifi jiran dubbatu. Akka naannoo kanaatti caabiin tajaajila kanaan alatti manneen warra jila aadaa Waaqeffannaa waggaatti Sirna ‘Reersoo’ jedhamu geggeessan kanneen akka Dilaa Koobii Warqeefatti haalaan hojiirra oolaa jira jedhan.

**Jijiirrama Meeshaalee Aadaa Biyyee Supheerraa Qophaa’aanii irratti Mul’atan.**

Jijjiirramni meeshaalee aadaa biyyeefi supheerraa qophaa’an irratti mul’atu yaada odeef kennitoonniitota ogeeyyii supheefi beekumsa aadaafi tajaajila meeshaalee aadaa hawaasichaa qaban akka jedhanitti,

- Meeshaaleen dur supheefi biyyoorraa dhahaman har'a dhahamaa hin jirree kan akka: gaanii, gumbii, xeebbee, xuwwee abiddaafi kan biraa fa’i. Meeshaaleen kunneen meeshaalee ammayyaa kanneen akka barmeelii, roottoo pilaastiikiifi sibiilaatiin bakka bu’amuun jijjiirramadha jedhu adde Faayiituu Gonfaa.
- Meeshaaleen dur ogeeyyii kanaan supeerraa hin qophoofneefi hawaasichi tajaajila isaanii hin hinbeekne ogeeyyii ammaatiin kan qophaa’aniifi hawaasichi itti tajaajilamaa jiran kan akka: mi’a ixaana itti aarsan mul’achuu ibsanii kan dubbatan aadde Asteer Goobanaati.
- Adde Jamiilaa Siiraaj meeshaaleen duriifi amma ogeeyyii kanaan dhahamaa jiranis jijjiirrama qabaachuu akkas jedhu, meeshaaleen duriifi amma dhahamaafi tajaajila kennaa jiran kan akka eelee buddeenaa, eelee beeddee, jabanaa, gomboo durbaa, xuwwee ittoo, hubboo, caabii fa’i. Fakkeenyaaf, eeleen buddeenaa durii golboo yoo ta’uu kan ammaa diriiraadha. Jabanaan durii furdaafi bocni isaa hawwataa kan hin taanee yoo ta’u kan amma hojjeetamaa jiruu haphiifi bocni isaa kan miidhagudhaa kan jedhan immoo aadde Zannabuu Miijanaati.

### 5.3 Gosootaafi Tajaajilaa Meeshaalee Hodhaa Migiraa

#### Hodhaa

Hodhaa jechuun wanti hodhamuufi wanti ittiin hodhan jiraatee, tokko irra keessaan tokko immoo jalaan kan dhufu ta'ee gidduutti mi'i argamu tokko isaan kunneen wal jala darbuun kan raawwatamuudha. Wanti hodhamu gosa adda addaa qabaachuu qabaachuu mala; qorannoo kana keessatti garuu kan irratti xiyyeeffatamu waa'ee hodhaa migiraati. Hodhaan migiraa hodhaa harkaan namoonni wantoota akka quncee, kirrii, hidda geeboo, meexxii, dhallaadduurraa hodhan hunda kan hammatu yoo ta'u, jabinaanis miidhaginaanis kan migiraa kan isa gitu hin jiru. Akka naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaatti hodhaaleen quncee, dhallaadduufi hidda geeboorraa hodhaman yeroo buddeena tolchan eelee ittiin qadaaduuf kan gargaaran yoo ta'an, haalli isaan itti hodhamanis haala gundoofi qadaadaan. Yeroo ammaa kanas barbaachisummaan hodhaalee kanneenii daran dabalaa kan jiruufi fudhatamummaan isaanii guddaadha. Kunis, sababni barbaachisummaan isaanii dabaleef faayidaa adda addaaf ooluu isaaniirrayyuu ibsituu aadaa saba tokkoo ta'aa dhufuun isaanii immoo fudhatamummaa isaanii kana daran dabalee jira. Migirri uumamaan baddaafi badda dareetti kan argamuudha. Kan uumaman argamu kanarraa namoonni dandeettii uumamaa qaban fayyadamuun hodhaa gosa adda addaa hodhanii jireenya isaanii har'aa borii yoo geggeeffatan ni mul'ata. Migirri yeroo gannaan kan dagaagu yoo ta'u, innis ni marga yookaan ni dagaaga; sanaa booda ni dorroba, erga dorrobee itti aansee daraaree migira isa jedhan kana ta'a.

Gabbinni biyyee dheerina, gabaabinaafi qulqullina migiraa ni murteessa. Kanajechuun, biyyeen furdaafi gabbataa yoo ta'e, migirri ni dheerata, akkasumas ni furdata. Migirri yeroo ciramuuf ga'u yeroo baay'ee ijoollee dubaraan cirama. Darbee darbee dhiirriifi dubarri jaalalaaf laga migiraatti waan wal barbaadaniif inni dhiiraa ishee dubaraaf ni haama. Lagni migiraafi gabaan bakka bal'inaan dargaggoofi dargaggeettiin wal-arguuf yookaan walbarbaachaaf deeman keessaa isa bal'inaan mullachaa ture jechuu dandeenya. Isa ammaa kana yoo ilaalle immoo mana barumsaafi waldaa amantaa fakkeenya fudhachuu dandeenya. Yeroo ammaa sababa biqilli migiraa haalaan hin jirreefi sababa mana barumsaafi kanneen biroon migira ciruuf kanneen laga deeman muraasa. Kana jechuun, hodhaa hodhuun hin jiru jechuu otoo hin taane, migirri dheedhiin yeroo ammaa gabaatti baafamee waan gurguramuuf gabaarraa bitanii itti fayyadamu.

### Barbaachisummaa Hodhaa Migiraa

Akka yeroo ammaa tekinoloojiin osoon hin babal'atiin namni yookaan dhalli namaa yeroo durii wantoota ofii isaatii hojjete yookaan uumamaan jirutti fayyadamuun jiruufi jireenyasaa geggeessuun yeroodhaa yerootti fooyyessaa har'a gahee jira. Isaan keessaa adamoo adamsanii dheedhii nyaachuun itti fufee abidda ichimaa argate, kana jechuun dheedhii nyaachaa kan ture gara bilcheeffatee nyaachuuti dhufe, itti aansuun wantoota naannoosaatti argaman beekumsa xabboo yookaan dandeettii isaatti fayyadamuun ogummaa kanneen akka sibiila tumuu, wayyaa dha'uu, gogaa duuguu, muka hojjechuufi hodhaa hodhuu eegale. Isaan keessaa ogummaan hodhaa kun hawaasa kana waliin waggoota hedduu kan lakkoofsise yoo tahu, innis hawaasa kanaaf faayidaa hedduu kennaa kan tureefi kan jiruudha. Hodhaan biqila kanaafi kanneen biroorraa hodhamu faayidaan isaanii miidhaginaaf, dinagdee isaanii guddifachuufi meeshaalee bu'aa kanaa ta'anitti fayyadamuun mana keessaafi alatti dhimma kan itti bahaniidha. Miidhaginaaf yeroo jennu bu'aaleen hodhaa ofuma isaaniiyyuu miidhagina bifaafi halluu adda addaan burree taasisanii yeroo hodhan daran miidhagu. Dinagdee guddisuuf yeroo jennu immoo hodhamee yeroo gabaa deemu qarshii baayyeetti gurguratanii galii irraa argamuun mataasaanis ta'e maatii isaanii ittiin jiraachisuu waan danda'aniifi. Haaluma kanaan, meeshaalee mana keessaafi alatti dhimma itti bahaniif illee kan gargaaruudha. Hojiin yookaan ogummaan hodhaa dubartootaaf bu'aa akkamii akka qabu Tarik (2012) yoo ibsitu,

> Weaving baskets neither had economic value nor had any effect to the unequal power relation of women and men in this patriarchal society. Others enter into this business, having another means of income mainly land. They indicated that, they start the business of weaving because production from the land is either not enough to cover their basic needs, or they do not have full decision making power over the production (p.20).

Ogummaan hodhaa dinagdee haadholii guddisuuf, walitti dhufeenya dubartoota gidduu jiru guddisuufi warra dhiirotaa wajjin haala dinagdee isaaniin wal qixxummaa akka qabaatan taasisuu keessatti gahee inni qabu daran ol'aanaadha. Kana jechuun, dubartootni ogummaa hodhaa kana qaban waan hojjetan kana gabaatti geessuun gurguranii jruufi jireenya isaanii ittiin geggeessuun qabsoo jireenyaa mo'atu jechuudha. Dubartootniifi ijoolleen durbaa hojii hodhaa kanatti kan galaniif yoo carraa hojii biraa dhabaniifi lafti oomishaa gahaan naannoo isaanii hin jirreedha. Kanas, kan eegalan yoo cirumaan lafti qonnaa hin jirreefi yoo kanaachi kan wal gahu hin taane hojii kana akka carraatti itti gargaaramuun hojjetu jechuudha. Kana kan raawwataniif

fedhii dhuunfaa isaanii guuttachuufi mirga mana keessaa waan qaban irratti murteessuu guddifachuufiidha. Salphaadhumatti, hojiin hodhaa kun dubartootni galiin akka ofdanda’aniifi eeggattummaa abbaa manaa jalaa akka bahaniif daran kan gargaaruudha.

Beekumsi yookaan ogummaan harkaa hojii hodhaa migiraa akka konya kanaatti daran beekamaadha. Kunis, kan ta’uu danda’eef haalli qilleensa konya kanaa wantoota hodhaa kanaaf barbaachisan haalaan waan argamsiisuufiidha. Akkasumas, hojiin hodhaa kun dinagdee hawaasa Oromoo naannoo kanaa tumsuu keessatti ga’ee inni qabu daran ol’aanaadha. Dabalees, hojiin hodhaa kun hawaasa konya kana keessa jiraatan biratti hiika aadaa waliin wal qabatee ilaalacha guddaa waan qabuuf kanarraa ka’uudhaan hodhaalee hedduun konya kana keessatti ni hodhamu. Yeroo ammaa hodhaaleen jiran wantoota akka ‘kirrii’ fi ‘madaabaraa’ irraas kan hodhaman yoo jiraatanis qorannoon kun hodhaa migiraa, qunceefi hidda mukaa kan xiyyeeffatuudha. Akkuma adeemsi hodhaa meeshaalee aadaa migiraan hodhamanii adda adda ta’ee, maqaafi tajaajjillii meeshaaleen kun qabanis addaa addadha. Qorataan ragaa kana kan argatee odeefkeenniitota manguddoota beekumsa aadaa hawaasaafi tajaajila meeshaalee adaa hawaasichaa qaban irraa yoo ta’u, suuran deegaaruun ibsaa argte waliin akka armaan gadiitti qoqqooduun dhiyeessee jira.

### A. Gundoo Booree



***Suura 18: Gundoo Booree (Qorataan Amajjii 2015 kan kaafame; Ona Noolee Kaabbaatii kan fudhatame)***

Aadde Zannabuu Miijanaa akka jedhanitti, “meeshaalee aadaa naannoo kanatti beekaman keessaa gundoon booree yookaan gundoon dhiigaa isa tokko,” jedhan. Gundoon booree biqiloota

kanneen akka migiraafi giraanxaa jedhamanirraa hojjetama jedhan. Itti dabaluun akka isaan jedhanitti, gundoon booree gosuma gundoo ta`ee miidhaginaan akka faayaatti kan qophaa'uu yoo ta'u, haala addaatiin kan ilaalamuufi kan hodhamuudha. Kana jechuun, gundoon kun gundoo kaanirraa adda; kanaafis kabaja addaa qaba. Gundoon kun hanga gaafa guyyaa cidhaatti gadi hinba'u. Gaafa cidhaa intalli yeroo ba'uuf kaatu durboota naanna'anii sirban gidduu kaa'uun obbolaawwan gurbaa akka gundoo kana fuudhatan taasifama. Gundoon booree yeroo ammaa aanaa hunda keessatti sadarkaa yaadaatti kan beekamu yoo ta'u, aanaa Noolee Kaabbaa keessatti qaamaan argama kan jedhan immoo aadde Asteer Goobanaati. Yaada kana deggeruun Tarik (2021:19) faayidaa meeshaalee aadaa migirarraa hojjetamanii yoo ibsitu, '*These baskets are used during marriage celebration and mostly are produced to generate income*,' jetti. Meeshaaleen aadaa migirarraa hojjetaman tajaajila mana keessaafi iddoo adda addaatti kennaniin cinatti yeroo fudhaafi heerumaas dhimma kan itti bahamaniifi galii namoota hojjetanii guddisuu keessattis iddoo guddaa qabu. Kanamalees, sadarkaa jireenya dhuunfaafi maatii jijjiiruu keessattillee iddoo ol'aanaa kan qabaniidha.

Aadde Masqalee Tolasaa faayidaafi maalummaa gundoo booree akka jechuun ibsu, Gundoo booree kan qabatu addooyyee intala heerumtuu yoo taatu, akka kennaattis intala heerumtuuf kan dha'u isheedhuma jedhan. Yeroo baay'ee gundoo booreetti dhimma kan itti bahamu yeroo cidhaa yoo ta'u, keessumaa immoo yeroo cidha naqatanii yookaan kaadhimatanii fuudhuu dhimma itti bahama. Kunis, guyyaa gaafa cidhaa gurbaan intala fudhachuuf gara mana intalaa hiriyyoota, firootaafi obbolaasaa fudhatee dhufu addooyyeen intalaa meeshaa kana yookaan gundoo booree kana qabatanii mararoo dha'aa, sirbaafi arrabsoo adda addaa jedhu. Haata'u malee, Gundoo sana kennuu hinbarbaadani. Namni hamaamota keessaa gundoo booree fuudhu waarsaadha; eenyuyyuu akka fuudhu hineeyyamamu. Kunis, cimna isaa madaaluuf jecha wanta taasifamuudha. Waarsaan intalaa kun yookaan obboleessi gurbaa gundoo sana fuudhuu yoo dadhabe ni tuffatama. Hamaamonni gurbaas dursaanii gundicha fuudhuu barbaadu. Warri intalaas hinkennan; irratti mormii cimaa kaasuu, irratti wal loluun gundoo kana dhoowwatu jedhan.

Akkaataa itti fayyadamaafi qabaa gundoo booree aadde Zannabuu Miijanaa yoo ibsan, dubarri karaa intalaa "*gundoo booree dhiiftee galtamooree*" jechuun hanqaaquu ajeessaa itti darbachuun, uleefaa fudhachuun hamaamotni akka isaanitti hinsiqne ittisuun gundicha dhoowwatu. Gundoo

kana fudhachuu baannaan intalas fuudhatanii hingaltan jechuun doorsisu; obboleessi gurbaa fuudhuu kun akkuma ta'u ta'ee hamaamota booreen qabee fuudhuuf yaala. Gaafa gurbaan namoota fudhatee dhufe kanneen wajjin intala fudhatee gara manaatti galuuf jedhu addooyyeen intalaa obbolaa, firootaafi soddaa ittiin arrabsu. Yeroo kana hamaamonni addooyyee inatalaa harkaa gundoo kana fudhachuuf ni tattaafatu; yoo danda'an ni fudhatu, yoo dadhaban darbatanii ittiin rukutu. Yeroo hamaamonni gundoo kana fudhachuuf gara isaaniitti qajeelan akkas jechuun arrabsu jedhan,

***Gurraa dhiiraa hoo'uka gundoo dhiigaa***
***Hantuuta gurraattii saree mataa bokkuu***
***Kan fuulli cilaatti dhufuuf na ilaaltii***
***Ka'ee jalaa* sokkuu**

Kunis, kan jedhamu yeroo hamaamonni gundoo kana fudhachuuf sirbaa, garmaamaa gara addooyyee intalaatti dhufan kan jedhamuudha. Addooyyeen intalaammoo salphaatti kennuu waan hinbarbaadneef jala dhoksu, ni rakkisu. Yeroo hamaamonni abdii kutatanii gara boodaatti deebi'an ammoo akkas jechuun arrabsu jedhan,

***Dhagaa kattaa gubbaa gumarii leensanii***
***Na baqattaa gurbaa dubartii hindheessanii***
***Dhiira hingeggeessanii* jechuun weeddisu**

Yeroo kana warri hamaamonni booree godhatanii ammas fudhachuuf deebi'u, iddoo kanatti waliin qabuu guddaafi dhiibbaa walirratti taasisuu guddaatu mul'ata, hanga ammaatti fudhachuu waan dadhabaniif ammas akkas jechuun arrabsu jedhan,

***Laga keessa leenci hinjiru fardeen malee***
***Kana keessa dhiirri hinjiru nadheen malee jechuun weeddisu***

Kun kan agarsiisu hamaamonni hanga ammaattuu gundoo booree hinfudhatiin jiraachuu isaaniiti. Hanga isaan hamma kana jedhan hamaamonni homaayyuu hinjedhan, gundooma kana fudhachuuf oliifi gadi maggaluun sirbaa fudhachuuf yaalu malee. Kunis, kan taasifamuuf gundoo booree otoo hinfudhatiin galuun safuu waan ta'eef. Hanga ammaatti meeshaa kana fudhachuu waan dadhabaniif akkas ittiin jedhu jedhan,

***Killa waancaa cabduu***
***Meerre waarsaan jabduu***
***Aaddeen waarsaa hinqabduu***

***Kan bukkee deebituu***
***Kan buttee deebituu** jechuun ammas hamaamota doorsisu*

Akkas jechuun, ammas booree itti horu; kun kan jedhamuuf gundoo booree kana kan fuudhu obboleessa gurbaa waan ta'eefiidha. Haata'umaleee, kana hunda otoo hinga'iinis kan fudhatan hindhibaman; kan fudhachuu dadhaban yoo jiraatan immoo addooyyeen intalaa darbatanii ittiin rukutu isaan immoo fudhatanii galu. Kana booda intallis qe`ee warraatii bahuun dirqama waan ta`eef intala qe`eedhaa baasuu mararsiifachuutti fakkeeffama. Erga isaan fudhatanii hamaamonni intala gaangeerra kaawwatanii sirbaa yoo sokkan addooyyeen intalaa ol deebi'anii sirba kan biraa eegalu. Kanaaf, gundoon booree hawaasa kana keessati fakkoommii mataasaa waan qabuuf gaafa gaa'elaa dirqama argamuu qaba. Akka tasaa yoo hinargamiin hafe sirni sun akka hanquutti fudhatama. Kanaaf, gundoon booree waarsaa intalaaf akka faacha injifannootti ilaalama. Kun immoo sirnicha miidhagaa taasisa. Erga fudhatanii galanii mana gurbaa ga'anii wanti hundi raawwatamee carqii adii dhiiga durbummaa isheetti dibuun gundoo booree kana gubbaa kaa'uun mana warra gurbaafi mana warra intalaatii intalaaf kennaa yookaan gumaata funaanu jedhan aadde Zannabuun.

### B. Gingilchaa



***Suura 19: Gingilchaa (Suura Qorataan Mudde, 2014 kan kaafame/ fudhatame)***

Aadde Xajjituu Waaqjiraa akka jedhanitti, “hambaan kun akka naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaatti gingilchaa jedhama.” Gingilchaan karaa ittiin jalqaban fo’aa yookaan qunceedhaan gara jalasaatiin naanna’ee qophaa’a. Migira yookaan meexxiidhaan akkasumas sutaadhaan erga sutamee booda migiraan naannessanii hodhaa deemu. Erga gundoo ta’ee jallisaammoo waa akka dabarsuu danda’u yookaan gingilchaa erga ta’ee in xumuru jedhan.

Faayidaa gingilchaan migiraan hodhame kennu obbo FufaaTeessoo yoo ibsan, gingilchaan migiraan hodhame gaafa intala keewwatan haati intalaa, itilleerra intala keewwatamtuufi addooyyee ishee wajjiin teessiisuun biqila milkiif biqilchite gingilchaa gundoorra keessee fuuldura intalaa itilleerra keessi. Gingilchaan dhiyaate haaraafi kan migiraarraa hodhame ta’uu, akkasumas baay’ee guddaa ykn xiqqaa kan hintaane ta’uu mirkaneeffachuun jarsooliin warra gurbaa buna duudaa fidanii dhufan gingilchaatti guutu. Jaarsooliin warra gurbaafi intalaa biqila milkii walharkaa fuudhanii ilaaluun milkiin qajeeltuu ta’uu erga mirkaneefatanii bunicharra qawwee dagalchuun qarshii hamma maqaa isaanii ibsu qawwee bukkee kaa’u. Gurbaanis seera ayyoofi abbootiin irreessa ulmaa’ii of harkaa qabuun qarree intalaatti al-sadii aggamuun intala keewwatata,” jedhan. Dabalataanis, gingilchaan aadaa fuudhaaf heerumaa keessatti qooda qabaachuu akkas jedhan, “ilma dhiiraa fuudhaaf qophaa’eef miinjeetu kadhatama. Warra gurbaa miinjummaaf kadhatamu yoo heyyaman warri kadhatan buna duudaa fudhanii deemuun, bunicha gingilchaa dhiyaateef irratti naquun warra gurbaa miinjummaaf filatameef kennamaa,” jedhan. Tajaajjila gingilchaan qabu obbo Oljirraa Dibaarii yoo ibsan, mana ayyaanaatti waan irreessaa gingilchaa migiraa dhiyaateerra keewwannaa jechaa gaafa ateetee facaafatan qabuus akkas jedhan, “marga jiidhaa (coqorsa lo’aa) ittiin facaafatan gingilchaa irra kaa’ameetu dhiyaata,” jedhan. Karaa biraatiin tajaajilli gingilchaa tibba birraa boqqolloo asheetiirraa nyaata aadaa harkisoo qopheessuu keessatti qabu akkasitti ibsu, gingilchaan nadhii midhaaniifi cuunfaa boqqolloo ittiin adda baasuuf akka oolu dubbatan.

C. **Gilgilii/Agelgilii/Gingilii**



***Suura 20: Gilgilii (Suura Qorataan Gurraandhala 2015 kan Kaafame/ Fudhatame)***

Akka aadde Asteer Goobanaa jedhanitti, naannoo kanaatti hambaan yookaan meeshaan kun gilgilii jedhama; agilgiliin gosa meeshaa hodhaa keessaa tokko ta’ee akkuma laameetii haadhaafi qadaadaan hodhama,” jedhama. Agigiliin gosa lamaan hodhamuu danda’a. Inni tokko erga migirarraa hodhamee booda akka baatanii karaa deemuuf mijatutti gogaadhaan guutummaa bakkeesaa haadhaafi qadaada isaa gogaadhaan haguuguun diratanii deemu. Inni gogaadhaan golgamu kun halluu adda addaan miidhagsanii hin hodhan. Inni kan biraan migigirraa kan hojjetamu yoo ta’u, miidhagsuuf halluu adda addaa fayyadamuus dhiisuus kan danda’amuudha jedhan. Aadde Bugulee Garbichoo immoo tajaajila gingilii yoo ibsan, mi’a qoodaa (gonfaatti). Gaafa cidhaa gingiliitti haati intalaa atara hororamaa ykn missira itti naqxee kenniti. Intaalli heerumte kun ammoo gingilii kanatti bara heerumte irraa kaastee Birraa birii Masqala warra isheetiif masqala faffatoo buddeenii ittoo dhadhaa ykn fooniin qophaa’e fiddiif,” jedhan.

**D. Gundoo**



***Suura 21: Gundoo (Suura Qorataan Mudde, 2014 kan kaafame/ fudhatame)***

Akka aadde Duulee Immaanaa jedhanitti, hambaan yookaan meeshaan kun akka naannoo Wallagga Lixaatti gundoo darbee darbees reesii jedhama. Gosoota hojii ogummaa harkaa yookaan hodhaa keessaa gundoon isa tokko yoo ta'u, barbaachisummaa isaan daran ol'aanaandha," jedhan. Gundoon bifa geengoo qabuun kan hojjetamu ta'ee, tajaajila hawaasummaafi dinagdee uummata naannoo kanaa tumsuu keessatti qooda inni qabu daran ol'aanaadha. Kana jechuun, namoonni gurgurtaafis ta'e mana keessatti itti fayyadamuuf kan hodhaniidha jechuun dubbatan.

Tajaajila gundoo ilaalchisee adde Xajjiituu Lammeessaa yoo ibsan, "aadaa fuudhaafi heerumaa hawaasichaa keessatti intala heerumsiisaniif gundoon mi'a qoodaati; intalli gosa heeruma kamiinuu heerumte akka aadaa hawaasa kanaatti gaafa mana warraatii baatu gundoo booreetu kennamaaf," jedhan. Aadaa fuudhaafi heerumaa keewwata keessatti gaafa intala keewwatan biqilli miilkii gundoorra gingilchaa kaa"aanii kan ittiin dhiyaatuufi gaafa cidhaa firaa ykn nama duuni itti galeefis buddeena gumaata ykn kan gaddaa ittiin geessu. Akkasumas, gosa midhaanii callaas ta'e xaafii ittiin soru jedhan.

**Jijjiirrama Meeshaalee Aadaa Migiraan Hodhaman irratti Mul'atan**

Jiijjiirramni meeshaalee kanneen waliin walqabatee mul'atu odeefkennitootni akkasitti dubbatu

- Migirri akka salphaatti kan hin argamneef mi'aa waan ta'eef, meeshaaleen dur migirarraa hodhaman yeroo ammaa meeshaa laastiikii maadaabaraa jedhamuufi kuulaa bu'aa warshaa ammayyaa ta'erraa hodhamaa jiru jedhan aadde Duulee Immaanaa. Hodhaan pilaastikii maadaabaraafi kulaan hodhamu kun akka isa migirarraa hodhamee ho'a abiddaa waan hin dandeenyeef waan ho'aa abiddaarraa baasuuf hin oolu, darbees fayyaa namaaf miidhaa qabaachuu hin oolu jedhan. Ogeeyyii meeshaalee migiraa dha'uu qabaniifis kan gatii baasuuf isa migiraan hodhame ta'uudha jedhu Adde Xajjiituu Lammeessaa.
- Meeshaaleen dur migiraarraa hin hodhamne amma hodhamaa jiraachuufi aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti akka mi'a qoodaatti kan tajaaila kennaa jiran keessaa "yee saaloon masoobiifi acaawaachiin isaan mula'chuufi "yee qurs maqrabaa" faa maqaa dhahuun ni danda'ama jedhu Adde Zarfee Kabbadaa.
- Kan dur hodhaman amma hodhamaa kan hin jirreefi maqaafi tajaajilli isaanillee dhalootaan irraanfatamaa jiru jedhan aadde Jaalee Mootii.
- Namoonni hodhaa hodhanii bulan baay'achuun gatiin migiraafi sutaa bittaan mi'aa'uun jijjiirama mul'atedha jedhani adde Xajjiituu Lammeessaa.

# BOQONNAA JAHA: MEESHAALEE AADAA MUKA, SIBIILAAFI GOGAARRAA HOJJETAMAN

## 6.1 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Mukarraa Hojjetamanii

Maashaaleen aadaa mana keessaafi alaa mukarraa hojjetamanii hawaasa kana tajaajilaa turaniifi yeroo ammaa hanga tokko tajaajilaa jiran kanneen qorannoo kanaan bira ga’amuuf yaalaman hedduudha. Hojiin mukaa yoom akka eegale salphaatti lafa kaa’uun yoo ulfaates akka odeefkennitoota keessaa obbo Asaffaa Nagaasaa jedhanitti, hojiin mukaa erga qaroominni babal’atee booda kan eegalame ta’uu ibsuun gabateen erga suphee irra akka inni wayyaa’u hubatanii kan tolfaamaniidha. Barcumni yookaan teessumni immoo dhiyoo kana hojjetameedha. Gabateen buddeeniis yeroo dhiyoo hojjetamuu isaa kan nu hubachisu keessaa tokko erga loon elmanii baduu nyaachuun eegalamee booda. Kanas, akkas jedhanii geraaruudhaan afoolaan ibsu

*Yaa isa gabatee baaduu*
*Yaa isa camaadee laatuu*
*Maal siif hinfinnee loowwaan kee*
*Qambarrii ilkaa malee*
*Gindii sibiilaa malee* jedhaanii geraaranii gabateen dhiyoo hojjetamuu ibsu. Oromoon dur barcuma kana badaa hinho’isu, yeroo gaddisa ta’anis lafa ga’aniima ta’anii dubbii ilaalu. Yeroo mammaakan illee, ‘haadhaafi lafatu nama danda’a.’ jedhu (Afgaaffii, Gurraandhala, 2015).

Meeshaaleen aadaa mukarraa hojjetamanii aadaafi duudhaa hawaasa Oromoo godina Wallaggaa Lixaa ibsan hedduudha. Meeshaalee kanneen keessaa muraasni: Boraatii, Teessoo Hirkoo/Miilla Sadee, Dombii, Maaddii/gabatee nyaataa, Gabatee Nyaataafi dhugaatii, Caabii mukarraa hojjetamu, baataa qadaadaa, gabatee lafaa, gabatee warqee shooxuu/ lommoxuu, fal’aana, killa yookaan harkee qadaadaa, cilfaa, okolee horaa, mooyyee midhaaniifi kkf akka ta’an hubatamuuf yaalamee jira. Isaan kanneen keessaa kan xiyyeeffannoo argachuun haalli hiika fakkoommii isaanii xiinxalame muraasni akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru. Akka naannoo kanaatti mukkeen uumamaa bebekamoo ta’aniifi hangaa gurguddoo ta’anii hojii kanaaf oolan keessaa isaan ijoon waddeessa, harbuu, mukarbaa, qilinxoo, gambeelloo, hoomiifaati.

### A. Gabatee



***Suura 22: Gabatee, qorataan Amajjii 2015 kan kaafame; Ona Noolee Kaabbaatii kan fudhatame***

Akka obbo Addisuu Caalchisaa jedhanitti, hambaan yookaan meeshaan kun gabatee yookaan maaddii nyaataa jedhama. Meeshaan yookaan hambaan kun ogummaan hojiifi guddinni isaa hambicha kan adda taasisu yommuu ta’u, si’a tokkicha namoota kudhanii hanga kudha shaniif tajaajila nyaata itti nyaachuu kennuu danda’a jedhan. Gabateen mukeen akkamiirraa akka hojjetamu Obbo Addisuun yoo ibsan, “gabateen nyaataa kun muka waddeessaa, gambeelloo, harbuu, hoomiifaarraa ogeeyyii ogummaa hojii mukaa qabniitiin meeshaalee qirixiifi qottoo xinnoo naannootti qophaa’an gargaaramuun bobboca miidhagaan tolfama; akka hin shaakarroofnetti mucuceessanii bareechuuf baala mukaa kan ‘baalaan soofii’ jedhamuun beekamu kan akka ‘birciqqoo wereqet’tti fayyaduun haxaa’anii bareechu,” jedhan. Dhaabbiifi jalli isaa batteeffamee oldhaabbachuun miseesonni maatiifi keessummoonni illee itti naanna’anii maddii yookaan cina walii taa’uun waliin sooratu. Umurii jaarraa tokkoo olii kan qabuufi hambaa kabajamaa akka ta’e kan dubbatan Obbo Addisuu Caalchisaati

Meeshaan yookaan hambaan kun kan inni muka Waddeessaa, Hoomii, Gambeelloofi kkf irra hojjetamuuf, umurii dheeraa akka inni qabaachuu danda’uuf yaadamee akka ta’e kan dubbatan Abbaan Gadaa Fiqiruudha. Innis jedhu, “hambaan kun yoo hojjetamu muka seena qabeessaafi ibsituu uummata Oromoo kan ta’e odaatti fakkeeffamuuni,” jedhu. Kunis, gaaddisa namoota hedduu of jalatti qabu, hammataa ta’e, kan adda nama hin baafne jechuun ibsu. Kanaaf, hambaan

kun namoonni miseensa maatii tokkoo ta'an tokkummaan nyaata nyaachuun cinatti yeroo nyaata nyaatanis ta'e isaan booda murtoowwan akka maatiitti darban, yoo wal gorsan, yeroo wal barsiisan, yeroo wal akeekkachiisaniifi bakka itti aadaafi duudhaa walbarsiisan bakka filatamaadha jechuun kaasu. Moggaasni maqaa meeshaa kanaas kan kenname hawaasa Oromoon yoo ta'u, innis wal cina, wal bukkee taa'uu kan jedhurraa akka fudhatame Abbaan Gadaa Fiqiruun ni ibsu.

Gabateen waddeessaa kun keessi isaa golboo miilloo kan qabu tahee kan qophaa'u yommuu ta'u, namoonni immoo ogeessarraa bitatanii irratti buddeena nyaatu. Obbo Nagaraa Alamaayyoo akka jedhanitti, "hambaan kun yoo hojjetamu muka seena qabeessaafi ibsituu uummata Oromoo kan ta'e odaatti fakkeeffamuuni," jedhu. Kunis, gaaddisa namoota hedduu of jalatti qabu, hammataa ta'e, kan adda nama hin baafne jechuun ibsu. Kanaaf, hambaan kun namoonni miseensa maatii tokkoo ta'an tokkummaan nyaata nyaachuun cinatti yeroo nyaata nyaatanis ta'e isaan booda murtoowwan akka maatiitti darban, yoo wal gorsan, yeroo wal barsiisan, yeroo wal akeekkachiisaniifi bakka itti aadaafi duudhaa walbarsiisan bakka filatamaadha jechuun kan dubbatan Obbo Nagaraa Alamaayyooti.

### B. Fal'aana



***Suura 23: Fal'aanaa, qorataan Amajjii 2015 kan kaafame. Ona Boojji Dirmajjiitii kan fudhatame***

Akka Obbo Yoonnattan Galataa jedhanitti, "fal'aanni meeshaalee aadaa duudhaa uummata Oromoo naannoo kana jiraatan kanneen agarsiisan keessaa isa tokkoodha. Akka yeroo ammaa sibiila irraa kan tolfamu osoo hin taane gaanfa looniifi gosa mukaa kanneen akka qareeroo,

mi'eessaa, baddeessaafi kanaafi kana kan fakkaatan irraa kan hojjetamuudha," jedhan. Yaada kana deggeruun Fiixee (2006:233) yoo ibsu, "Batoo yookaan fal'aana jechuun fiixee mukeen akka waddeessaa, qaraaroofaa golboo akka gaariitti qaranii garaa isaa keessa golbeessanii soofanii marqaadhaan nyaatu. Inni lammaffaan immoo gaanfa yookaan kolbaa saawwaa irraa kan hojjetamu, hojii kolbaatti ogummaa guddaa kan qaban jiru waan ta'eef bareechanii hojjechuudhaaf itti fayyadamaa turaniiru," jedha. Kanaaf, fal'aanni muka yookaan kolbaa saawwaarraa kan hojjetamu ta'ee nyaatawwan aadaa kan akka maqraa, bunaqalaafi kanneen biroo ittiin nyaachuuf kan gargaaruudha jechuu dandeenya.

Obbo Karrasaa Callaa tajaajila fal'aanaa yoo ibsan, "fal'aanni harkaan utuu birahin ga'iin qulqullinaan nyaachuuf abbootiifi harmootni keenya dhimma itti bahaa turan, itti bahaas jiru," jedhan. Fal'aanni uummata Oromoo biratti fakkoommii safuufi safeeffannaa midhaaniif qaban kan agarsiisuufi jireenyi hawaasummaa jiraachuutti fakkeeffama. Uummanni Oromoo waan hundaaf safuufi safeeffannaa qaba; midhaan yoo nyaatu, erga nyaatees maal akka godhu haalaan beeka. Kanaaf, waan nyaatamu akka hinaloofneef, dhukkubaan akka hinmiidhamneef meeshaa akka kanaatti dhimma ba'u jedhan.

### C. Boraatii



***Suura 24: Boraatii, qorataan Amajjii 2015kan kaafame. Ona Sayyoo Nooleetii kan fudhatame***

Obbo Bulchaa Dhibbarraa akka jedhanitti, "hambaan yookaan meeshaan kun boraatii jedhama. Hambichi jaarraa hedduu duraa kaasee akka hojjetamee dhimma itti bahamuu eegaletu dubbatama. Boraatiin muka waddeessaafi gambeelloo irraa ogeeyyii ogummaa hojii mukaa hojjechuu qabaniin hojjetama," jedham. Akka isaan jedhanitti moggaasni maqaa hambaa kanaa

jecha Afaan Oromoo *'boroo irraatii'* jedhu yoo ta'u, kana jechuunis karaa mataa duubaa kan jedhurraa kan moggaafamee ta'uu dubbatu.

Faayidaa boraatiin qabu Obbo Oljirraa Dibaar yoo ibsan, "galgala yeroo dadhabanii hojiitii galan ciqilee irra dhabbatanii hasa'uuf, yeroo hirribaa boquu itti hirkifatanii rafuuf, kunis halkan hirriba keessa mataan namaa conqola'ee gororri akka nama hinfeenetti morma yokaan mataa olqabatanii rafuuf, dubartoonnillee yoo rifeensa mataa isaanii dibata adda addaa dibatanii rafan akka dibatichaan afata hinxureessineef kan gargaaruudha. Kanamalees, misirroon yoo heerumtee mana gurbaa dhuftu qabattee waan dhuftuuf dinqashee ka'ameefii ciqilfattee hasofti, irras ciifti," jedhan. Yaada kana deggeruun Fiixee (2006) faayidaafi maalummaa boraatii yoo ibsu,

> Boraatii muka soqanii miilli isaa akka hinraafamnetti (hintochoonetti) batteessanii yommuu ciisan akka inni mataa hammatee qabutti miidhagsanii hojjetanii mataa irra kaawwatanii ciisu. Booddee kana immoo gogaa duuganii qalama diimaafi gurraachaan kuula itti baasanii garaa isaatti cidii naqanii akka 'ispoonjii' si'anaatti irra ciisu. Yeroo durba heerumsiisan boraatii akkasitti hojjetanii duukaa kennu. Dabalees, boraatiin meeshaalee aadaa misirroon guyyaa intala fuudhee gara manasaatti galu warri intalaa isheef kennan keessaa Siiqqeefi halangee waliin isaan ijoodha (f.232).

Yaada kanatti dabaluun Dafaa (1974) faayidaafi maalummaa boraatii yoo ibsu,

> ነምን ኡመመሳት ቀጄሌ አዴሙጻፍ ዮ ታኤስ ቃጀሌ ታኡ ጃላታ። አኩመ ከነ የሙ ራፉስ ቦቁሳ ኦላቃበቴ ረፌንሰ መታ እን ቶልፈቴ ብዮ ኬሰ አከ ጪፍኔ ፡ዋንኛቴ ዱጌስ አፋኒን አካናባኔ ቦቁሳ ለፈራ ሴንት 6 ሀመ 10ት ኦል ጄዴ ቦራት ሚሎ ቀቡረ ረፉ ጃላተ።ቦራትን ሙካ ገምቤላ ዮኪስ ዲሞ ሶፌ ቶልቻተ፡ ዮኪስ ህንብተተ፡ገራ ቦቁ ነማ ባቱንስ ብድረን በልኦ እት ቶልቹዳን በረቻኒ አካ ጻበቱት ቆጼፈቱ (ፉ፡83)።

Nyaanni nyaanne sababa akkaataa taa'umsaa yookaan ciisicha keenyaaf akka nun miinetti eeggannaa taasisuu qabna. Uummanni Oromoo ofeeggannaa kana otoo barnoonni ammayyaa hindhufiin itti fayyadamaa akka ture ogummaan kun nutti kan agarsiisuudha. Boraatiin egaa nyaanni nuti nyaanne akka nun miine, yeroo rafnu gororri akka nun feeneefi dibtani garaagaraa akka uffataafi afata keenya hinballeesine taasisuu keessatti gahee bakka bu'iinsa hinqabne meeshaa bahatuudha. Yaada kanaa olitti kaafame deggeruun Yenealem (2016) maalummaafi faayidaa boraatii yoo ibsitu,

> The other handheld object which is carried by woman is Boraati- a traditional pillow made from wood.the culture boraatiis given to the bride on her wedding day to gether with Siiqqee and other gifts by her family and relatives. On the wedding day, the husband receives the gift from the bride's family and carries it together with his staffs to their new home. Culturally butter is common ointment for both male and female. This cultural staff enables the butter not to leak down to her face and to her body on her move or while at the time of her sleep and it can also be decorated with colorful beads and thread or teephaa (leather strap) (p.164).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaalee aadaa uummata Oromoo biratti beekaman keessaa boraatiin isa tokkoodha. Faayidaan isaas yeroo ciifnu itti ciqilfannee ciisuufi boraafannee kan ciifnu yoo ta'u, jireenya hawaasummaa kanneen biroo keessattis qoodni inni qabu jabaadha. Yeroo cidhaa mucaan dubaraa yoo heerumtu kennaa haati ishee kennituuf keessaa boraatiin isa tokko. Boraatiin kan hojjetamu muka kana hojjechuuf filatameerraati. Siiqqee wajjin meeshaalee aadaa misirroota lamaaniif kennaman yoo ta'an, gurbaan haadha intalaarraa fuudhuun hamma mana isaanii isa haaraatti fuudhee kan adeemuudha. Faayidaan isaas dibata isaan dibatan keessaayyuu dhadhaan uffannaa isaanii akka hinballeessineef eeguu keessatti gaheen isaa daran ol'aanaadha. Kanamalees, dibatni sun qaama keenyarra akka hinlolaane, nyaatni nyaannu yoo rafnu akka nun feene kan taasisuudha. Boraatii bareechuuf calleewwan adda addaafi teepha itti hidhuun hojjechuun kan danda'uudha.

Yaadota olii kanneen deggeruun Tujuba (2020) maalummaafi faayidaa boraatii yoo ibsu,

> Boraatii is (pillow) made from wood and usually put under at the back of neck. It is used any anywhere as it is portable. A man makes it for himself but it is presented to a married girl on her wedding day by her mom or family member. The material culture is made from waddessa (cordial ofrican) tree in different size and decoration for man and women. For women has more decorated by bids (p.38).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, boraatiin yeroo baay'ee mukarraa kan hojjetamu ta'ee dugda duuba mormaatiin kan kaawwatamuudha. Akka barbaachisummaa isaatti namni kamiyyuu dhimma itti bahuu kan danda'u yoo ta'u, garuu irra jireessaan intala heerumtuuf haati yookaan maatiin kan kennaniifiidha. Boraatiin yeroo baay'ee muka wadeessaarraa gosaafi hanga adda addaan kan hojjetamu yoo ta'u, bareechuufis wantootni adda addaa ni taasifamu; garuu miidhagsuurratti kan durbootaa yookaan haadholii/ hawwanii ni caala.

### D. Killa Bunaa

***Suura 25: Killa Bunaa (Suura Qorataan Gurraandhala, 2015 kaafame/fudhatame)***

Aadde Asteer Goobanaa akka jedhanitti, “hambaan kun agigilii qorii yookaan killa bunaa jedhamee beekama. Meeshaan kun mukeen akka waddeessaafi hoomiifaarraa kan hojjetamu ta’ee, bareechuuf immoo gogaa bosonuufi kuruphee akkasumas birrii duriitiin kan faayamuudha. Innis qottoo soofeedhaan soofamee erga qophaa’ee booda mutaadhaan immoo boca babbareedaa itti gochuun bareedee qophaa’a,” jedhan. Faayidaan isaa yeroo buna qalan haadholiin qodaa buna itti qalan xebbee askutii keessaa buna qalame sana qodaa kanatti garagalchuun akka qabbanaa’uufi yeroo dheeraa turu taasisu. Kanamalees, nyaata aadaa kanneen akka buna qalaa, qorii, marqaa fi kanaafi kana kan fakkaatan itti nyaachuuf dhadhaa bakfamaas keessa kaa’achuun ni danda’ama jedhama. Yeroo ammaa meeshaan kun sirnoota adda addaa irratti dhimma itti bahamaa kan jiru yoo ta’u, bakka hundatti akka hin argamne ragaan yeroo hojii dirree argame ni ibsa. Haata’umalee, golhambaa iddoo waaqeffannaa Dilaa Koobii yookaan kuusaa hambaaleefi seenaafi aadaa uummata Oromoo ona Noolee Kaabbaafi Konya Wallaggaa Lixaa ona Gimbiitti, Ulaa Irreessaa karra amantii duudhaa diinaa abbaa caffee keessatti argama kan jedhan immoo abbaa Gadaa Fiqiruudha.

## E. Barcuma



***Suura 26: Barcuma (qorataan Amajjii 2015 kan kaafame; aanaa mana sibuutii kan fudhatame)***

Obbo Nagaraa Alamaayyoo akka jedhanitti, “barcumni meeshaalee aadaa Oromoo konya Wallaggaa Lixaa keessatti beekaman keessaa tokko yoo ta’u, muka waddeessaa, ulamaa’iifi kan ogeeyyii hojii mukaan beekamaniin soofamanii osoo ‘mismaarri’ keessa hinseenin meeshaalee kanneen akka qirixii, qottoo soofee yookaan qottoo xinnoofi kanaafi kana kan fakkaataniin muka tokkicha irraa qirixamanii bobboca hawwataadhaan kan hojjetamuudha,” jedhan. Sababiin muki waddeessaa filatamuuf laafina isaafi akkasumas waan yoo gogulle hintarsaane yookaan hinbaqaqneef yaadameeti jedhan. Faayidaan isaa abbaan warraa yookaan kan warri Sirna Gadaa keessatti buttaa qalan guyyaa cidhaa, akkasumas yeroo lafoo manuma isaaniitti irra taa’uuf kan ooluudha jechuun dubbatu. Yaada kana deggeruun Fiixee (2005:232) faayidaafi maalummaa teessuma miil sadee yookaan teessumaa yoo ibsu, ‘*teessumni muka soqanii miilla sadii itti baasanii akka irra taa’uuf mijatutti cululqsanii hojjetu*,’ jedha. Yaada kanatti dabaluun Dafaa (1974) maalummaafi faayidaa teessuma hirkoo yoo ibsu,

> በርጬመ ሚሎ ሰዲ ከንጀጻሙ ሙከ ወዴሳራ ሙራኒ ፈልፈላኒ ሶፉጻን ሚሎ ሰዲ እትቶልቻኒ ቆጼሱ በርጬመ አባ መናፍ ሃጻ መና ጀጻመ ቤከመ፡፡ከን አባ መና ኡቱባ ህርኮ አባመና ጀላ ሀጣአኒ ካኡፍ፡፡በርጬመ ህርኮ ከንጀጻሙ መጋዚጻን ቀደሰ ሙረኒ መላጋጻን ሶፉጻን በርጬመ ህርኮ ኦገስ አካ ሴረ ጀበነ ከናት በሬቹ የሙ ቶልቹ፤ ሀመ እሳ ቆቶ ዱዋጻን ቶልፈሜ ጅሬኘሳ ከንንጻረኔ ተኤ አርገማ፡፡ (ፉ፡106)

Yaada bantuu kanarraa kan hubannu, teessumni hirkoo yookaan teessuma miil-sadee jedhamee aadaa Oromoo keessatti kan beekamu kun akka aadaa Oromoo konya Wallaggaa Lixaa jiraatu kanaatti muka waddeessaarraa kan hojjetamuudha. Teessumni kun tajaajila irra taa'umsaaf kan ooluufi ogummaa hawaasa dhimma itti bahuun kan hojjetameedha. Teessuma kana hojjechuuf meeshaaleen akka qottoo soofee yookaan xiqqoo kan fayyadaman yoo ta'anis walqabsiisuuf homaa tokko akka hin faydamne yaada armaan olii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Barcumni hawaasa Oromoo iddoo hunda jiraatu biratti kabaja matasaa kan qabuudha kan jedhan Obbo Dabalaa Waltajjiiti. Kunis aangoo abbaa gadummaa waan agarsiisuuf olaantummaa abbaa Gadaa agarsiisa. Waltajjiin abbaa Gadaa teessuma isaa waan ta'eef isarra taa'ee nama araarsa, murtii kenna, akkasumas yaa'ii gaggeessa, kun immoo faayidaa teessuma Abbaa Gadaa mul'isa jedhan. Obbo Dabalaan faayidaa barcumaa yoo ibsan, "akkuma yeroo ammaa waltajjii gaggeessitoonni siyaasaa waltajjii gubbaatti teessoo jamaa fuldura kaa'achuun irra taa'anii ijaan wal ilaalaa waltajjii gaggeessan, Abbaan Gadaas teessuma miila sadii qabu irra taa'uun marii taasisa, murtii kenna, kan wal dhabe araarsa," jedhan. Teessuma Abbaa Gadaa irra namni biraa hin taa'u, sababni isaas aangoo Abbaa Gadaa sana dhaaluu fakkaata. Kanaafu, teessumni Abbaa Gadaa kabaja qaba jechuudha. Kunis uummanni Oromoo gaggeessitoota aangorra jiraniif kabaja ol'aanaa qabaachuu namatti agarsiisa jedhan.

**F. Siiqqee**



***Suura 27: Siiqqee: Suura Qorataan bara 2016 aanaa Laaloo Asaabiitii Fudhatame***

Akka haadhi siiqqee Kuulanii Ashandaa jedhanitti, “hambaan yookaan meeshaan aadaa kun Siiqqee yookaan siiqqee jedhama; hambichi namoota ayyaantuu jedhamaniin kan hojjetamuudha,” jedhan. Siiqqeen dubartoota naannichaan yeroo ayyaana ateeteefi ayyaanota adda addaa kan itti fayyadamaa jiraniifi turan yommuu ta’u, haalli ogummaa hojii isaa hambicha hawwataa taasisa jedhan. Yeroo ammaa hambichi godina Wallaggaa Lixaa keessaatti aanaalee hunda keessatti daran kan beekamuufi dhimma itti bahamaa jiruudha jedhan. Addunyaa kanaaf aadaa dimokraasii kan beeksise sirni Gadaa uummanni Oromoo ittiin bulaa tureefi jiru mirga namoomaafi siyaasaa daangaa hinqabne gonfachiisuu bira dabree, walqixxummaa koorniyaa mirkaneessuu irrattis mudaa akka hinqabne seenaan ragaa baha. Sirni dimokraasii addunyaaf angafa ta’e kun walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuuf, seera tumateen mirga dubartootaa kabajuun sirna milkaa’e ta’uu isaafi seerri Siiqqee isa kanaaf kan tumame ta’uun isaa ni beekama.

Siinqeen sirnoota jila adda addaa keessatti kanneen akka buttaa qaluu ayyaana irreechaa irratti kan dubartiin qabattuudha. Waan kana ta’eef siiqqeen meeshaalee ayyaanaati jechuu dandeenya. Guyyaata warri dhiiraa horooroo qabatanii jilaaf socho’an Beerri siinqee qabattee wajjin sochooti. Kanaaf, ulfinni bokkuuf, kallachaafi caaccuuf kennamu siinqeefis haaluma wal fakkaatuun kan mul’atuudha. Siinqeen meeshaalee ulfoo ayyaana keessaa isa tokko ta’uu danda’a. Akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin ammoo siinqee qabatti jechuudha. Kanaaf meeshaaleen ulfoo ayyaanaa kun mirga dubartiis bifa qixa ta’een kan eeguudha.

Adde Zannabuu Miijanaa immoo maalummaafi faayidaa siiqqee yoo ibsan, “siiqqeen ulee qal’oo, sorooroo muka harooressaa irraa muranii tolchan, meeshaa aadaa dubartiin gaafa heerumtu qabattee heerumtuudha,” jedhan. Mukti harooressaa qaqal’aafi sorooroo wanta qabuufi kan laayyootti hincabne waan ta’eef filatama. Siiqqee hojjaa yookaan dheerina dubartii qabattuun akka gitutti muru. Siiqqeen akka diimatee bareeduuf baaxii manaa jala bakka aara argatutti suuqu. Siiqqee akka uleetti hinfayyadaman, horii ittiin hinhaleelan, yeroo qabatan illee akka dhadhaabbataatti hinfayyadaman. Dubartoonni Siiqqee qabatanii gurumuudhaan sirna hawaasummaafi amantaa hedduu waan raawwataniif Siiqqeen waraana dubartiiti jedhan. Yadaa kana deggeruun qorataan Temesgen (2020) jedhamu maalummaa siiqqeefi faayidaa isaa yoo ibsu,

> Siiqqee is a stick symbolizing a socially sanctioned set of rights exercised by Oromo women. Siiqqee is made from harooressa (Grewia bicolor or mollies), Ejersa (Olea European Subs Cuspidate), waddeessa (cordial ofrican). It is regularly anointed with fresh butter to keep it wet. It is placed at the boroo. Siiqqee is given to a girl on the day of her marriage by her mom during the blessing ceremony. It is used rarely when conflicts occur between used on social inconsistencies which the woman had to interfere. (p.54)

Yaada bantuu kanarraa kan hubannu, siiqqeen ulee tuuta mirgoota hawaasummaan qoqqobbii irra kaa'amee dubartoonni Oromoo itti fayyadaman agarsiisuudha. Siiqqeen kan hojjetamu harooressa, ejersa, waddeessarraati. Yeroo hunda dhadhaa ho'aadhaan dibamee akka cululuqu taasifamuun boroo kaa'ama. Siiqqeen shamarree tokkoof guyyaa fuudhaafi heeruma ishee haadha isheetiin sirna eebbaa irratti kennama. Innis yeroo muraasaaf kan itti fayyadamu yeroo waldhabdeen uumamu gidduutti fayyadama irratti fayyadama wal hinsimne hawaasummaa irratti kan dubartiin gidduu seenuu qabduudha.

Qorataan biraa Endalew (2023:7) jedhamu maalummaafi faayidaa siiqqee yoo ibsu, '*Siinqee as the sign of every woman's respect and Qanafaa symbol of respect for a woman in the maternity season after delivery are respectful or Ulfo,*' jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, siiqqeen akka mallattoo kabaja dubartii hundaafi Qanafaa mallattoo kabajaa dubartii tokkoof yeroo da'umsaa erga da'umsa booda kabaja kan qabatamuufi meeshaa ulfooti. Yaada kana deggeruun qorattootni Gemechu & Assefa (2006) jedhaman faayidaa siiqqeefi maalummaa isaa yoo ibsan,

> In the Oromo cultural marriage, Siinqee and Waddessa are the two important sticks that are given to the bride and the bride groom on the wedding day respectively by their mother and father. The sticks are prepared from a tree called 'harooressa'. Siinqee is then, prepared by the mother of the bride from the harroressa tree. The mother cut the stick and decorates it in a fashioned way during the preparation for the wedding of daughter. On the wedding day, she gives it to her daughter after blessing her (f.23).

Yaada bantuu kanaarraa kan hubannu, aadaa sirna fuudhaafi heeruma uummata Oromoo keessatti siiqqeen ulee guyyaa cidhaa intala heerumtu sanaaf haadhaafi abbaa intalaan kennamuudha. Siiqqeen kan qophaa'u muka maqaan isaa harooressa jedhamurraati. Innis kan

qophaa'u haadha yookaan dubartii sirni cidha gaa'elaa sun mana isheetti adeemsifamuun. Haati intalaa ulee kana muka harooressaarraa erga murtee booda akka inni bareedutti miidhagsitee guyyaa cidhaa sana mucaasheef kenniti. Guyyaa cidhaa kanas erga eebbistee booda kennuufiin akka itti fayyadamtu taasifti jechuudha. Haati intala heerumsiistu siiqqee, boraatiifi dibduu qopheessiti. Siiqqeen mallattoo birmadummaa yookaan uumamaan bilisa ta'uuti. Boraatiin muka irraa soqamee tolfamee, calleedhaan faayame immoo mallattoo haadhawarrummaati. Cidha gaa'elaa irratti yeroo misirrichi misirroo fudhatee galuuf ka'u haati ishii siinqeefi boraatii harkatti qabattee, balbala fuula dura teessi. Siinqee seeraan kenname kanaan mirga haadhawarrummaa ishiin qabdu ittiin tikfatti. Hawaasa keessattis dubartoota siinqee qaban waliin gurmuu uummatanii seera adda addaa ittiin raawwachiisu. Yaada kan deggeruun faayidaafi maalummaa siiqqee ilaalchisee Tujuba (2020) yoo ibsu,

> Siiqqee is a stick symbolizing a socially sanctioned set of rights exercised by Oromo women. Siiqqee is made from harooressa (Grewia bicolor or mollies), Ejersa (Olea European Subs Cuspidate), waddeessa (cordial ofrican). It is regularly anointed with fresh butter to keep it wet. It is placed at the boroo. Siiqqee is given to a girl on the day of her marriage by her mom during the blessing ceremony. It is used rarely when conflicts occur between used on social inconsistencies which the woman had to interfere (p.54).

Yaada bantuu kana keessa jirurraa kan hubannu, siiqqeen ulee jireenya hawaasummaa keessatti mirga dubartoota wantoota miidhaman tiksuuf akka dhaabbatetti kan fakkeeffamuudha. Siiqqeen kan hojjetamu mukeen akka harooressaa, ejersaafi wadeessarraati. Kanamalees, faayidaan siiqqee gaafa waldhabdeen haadha warraafi abbaa waarraa gidduutti mudatu ittiin mirgashee kabachiisuufi jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti yoo rakkoon kanneen akka lolaafi beelaa mudatan qabatanii waaqa kadhachuuf kan ooluudha. Siiqqeen gaafa cidhaa haati intalaa yeroo eebbaa meeshaalee aadaa isheen intala heerumtuuf kennitu keessaa tokko yoo ta'uu, dhadhaafi dibata adda addaan dibamee eebbifamee kan kennamuufidha. Aadde Masqalee Tolasaa immoo akka jedhanitti, "siiqqeen meeshaa kabajaa dubartiin qabattuudha," jedhan.

### G. Harkee Miillaa



***Suura 28: Harkee Miillaa (Suura Qorataan Gurraandhala, 2015 kaafame/fudhatame)***

Obbo Abbayyaa Baayisaa akka jedhanitti, “meeshaan yookaan hambaan kun akka naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaatti harkee miillaa jedhama. Muka waddeessaa, somboo yookaan kan biroo irraa ogeeyyii hojii mukaan beekamaniin soofamanii osoo ‘mismaarri’ keessa hin seenin meeshaalee kanneen akka qirixii, qottoo soofee yookaan qottoo xinnoofi kanaafi kana kan fakkaataniin muka tokkicha irraa qirixamanii bobboca hawwataadhaan kan hojjetamuudha,” jedhan. Sababni muki waddeessaa filatameef laafina isaafi akkasumas waan yoo gogulle hin tarsaane yookaan hin baqaqneef yaadameeti jedhan. Faayidaan isaa abbaan manaa xuwwee miillaa yookaan waciitii keessaa bishaan fudhatee miilla yoo dhiqatu akka lafatti hin dhammineef gargaara. Harkee miillaas kan jedhameef salphaatti ejjetasaa harkaan qabanii fuudhuun waan danda’amuuf akka tahe ragaan afgaaffii obbo Abbayyaa Baayisaa wajjin taasifamerraa argame ni dhugoomsa. Yaada kana deggeruun maalummaafi faayidaa harkee miillaa ilaalchisee Tujuba (2020) yoo ibsu,

> It is like a dish which the Oromo use to wash hand and feet on. It is made from waddeessa or birbirsa tree. It is used daily by the users. Harkee is of two kind.Harkee miillaa (feet washing) and harkee harkaa (hand washing).The objects in the picture different in size. The one on the left is harkee miillaa. It has a bigger nipple in the center which is deliberately made. It was a space where you put your feet while washing. The one on the right has a smaller nipple like surface in the middle of harke. This is normally used for hand wash (f.32).

Harkeen miillaa kan jedhamu kun muka waddeessaa yookaan birbirsaarraa kan hojjetamu ta’ee, gosa lama kan qabuudha. Inni tooko harkee miillaa yoo ta’u, yeroo durii uummanni Oromoo tajaajila miilla dhiqannaaf dhimma kan itti bahaa tureedha. Inni kan biraan immoo harkee harkaa yoo ta’u tajaajila harka itti dhiqachuuf dhimma itti bahaa kan turaniidha. Harkeen miillaafi harkeen harkaa hammaan gargar yoo ta’an, harkeen miillaa guddaafi gidduu isaatti qabannoo kan qabuufi erga miilla dhiqatanii akka miilli namaa hin xuroofneef irra kan kaawwataniidha. Harkeen harkaa kana kan hin qabneefi tajaajilumma harka dhiqannaaf kan ooluudha.

### H. Ulee Seeraa/ Ulee Hoodaa



***Suura 29: Ulee Seeraa (Suura Qorataan Gurraandhala 2015 kan Kaafame***

Abbaan Gadaa Moosisaa Garbii akka jedhanitti, “meeshaan yookaan hambaan kun akka naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaatti ulee seeraa jedhama. Uleen seeraa yookaan hoodaa kun akkuma siiqqee arooressa yookaan urgeessaarraa kan hojjetamu yoo ta’u; irra caalaa arooressarraa hojjetama,” jedhan. Sababiinsaa uleen haluu waan qabuuf, muka argerraa hin muramu arooressa yookaan urgeessaarraa murama. Arooressi qajeelaadha; urgeessaannis yoo namni muruu baate akkasumatti ol ba’aa deema, garuu akka arooressaa mallattoo hin qabu garaasaa keessatu duwwaadha yakka hin qabu kanaaf urgeessaa jedhame. Kanaaf, uleen seeraa yookaan hoodaa amanamaadha jedhama. Uleen tokko arooressa ta’uusaa kan ibsu uleen sun ofirraa mucha waan qabuuf urgeessaarraa adda ba’a jedhan.

Ulee hoodaa kana kan qabatu gadamoojjiidha; gadamoojjiin ankaassee qabachuun haluu waan ta’eef ulee kana qabata. Ankaasseen bonaafi ganna lafa ura; lafas namas hin waraanan, nama kan hin waraanneef lafarraa dhalatee lafarratti waan dhalateef nama hin waraanan. Gadamoojjiin waan Oromoon jibbu bira hin ga’u; qanbarrii hin baatu, gindii hin baatu, nama hin abaaru, karaa nama hin qaxxaamuru, namnis isa hin qaxxaamuru. Kanaaf, ulee hoodaa kana qabatee hojii gaarii hawaasa sana keessatti hojjeta jechuudha. Ulee hoodaa yookaan seeraa kanaan namas horiis hin rukutan. Garuu, horii tokko yoo kan dhukkubu ta’e fakkeenyaaf yoo buutiin afuufe mormi yookaan iddoon biraan yoo kan dhiita’u ta’e sibiila irra jiru kan jinfuu jedhamu kanaan lafa dhiita sanaa tumata; kanas akkas jechuun lafa dhuftetti deebi’i, badi yoo jedhu dhiiti sun irraa bada. Kana malees, bakka araaraafi sagantaa adda addaarratti qabatee deema jedhan.

## I. Qoorbii



***Suura 30: Qoorbii (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame***

Akka obbo Oljirraa Dibaar jedhanitti, “meeshaan yookaan hambaan kun akka naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaatti hambaan kun qoorbii jedhama. Qoorbii kan hojjetamu muka kanneen akka baddeessaa, kombolchaafi waddeessarraa hojjetama,” jedhan. Faayidaan isaa yeroo midhaan dha’an yookaan calleessan erga miidhaan sun sangootaan yookaan hooriidhaan sirbisifamee booda cidiifi ija midhaanii oobdiirraa addaan baasuuf gargaara. Meeshaalee aadaa akka naannoo kanaatti umurii dheeraa jiraachuun namoota hunda biratti beekamaniifi ammallee jiran keessaa qoorbiin isa tokko. Haata’u malee, meeshaalee aadaa sababoota adda addaa keessumaa immoo qabata tekinoloojiitiin meeshaalee aadaa hawaasa kana jalaa yeroo dhiyootti ni badu jedhaman keessaas qoorbiin sadarkaa jalqabaatti eerama. Moggaasa maqaa kanas kan argate haala uumamasaa jechuun akka dhiibbachuu ta’uusaarraa ka’ee akka ta’eefi hiikni maqaa isaas boca isaa irraa ka’ee akka kennameefi innis jallina isaa kan ibsu ta’uu dubbatu.

### J. Batoo



***Suura 31: Batoo (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame***

Akka Obbo Addisuu Bultum jedhanitti, “meeshaan yookaan hambaan kun akka naannoo Maccaa Godina Wallaggaa Lixaatti hambaan kun batoo jedhama. Batoon kan hojjetamu muka kanneen akka baddeessaa, bakkaniisaafi waddeessarraa hojjetama,” jedhan. Faayidaan isaa yeroo midhaan dha’an yookaan calleessan erga miidhaan sun sangootaan yookaan hooriidhaan sirbisifamee yookaan irra yaa’amee booda, cidiin sun midhaan fudhatee akka hin baaneef namoonni lama gamaafi gamana goruun kan ittiin tumaniidha. Batoon, akka naannoo kanaatti umurii dheeraa hawaasa kanaa wajjin jiraachuun namoota hunda biratti beekamtii guddaa kan qabuufi ammallee dhimma itti bahamaa kan jiruudha. Haata’u malee, meeshaalee aadaa sababoota adda addaa keessumaa immoo qabata tekinoloojiitiin meeshaalee aadaa hawaasa kana jalaa yeroo dhiyootti ni badu jedhaman keessaas batoon sadarkaa jalqabaatti eerama. Moggaasa maqaasaas kan argate jallatee jiraachuu isaarraa ka’ee akka itti moggaafame obbo Addisuun dubbatu.

**Jijjiiramaafi Itti Fufiinsa Meeshaalee Aadaa Mukarraa Hojjetamanii**

Jijjiirramni meeshaalee aadaa mukarraa qophaa'an irratti mul'atu yaada odeefkennitoonni kennaniifi odeeffannoo ogeeyyii muka hojjechuu qaban, ayyantuufi namoota beekumsa aadaafi tajaajila meeshaalee aadaa hawaasichaa qaban irratti hundaa'uun yoo guduunfamu,

- Meesaaleen aadaa mukarraa qopha'an kanneen akka harkee, caabii mukaa, dombii, baataa qadaadaafi cilfaa meeshaalee ammayyaa kanneen akka soofaa, falla'aana sibiilaa, dukkaan bakka buufamnii jiru. Namoonni meeshaalee kanneen hojjechaa jiran sababa nama irraa fudhatu hin qabneef dhiisaa akka jiran ragaan argame ni dhugoomsa.
- Bara ammaa meeshaaleen aadaa dur mukarraa hojjetamanii tajaajila adda addaa kennaa turan yeroo ammaa sababa adda addaan kaan badanii kaan immoo bifa geeddaratanii jiru.Gabateen mukaafi kiilloon mukaa saaniitti jijjiiramanii jiru. Isuma kan abboota keenyaa irratti hundaa'eetu malee miidhaginaafi qulqullinaan isa durii irra fooyya'ee wanti haaraan hin jiru. Dabalees,inni bara kanaa kun jabinaan hamma isa durii sana hin gahu. Meeshaalee aadaa kanneen akka caabii saanii kuuraatti bifa ammayyummaa qabuun qopha'aa kan jiraniifi hawatummaa kan qaban akka ta'e hubatamuuf yaalamee jira. Meeshaalee aadaa mukarraa qopha'an keessaa gabateen nyaataa guutummaan guutuutti meeshaalee kanneen akka saanii 'tirii'tti jijjiiramee kan jiruudha.
- Meeshaaleen kanneen akka fal'aanaa, harkee, gabatee lafaa yookaan dhiqannaa, okolee horaa, mooyyee midhaaniifi kkf meeshaaleen dur hojjetamuun tajaajila kennaa jiraniifi turan akka ta'an hubatamuuf yaalamee jira. Meeshaaleen kunneen yeroo ammaa haalaan hojjetamaafi dhimma itti bahamaa kan hin jirre yoo ta'anis, darbee darbee bakka tokko tokkotti kan hojjetaman haala duraan baratameefi kabaja qabuun dhimma itti bahamaa akka hin jirre, kanneen hojjetan gurmaa'uun ittiin buluuf malee kabaja hojichaafi duudhaa isaa eeganii hojjechaa kan hin jirre ta'uun hubatamuuf yaalamee jira.

### 6.2 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Sibiilarraa Hojjetamanii

Ogummaa/ beekumsa xabboo uummatni Oromoo naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraataa tureefi jiraachaa jiru horate keessaa ogummaan sibiila tumuu adda durummaan kan eeramuudha. Ragaan odeefkennitootarraa argame akka ibsutti uummanni Oromoo naannoo kana jiraatu ogummaa sibiila tumuu kana abboota isaaniirraa akkasumas, namoota dur naannoo kana jiraataa turan irraa kan baran ta'uu ibsu. Obbo Shaanqoo Waaqtolee ogummaa sibiila tumuu kana kan eegalan bara dargii keessa ta'uu naaf himanii jiru. Akka isaan jedhanitti yeroo kanarraa eegalee ogummaa sibiila tumuu kana hanga guyyaa har'aatti itti fufanii hojjechaa kan jiran ta'uufi ogummaa ittiin jireenya isaanii geggeeffatan akka ta'es ni dubbatu. Ogummaa sibiila tumuu kana uummatni Oromoo naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraachaa turan beekumsa xabboo isaaniitti fayyadamanii hojii sibiilaa hojjechaa akka turaniifi namoonni amma naannoo kana jiraachaa jiranis abboota isaanii kanarraa dhaalanii ogummaa kana kan baruu danda'an darbaa dabarsaan abbootii isaanii duriirraa tahuu Obbo Shaanqoon ni dubbatu. Akka ragaa argamerraa hubachuun danda'amutti uummanni Oromoo durirraa eegalee beekumsa xabboo ogummaa sibila tumuu kana kan qabu ta'uusaa namatti mul'isa.

**A. Eeboo**



***Suura 32: Eeboo Bodee,Calanqaafi Bakaraa qorataan bara 2014 kaafaman***

Akka obbo Bulchaa Dhibbarraa jedhanitti, "meeshaalee aadaa keessaa kanneen akka kallachaa, bokkuu, alangaa, eeboo, gaachanaafi kkf kan dhiironni itti fayyadamaniidha," jedhan. Obbo

Tamasgeen Disaasaa immoo akka jedhanitti, “gaachanniifi eeboon meeshaa waraanaa duriiti; meeshaan ammayyaa osoo hindhufiin dura dhiirri diina ittiin lola, bineensa ittiin adamsa,” jedhan. Kanaafuu, waraana gootatu qabata; bakka waraanaafi bakka adamootti baay’inaan itti fayyadamu. Meeshaaleen kunneen bakkaafi yeroo itti fayyadamanirratti hundaa’uun tajaajila adda addaa qabu. Eeboon aadaa uummata Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabu, umurii dheeraa kan tureefi goosota hedduu kan qabuudha. Eeboon sibiilaafi muka yookaan ulee shimala jedhamurraa hojjetama. Fiixee ulee kanatti jinfuu waan jedhamu sibiila yabbuu akka qubeelaa qubaa fakkaatu itti kaa’u. Jinfuun boca maramaa qaba; dhugaa baasisuuf fayyada. Fiixeen waraanaa qara kan qabuufi haphii akka albeeti. Dheerinni waraana kanaas hanga meetiraa tokkoofi walakkaa gahuu kan danda’a jedhan.

Obbo Alamuu Taaffasee akka jedhanitti, “Bodeen meeshaa aadaa sibiliirra tolfamu ta’ee ijoolleefi namni kamuu kan qabatuudha. Kana jechuun, umuriirratti hundaa’ee kan qabatamuufi keessumaa ijoolleen yeroo horii eegan kan dhimma itti bahaniidha,” jedhan. Keessumaa immoo sirna gadaa keessatti ijoollee sadarkaan isaanii Foollee jedhaman kana jechuun kanneen umuriin isaanii waggaa 17-24 ta’etu qabata. Kunis, ijoollee umuriin isaanii gaheefi kanneen sagaleen isaanii korrisuu eegaletu itti fayyadama jedhan. Eeboon calanqaa/ cokee/ xeerguuriin sibiila bakakkaarraa yookaan sibiila jabaarraa hojjetama jedhan. Moggaasni maqaa meeshaa kanaas kan kenname yeroo qaama waraanu sana seenuufi bahu dhaqaa gala waan waa fuudhee bahuufi miidhaa guddaa irraan gessisuurraa ka’eeti jedhan. Eeboon bakara /shaanfoo/ baarxaa/ maarxaa jedhamuun beekamu immoo kan hojjetamu sibiila bakakkaarraa yookaan sibiila jabaarraati. Meeshaa kana yookaan bakara kan qabatu akka bodeefi cokee ijoolleefi namoota ga’eeyyii osoo hin taane namoota gurguddaatu qabata. Sababiinsaa meeshaan kun akka aadaa Oromootti meeshaa kabaja jedhamee waan beekamuufiidha. Kanamalees, kan inni kana ta’uuf meeshaa guddaafi jabina barbaadu waan ta’eef jedhan.

Obbo Carraa Waltajjii akka jedhanitti, “akka aadaa Oromootti meeshaaleen aadaa faayidaa isaan kallattiin qaban duubatti hiikaafi faayidaa biroo qabu. Haaluma kanaan, eeboon baay’ina qara qabuufi amala qabu faana wal qabatee hawaasni waraana, kakuufi abaarsaaf itti fayyadama. Eeboon waan tokko ittiin waraanuuf kan hawaasichi ittiin tajaajilamuudha,” jedhan. Meeshaan waraanaa kun, yeroo baay’ee dhiirotaan kan qabatamu waan ta’eef akka gootummaatti hawaasa biratti kan ilaalamuufi qabatamuudha. Eeboon gosoota adda addaa hedduu akka qabu dubbatu.

Isaanis: eeboo kan qara sagalii, kan qara shanii, kan qara jahaa, qara sadii, qara lamaafi qara tokkoo jedhamuun beekama jedhaman. Hawaasni eeboo kakuufi abaarsa keessatti kan itti fayyadamu hiikaafi amala eeboo sanaa faana wal qabsiisee yoo ta'u, hiikkaan tokko tokkoo isaanii: eeboon abbaan qara lamaa tokko gara olii yoo ta'u, tokko immoo gara gadiin ta'ee lafa hankaaksanii ittiin kaksiisu jedhan. Hiikni isaa sibiilli hundi waaqarraa dhufe waan jedhaniif inni sibiila kana uume ana haa waraanu, akka lafa kana waraanetti naa haa waraanu jechuuf itti fayyadamuu dubbatan. Isaan kanneen hafan haala hidda latiinsa isaanii ittiin ibsachuuf jecha akka dhimma itti bahantu dubbatama. Yaada kana deggeruun Filee (2012) yoo ibsu,

> Jiruufi jireenya Oromoo keessatti eeboon gosa adda addaafi faayidaalee adda addaatiif oola. Fakkeenyaaf bode, bakara, xeerguur, calanqaafi eeboo arbaa kanneen jedhaman isaan ijoodha. Kanneen keessaa seera tumuuf kan hojiirra oolu eeboo calanqaati. Eeboon calanqaa akka bakaraa guddaa kan hintaane, akka bodees xinnoo kan hintaane gidduugaleessa (f. 254).

Seera tumaa Maccaarratti eeboon calanqaa dhiyaatu lakkoofsaan shaniidha. Kunis, ijoollee Maccaa shanan bakka akka bu'u Filee (2015) qorannoosaa keessatti barreessee jira. Kanaaf, gaafa seera tumaa kana abbaan waraanaa eeboo shan baatee dhufee seerri kan tumamu waaree dura yoo ta'e qara isaa gara Baha biiftuutti, waaree booda yoo ta'e ammoo gara Lixa biiftuutti galagalchee fuuldura Abbaa Bokkuufi miseensota Gadaa ciibsa. Seerri tumame hanga labsamutti namni tokko fuuldura eeboowwanii gokumaa hinqaxxaamuru; safuudha (Filee, 2012:254-255).

Obbo Magarsaa Bayyaan akka jedhanitti, “Eeboon baay'ina qara qabuufi amala qabu faana wal qabatee hawaasni waraana, kakuufi abaarsaaf itti fayyadama. Fakkeenyaaf bodee, bakara, xeerguur, calanqaafi eeboo arbaa kanneen jedhaman isaan ijoodha,” jedhan. Biyyoota Afrikaa garagaraa keessattis hawaasni durii lolaaf, adamoof eebootti dhimma bahaa turuu dubbatu. Saboonni garagaraa Itoophiyaa keessa jiranis itti fayyadamu. Dur Oromoon nama eebbisee waraanatti yeroo ergu tokko haadholiin Siiqqee eebbisani Siiqqee jala hulluuqsisanii dabarsu. Abbootiin ykn warri dhiiraa immoo nama gara waraanaa deemu kanaaf eeboofi gaachana harka keessa ka'u. Kunis ergaan inni dabarsu deemi, diinakee loli, diina sitti dhufemmoo kan ittiin qolachuu dandeessu gaachanaa jedhuun kennuuf jedhan.

### B. Cancala



***Suura 33: Cancalaa (Qorataan Gurraandhala 2015 kan Kaafame***

Obbo Nagaraa Alamaayyoo akka jedhanitti, “Cancalli meeshaalee aadaa naannoo kanatti beekaman keessaa tokko yoo ta’u, sibiilarraa ogeeyyii naannootti argamaniin hojjettama. Innsi, nama balleessaa balleesse ittiin adabuuf kan ooluudha,” jedhan. Keessumaa, sirna gumaa baasuu keessatti nama ajjeesuun amala badaa ta’uusaa ittiin agarsiisuuf kan namatti godhamuudha jedhan. Akka Obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti, nama nama ajjeesetti cancala kaa’uu jechuun balleessaa balleessetti akka gaabbu gochuufi murtoo fudhatamuuf akka of qopheessu barsiisuuf itti kan kaawwamu ta’uu ibsanii jiru. Kanamalees, namni sammuun darbe balleessaa adda addaa namaafi waan biraarraan akka hingeessifneef kan ittiin hidhaniidha.  Yaada kana deggeruun Tujuba (2020) faayidaafi maalummaa cancalaa yoo ibsu,

> Cancala is the materials made from metal use in Gumaa paying prospect to show badness of killing in the process of conflict resolution and peace maintainer.Gumaa chain (Cancala) below round the murderer to show he/she has confessed the murder and ready to be punished and not to harm him/her until he/she pays for the deceased. The Oromo uses the chain as a symbol of committing unpraissed acts like the killing of a human being (f.63).

Bantuu kanarraa kan hubannu, Cancalli meeshaa sibiilarraa hojjetamu yoo ta’u, faayidaan isaa nama balleessaa balleesse ittiin adabuuf kan ooluudha. Keessumaa sirna gumaa baasuu keessatti nama ajjeesuun amala badaa ta’uusaa ittiin agarsiisuuf kan namatti godhamuudha. Nama nama ajjeesetti cancala kaa’uu jechuun balleessaa balleessetti akka gaabbu gochuufi murtoo

fudhatamuuf akka of qopheessu barsiisuuf itti kan kaawwamuudha. Uummanni Oromoo meeshaa kanatti kan dhimma bahaa ture fakkoommii badii hamaa hawaasaa keessatti raawwachuufi nama ajjeesuun gaarii akka hin taanetti fudhatameeti.

Obbo Oljirraa Dibaar akka jedhanitti, “moggasni maqaa meeshaa kanaas waan harka namaatti kaawwamee sagalee dhageessisuuf irraa ka’ee akka moggaafameei faayidaan isaas nama badii yookaan balleessaa balleessee yeroo adda addaatti gorfamee badiisaarraa deebi’uu didetu ittiin hidhuuf oola,” jedhan. Kun yeroo baay’ee hawaasa keessaa qoodanii baasuurra badiisaa ittiin hubachiisuuf jedhamee kan raawwatamuudha jedhan. Kanamalees, namni sammuun darbe balleessaa adda addaa namaafi waan biraarra akka hin geessifneef kan ittiin hidhaniidha. Akka Obbo Oljirraan jedhanitti, namni nama ajjeesetti cancala ofitti kaa’e ija namaa fuuldura deemee, waan gumaa kadhata; kanaanis, balleessaa balleessetti akka gaabbe ittiin of ibsa jedhan.

**C. Amartii**



***Suuraa 34: Amartii (Suura Qorataan Gurraandhala 2015 kan Kaafame***

Akka obbo Fayisaa Haayilee jedhanitti, “meeshaalee aadaa Oromoo naannoo kanatti beekamaniifi haalaan hojiirra oolaa turaniifi jiran keessaa amartiin yookaan qubeelaan isa tokko. Amartiin meeshaa faayaa warqee, meetii irraa hojjetamu yoo ta’u, sirna garaagaraa irratti qubaafi mormatti kaawwatama,” jedhan. Akka isaan jedhanitti, keessumaa sirna gaa’elaa kaadhimannaa keessatti gaafa jaarsummaa ergatan abbaaan intalaa, intala koo abaluu abaluu ilma kee abaluu abaluuf siif kenneeraa eebbifami gaafa jedhu, abbaan gurbaa amartii kana morma yookaan quba mucaatti jirbiidhaan yookaan maatabaan mormatti hidhee yookaan quba isheetti kaa’uun har’aa qabdee intalakooti jedha. Amartii kana kan hojjechiisu abbaa gurbaa yoo ta’u, kun morma

isheetti kaawwamuun kaadhimamuushee agarsiisuuf oola. Kunis, intalli yookaan mucaan kun har'aa kaaftee mucaakooti, kun mallattoo adda baafannaati jedha. Inatalli tokko yoo haala kanaan kaadhimamtu yoo xiqqoo taate waggaa lama, yoo kanaachi waggaa tokko kaadhimummaan teessi. Kunis, mucaan qotee gumbii akka guutu, intalli immoo waan fudhattee dhaqtu kan ittiin mana bahan akka qopheeffataniif yeroo jiruudha. Haala kana keessatti otoo intalli mallattoo kaadhimannaa kana ofirraa qabduu dargaggeessi yoo butuuf yaale yookaan bute yaa'iirratti dhiyaatee akka seera hawaasa sanaatti gurbaafis abbaafis adabama jedhan.

**Jijjiiramaafi Itti Fufiinsa Meeshaalee Aadaa Sibiilaa Wajjin Wal Qabatan Irratti Mul'atu**

Meeshaaleen aadaa sibiilarraa hojjetamaa turan baay'een isaanii ammas kan jiran yoo ta'an isaan keessaa kanneen akka

- Meeshaalee waraanaa sababa sodaa nageenyaaf akka yeroo duraatti dhimma itti bahamaa hin jiran.
- Meeshaaleen qonnaa kanneen akka qonyee, maarashaafaa sababa ammayyummaan jechuun qonna ammayyoomsuu yaada jedhuun itti fayyadamni isaanii gadi bu'aa kanneen dhufaniidha.
- Namoonni baay'een sababa adda addaa irraan kan ka'e mana sibiila tumaatti meeshaalee geessuurra iddoo sibiila human ibsaan baqsanitti geessuun hojiin ogummaa kanaa akka laafu taasisaa kan jiru akka ta'e ragaan ogeeyyii kanneen irraa argame ni dhugoomsa.
- Faayidaan ogummaan kun hawaasa keessatti qabu namoonni ogummaa kanarratti boba'an jireenya isaanii ittiin geggeeffachaa kan jiraniifi sababa rakkoo qaala'iinsa jireenyaaf ammayyummaaf malee hawaasdinagdee isaanii ogummaa tumsu akka tahe hubachuuf danda'amee jira.

### 6.3 Gosootaafi Tajaajila Meeshaalee Aadaa Gogaarraa Hojjetamanii

Ogummaan kun ogummaa uummatni Oromoo naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa qabu keessaa isa tokkoodha. Ogummaa gogaa duuguu irraa meeshaalee adda addaa kanneen akka itillee, xeephaafi meeshaalee qonnaaf gargaaran kanneen beekumsa xabboo uummatni Oromoo naannoo kanaa gonfate keessaa isaan tokkoodha. Obbo Tolasaa Addunyaa jiraataa konya Wallaggaa Lixaa ona Sayyoo Noolee kan tahan akka jedhanitti ogummaan itillee, alqabaa, boraatii, teepha, afarsaa, harkiftuufi agiligiliitti gogaa hodhuu kana abbaa isaaniirraa kan baratan ta'uu dubbatu. Akka isaan jedhanitti ogummaa gogaarraa meeshaalee adda addaa hojjechuu kana kan eegalan bara 1971 keessa tahuu naaf himanii jiru. Uummanni Oromoo naannoo kanaa ogummaa gogaarraa meeshaalee adda adddaa hojjechuu kana keessa kan turan beekumsa xabboo kana jaarraa hedduuf dhimma itti bahaa kan turaniifi kan jiraniidha. Yaada namoota adda addaarraa hubachuun akka danda'amutti uummatni Oromoo durirraa eegalee ogummaa kana kan gonfatee tureefi ogummaa gogaarraa meeshaalee adda addaa hojjechuu akka qabu hubachuun ni danda'ama.

#### A. Alangaa



***Suura 35: Alangaa Mataa Tokkoo (qorataan Gurraandhala 2015 kan kaafame)***

Obbo Yoonnattan Galataa akka jedhanitti, "alangaan meeshaalee aadaa Oromoo godina Wallaggaa Lixaa keessatti beekaman keessaa tokko yoo ta'u, gogaa Roobiifi muka ykn sibiila irraa ogeessaan kan tolfamu, meeshaa kabajaa dhiirri qabatuudha," jedhan. Alangaan meeshaalee aadaa Oromoo keessaa seera tumuudhaaf kanneen oolan keessaa tokko ta'ee, mallattoon isaas

olaantummaa seeraa kan ibsuudha jedhan. Obbo Yadasaa Beekumaa immoo akka jedhanitti, “alangaan gogaa Roobiifi muka ykn sibiila irraa ogeessaan kan hojjatamuudha. Sababni alangaan gogaa roobiirraa hojjetamuuf gogaan roobii baay’ee miidhagaafi jabaataa akkasumas, dafees waan hindulloomneefi salphaatti waan hincitneef,” jedhan. Alangaan gosa lama kan qabu yoo ta’u, isaanis: alangaa mataa tokkoofi alangaa mataa lamaa jedhamu. Alangeen fiixee/mataa tokko qabu adeemsa waldhabdee hiikuufi adeemsa seera baasuu keessatti abbaa bokkuun baatama. Alangeen fiixee/ mataa dachaa qabu immoo yeroo kadhannaa, sirna cidhaafi kabaja ayyaana aadaafi sirna aadaa irratti abbaa bokkuun qabatama jedhan.

Yaada kana deggeruun Ujulu (2018:440) maalummaa alangaa yoo ibsu, ‘*Oromo religious symbols can be natural and manmade. The natural one is Irreecha (green grass, flower or leaves of a tree).Man made symbols are: Bokku, Kallachaa, Caaccuu, Sinqee, Challee, Lichee (Alangaa*),etc,’jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, meeshaaleen aadaa Oromoo beekumsa xabboo isaan hojjetaman kan uumamaafi namtolchee jedhamuu malu. Isaan uumamaa keessaa Irreechi kan margaafi baala biqiltuu qabatanii ayyaneffatan jalatti yoo ramadamu, kanneen namtolchee ta’an immoo kanneen akka bokkuu, kallachaa, Siiqqee, callee, alangaafi kanneen biroo ta’uu malu. Yaada kana deggeruun Duguma (2016) bu’aalee hojii gogaa keessaa maalummaafi faayidaa alangaa yoo ibsu,

> Whip also produced by tanner. It has material aspect and symbolic aspect in Oromo culture. In marriage the groom grasp whip and spear on wedding ceremony.Whip indicate wise ness and spear symbolizes heroic /strength. Abbaa Gadaa holds alangaa and Bokkuu and announced law.Whip also used in different social event Gumaa, Jaarsummaa and in other peacemaking activity.In this case whip symbolizes correction of wrong doer through enforcement.It also used to beat horse while move on horseback either in wedding or war (f. 19).

Alangaan bu’aa hojii gogaa ta’ee ogeeyyii gogaa duuganiin kan hojjetamuudha. Meeshaan kun tajaajila meeshummaafi kabaja guddaa uummata Oromoo biratti kan qabuudha. Alangaan yeroo cidhaa kan qabatamuufi gootummaa kan agarsiisuudha. Sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa alangaafi Bokkuu qabachuun seera tumee labsa. Kanamalees, alangaan sirnoota hawaasummaa adda addaa keessattis tajaajila kana fakkaatan kan kennu yoo ta’u, keessumaa yeroo gumaa, araaraafi nagaa buusuu keessatti haalaan kan fayyaduudha. Akkasumas, yeroo cidhaas ta’e yeroo waraanaa gaafa fardaan deeman akka isheen qajeeltootti deemtuuf ittiin rukutuuf kan gargaaruudha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti alangaan ogeeyyii (faaqii) namoota

jedhamaniin hojjetamuun tajaajila hawaasummaa hedduu keessatti qooda kan qabu ta'uu hubanna. Yaada kana deggeruun Filee (2012) maalummaafi faayidaa alangaa yoo ibsu,

> Halangaan meeshaa aadaa seera tumuudhaaf oolan keessaa tokko akka ta'ee mallattoon isaas ol'aantummaa seeraafi maallattoo aangoo qabaachuu ibsa. Halangaan seerri itti tumamu kan irraa hojjetamu gogaa roobii yommuu ta'u, bakka gogaan roobii hin argamnetti ommoo mukti qabannaan isaa ejersa ta'ee gogaa kormaa irraa hojjetama. Bakka seera tumaatti keessattuu bakka sirna Buttaatti miseensi paartii Gadaa aangootti dhufu hundi halangaa kana ulaagaafi ulumaayii biratti qabatee seera tumamu dhaggeeffata; dhaggeeffatees imaanaa fudhateefi waadaa biyya bulchuu gale ittiin hojiitti hiika (f.255).

Itti dabaluu Yenealem (2016) maalummaa faayidaa alangaa yoo ibsitu,

> The handheld object which is carried by an old man who participates in the process of conflict resolution, wedding or other cultural festivals and rituals is Halangee. It is a whip made from Roophii (hippopotamus) skin. Halangee has two types. One is with a single tip and the other with a double tip. Halangee with a single tip is carried by abba bokku (this will be discussed under the second section of this chapter) during the process of conflict resolution or in the process of law formation. The second type of halangee is carried by elders during pray, wedding ceremony and on the celebration of cultural festivals and rituals. In addition it is obvious to see elders carrying long stick (ulee) during their travel. In addition to halangee and ulee, an old man has boraatii (pillow) handheld object. He carries with him if he travels to other areas and pass the night where he is going (p.174).

Meeshaalee namoota umuriin raaganiin yeroo araaraa, cidhaafi sirnoota aadaa adda addaa keessatti baataman keessaa tokko alangaadha. Alangaan meeshaa gogaa roobiirraa hojjetamuudha. Alangaa akka aadaa Oromootti beekamu gosa lama qaba. Isaanis: alangaa mataa tokkoofi mataa lamaati. Alangaa mataa tokkoo kun yeroo araaraa abbaa bokkuutiin yoo qabatamu yookaan baatamu, alangaan kan mataa lamaa immoo jaarsoliidhaan yeroo kadhaa waaqaa, cidhaafi sirnoota adda addaarratti kan baatamuudha. Kanamalees, jaarsoliin alangaa kanatti dabaluudhaan uleefi meeshaalee adda addaa baachuun sirnoota hawaasicha keessatti raawwataman akka raawwachiisan iddoo hundatti kan beekamuudha.

Akka obbo Addisuu Bultum jedhanitti, "alangaan bu'aa hojii gogaa ta'ee ogeeyyii gogaa duuganiin kan hojjetamuudha. Meeshaan kun tajaajila meeshummaafi kabaja guddaa uummata Oromoo biratti kan qabuudha," jedhan. Alangaan yeroo cidhaafi sirnoota adda addaa kan qabatamuudha. Sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa alangaafi Bokkuu qabachuun seera tumee

labsa. Kanamalees, alangaan sirnoota hawaasummaa adda addaa keessattis tajaajila kana fakkaatan kan kennu yoo ta'u, keessumaa yeroo gumaa, araaraafi nagaa buusuu keessatti haalaan kan fayyaduudha. Akkasumas, yeroo cidhaas ta'e yeroo waraanaa gaafa fardaan deeman akka isheen qajeeltootti deemtuuf ittiin rukutuuf kan gargaaruudha jedhan. Alangaan haala kanaan tolfamu kun hawaasa Oromoo biratti tajaajila garaagaraa qaba jedhan. Tajaajila hambaan kun kennu keessaa muraasni, yeroo eebbaa, abaarsaa, seera tumuufi kkf harkatti qabachuun dhaabbatanii Waaqa kadhatu. Kanamalees, yommuu sirna gaa'ela raawwatan muka ulmaa'ii jedhamu wajjin harkatti qabachuun gurbaan fuudha dhaqa. Alangaafi ulmaa'ii kana harkatti qabatanii yoo fuudha dhaqan, ulaagaa barbaachisu yoo guutuu baataniyyuu gaa'elichi dirqama raawwachuu qaba malee intala hin dhoowwatan jedhama. Tajaajila alangaan kennu keessaa kan biraan, gombisa fardaa keessatti farda dhahachiisuuf ykn akka sirritti gulufu gochuuf iddoo ol'aanaa qaba.Yeroo kana alangaan waan yaabbattuun farda tuqatee si'aayina isaa ittiin dabaluudha jechuudha. Akkasumas, alangaan farda leenjisuuf dhimma itti bahama. Fardi leenji'ee bu'e garuu halangaan hingarafamu; faayaaf qabatanii farda sana yaabbatu jedhan.

Obbo Waaqwayyaa Beekumaa akka jedhanitti, "alangaan hawaasa keessatti tajaajila biraas ni qaba. Kunis yeroo ilma guddifachaa fudhatan alangaan ga'ee qaba. Ilma namni guddifatu nama seera beeku waliin waadaa galee fudhata," jedhan. Sirna kana keessatti abbaan gadaa alangaa qabate deema; alangaan mallattoo ittiin wal abboomaniiti. Wal abboomuun reebichaan utuu hin taane akka mallattootti itti kan waliigalamee dha. Namni seera beeku ykn qajeelchu sun immoo alangaa harkatti qabatee sosochoosuun waadaa galchisiisa. Kun immoo seera tumaa waliin walfakkaata. Namni seera tumus alangaa qabatee qajeelfama kenna. Kana irraa ka'ee, yeroo ammaa namni yakka hordofee qajeelfama kennu waajjira mana murtii keessatti 'Abbaa alangaa' kan jedhan kana iraa ka'ee akka ta'e dubbatu.

### B. Gaachana



***Suura 36: Gaachana ( Qorataan Gurraandhala 2015kan kaafame***

Obbo Yaadasaa Beekumaa akka jedhanitti, “meeshaalee aadaa naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraataniifi hawaasa Oromoo iddoo biroo jiraatan biratti beekaman keessaa gaachanni yookaan wanteen adda durummaan eerama. Meeshichi meeshaa waraanaa gogaa roobii yookaan gogaa gafarsaarraa hojjetamu yoo ta’u, bifti isaa gurracha, boca giingoo golboo ta’ee; golbina isaa keessa kan ciqilee itti galfataniifi qabdooo harkaa meeshaa qabuudha,” jedhan. Gogaa roobiirraa hojjetamuun isaa jabinaafi miidhagina akka qabaatuuf yaadamee akka ta’etu dubbatu. Keessisaa migiraan jabaatee erga hodhamee bakkeen isaa gogaa ta’ee, gogaa adda gafarsaarraa ba’uun haguugamee hodhamuun wabii lubbuu nama lola sanarratti ba’ee taha jechuudha. Garri bal’ina qabu gara namicha ofirraa eeboo dhorkuutti yoo garagalu, garri akka jalqaba hodhaasaa garee eeboo falfaluutti garagala jedhan.

Obbo Addisuu Bultum akka jedhanitti, “aadaa Oromoo keessatti meeshaalee bakka hundatti beekaman keessaa gaachanni adda durummaan eerama. Gaachanni meeshaa waraanaa Oromoo dirree leenjiifi dirree waraanaatti dhimma itti bahaniidha,” jedhan. Wantoota gaachanni irraa hojjetamu migiraafi gogaa gafaarsaarrati. Keessisaa migiraan jabaatee erga hodhamee bakkeen isaa gogaa gafarsaa ta’ee, adda gafarsaa irraa gogaa ba’uun haguugamee hodhamuun wabii lubbuu nama lola sanarratti bahee taha jedhan. Faayidaan isaa uummanni Oromoo yeroo lola deemu qabatee kan waraana yookaan lola sanatti bobba’a. Kunis, yeroo lolaa yookaan waraanaa eeboo ittiin ofirraa dhorkuuf yookaan qolachuuf gargaara jedhan. Haaluma kanaan, namni

gaachana qabate sun salphaatti akka hin miidhamne taasisa jechuudha. Kanarraa kan hubannu faayidaan gaachanaa cimaa akka taheef meeshaa kabajaa uummata Oromoo biratti beekamu tahuusaa tilmaamuun nama hin dhibu. Meeshaan kun yeroo lolaa eeboo (bakara, bodee)fi kkf ittiin ofirraa ittisuuf ykn qolachuuf oola. Kunis, haala salphaan hinwaraanamu waanta'eefi. Gaachanni, bal'inaan waraana gurguddaa irratti kan itti fayyadaman malee bineensa adamsuuf hinoolu; sababni isaas bineensi meeshaa waraana namatti darbatu waan hinqabneef lafa adamootti dhimma itti hinbahamu. Moggaasni maqaa isaas tajaajila inni kennurraa ka'ee akka ta'e himu.

Obbo Oljirraa Dibaar gaachana yoo ibsan, "Gaachanni meeshaa tajaajila waraanaaf oolan keessaa isa tokkoo dha. Uummanni Oromoo yeroo baay'ee meeshaa kana akka dhaadannootti itti gargaarama," jedhan. Kanas tajaajila gaachanaa yeroo ibsatu '*obboleessi ofii gaachana ofiiti'*, '*abbaan ofii gaachana ofiiti'*, '*biyyi ofii gaachana ofiiti'* jechuun hawaasni ittiin ibsata jedhan. Kanaaf, gaachanni gaaddisa hawaasa Oromooti jechuu akka nama dandeessisa jedhan. Yaada kana deggeruun Maalummaafi faayidaa gaachanaa Tujuba (2020:36) yoo ibsu, "Gaachana (wantaa) in Afan Oromo. It is a traditional war tool that is made from hippo's skin. It is a protective tool. It protects one from spear and beats of enemy during fighting,"jedha. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, gaachanni meeshaa waraanaa gogaa roobiirraa hojjetamu ta'ee guyyaa lolaa sana meeshaa waraanaa kanneen akka eeboo yeroo diinarraa namatti darbatamu ittiin ofirraa ittisuuf kan gargaaruudha.

Akka obbo Addisuu Caalchisaa jedhanitti, "gaachanni gosa adda addaa qabaachuu mala. Isaanis: gaachana yeroo lolaa, gaachana garmaamaafi gombisa fardaati," jedhan. Gaachanni lolaa baay'ee bal'aafi jabaataa kan akka manaatti jalatti baqataniidha. Gaachanni yeroo garmaamaa yoo namni seenaa hojjatee beekamaa ta'e tokko du'e qabatanii ittiin garmaamu, bal'aadha garuu hamma gaachana yeroo lolaa hingahu. Gombisa fardaa keessatti harka bitaatti qabatamuun waraansa ulee ittiin of irraa qoluuf fayyada jedhan. Gaachana yoo abbaan du'e kan fudhatu ykn dhaalu ilma angafaati. Tajaajilaafi faayidaa gaachanni hawaasa kana keessatti qabu irratti hundaa'ee hawaasni kun gaachana karaa adda addaa hiika itti kennaa jedhan.

### C. Afarsaa



***Suura 37: Afarsaa/Hafarsaa (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame***

Obbo Taganyee Tolaa akka jedhanitti, “meeshaan kun akka naannoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaatti Afarsaa jedhama; yeroo baay’ee gogaa booyyeefi bosonuurraa kan hojjetamu yoo ta’u, darbee darbees gogaa looniirraa ni hojjetama,” jedhan. Harka caalaa garuu akka naannoo kanaatti afarsaan gogaa booyyeerraa hojjetama. Gogaa sana dhisanii qabannoo itti gochuun midhaan callaarraa abaqiifi kosii adda addaa irraa adda baasu, waan gombisaa, gumbiitti galu ittiin qulleeffachuuf dhimma kan itti bahaniidha jedhan. Gogaan booyyee fakkoommii jabina, dafee waan hinciccinneetti waan fakkeeffamuuf akka dubbatu. Afarsaan yeroo amma aanaalee hunda keessatti sadarkaa yaadaafi aanaalee tokko tokko keessammoo ammayyuu kan jiru yoo ta’u, suurri kun ona Mana Sibuutii kan fudhatameedha. Obbo Qajeelaa Irraandhufa immoo akka jedhanitti, “afarsaan meeshaalee aadaa naanno kanatti beekaman keessaa tokko ta’ee dinagdee ibsuuf oola,” jedhan. Waa qulleessuuf oola; abaqii midhaanirraa adda baasa, ni qulqulleessa. Kanaaf, afarsaan dinagdee, jireenya, qonnaann jiraachuutti hiikama jedhan.

### D. Dibbee



***Suura 38: Dibbee (qorataan Amajjii 2015 kan kaafame***

Aadde masqalee Tolasaa akka jedhanitti, "hambaan kun akka naannoo kanaatti Dibbee jedhama. Haalli meeshaa muuziqaa aadaa kun itti hojjetamu bakkarraa bakkatti kan wal fakkaatuudha. Dibbeen kan hojjetamu muka, gogaa loonii, gogaa re'ee akkaasumas gogaa kurupheefi waciitii fayyadamuun kan hojjatamuudha," jedhan. Muka waddeessaa yookiin harbuu muruun keessa isaa golbeessuun yookaan hanqooquun erga bocamee booda gogaa dhisuun booda muka keessisaa hanqooqame kanarratti haguuguun gogicha sirriitti dhisanii hodhuun akka qooruuf aduutti baasu; booda tajaajila akka kennu gochuun hojiirra oola. Maqaa kanas kan argate sagalee 'dib, dib, dib' jedhu dhageessisuurraa akka tahe dubbatu.

Aadde Xajjituu Waaqjiraa akka jedhanitti, "Dibbeen meeshaalee muuziqaa aadaa hawwasni Oromoo itti tajaajilamaa ture keessaa isa tokko ta'ee tajaajilli isaa inni guddaa sirba tokko midhagsuufi namoota sirba sana keessatti qooda fudhatan miira isaanii kan kakaasuuf kan ooluudha," jedhan. Dibbeen meeshaa aadaa dhimma muuziqaatiin kan walqabatu ta'ee sirboota aadaa biratti isa baratamaadha. Hambaan kun tajaajila kennu irratti hundaa'uun gosa lama akka qabutu dubbatama. Isaanis: dheengeefi dibbee xiqqoo jedhamu. Itti fayyadamni dibbee xiqqoo yeroo cidhaa mana gurbaafi mana intalaatti cidhi gaggeeffamu akkasumas yeroo gara manaa gurbaatti deeman haadholiin yookaan harmooliin wal harkaa fuudhuun cidha sana hoo'isaa wal bohaarsu. Kana jechuun, Dibbeen gogaa kurupheefi waciitii irraa kan hojetamu yeroo cidha fuudhaafi heerumaa faaruu faarsuudhaaf itti dhimma kan itti bahamuudha. Dibbeen sirboota

akka gelloo, shaggooyyee, dhiichisaafi gelloo akkasumas sirboota adda addaa ittiin miidhagsuuf daran kan gargaaruudha. Akka ragaan odeefkennitootarraa argame ibsutti dibbeen tajaajila guddaa ni kennu, aadaa uummata Oromoo keessatti Abbaan Gadaa seera tuma, nimuras; yeroo seerri tumamuufi muramu meeshaaleen aadaa Oromoo kanneen akka Kallachi, Caaccuun, Dibbeen, Alangaanfii kan biroos daraan barbaachisoo dha. Kanaaf, tajaajila faaruun kennuun cinatti tajaajila akkanaa keessattis qoodni dibbeen qabu guddaadha jedhan.

Adde Maragtuu Disaasaa akka jedhanitti, "meeshaalee uummanni Oromoo faaruu naqataa ittiin miidhagsuufi hoo'isuuf itti tajaajilamaa ture keessaa kanneen akka dibbeefi gundoo booree faaruu naqataa keessatti iddoo guddaa kanneen qabaniidha," jedhu. Kunis, dibbeen bakka faaruun naqataa gaggeeffamutti miidhagina kan itti horuufi faaruu naqataa irratti dhiyaatu illee faaruu kan jechisiisuudha. Dibbeen faaruun naqataa torbaan lamaaf qe'ee gurbaafi qe'ee intalaatti dhiyaatu irraa eegalee tajaajila guddaa kan kennuudha. Gundoon boorees faaruu naqataa kana keessatti yeroo haaqabaatu malee yeroo barbaadamu sanatti hawwatamaadha. Yeroo kana arrabsoon durbaa meeshaa muuziqaa kan akka dibbee wajjin qindaa'ee dhiyaata. Walaloon isaas yeroo dhiyaatu humna ittiin garaa namaa raasu qaba. Haalli dalagaasaas ta'e ergaan isa keessa jiru miira namaa kan kakaasu ykn onnee namaa tutuqee garaa namaa raasee yaada gaddaafi hoo'ina keessa namaatti kan uumuudha jedhan.

Akka aadde Asteer Goobanaa jedhanitti, "meeshaalee aadaa dubartootaa kanneen jedhaman, gundoo booree, gomboo, dibduu, filaafi kkf eeruun ni danda'ama," jedhan. Dibbeen meeshaalee aadaa hawaasni Oromoo yeroo cidhaa, kabaja ayyaanaa, yeroo weedduu ayyaana ateetee dargagoonni, abbootiin, haadholiin, ijoolleeen ittiin weeddisaniidha. Meeshaan kun gogaa loonii, gogaa re'ee akkaasumas gogaa kurupheefi waciitii fayyadamuun hojjatama. Sirboonni adda addaa sochii qaamaa, harka walitti rukutuufi dibbee rukutuun qindeeffamanii miidhaganii dhiyaatudha jedhan. Yaada kana deggeruun Timket (2016, f. 450) faayidaafi maalummaa dibbee yoo ibsitu, 'Songs are often accompanied by dancing, hand clapping and beating the dəbbe drum. During such events the feeling of togetherness and the shared identity are expressed through music,' jetti. Yaada hammattuu kana keessa jirurraa kan hubannu, sirboonni adda addaa sochii qaamaa, harka walitti rukutuufi dibbee rukutuun qindeeffamanii miidhaganii dhiyaatu. Yeroo isaan kanaan dabalamee muuziqaan dhiyaatu walii wajjin ta'uufi eenyummaan ofii bakka itti haalaan calaqqisuufi namatti tolu ta'a. Meeshaaleen muuziqaa adda addaa muuziqaa sana

bareechuun cinatti miira gammachuu nama keessatti uumuu keessatti iddoo ol’aanaa akka qaban hubachuun ni danda’ama.

### E. Barcuma Teephaa



***Suura 39: Barcuma Teephaa (Suura Qorataan Gurraandhala 2015 Fudhatame)***

Akka Obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti, “hambaan kun akka naannoo Wallaggaa Konya Wallaggaa Lixaatti Teessuma yookaan barcuma teephaa jedhama. Meeshaa yookaan hambaa kana hojechuuf kan gargaaru haphee, muka kanneen akka qaraaroo, waddeessaafi hoomiifi gogaa looniiti,” jedha Akkaisaan jedhanitti, teessuma kana namni hundi manaa hin qabu. Faayidaan isaa abbaan warraa kan irra taa’u yoo tahu, darbee darbees keessummaan irra taha. Kanamalees, faayidaan isaa hawaasa Oromoo naannoo kana jiraatu biratti kan inni ittiin beekamu nama dhukkubsate ittiin baatanii mana yaalaatti geessuuf ka nooluudha. Kana gochuuf muka lama karaa miilla isaa jala baasuun namoonni lama lamaan dabaree dabaree wal gargaaranii baatu. Meeshaalee aadaa Oromoo keessatti hanga ammaatti hin badiin jiraniifi namoonni baadiyyaafi darbee darbee magaalaa jirataan dhimma itti bahaa jiraniifi namoota hundaan kan beekamuudha. Yeroo ammaa meeshaan kun aanaalee hunda keessatti kan argamuufi namoota hunda biratti kan beekamuudha jedhan.

**F. Ittillee/Jandee**



***Suura 40: itillee (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame/ Fudhatame)***

Akka Obbo Eebbisaa Bantii jedhanitti, “hambaan kun akka aadaa uummata Oromoo naannoo Wallaggaa Lixaatti itillee jedhama. Itilleen kallee yookaan gogaa looniirraa kan hojjetamu tahee tajaajilala irra ciisichaaf kan ooluudha,” jedhan. Meeshaalee aadaa uummanni Oromoo naannoo kanaa bal’inaan dhimma itti baha ture keessaa itilleen adda durummaan yoo eeramu, keessumaa yeroo keessummaa kabajaa qabaatu baballii lagaa haamee meeshaa kana gubbaa raffisa. Sababa inni akka kabajaatti ilaalamuuf keessaa akka obbo Eebbisaan jedhanitti jaalala inni horiifi qabuurraa ka’ee akka tahe ni dubbatama. Kanamalees, meeshaan kun yookaan itilleen kun meeshaa kabaja intallii yoo heerumtu maatiin ishee boraatiifi siiqqee waliin kenneniif keessaa isa tokko. Kun kan nutti agrsiisu isa yeroo ammaa meeshaaleen adda addaa kanneen akka siree, ‘ispoonjii’fi kanaafi kana fakkaatan harra mullatu akka tahe kan agarasiisuudha jedhan.

### G. Qalqalloo



***Suura 41: Qalqalloo (Suura Qorataan Amajji 2014 kan Kaafame/ Fudhatame)***

Akka obbo Fayisaa Haayilee jedhanitti, “hambaan kun qalqalloo jedhama. Qalqalloon kan qophaa’u gogaa ree’eerraati,” jedhan. Moggaasa maqaa kanas kan argate garaa guddinasaarraa ka’ee akka ta’e ragaan afgaaffiirraa argame ni ifoomsa. Faayidaan qalqalloon haawaasa kana keessatti qabaachaa tureefi ammas iddoowwan tokko tokko keessatti qabaachaa jiru keessaa muraasni, midhaan oobdiirraa ittiin galfachuuf, damma ittiin galfachuufi kanaafi kana kan fakkaataniif kan ooluudha jedhan. Keessumaa akka aadaa Oromootti gurbaan intla fudhu tokko maatii intalaaf yoo qaraxa ergu madaalliin inni jalqabaa meeshaa kanaan akka raawwata jedhan. Keessumaa dammi yeroo cidha sanaaf oolu qalqalloon safaramee maatii intalaaf ergama. Yeroo ammaa meeshaan kun meeshaalee aadaa akka naannoo Wallaggaa Lixaatti badan jalatti yoo ramadameyyuu, sammuu namoota muraasaa keessa kan jiruufi ammallee yeroo sirna gaa’elaa sadarkaa barreeffamaatti kan jiruudha jedhan.

## BOQONNAA TORBA: AFOOLAAFI MEESHAALEE AADAA

Boqonnaan kun waa'ee walitti dhufeenya afoolaafi meeshaalee gama meeshaalee aadaan jiru kaasuun dhiibbaa inni tokko isa kan biraarraan gahuun ergaa dabarsuun jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qooda isaan bahan ibsuu kan qabateedha.

### 7.1 Afoola (Mammaaksa, afwalaloo, Hibboofi Jechamaa)n Meeshaalee Aadaa Ibsuu

Afoolli ibsituu hubannoo hawaasichaa meeshaaleen walqabatee horateefi jiruudha. Milkaa'ina dhaamsa isaaniif amaloota meeshaalee aadaa akka tooftaatti fayyadamuun dhimma itti bahu. . Kunis, wanti ijaan muul'atuufi qabatamaa ta'e (visual and tactile imagery) milkaa'ina gurraafi dhaga'ama keessaaf (Auditory and Organic imagery) daran gargaara. Bu'uruma kanaan dameewwan fookiloorii kunneen gama amalaan (abashaalummaa, malaan jireenyaa, gaariifi yaraa), gama hawaasummaan (waldanda'uu, walii obsuu, dhoksuu, firaafi alagaa adda baasuu, kabaja walta'iinsaafi gargaarsa), gama diinagdeen (qusannaa qabeenyaa, yeroo), gama ibsituuwwan eenyummaan (ejjannoo qabaachuu, kaayyoo ofiitti cichuu, ofta'uufi dabeessatti onnee horuu)fi kanaafi kana kan fakkataan ittiin ibsuuf baayyee kan gargaaraniidha. Hawaasni kamuu afoola mataa isaa qaba. Uummanni Oromoollee qabeenya isaa kana afoolaan walqabsiisuun dubbii guyyaa guyyaa keessatti qabeenya isaa kan ta'e meeshaalee aadaa isaa yeroo inni ibsu ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti meeshaalee aadaa jechamoota, ciigoowwan, mamaaksota, walaloofi hiibboon walqabsiisuun waan dubbatu qaba.

**A. Mammaaksawwan**

Mammaksa Oromoofi hikaa isaa; mammaaksi, Oromoo afoola Oromoo keessa isaa tokkoo ta'e dubbiifi fiduufi fixuufi kanaan alattis dogoggora miseensi hawaasaa qabu tokkos itti sirreessuuf kan gargaaru ynk kan fayyadudha.

**Fakkeenya**

A. 'Abiddaan wal-beeknaa utubaa narraa qabaa'' jette.
B. Afaan gaariin hafaa gaarii caala.
C. Aannan suuta ititee dhadhaa ta'a
D. Lukkuun haatee haatee, kan itti morma kutan baafte.
E. Dhagaan hamma abbaan darbate deema.

F. Gootni waraanaan, beekan dubbiin sodaatama.
G. Sesseeqaa seeneetu, boochisaa bahe.

Akka obbo Cheerinat Waaqwayyaa jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1) ‘a’ jala jirurratti argamu kan inni ibsu, eeleen jalqaba kan hojjetamuufi jabinni isaa ittiin ilaalamu abiddaan waan ta’eef sodaasaa akka hin qabneefi kan miidhuu danda’u muka akka ta’e ibsuuf kan jedhameedha jedhan. Oromoon yoo kana jedhu waan nuti qabuuniifi beeknu nu miidhuu akka hin dandeenyeefi kan nu miidhuu malu isa alaa dhufeefi nuti keessa isaa hin beekne akka ta’eedha. Jireenya hawaasummaa keessatti kanneen nama miidhan warra fira fakkaatanii carraa argataniin nu miidhuuf yaalaan ofirraa eeggachuu akka qabnu nu hubachiisa jedhan. Yaada kana mammaaksaan yoo ibsan, ‘Adurreen fira fakkaatee indaaqqoo nyaatti’ jedhu kan jedhan oobo Cheerinnet guyyaa mijateef eeggatee waan nu waliin ture jireenya keenya miidhuu akka danda’uuf isa adda baafachuu akka qabnu nu barsiisa jedhu. Kanamalees, isa kaan duruu itti beeknaa isa hin beekne malee jechuus ibsuuf dhimma kan itti ba’uu dandeenya jedhan obbo Cheerinnat.

Akka obbo Nagaraa Alamaayyo jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1) ‘b’ jala jiru waa’ee itillee yoo ta’u kan inni ibsu, “Mammaaksi kun kan inni agarsiisu waa’ee itillee ta’ee ergaan isaa namni waan gaarii, waan qajeelaa dubbachuu akka qabu agarsiisa,” jedhan. Namni yeroo baay’ee iddoo gaarii ciisuurra waan gaarii isatti dubbatamu, waan qalbii namaa deebisu filata jedhan. Afaan gaarii kan jedhamu aarii deebisa, aarii qabaneessa, aariinsaa erga deebi’ee booda boqota jechuudha. Namni afaan gaarii dubbatu hawaasa kana keessatti jaallatamaadha. Afaa kan jedhamu citaafi kusaayee haamanii itillee irra buusuun keessummaa kabajamaaf kan qophaa’uudha jedhan.

Akka Obbo Qajeelaa Irraandhufaa jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1) ‘c’ jala jiru waa’ee okolee, ro’oo yoo ta’u, kan inni ibsu immoo qodaan aannan itti elman, kuusaniifi raasan adda adda ta’uu ibsa jedhan. Karaa biraa immoo ergaan isaa ‘obsa godhadhu’, obsan malee waan tokkotti ba’uun akka cimu dabarsa. Dabalees, jiruufi jireenya keessatti meeshaaleen aadaa kanneen aannan itti elmuu kaasee hamma raasuutti jiru adeemsa keessa darbu akka qabu nu agarsiisa jedhan.

Akka Obbo Suutumaa Waaqjiraa jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1)‘d’ jala jiru waa’ee haaduu yoo ta’u, Oromoon mammaaksota kanneeniifi qabiyyee kana fakkaatu qabanitti gargaaramuudhaan namoonni hammeenya gochuu dhiisaanii waan qajeelaa akka raawwatan walii walii isaa kan ittiin gorsatu hedduudha jedhan. Akkasumas, hammeenya garaa garaa karaa roorrisa diinaatiin kan isaan irratti qindaa’ullee deemee deemee diinuma sana akka gaalafatu mammaaksa isaaniitti gargaaramuun waliif mirkaneessaa, walii walii isaanii ammoo, hammeenya gochuurra gorsanii walqusaachaa jiraatu jedhan.

Akka Obbo Moosisaa Garbii jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1)‘e’ jala jiru waa’ee eeboo yoo ta’u, ergaan isaa eeboo darbachuun irree kan barbaadu ta’uu ibsaa, darbees, namni kamiyyuu hojii dhuunfaa isaa keessattis yoo ta’e, namaaf jigii bahuun yeroo hojjetu, dhibaa’ummaa malee haamilee guutuufi si’aa’inaan waliif hojjechuu qaba jedhan. Kanaafuu, namoonni yeroo dirree hojiitti bahan of nuffan, of dadhaban, garaa malee deemuuniifi humna laafaa deeman kanneen mammaaksota kanneeniifi mammaaksota qabiyyee kana fakkatan qabanitti dhimma bahuudhaan gorsee dhiba’ummaa malee hamilee guutuudhaan hojii isanii akka hojjetan isaan jajjabeessuuf dhimma itti ba’u jedhan.

Akka Obbo Malaakuu Firoomsaa jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1)‘f’ jala jiru waa’ee eeboofi gaachanaati jedhan. Loolli eeboofi gaacha waliin wal qabata; gootummaan immoo isaan kanaan ifa jedhan. Kanamalees, gootni gootummaa qabutti jabaachuun akka itti fufee hojjetuufi sodaataan ammoo sodaa qabu sana dhiisee onnee horachuudhaan yoo socho’uu baate rakkinoota kara kamiyyuu ykn karaa diinagdee, siyaasaa, hawaasummaa, eenyummaa, amantaafi wkf jiran keessaa bahuu akka hindandeenye mammaaksota kanneeniifi mammaaksota biroo dhaamsa kana fakkaatu qabanitti dhimma bahuudhaan gorsee onnachiisuuf itti gargaarama jedhan.

Akka Obbo Magarsaa Goobanaa jedhanitti, mammaaksi fakkeenya (1)‘g’ jala jiru waa’ee eeboo yoo ta’u, innis eeboon bineensas haa ta’u nama yoo waraanu dhiiga dibatee akka ba’u kan ibsu ta’uudha jedhan. Dabalees, ergaan mammaaksa kanaa haala jiruufi jireenyaa dabarsinu hundumaa keessatti of eeggachuun akka barbaachisu agarsiisa. Akkasumas, bara jiraannu keessatti ta’insoota guyyaa irraa gara guyyaatti kallattii garaa garaan rawwatamaa oolaan irra dhaabachuun bu’aafi miidhaasaa walbira qabnee madaalaafi ilaalaa akka deemnu nugorsu. Gabaabumatti, mammaaksota kanaafi kana fakkaatanitti dhimma bahuudhaan uummanni

Oromoo jiruufi jireenya dabarsan hundumaa keessatti of eeggannoo guddaadhaan akka jiraatan walgorsatu jechuudhan.

**B. Afwalaloowwan**

**Fakkeenya**

***(a) Beekaa dubbiif jallatu, goota lolaaf abdatu;***
***Arjaa qoonqoof jaallatu, dabeessa hudduu dibbee***
***yaa busaa siifan hawwee irra deebi'i yaa golfaa,***
***Korma gaanaaf jaallatu, Ameessa in elmatu,***
***Qotiyyoon ni qotatuu, Maseena hudduu dibbee***
***yaa albee siifan hawwee irra deebi'i yaa billaa,***
***Ulaagaa muka bokkuu, Hoomii muka waaqayyoo,***
***Baddeessaa muka faachaa, mukarbaa laga keessaa***
***yaa qottoo siifan hawwee irra deebi'i yaa abiddaa.***

Akka obbo Oljirraa Dibaar jedhanitti, afwalaloon kun waa'ee meeshaalee aadaa kanneen akka eeboo, gaachanaa, albee, okoleeti. Kan inni ibsu gootni meeshaalee kanneen akka gaachanaafi eeboo qabatee ba'ee biyya eeguu, baqqoon dhaqee ajjeesee galuu akka qabu, yoo ta'uu baate akka tuffatamu ibsa. Kanamalees, ameessas ta'e qotiyyoon yoo waan irraa barbaadamu ba'uudhaa baatan akka qalaman, mukeen meeshaalee aadaa adda addaa irraa hojjechuuf oolan kanneen akka hoomii, ulaagaafaa warra umurii dheeraa qaban akka ta'aniifi mukeen kanneen akka mukarbaa meeshaalee aadaa irraa hojjechuuf akka dhimma itti hin bane agarsisa jedhan.

***(b) Ulee tiyya lootii qabadhe***
***Rabbi kiyya mootii kadhadhee***
***Bubbee jalaa loosi anaa roobii***

Akka haadhi siiqqee Kuulanii Ashnadaa jedhanitti, "afwalaaoon kun waa'ee siiqqeeti," jedhan. Kana jechuun ulee qajeeltuu, diriirtuu tana qabadhee, yaa uumaannana rooba kana bubbee rooba jala bubbisun rooba nu jalaa dabarsu, kana nuu dhorgi, nuu roobi. jechuudha. Yeroma kana Siinqee isaanii gara waaqaa olqabuun dabalataan akka gadii kana jechuun gareedhaan waaqa isaanii kadhatu jedhan.

***(c) Loon kee yaa horan!***
***Okoleen haamarmaartu!***
***Dhaltiin haamar'attu!***
***Dhalattuun haaguddattu!***

Akka adde Masalee Tolasaa jedhanitti, afwalaloon kun waa'ee okoleeti jedhan. Kunis, yeroo namni bu'aa loon namaaf kennu kan ittiin eebbisaniifi hawwii gaarii waliif qaban ittiin waliif ibsaniidha jedhan. Haaluma kaaan hiikti isaas loon elmattu hindhabiin, jireenya qabaadhu jechuutti hiikama jedhan. Akkasumas, jabbiifi dhaltiin qe'ee keetii hin dhibamiin, waan ittiin qabaneeffattu qabaadhu jechuuttis ni hiikama jechuun kan dubbatan aadde Masqalee Tolasaati.

***(d) Aannan okolee badaa***
***Ilmi eessuma badaa***
***Kafanni ka'aa badaa***
***Eenyuttan ba'ee badaa jedhama.***

Aadde Shukkaaree Kaabbirataanoo akka jedhanitti, "afwalaloon kun waa'ee okolee yoo ta'u, kan inni ibsu, sanyii gaarii, abbaa gaariirraa dhalachuu, haadha gaariirraa dhalachuu, qabaa gaarii keessaa dhalachuu, maatii gaarii keessaa qabaa gaariitiin ijoollummaa, ilmooma, xinnummaarraa jalqabanii guddifamuu, gootummaa, qotachuu, daldalachuu, ofdanda'uu, abbaafi haadhakoorraa, sanyii koorraan baree eenyuttan ba'ee bada jechuun sanyiin ofii gaarii ta'uu ibsa jedhan. Kanamalees, akkuma okoleen yoo qabaa gaarii qabaachuu baate dhimma hinbaafne, namni tokkos qabaa gaariin yoo hinguddanne maatiifis ta'e hawaasa kanaaf bu'aa inni buusu akka hinjirre namatti agarsiisa kan jedhan jedhan aadee Shukkaareedha.

***(e) Ro'oon qoraasaa badaa***
***Aannan okoklee badaa***
***Ilmi eessuma badaa***
***Eenyuttan ba'ee badaa jedhama***

Afwalaloon kun waa'ee ro'oofi okoleeti kan jedhan aadde masqalee Tolasaati. Innis kan inni ibsu, hawaasa keessatti namni nama guudise iddoo guddaa qaba jedhan. Kunis, yoo garmalee guddanne ofiifis biyyaafis akka hintaane, yoo haala gaariin guddanne ofiifis biyyaafis waan taanuuf namni nu guddise waan gaariin maqaan isaa akka kaafamu agarsiisa. Akkaataan qabaafi guddisa keenyaa, akka qabaa dubartiin kaamettiin ro'oo haalaan qoraastee aannan, baaduun isa keessaa urgaa'u fooliinsaa yoo namni nyaatu afaan namaa keessatti dhandhama gaarii akka qabaatu, fayyaalessummaa namaaf illee akka inni toluuf murteessummaa qabu gootee

qopheessitu waliin wal fakkaata jedhan. Haaluma kanaan, qabaafi guddisni keenyallee nama nu guddise sabababeeffachuun nama guddisa badeefi guddisa tole jedhamnee akka waamamnu nu taasisa jechuudha jedhan. Kunis, namni qabaa gaariitiin nu guddise akkuma dubartiin fooliin qabeefi ro'oo akka hin badneef qoraaftee bareechitee qadaaddee sirnaan yoo keessu, nyaanni achi keessaa yoo nyaatan fooliin isaa akka namatti tolu, namni qabaa gaarii yookaan guddisa gaarii hin qabaanne garmalee dubbatee, iddoo malee dhaabbatee, waan hinmallee keessa galee seenaan isaa badaa ta'a. Inni immoo guddisa yookaan qabaa gaariin guddate jiruufi jireenya gaariitiin, maqaan isaa seena qabeessa ta'a jechuu dandeenya jedhan.

***(f) Okkoteen gaafa farsoo***
***Gaaniin gaafa jaatanii***
***Buddusseen gaafa nafoo***
***Gaariin gaafa yaadanii***

Afwalaloon kun waa'ee gaanii, buddusseefi okkotee kan ibsu yoo ta'u, keessumaa immoo waa'ee gaaniiti kan jedhan obbo Nagaraa Alamaayyooti. Innis kan ibsu, Waan gaaniitti qophaa'u namoota hedduu kan ga'u ta'uusaa afwalaloo kanarraa hubachuu dandeenya jedhan. Gaafa mana ijaarsaa, gaafa dhimma guddaa qaban, ayyaana guddaa, cidha guddaa, firaafi olla hedduu yoo waaman bookaafi farsoo hedduu keessaa buufachuuf kan oolu gaaniidha jedhan. Hawaasummaa keessatti jireenya bal'aa, sagantaa qabaachuu, sagantaan sun nama hedduu hirmaachisaa, sagantaa guddaa namaaf keessummeessuuf meeshaa ooludha jedhan, Dabalees, gaaniin haawasa Oromoo godina kana keessa jiraatu biratti meeshaa dhugaatiin nama baay'ee ga'u kan itti qophaa'uudha kan jedhan immoo obbo Karrasaa Kumarraati.

***(g) Utaalchoo malkaa bal'oo borofatu danda'aa,***
***Nyaata waciitii dhiphaa fal'aanatu danda'a***

Afwalaloon kun waa'ee fal'aanaafi waciitiiti; kkeessumaa waa'ee fal'aanaati kan jedhan obbo Abbayyaa Baayisaati. Innis kan ibsu, waciitii keessaa kan ittiin nyaatan fal'aanaan. Hawaasa kana keessatti waan tokko argachuu yoo barbaadnu tooftaaniifi malli waan argachuu hindandeenye ittiin argannu jiraachuu ibsa. Kana malees, akkaataan jireenyaa salphaa miti; qusannoon akkamiin jireenya jirachuu akka qabnu akeeka jedhan. Waan qabnu akkamiin akka harka suuqqannee fuunee fudhachuu dandeenyuufi jireenya boriif yaadnee akkamiin jiraachuu akka qabnu nu agarsiisa jedhan. Kanamalees, yoom guddisnee nyaanna, yoom xiqqeessinee nyaachuu akka qabnus nutti agarsiisa jedhan.

***(h) Midhaan gumbii hindhumuu,***
***Ammaareen dadhabee,***
***Mi'aan durbii hindhumuu,***
***Marmaareen dadhabee jedhee qabeenyasaa kana jajata***

Afwalaloon kun waa'ee gumbii ta'uu kan dubbatan obbo Oljirraa Dibaariti. Akka isaan jedhanitti, "uummanni Oromoo naannoo kanaa afwalaloo kanaafi kana kan fakkataniin dhimma ba'uun faayidaafi amantaa hambaa yookaan meeshaa kanarraa qabu ibsata," jedhan. Akka isaan jedhanitti miidhaan gumbii keessatti yoo walitti qabamee turu dilbii ta'ee mi'aa isaa base waan mul'atuuf iddoo guddaa qaba jedhan.

***(i) Yaa qubeelaa qubattii***
***Nibaati gumaan dubartii***
***Dhaddacha gosaa jalatti***
***Kan koollee dhagaa duubattii***
***Kan kee immoo gosa durattii***

Obbo Fayisaa Haayilee akka jedhanitti afwalaloon kun waa'ee qubeelaafi dhagaa daakuu yoo ta'u, keessumaa immoo waa'ee qubeelaati jedhan. Qubeelaan meeshaa harka dubartiirratti kaawwatamtuudha. Afwalaloon kun qubeelaan yeroo aariifi gaddaas meeshaa hin baaneefi kan ittiin dhaadattu akka ta'e agarsiisa jedhan. "Kan koollee dhagaa duubattii'' jechun dhagaan meeshaa dur dubartoonni daakuu harkan irratti daakkatan kan yeroo hundaa duuba isaatti nyaata guyyaa guyyaa qopheeffachuuf dabarsan kana duubatti dubbiin ishee dhumachuu agarsiisa. Dubbiin ishee bakkuma hojii isheettii xumuramuufi kan isaa immoo duree gosaa duratti xumuramuu qubeelaa quba isheerra jirutti yeroo himattuudha jedhan.

***(j) Maaf teessa gurbaa fattattee***
***Gabbarroo qeenxeetti ankaaktee***
***Barbaaddee liqeeffattaaree***
***Heenacheen buunaa eelee lakkoofnaa***
***Cidhaan soddee murree eeleen haxoofna.***

Aadde Baanchee Toleeraa akka jedhanitti, afwalaloon kun waa'ee gabbaraafi eelee yoo ta'u, keessumaa immoo waa'ee eeleeti jedhan. Innis, eeleen mana dhaabuu wajjin wal fakkaata kan jedhan aadde Baancheen, mana dhaabuun hojii hojjechuu, tattaafachuu kan barbaaduudha jedhan. Ergaa afwalaloo kanaa akka waliigalaatti, haalli taa'umsa isaa kun akka nama qarshii guddaa kennee fuudhaa jiruu of gadhiisee taa'uu hin qabu jedhanii ofitti amanamummaa isaa

gadi buusuun tuffii qabaniif ibsatu.Kunimmoo, namni qabeenya qabu akka fedhe nyaachuu, taa''uufi haasa'uu kan danda'uu ta'uusaa kan ibsuudha jedhan.

*(k)* ***Jabanaan dhaabatee bunni danfee***
***Sagadaan dhaabatee nutti marsee***
***Yaa aayyoo maaree***
***Sin kadhadhaka sitti marmaaree***

Akka Abbaan Gadaa Fiqiruu Galataa jedhanitti afwalaoon kun waa'ee jabanaati. Keessumaa jabanaa bakka sadaga amantiitti dhimma itti ba'aniidha jedhu. Kanamalees, manuma mana keenyatti bunni yeroo danfu jabanaan sababa namootni ittiin walitti qabamaniifi waaqa ittiin kadhataniidha jedhu. Bunni akka hawaasa Oromoo naannoo kanaatti sirna ittiin haala hawaasummaa walbarsiisuu hordofnu keessaa isa tokkoofi adda durummaan eeramuudha jedhan Abbaan Gadaa Fiqiruu.

*(l)* ***Cabaa irbaata koo kan xebbee guutuu***
***Nyaadhu jetteeree nyaadhee fixuuree***
***Gafarsa dooraa arba gammoojjii***
***Fidi jetteeree dhaqee fiduuree***
***Osoon fidee iyyuu gufuutti hidheeyyuu***
***Atoo hin waraantuu onnee hin qabaattuu!***

Akka obbo Tamasgeen Disaasaa jedhanitti afwalaloon kun waa'ee xebbeeti jedhan. Innis meeshaan aadaa kun meeshaalee jiran keessaa hangaan xiqqaafi ijoolleen dhimma kan itti ba'amu ta'uu ibsa. Yeroo baay'ee ijoolleen dubaraas ta'an isaan dhiiraa yeroo lafa horii tikaa dhaqaniifi mana keessattis ta'u al tokko tokko kan nyaata dhuunfaatti itti nyaatan meeshaa kanatti ta'uu ibsa. Dabalees, nyaatni meeshaa kana keessa jiru kanuma nama tokkoo ta'uu nu agarsiisa kan jedhan obbo Tamasgeeni.

*(m)* ***Yaa ayyolee koo***
***Yommuu ani xinnoo***
***Siree dhodhooftee ururuu jettaa***
***Amma maal goonaan***
***Barcuma haxooftee***
***Qarshii lakkooftee***
***Gurguruu jettaa***

Akka obbo Addisuu Bultum jedhanitti afwalaloon kun waa'ee barcumaafi sireet; keessumaa immoo waa'ee barcumaati. Barcumni meeshaa kabajaa hawaasni naannoo kana qabu keessaa

tokko kan jedhan obb Addisuun, keessumaa immoo yeroo sirna fuudhaafi heeruma naqataa keessummaa karaa gurbaa dhufee qopheessuun irra teessisuun aadaa hanga yoonaatti jiruudha jedhan. Afwalaloon kunis intalli dubbatamaa jiraachuufi warri ishee baruma qopheessanii dubbicha fudhachuu waan mirkaneessaniif soda qabdu ittiin ibsachuushees ni agarsiisa jedhan.

***(n) Akuukkuu caffee keessaa***
***Raafuu fannaallaan nyaatuu***
***Afuuftuu nadheen keessaa***
***Raatuu walfaana yaatuu***

Akka aadde Xajjituu Waaqjiraa jedhanitti afwalaloon kun waa'ee fal'aanaa dubbata jedhan. Fal'aanni meeshaa nyaata qulqullina isaa eegnee nyaachuuf nu gargaaru keessaa tokko yoo ta'u, keessumaa immoo nyaatawwan hawaasa kana keessatti kabaja guddaa qaban kanneen akka qorii, caccabsaa, cukkoofaa ittiin nyaachuuf hedduu garaagara jedhan. Kanamalees, nyaatawwan akka raafuu, dammaafaas akka ittiin nyaachuun danda'amu kan eeran aadde xajjituun meeshaan kun ammayyuu haaluma walfakkaatuun dhimma itti ba'amaa akka jiru himu.

### C. Hibboowwan

A. Irri biyyoo, jalli biyyoo gidduun warqii

***Deebii: Eelee***

B. Dhaqa mana ilaala gala ala ilaala

***Deebii: Eeboo***

C. Kaballaan dha'ee albaase

***Deebii: Gingilchaa***

D. Afaan banatee nama ilaala

***Deebii: Okkotee***

***E.*** Amalaan giiftii, bifaan garbittii.

***Deebii: Eelee***

F. Kormi abbaa dhugumaa yoo itti bu'an guunguma

***Deebii: Dibbee***

G. Luka sadii qaba; miilla lama baata.
Sitti xil, lafatti xil ***Deebii: Barcuma***
Gabaabdu jabaadhuu nabaadhu

H. Dhaqa duwwaa, gala rimaa.

***Deebii: Okkotee***

I. Gabaa hin dhaqtu, dhadhaa hin dhabdu

***Deebii: Boraatii***

J. Intalli koo durbaan dhaqxee ulfaan galte.

***Deebii: Okkotee bishaan baatu***

Intala koo abbaa argetu dhungata.

***Deebii: gaayyaa***

K. Mana keessa manni jira, nama keessa namni jira.

***Deebii: Gumbii midhaan keessa jiru***

L. Dukkan gumbii guute.

***Deebii: Nuugii***

M. Dhiqan hinqullaa'u, diban hinurgaa'u.

***Deebii: Qodaa Bukoo***

**Qaaccessa Hibbowwanii**

Akka obbo Haayilee Birdiidaa jedhanitti, Hibboon Fakkeenya (2) 'a' jala jiru kan inni ibsu, meeshaan aadaa eelee jedhamu biyyoorraa hojjetamuuf waan keessa isaa jiru daran waan barbaadamaa ta'uudha. Kanamalees, waan hedduu gatiinsaa qaalii ta'e dhokatee kan argamauufi barbaacha cimaa kan barbaadu ta'uu namatti agarsiisa. Buddeen argachuun taa'ani osoo hin taane akkuma meeshaa gati jabeessa ta'e warqee arachuuf huma guddaa nama barbaadu, isas argachuun akkasuma akka ta'e nu hubachiisa jedhan.

Obbo Nagaraa Alamaayyoo akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) 'b' jala jiru kan inni ibsu, kunis, eeboo ofduratti hin qabatan, sababiin isaa yeroo lolaa malee eeboo galagalchanii waan hin qabaneef, nagaa ta'uu ibsuuf haala kanaan qabatama jedhan.

Akka aadde Asteer Goobanaa jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) 'c' jala jiru kan inni ibsu, midhaan qulqulleessuuf gingilchaatti yoo naqatan meeshaa sana rukutuun namarra jira. Yoo kana hin taane midhaaniifi habaqii sana addaan baasuun hin danda'amu. Ergaan hibboo kanaas waan tokko argachuuf human baasuu akka qabnu, waan itti bu'uun nurra hin jirretti buunee keessaa waan gaarii baafachuu akka qabnu nutti agarsiisa jedhan.

Akka Obbo Asaffaa Nagaasaa jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘d’ jalatti dhiyaate kun bifa nameessuun kan ibsame yoo ta’u, deebiin hibbichaafi meeshaan kun haala bocaan wal fakkaatu. Kan afaan banu nama; namni waan hedduuf yoo afaan baneyyuu irra jireessaan yeroo yaadaa badu, akkasumas yeroo beela’uu afaan bane jedhama. Kanamalees, afaan banuu kan jedhu kun karaa biraan dubbii hintolle dubbachuu, ofeeggannaa dhabuuttis ni fakkeeffama. Okkoteen afaan banaa jiru waa keessa akka hinjirre agariisuuf oola. Kanaaf, nama ofeeggannaa malee jiraatu, akka ofgataa jiraatu ittiin barsiisuuf dhimma itti bahuun ni danda’ama jedhan.

Obbo Bulchaa Dhibbarraa akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘e’ jalatti dhiyaate deebiin hibboo kanaafi meeshaan kun amala waa tokkoo ibsuuf ooluu danda’u. Darbees, hojiin gaariin tokko sababa bifa waan sanaa dhokachuu akka hin dandeenyeefi bifarra fudhatamummaa hojii namaaf amalli iddoo guddaa akka qabu kan agarsiisuudha. Faallaa kanaan immoo namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti fudhatama argachuu kan danda’u hojii gaarii inni hojjetu qofaan osoo hintaane, amala gaarii inni qabus ni dabalata. Kanaaf, hojiin namaa fudhatama guddaa akka qabaatuuf hojii gaarii ta’e hojjechaa amala gaarii qabaachuun waan dansaa akka ta’e ogafaan kanarraa hubachuu dandeenya jedhan.

Obbo Carraa Waltajjii akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘f’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, dibbeen kan qophaa’u gogaa kormaa gogsuudhaan dalaguun dhimma muuziqaatiif itti tajajilamu. Iddoo zeekkaraa, iddoo cidhaafi iddoolee amantii adda addaatti itti tajaajilamu. Dibbeen yeroo rukutamu hirmaattota sirnichaa yeedaloo isaanii miidhaksuun kaka’umsa keessatti hora. Afoolli kun haalli waan tokkoo ka’umsa isaa akka bu’ureffatu agarsiisa. Kormi ni bokkisa, iddoo jiru ibsa, haala biyyummaa isaa ibsata jechuudha. ”kormi biyya ormaatti in barooda malee hinbookkisu” jedhama. Kanaafuu, afoolli kun gammaduuf, waan fedhan raawwachuuf bakkaafi yeroon akka nama murteessu, namni itti bu’ame mirga isaa akka falmatu ibsuuf kan ooluudha. Kanamalees, amalli namaa inni gaariis tahe badaa bakkaafi haala keessatti bahee calaqqisu akka qabuufi amala ofii hawaasa keessatti tolfachuun isa gaarii faana bu’uun gaarii akka tahe barsiisa. Walumaagalatti, hawaasni Oromoo naannoo kana jiraatu afoola Oromoo keessaa mammaaksaafi hibbootti gargaaramee hawaasichi dhimmaa diinagdeerratti tokkummaafi jaalalaan ka’ee hojjechuu akka qabu wal gorsa, elaafi elaameen, garaafi yaada tokkoon oomishuun hiyyummaa jalaa bahuu akka qabu wal barsiisa, yoo dalagan, yoo tattaafatan qofa rakkinaafi gadaadoo injifaachuun akka danda’amu walgorsa, amala gaarii qabaachuu, abshaalummaan buluu baruu,

diinaafi fira ofii adda baafachuun buluu akka qaban wal barsiisu, walgorsu, waltumsuuf oola jedhan.

Akka Obbo Asaffaa Nagaasaa jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘g’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, jiruufi jireenya keessatti teessumni irra taa’uuf kan oolu akka ta’e ibsa. Faayidaan isaa abbaan warraa kan irra taa’u yoo ta’u, darbee darbees keessummaan irra taa’a. Kanamalees, faayidaan isaa hawaasa Oromoo biratti kan inni ittiin beekamu nama dhukkubsate ittiin baatanii mana yaalaatti geessuuf kan ooluudha. Kanamalees, barcumni nama lubbuun jiru kan miilla lama qabu baachuuf kan oolu yoo ta’u, meeshaa kabajaati. Kanaaf, jiruufi jireenya keessatti nama rakkate gannee darbuurra gargaarree gara jireenyaatti dhufuu akka qabnu, tokko ta’uurra lama ta’uu, tokkummaa qabaachuun moo’icha argachuuf iddoo guddaa akka qabu namatti agarsiisa jedhan.

Akka Obbo Obbo Dabalaa Caalii jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘h’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, okkoteen bishaan lagaa itti waraabuuf yoo oolu, yeroo lagaa bishaan fiduu dhaqan duwwaadha; gala bishaan guutuu qaba. Kanaan qabanii jireenya hawaasummaa namaa keessattis ta’e umaama kanneen biroo keessatti haala itti ilmoo godhatan ibsuuf kan jedhameedha. Intalli dubaraa tokko gaafa mana warra isheetii baatee heerumtu durbummaan waan dhaqxuuf garaa duwwaa jedhamti. Yeroo booda sanyiin garaa ishee keessatti hafe yoo mul’atu ulfa qabdi jedhama; horiin immoo rimaa fuute jedhama. Kanaaf, hibboon kun jireenyaa hawaasummaa keessatti marsaan kana fakkaatu akka jiru kan ibsuudha. Kunimmoo jireenyi hawaasummaa firoomaan akka cimu, aadaafi safuu ofii eeggachuun kabaja namaaf akka kennu ittiin barsiisuuf kan ooluudha jedhan.

Obbo Dabalaa Hundee akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘i’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, boraatiin galgala yeroo dadhabanii hojiitii galan ciqilee irra dhabbatanii hasa’uuf, yeroo hirribaa boquu itti hirkifatanii rafuuf, kunis halkan hirriba keessa mataan namaa conqola’ee gororri akka nama hinfeenetti morma yokaan mataa olqabatanii rafuuf oola. Darbees, dubartoonnillee yoo rifeensa isaanii dibata dibatan dibatichaan afata akka hinxureessineef kan gargaaruudha. Hibboon kun bifa nameessuun kan dhiyaate yoo ta’u, haalli jireenyaa mijataa ta’uu, waan nyaataniifi dibatan haalaan jiraachuu ibsa. Kanamalees, jiruun addunyaa kanaa buburree ta’uu ibsa. Kunis, tokko qaba tokko hin qabu, tokko ni kolfa kaan ni boo’a, tokko ni gammada kaan ni gadda kanaaf warra barri dugda itti gatte tumsuun deggeruun jireenya hawaasummaa keessatti eeguun barbaachisaa akka ta’e ibsa. Karaa biraa, namni olla keenyaa homaa hin qabne sababa

nama ta’eef gargaaramuu, waan dhabe argachuun akka keenya gammadee akka jiraatu taasisuun dirqama namummaati yaada jedhus kan ibsuudha jedhan.

Aadde Masqalee Tolasaa akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘j’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, hibboon kun meeshaa kanaan qabee aadaan hawaasaafi jireenyi hawaasummaa akkam ta’uu akka qabu nama barsiisa. Kunis, jireenyi hawaasummaa safuufi safeennaa barbaada, kabaja qaba, safuun hoogganama, kanaaf safeeffatamuu qaba jechuudha. Afoola kanaafi kana fakkatutti dhimma bahuun namoota aadaafi safuu cabsan gorsu, qeequ, barsiisu, hubachiisu. Mucaan dubaraa tokko otoo hinheerumiin akka malee jiraachuun yoo kabaja ishee gatte hawaasa keessatti in tuffatamti; sanaa booda waan hintaane irratti kufti jechuudha. Durbi durbummaa malee heerumtu maatii keessattis ta’e hawaasa birattis fudhatama hinqabdu. Gurbaan immoo yoo durbummaa ishee dhabe manatti galcha, akka kanaan duraatti boquu olfudhattee hindeemtu jechuudha. Kanaaf, hibboon kun hawaasa keessatti aadaafi safuu hawaasaa cabsuun gatii namaa akka xiqqeessuun manatti nama deebisuun namaa gadi akka nama taasisu hubachiisa. Akka isaan jedhanitti namni aadaa hawaasaa cabse ‘waan fafaa hojjete’jedhama. Kanaaf immoo ‘*shan keessaa cabe’* kana jechuun qomoo keessaa ba’e jechuun aadaa hawaasaa cabsuun gaarii akka hin taane barsiisu. Dubarri bakkeetti utuu aadaa hincabsiin kabaja ishee eeggattee jiraattu yeroo ishee eeggattee umurii heerumasheetti heerumtu, kabajaafi ulfina qarrummaatiin jiraachuusheef kabaja guddaa qabdi jechuudha.

Obbo Oljiraa Dibaar akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) ‘K’ jalatti dhiyaate kan inni ibsu, “meeshaan kuniifi hibboon kun waa baachuun wal fakkaatu,” jedhan. Gumbiin mana keessa taa’ee midhaan baata, dubartiin ammoo garaatti mucaa baachuun wal fakkaatu. Hojii tokkoof nama hundaa filuun hindanda’amu, namoota jiran keessaa filachuun hojjechiisu. Kanaaf, afoolli kun jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti filatamanii waan gaariirra dhaabbachuuf hojii gaarii hojjechuun akka namarra jiru ibsa jedhan. Akka isaan jedhanitti, eenyummaan waan dhokataadha; eeggannoo qabachuu barbaada. Namni eenyummaa isaa gate namaa hin hilu; ofis biyyas hin fayyadu. Eeggannaan eenyummaaf godhamu biyya ijaara, waan bakkeetti bahee mullatu ijaaruuf waan ooluf immoo eeggannan taasifamuuf ol’aanaa ta’uu qaba. Namni eenyummaa isaa dagate hawaasa isaa dabarsee diinaaf kenna, iccitii hawaasaa saaxiluun diinaaf karaa saaqa. Kanaaf, waan kana mara gochuu danda’uuf eeggannaan yoo taasifameef biyyas ta’e hawaasa sana tokkoomsuu keessatti gahee inni qabu daran ol’aanaa akka ta’e iccitiin afoola

kanaa ni agarsiisa. Karaa biraa yaadni hibboo kanaa namni hojii tokko akka hojjechuuf barbaadamu nama eenyummaa isaa eeggate, waadaa sabaa hin nyaanne, ofeeggatee jiratuu akka ta'e ibsa. Yaada kana deggeruun yoo ibsan, *'muka hundaan mana hin ijaaran*' jedhu. Kana jechuun muka isa ta'u filanii man asana akkuma ijaaran namoota hunda keessaa nama namummaa qabu jechuun quuqama qabu filatu jechuudha jedhan.

Obbo Addisuu Bultum akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) 'l' jalatti dhiyaate kan inni ibsu, "gumbiifi nuugiin bifaan wal fakkaatu," jedhan. Kunis, nuugiin uumamaan gurraacha, gumbiin keessi isaa dukkana waan ta'eef kana ibsuuf kan jedhameedha, jedhan. Kunis, waan iddoo dhokataa jiru ibsuuf, waan ifatti hinmullanne akka nama sodaachisu ittiin ibsuuf kan ooluudha. Akka obbo Addisuun jedhanitti, waan keessa keenya jiru, iccitii hawaasaa, dhoksaa sabaa isa eenyummaa ijaaru haalaan kunuunsuun jireenya keessatti iddoo ol'aanaa qaba. Waan maalummaan isaa adda hin baafmne bifa isaa adda baasuun hin danda'amu. Eenyummaan waan gadifagoo keessa namaatti argamuufi hojii guddaa jireenya hawaasummaafi biyyaa ijaaruu keessatti iddoo addaa qabuudha. Kanaaf, yoo haalaan eeggatanii iddoo malu kaawwatan akkuma nuugiin erga bullaa'ee dhamdhama addaa qabu, eenyummaa ofii eeggatanii hamma dhumaatti dhaabbachuunis gatii addaa akka namaaf kennu afoola kanarraa hubachuun ni danda'ama jedhan.

Obbo Eebbisaa Bantii akka jedhanitti, hibboon fakkeenya (2) 'm' jalatti dhiyaate kan inni ibsu, "hibboon kuniifi meeshaan kun bifa waan tokkoo ibsuun wal fakkatu," jedhan. Qodaan bukoo yeroo mara bukoo waan baatuuf qullaa'uu hindanda'u, akka meeshaalee isaan kanneen biroos dibamee hinurgeeffamu. Namni amala badaa qabu tokko haala ulfaataan itti qabamee jiru amala isaa kana salphaatti dhiisisuu akka hindandeenyeefi jireenya isaa miidhaa akka jiru ittiin ibsuuf gargaara. Akka odeefkennitootni jedhanitti, eenymmaan ofiin kan uumaan nama badhaase sabab kamiinuu namarraa hin mulqamu. Ta'us, namoonni tokko tokko eenyummaa isaanii kana dantaan sharafuu malu. Namoota akkasii kanneen ofdagatan yoo itti himan kan isaaniif hin galle haala kanaan of isaan yaadachiisu. Yeroo yokko tokko namoonni eenyummaa isaanii dagatan amala namummaa keessaa bahanii amala bineensaa uffachuun yoo waan seera uumaan ala hojjetan nimul'atu. Namoota haala kanaan hawaasa keessaa bahan dararan ofyaadachiisuun gara daandii qajeelatti deebisuuf afoola kanaafi kana fakkatutti dhimma ba'ama jedhan.

### Jechamawwan

***Abbaa Barcumaa:*** Barcuma mukeen akka waddeessaa, ulamaa'iifi somboorraa soqanii miilla sadii itti baasanii akka irra taa'uuf mijatutti culułqsanii hojjetu. Barcumni kun tajaajila irra taa'umsaaf kan ooluufi ogummaa hawaasa dhimma itti bahuun kan hojjetamuudha. Meeshaan kun hawaasa Oromoo iddoo hunda jiraatu biratti kabaja matasaa kan qabuudha. Kunis aangoo abbaa gadummaa waan agarsiisuuf ol'aantumma abbaa Gadaa agarsiisa. Waltajjiin abbaa Gadaa teessuma isaa waan ta'eef isarra taa'ee nama araarsa, murtii kenna, akkasumas yaa'ii gaggeessa, kun immoo faayidaa teessuma Abbaa Gadaa mul'isa. Teessuma Abbaa Gadaa irra namni biraa hintaa'u, sababni isaas aangoo Abbaa Gadaa sana dhaaluu fakkaata. Kanaafu, teessumni Abbaa Gadaa kabaja qaba jechuudha. Kunis uummanni Oromoo gaggeessitoota aangorra jiraniif kabaja ol'aanaa qabaachuu namatti agarsiisa. Ragaan afgaaffii gaafa Amajjii 2015 taasifamerraa argame akka ibsutti, barcumni hawaasa kana keessatti fakkoommii yookaan mallattoo aangoofi ol'aantummaa keessumaa kan abbaa gadaa ibsu qaba. Kana jechuun, nama yeroo sana aangoo yookaan baalliin harka jiruufi akka maatiitti immoo aangoo abbaa manaa mirkaneessa.

Jechamni '***Abbaa Barcumaa'*** jedhu kun kan inni ibsu**,** 'barcuma qaba', 'barcumni kan isaati', jechuudha. Kana jechuun, aangootu harkasaa jira, baallii fudhatee biyya geggeessaa jira jechuudha. Akka aadaa Oromootti namni baallii yookaan aangoo of harkaa qabu abbaa barcumaa jedhama. Kunis, nama yeroo isaaf kenname keessatti aangoo isaatti dhimma ba'ee hawaasa sana tajaajilu, nama aangoon bulchiinsaa yookaan taayitaan harkasaa jiru kan jedhutti hiikama jechuudha. Hawaani naannoo kanaa 'Barcuma Waaqayyo namaaf tolcherra taa'u,' jedha. Kana jechuun, barcuma waaqatu namaaf tolchee boca itti baasee namaaf kan kennurra taa'u jechuu utuu hintaane, taayitaa, aangoo, ulfinni waaqa biraa kan namaaf kennamuudha jechuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kanamalees, aangoon waa hunda bulchuu harka waaqaa keessa waan jiruuf namni teessoo gubbaa jirus hamma iddoo sana jirutti waan fedhe mara gochuu danda'a, garuu uumaa isaa isa isaa ol jiru ilaaluun raawwachuu qaba yaada jedhu kan dabarsuudha.

***Akka bishaan Gaayyaa ol ol hinjedhiin:*** Gaayyaan meeshaalee aadaa konya kana keessatti beekamaniifi dhimma itti bahaman keessaa kan angafaati. Bishaan gaayyaa godaa oldhufuun adeemsa waan sanaa mijeessa. '*Akka gayyaa ol ol hinjedhiin*' jechuun, akka malee hindubbatiin, nama kabaji jechuu akka ta'eefi yoo namni tokko nama gorsu yookaan dheekkamu dheekkamsa/

gorsa isaa kana fudhachuu dhiisanii deebisanii yoo itti dubbatan/deebisan, namni nama sana gorse/dheekkame miira isaa ittiin ibsachuuf dhimma kan itti ba'uudha.

***Akka qabee dhadhaa baqa:*** Akka raghimtoonni jedhanitti, qabeen dhadhaa yeroo mara dhadhaa waan itti kuusaniif ni cululuqa. Kanaaf, '*akka qabee dhadhaa baqa'* jechuun ni coome, ni furdate, jireenyatu itti tole, jireenyatu ta'eef jechuudha. Giddugaleessi ergaa jechama kanaa nama jireenyi itti tolte, haalli mijateef ittiin ibsuuf kan ooluudha. Yeroo baay'ee jechamni kun haalli mijataan nama tokkorartti yoo mul'atu, haalli jireenyaa yoo mijatuuf, waan gaariin yoo nama quunname kan jedhamu akka ta'e ragaa argamerraa hubachuun danda'amee jira.

***Barcuma qajeelche:*** Akka raghimtoonni jedhanitti barcuma qajeelche jechuun jireenya yookaan qe'ee itti fufsiise jechuudha. Kunis, akka konya kanaatti yoo namni tokko du'u qooda maatiin isaa faca'an, ijoollee isaatti abbaan ormaa dhufu, namni guddisu akka hindhibne, akkasumas qabeenyaa isaa ormi akka hinnyaanne yaadanii manguddootni erga mari'atanii booda fira gurbaa keessaa obboleessa isaa quxisuuf dirqama kana kennuun haadha manaa namicha du'ee akka fuudhu yeroo taasisan gochi yookaan adeemsi kun barcuma qajeelchuu jedhama. Akka waliigalaatti, ergaan ijoofi giddugaleessaa jechama kanaa jireenya itti fufsiisuu ergaa jedhu kan qabuudha.

***Inni gaachana kooti:*** Gaachanni meeshaa lolaa eeboon akka nama hinwaraanneef ittiin ofirraa qolachuuf jalatti dhiheessaaniidha. Akka raghimtoonni jedhanitti kanumaan walqabatee '*abalu gachana kooti*' jedhu,kana jechuun inni yookaan isheen akkasumas akka hawaasaa yookaan sabaatti isaan wabii kooti, waamamaa gaafa rakkoo kooti, kan ani rakkina koo itti himaadhee ooluu danda'uudha jechuudha. Dabalees, nama guyyaa rakkoo abdataniifi ittin dhaadataniin gaachanakoo akka jedhan ragaan argame ni agarsiisa.

***Isaan warra gabateen baaduuti:*** Yeroo duriis ta'e yeroo ammaa darbee darbee iddoo tokko tokkotti uummanni Oromoo nyaata yoo nyaatu gabateerratti nyaata; itti nyataaf immoo baaduu fayyadama. Akka raghimtoonni jedhanitti namoonni yeroo jireenya walii ilaalanii madaalan namni tokko akka hawaasaatti yoo jireenya hawwataafi mijataa ta'e jiraata ta'e, 'isaan warraa gabatee baaduuti' jechuun dhugaa waliif ba'u. Kana jechuun, isaan soreessa, horii qabuu, waan nyaataniifi waan raafatan ga'aatti qabu jechuu ibsa. Kanaafuu, jechama kanaafi kana fakkaatanitti kan inni dhimma itti ba'u wa'ee nama foyyee qabuu, jireenyi fooyyee qabaachuufi haalli hundi mijataa ta'uu ittiin ibsuuf dhimma akka itti ba'antu dubbatama.

***Lafarra dombii wayya:*** Dombiin teessuma lafatti dhihoo jiruufi yeroo baay'ee irra ta'anii loon elmuuf dhimma kan itti ba'aniidha. Akka raghimtoonni jedhanitti, '*Lafarra dombii wayya*' jechuun waan tokkoof tuffii qaban mul'isuuf yoo yaalan, waan sun hamma yaadan, hamma eegan kan namaaf hingeenye ta'uufi garuu immoo waan argametti gammaduun dhimma ba'uun akka namarra jiru ibsuuf kan ooluudha. Kanaafuu, akka naannoo kanaatti jechama kana mammaaksa '*hamma cufanitti ni danqaratu*,' jedhuun wal bira qabanii kan itti fayyadamaniifi waan tokko hojjechuuf yeroo jiranitti tattaafachaa jiraachuu ittiin ibsuufi waan gaarii tokko eeggachaa jiraachuu isaanii ibsuuf dhimma akka itti bahan ragaa argamerraa hubachuun danda'amee jira.

***Saani Okolee keessa haa bultu:*** Akka raghimtoonni jedhanitti saawwi jiraannaan okoleetu jira; okoleen jiraannaan aannantu jira; aannan jiraannan jireenyatu jira jedhu. Uummanni Oromoo yeroo keessummaanis ta'u firoonni dhufan aannan yookaan itittuu bakka bishaanii namaa kenna. Namoonni kunneen erga waan kennameef dhuganii xumuranii ni eebbisu. Eebba isaan jedhan keessaa '*Saani okolee keessa haabultu*' jechuun eebbisu. Kana jechuun, ameessi yookaan dhaltiin keessan isin jalaa hindu'iin, jabbiin ishee hindu'iin jechuudha. Kanas, kan jedhan yeroo nama adii sawwaa nama kenne eebbisan dhimma akka itti ba'an hubachuuf yaalamee jira.

***Warra shaanfoo bakakkaa***. Akka raghimtoonni jedhanitti warra shaanfoo bakakkaa jechuun, isaan gootaa, lolatti jajjaboodha jechuudha. Jechama ergaa kanaafi kana fakkaatu qabanitti yeroo gootummaa hawaasa yookaan garee tokkoo akkasumas, kan nama dhuunfaa ibsuu barbaadaniifi nama sana jajan dhimma kan itti ba'an akka ta'e hubachuuf yaalamee jira. Dabalees, lugna ittiin kakaasuufi goota jajjabeessuufis kan gargaaru akka ta'e raghimtootarraa adda baafamee jira.

Gabaabumatti, Ogafaan dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii yookaan otoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, ogafaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasa sanaa, ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogumni kun beekumsaafi muuxannoo hawaasni tokko bara duriitii kaasee kuufataa ture of keessatti hammatee jira yoo jedhames waan olkaafamu miti. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii taasifamu, bu'aa ba'ii jireenyaa, mudannoowwan garaagaraa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo taasifamu mara ofkeessatti kan hammateedha. Ogafaan keessumaayyuu hawaasa sirna barreeffamaa gahaa hinqabne biratti waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota

dhufuuf dabarsuuf gahee guddaa kan taphatuudha. Meeshaaleen aadaafi ogafaan qaamolee ibsa aadaa hawaasa tokkoo keessatti walitti hidhaman lama yoo ta'an, tokko tokkorratti dhiibbaa kan geessisaniifi kan calaqqisiisaniidha. Hariiroon isaan gidduu jiru karaa hedduudhaan hubachuun ni danda'ama; keessumaa akkaataa isaan amantaa, duudhaafi muuxannoo bakka bu'aniifi itti dabarsan kanneen ijoodha.

Walumaagalatti, hawaasni Oromoo naannoo kana jiraatu afoola Oromoo keessaa mammaaksaafi hibbootti gargaaramee jiruufi jireenya hawaasummaan waliin jiraatu keessatti maatiifi maatiin, firriifi firri ykn gareen hawaasaa tokko jaalalaan, tokkummaaniifi mariin akka waliin jiraachuu qabu, aadaafi duudhaasaa guddifachuu, horachuu, qoroomuu, dagaaguu, babal'achuu, nagaan jiraachuufi kkf irraan gahuu akka danda'u ittiin wal hubachiisa. Kana jechuun, gareen hawaasaa tokkko yoo tokkoome, yoo waldeeggaraa deeme, walhubachaafi waltumsaa yoo deeme hawaasummaan garee hawaasa sanaa dagaagaafi humna horachaa adeema. Tokkoomuun diina ofii ofirraa qolachaa, diinatti otoo wal hin kenniin, rakkinaaf osoo wal hin saaxiliin obsaan wal danda'uun walii wajjin jiraachuun hawaasummaa isaanii cimsaachuu akka qaban ittiin wal barsiisu.

### 7.2 Meeshaalee Aadaan Afoola Ibsuu

Yeroo hundumaa dhimma hawaasa gara garaa irratti mammaaksi mammaakamu, durduriin himamu, dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti faaruuwwan dhiyaatan, dhimma hojii qonnaa waliin walqabatee weedduuwwan jiran yeroo loon bobbaasan sirbi tikee, yeroo namni du'u booyichi dhagahamu, yeroo ayyaana waggaa, gaa'elaa, gammachuu gara garaa sirboonni dhiyaatan, bakka namni tokkoo ol tahee walarge maratti baacoon dhiyaatu, walaloo namoonni beekamoon himan, afseenaa maanguddoonni dubbatan hundi ogafaan hawaasni waa'ee mataa isaa, naannoo isaa, namootaafi addunyaa kanaa irratti ilaalchaafi falaasama qabu kan ittiin ibsataniidha.

#### A. **Mammaaksota Amala namaa agarsiisan**

Ilmi namaa addunyaa kanarratti bineelda hawaasummaan jiraatu keessaa isa tokkoodha. Jireenya hawaasummaa yeroo geggeessu hamaafi gaarii, gaddaafi gammachuu, argachuufi dhabuu, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, beekuufi wallaaluufi kkf waliin dabarsuun jiraata. Kun amala namaa keessaa adda durummaan kan eeramuudha. Ogafaan Oromoo keessaa

mammaaksota qabiyyee kanaan kan wal qabatan kanneen hawaasni Oromoo itti gargaaramuun abashaalummaafi malaan jiraachuu, gaariifi yaraa adda baafachuun jiraachuu ittiin wal gorsuufi wal barsiisu hedduudha. Dhimma kana caalaadhumatti akka hubannuuf mammaaksonni armaan gadii nu gargaaru.

**Fakkeenya (1)**

a. Aannan ***Okolee*** bada, ilmi eessuma bada
b. Hantuutni haadha jalatti ***Gumbii*** uraa barti
c. Abshaalli ***distii*** qoonxaa dhimmisee bishaan hambisa
d. ***Okkoteen*** waaqa hin beekne eelee bishaan kadhatti
e. Lama hin xaaru jette jaartiin jaarsa ***barcumaa*** wajjin butte
f. Qabbanaa'u Harkaan, Gubnaan ***Fal'aanaan***

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'a' irra jiru kan inni ibsu, ogafaan kun meeshaa kanatti fayyadamee namni amala akkamii yoo qabaate hawaasa kana keessa nagaan jiraachuu akka danda'u ibsa. Akka odeefkennitootni jedhanitti, mammaksi kun ergaa gara hedduutti hiikamuu danda'u yoo qabaatu, ergaan waliigalaa ta'uu kan danda'u namni yookaan hojiin gaariin tokko sababa eeggannaa dhabuutiin baduu akka danda'uufi wanti sun baduufis ta'e toluuf bu'uurri ykn achii as dhufteen isaa akkaataa qabaa isaarraa ta'uu kan agarsiisuudha. Kana jechuun, wanti silaa gaarii ta'ee mul'atu tokko qaama kan biraa itti hirkateen (amalaan, hojiin ta'uu danda'a) baduu akka danda'u namatti agarsiisa. Kanamalees, hojiin tokko firii gaariis ta'e badaa kan inni agarsiisu sababa meeshaa itti hojjetamee yookaan dhimma itti bahamee ta'uu danda'a; dabalees, dhamaatiifi cimina nama hojii sana raawwateerratti hundaa'ee akka ta'e ibsa. Kana jechuun, hojiin tokko bu'aan isaa yookaan firiin isaa gaarii yookaan badaa kan ta'u akkaataa hojii nama hojii sana hojjetee giddu galeeffateeti jechuudha.

Mammaaksa kanatti dhimma bahuun yeroo baay'ee namoota sababa dadhabina isaaniin hojii tokko balleessanii waan tokkotti qabachuu barbaadan gorsaa, barsiisaa walii wajjin akka jiraatan taasisuuf akka mammaakamu hubachuuf danda'amee jira. Dabalees, haalli guudisaa amala namaa miidhuu akka danda'u, sababa amala badaa kanaa immoo hawaasa keessatti fudhatama dhabuu akka nama dandeessisu agasiisa. Namni akkasii hawaasa keessatti guddisa baddee/guddis baddee, utuu hin adabamiin nama guddate, nama itti hin dheekkamamiin guddate jedhama.

Namni hawaasa kanaafis ta’e ofuma isaaf bu’aa buusuuf qabaa gaariin guddatee amala gaarii qabaachuun irraa barbaadama kan jedhu giddugaleessa ergaa afoola kanaati.

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘b’ irra jiru kan inni ibsu, hantuutni bineensa boolla galtu, akkasumas mana jireenyaa namaa keessa sosocho'uun wantoota akka callaa midhaan garaagaraa, uffataafi k. k. f balleessuun beekamtuudha. Gumbiin immoo meeshaa aadaadhaan uummatni Oromoo callaa midhaan gosa garaagaraa kanneen akka baaqelaa, ataraa, xaafii, qamadii, garbuufaa itti naquun olkaawwatuudha. Kanaafuu, meeshaan kun kuusaa qabeenyaa oyiruu isaaniirraa argatan kan keessa ka’atan, waan ganna ittiin bahan, waan waggootaaf dilbii godhatan kan keessa kaawwatan yookaan mankuusa callaa hawaasaa jedhama. Gumbiin fakkoommii jireenya, barakaafi qusannaa baruu qaba. Kana jechuun, jireenya keessatti guyyaa boriif waa yaadanii akka qusatan nama taasisa, midhaan gumbii keessatti walitti qabamu barakaaf kan namatti tolu ta’a jedhu. Kanaaf, meeshaan kun waan borii, dilbii bara dhufuu waan baatuuf uramuu hinqabu jechuudha.

Jiruufi jireenyi uummata Oromoo ogummaan waan guuteef kan dabe qajeelchuuf, wal'aalaa gorsuuf, akkasumas cimina argame jajjabeessuuf yoomessa barbaachisaa keessatti afoolatti dhimma baha. Ogafaan kun meeshaa kanatti fayyadamee jireenya hawaasummaa keessatti namoota amalli badaan irraa calaqqisu qeequuf, daa'imman kanneen ilmoolee hantuutaafi haadholii isaanii immoo haadholii hantuutaatti fakkeessuun afoolaan qeeqa. Akka raghimtootni jedhanitti, namni waan gumbii keessatti kuufate baasee qisaasessu hawaasa keessatti ni komatama. Ergaan ijoo mammaaksa kanaa akkaataa dilbii kana ittiin balleessan, karaa dhokataa ta’een qabeenya maatii tokkoo yookaan hawaasa tokkoo gara dabarsanii iddoo malee balleessanii hiyyumarra nama buusan suuta suuta amala manca’aa akkasii qabanirraa akka baraniifi irraa ofqusachuun gaarii akka ta’e ibsa. Dabalees, namoota amala hattummaa, yaada manca’aa, qusannaa wallaaluu, qisaasama, akkuma argan nyaatanii akka argan dhuganii jiraachuu, maatiif yaaduu dadhabuu, boriif ofiifis yaaduu dadhabuu namoota biroorrraa baran, aadaa badaa akkasii iddoo biraatii fidanii hawaasa mancaasan ittiin qeequufi barsiisuuf kan mammaakamuudha.

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘c’ irra jiru kan inni ibsu, xuwween gosoota meeshaalee aadaa supheerraa duburtoota ogeeyyii suphee dhahaniin tolfama. Gaafa dha’an jalqaba suphee lagaa kutamee dhufee boolla keessatti gubate baasanii erga aduu keessatti gogsaanii booda akka inni sirriitti gogee jabaatuuf citaa itti tuuluudhaan ibidda itti qabsisu; kunis

xuwwee gubuu jedhaamee beekama. Erga abidda itti qabsisaanii booda baay'ee jabata; xuwween ibiddaan bichaate kun durjii jedhamee waamama. Haala kanaan waan qophaa'uuf uummanni Oromoo tajaajilaafi jabina meeshaa kanaa yoo ibsu, '*abshaalli distii bishaan hambiftee qoonxaa dhimmisti*,' jedha. Kunis, meeshaan kun jabaateera; jabina argateera jechuu akka ta'e ragaan argame ni agarsiisa.

Afoolli kun waa'ee meeshaa kanaa faayidaa isaa ibsuun namni jireenya hawaasummaa isaa keessatti akkamiin jiraachuu akka qabu kan akeekuudha. Mammaaksi kun sababaafi waan mammaakamuuf hedduu yoo qabaates, qorannoo kana keessatti haala kanaan xiinxalamee jira. Akkuma beekamu kan meeshaan tokko dhangalaasu yookaan dhimmisu bishaan, haata'umalee akka mammaaksa kanaatti waan faallaatu mul'ata. Dhimmisuun kun meeshaan tokko bishaan waa bilcheessuuf oolu tokko ofkeessaa fixee waan barbaadamu sana balleeessuu jechuudha. Akka odeefkennitootni jedhanitti yaadni ijoo mammaaksa kanaa namoota amala qabeenya uummataa saamuu qaban, ofittoo tahan, hawaasa hiraarsan, waan barbaachisaa namni akka hinarganne namoota taasisan ittiin qeeqanii karaatti deebisuuf dhimma kan itti bahamuudha. Kunis, namoota waan barbaachisaa nyaatanii fixanii uummataaf kanatu jira jedhanii waan muraasa kennan, akka isaan deebisanii hinarganneef immoo bu'uura waan sanaa balleessaan ittiin qeequuf kan ooluudha.

Dabalees, namni bu'aa dalgaa argachuuf jedhee abshaalumaadhaan yeroo sobu, sobni sun immoo nama biraa irraatti dhibbaa uumuun balaaf kan saaxilu ta'uufi malaammaltummaafi seera dhabeessummaa waantokkoo ibsuuf oola. Kanamalees, namoota nama miidhanii nama biraatti quba qaban ittiin qeequufis ni oola. Yaada kana mammaaksa biraan yoo ibsan, 'iji gamnaa dura boossi', 'adurreen nyaattee hantuuta afaan dibdi' jechuun kan miidheefi miidhame waan beekaniif ittiin wal hubachiisu. Faallaa kanaan, mammaaksi kun jabinaafi abshaalummaan waan tokkotti fayyadamuuf ibsuuf illee akka oolu ragaa argamerraa hubachuun danda'amee jira. Sakatta'a barruu keessaa yaada qorattootni akka Bula (2011), Duguma (2016), Dirribii (2012), yaada giddu galeessaa meeshaan kun, tajaajila guyya guyyaa mana keessatti itti nyaata (ittoo) qopheessuuf kan ooluudha; akkasumas, yeroo qophii cidhaafi kabaja ayyanota adda addaa waantota adda addaa itti qopheessuuf kan gargaaruudha yaada jedhu giddu galeeffachuun kan xiinxalameedha.

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘d’ irra jiru kan inni ibsu, okkoteen meeshaa safuufi safeeffannaa guddaa qabuudha. Okkoteen meeshaa gurroo sadii yookaan afur qabu yoo ta’u, gurroon tokkoo waaqa tokkichatti, gurroon lama abbaa manaafi haadha manaatti, gurroon sadii abbaa manaa, haadha manaafi ijoolleetti, gurroon afur mucha sa’aatti fakkeeffama. Okkoteen tajaajila hojii mana keessaaf kan ooltu bishaan lagaa ittiin fiduufi dhugaatiiwwan adda addaa yeroo sirnootaafi ayyaanota garaagaraa itti kuusuuf kan gargaartuudha. Sakatta’a barruu keessaa yaada qorattootni akka Dafaa (1974), Kayamba & Kwesiga (2016), Dirribii (2012), Bula (2011)fi kanneen biroo bu’ura yaadaa okkoteen meeshaa tajaajila bishaan itti waraabuufi kuusuuf akkasumas, dhugaatiwwan akka farsoo itti naqachuuf, aaga baafannaafi kanaafi kana kan fakkataniif kan oolu jedhuun deggerame kan xiinxalameedha.

Uummanni Oromoo ogafaan kanaafi kana fakkaatanitti fayyadamee jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti of wallaaluufi waan harkaa qaban beekuu dhabuun hamaa akka ta’e ibsa. Eeleefi bishaan erga gaafa hojjetamtee kaasanii diina; okkoteen immoo bishaaniifi dhugaatiwwan kanneen biroo akka baatuuf yaadamee waan hojjetamuuf walirraa hinfagaatan. Kanaaf, eeleen waan lamaaf bishaan waliin waliif hingalan; inni duraa eeleen bakka itti kuufattu hinqabdu, inni lammaffaan bishaan ni cabsa. Ergaan giddu galeessaa mammaaksa kanaa namni waan ofii qabu haalaan fayyadamuu dadhabee bakka waa eeggachuu hinqabnee eeggata, hojii isaa dagatee nama komata, maalan balleesse jechuurra quba namatti qaba yaada jedhu ibsa. Kanaaf, namni waan of harkaa qabu beekee kunuunfatee itti fayyadamuu qaba kan jedhu ergaa ijoo mammaaksa kanaati. Dabalees, amalli eeggattummaa gaarii akka hin taane, rakkina keessaa bahuuf qomoo ofii waliin gamtoomanii hojjechuun gaarii akka ta’e barsiisa.

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘e’ irra jiru kan inni ibsu, Barcumni tajaajila irra taa’umsaaf kan ooluufi ogummaa hawaasa dhimma itti bahuun kan hojjetamuudha. Meeshaan kun mukeen akka waddeessaa, somboofi kan biroo irraa ogeeyyii hojii mukaan beekamaniin soofamanii hojjetamuun tajaajila irra ta’amuuf oolu. Afoolli kun waa’ee meeshaa kanaa faayidaa isaa ibsuun haala waliin jireenyaafi kabaja namni waliif qabaachuu qabu kan agarsiisuudha. Akka odeefkennitootni jedhanitti, yeroo mammaaksa kana mammaakan namuma barcuma gubbaa taa’ee jiru baannee deemna yookaan iddoodhaa kaafna jechuu osoo hintaane, abshaalummaan, ogummaan waan jabaa fakkaatu karaa salphaan hojjechuun gaarii akka ta’e ibsa. Dabalees, jireenya keessatti waa guddisanii ilaaluurra amala nan danda’a, biran

gaha jedhanii yaaduun hojjechuun milkaa’ina fiduu akka danda’u kan nama hubachiisuudha. Karaa biraan, waan hamma isaafi humna isaa hubatan utuu yeroo hedduu itti hin fudhatiin dafanii hojjechuun namarra akka jiru kan ibsuudha. Akka raghimtootni jedhanitti mammaaksi kun mammaaksa’malaan bishaan waadu’ kan jedhuun akka walfakkaatuufi innis waanuma cimaa fakkaatu karaa salphaan keessa bahuun namarra akka jiru kan nama hubachiisuudha. Itti dabalees, ilaalcha gad’aanaa namni tokko waan tokkoof qabu ibsuuf kan gargaaru, jabina namni tokko qabu ittiin ibsuuf illee ni oola. Sakatta’a barruu keessaa yaada qorattootni akka Fiixee (2005)fi Dafaa (1974) yaada giddugaleessaa barcumni muka soqanii miilla sadii itti baasanii akka irra taa’uuf mijatutti hojjetanii dhimma itti bahu yaada jedhu giddu galeeffachuun kan xiinxalameedha.

Mammaaksota fakkeenya (1) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘f’ irra jiru kan inni ibsu, batoo yookaan fal’aanni fiixee mukeen akka waddeessaa, qaraaroofaa golboo akka gaariitti qaranii garaa isaa keessa golbeessanii soofanii marqaafi nyaatawwan kanneen biroo ittiin nyaatu. Inni lammaffaan immoo gaanfa yookaan kolbaa saawwaarraa kan hojjetamuudha. Kanaaf, fal’aanni muka yookaan kolbaa saawwaarraa kan hojjetamu ta’ee nyaatawwan aadaa kan akka maqraa, buna qalaafi kanneen biroo ittiin nyaachuuf kan gargaaruudha. Faayidaan isaa yeroo nyaata nyaatan harkaan utuu bira hinga’iin qulqullinaan nyaachuuf, waan dhiphaa keessaa ittiin nyaachuuf kan gargaaruudha; kanas afoola isaan ni ibsata.

Mammaaksi kun faayidaa meeshaa kanaa ibsuun jiruufi jireenya keessatti rakkoo nama mudatu akkamiin keessa darbuun akka namarra jiru kan nama hubachiisuudha. Dhaamsi isaas yoo toleef akkuma inni dhufetti, yoo toluu baate immoo tooftaan waan sanatti dhimma bahuun akka namarra jiru ittiin ibsuuf yaadamee kan mammaakamuudha. Kunis, yeroo waan tokko nama mudatu ta’anii haala mijataa eeguu dhisaanii toftaa itti barbaaduun akka namarra jiru kan ibsuudha. Jireenyi jabaatte jedhanii dhiisanii deemuurra obsaanii toftaa itti barbaadanii keessa darbuun barbaachisaa akka ta’es kan nama hubaachisuudha. Ergaan ijoo mammaaksa kanaa malaafi amalaan rakkoo nama mudatu keessa darbuun akka barbaachisu nama barsiisa. Sakatta’a barruu keessaa yaada qorattootni akka Fiixee (2006,) Dafaa (1974) yaada giddu galeessaa fal’aanni meeshaalee aadaa Oromoo keessaa tokko kan ta’eef nyaataa aadaa ittiin nyaachuuf kan oolu ta’uusaa wabeeffachuun kan xiinxalameedha.

B. **Mammaaksota Hawaasummaa Namootaa agarsiisan**

Uummanni Oromoo namoonni waan raawwatan hunda keessatti rakkinni jabaan yoo isaan quunname illee tasgabbaa’anii obsaan dhimma sanarra akka aanan, yoo rakkatan akka wal deggeran, firaafi alagaa adda baafachuun jiraachuu akka qaban, beekaafi wallaalaan, hangafaafi quxisuun, ilmiifi abbaan (haati), intalliifi haati (abbaan), inni humna qabuufi humna hinqabne irraa jalaan walkabajaa akka jiraatan kan gorsan mammaaksotaafi afoolawwan kanneen biroo hedduu qaba. Mammaaksonni kanneen armaan gaditti dhiyaatan yaada kana caalaatti akka hubannuuf karaa kan nutti agarsiisaniidha.

**Fakkeenya (2)**

a. Migirri lagaa gubannaan ***gingilchaan*** manaa boosse
b. Yoo namaa oogan ***eelee*** jalatti namaa marqu
c. Firri gara firaa jennaan ***itilleen*** gara loonii jette
d. Achii dhufe jedhe waraabeessi ***dibbee*** butee

Mammaaksota fakkeenya (2) jalatti tarreeffaman keessaa kan ‘a’ irra jiru kan inni ibsu, migirri uumamaan baddaafi badda dareetti kan argamuudha. Kan uumamaan argamu kanarraa namoonni dandeettii uumamaa qaban fayyadamuun hodhaa gosa adda addaa hodhanii jireenya isaanii har’aa borii yoo geggeeffatan ni mul’ata. Migirri yeroo gannaa kan dagaagu yoo ta’u, innis ni marga yookaan ni dagaaga; sanaa booda ni dorroba, erga dorrobee daraaree migira isa jedhan kana ta’a. Gabbinni biyyee dheerina, gabaabinaafi qulqullina migiraa ni murteessa; biyyeen furdaafi gabbataa yoo ta’e, migirri ni dheerata, akkasumas ni furdata. Gingilchaan karaa ittiin jalqaban fo’aa yookaan qunceedhaan gara jalasaatiin naanna’ee qophaa’a. Migira yookaan meexxiidhaan akkasumas sutaadhaan erga sutamee booda migiraan naannessanii hodhaa deemu. Erga gundoo ta’ee jallisaammoo waa akka dabarsuu danda’u yookaan gingilchaa erga ta’ee in xumuru. Kanaafuu, gingilchaan meeshaa migirarraa hojjetamu waan ta’eef firoomina cimaa qabu jechuudha.

Akka raghimtoonni jedhanitti mammaaksi kun ergaa hedduu kan dabarsu yoo ta’u, akka qorannoo kanaatti kan adda bahe, uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti firooma yookaan hawaasummaa isaaf iddoo inni qabu guddaadha. Uummanni Oromoo ogafaan kanaafi

kana fakkaatanitti fayyadamee jiruufi jireenya hawaasummaa isaa yeroo waliin jiraatu, halagaatti hirkachuurra fira ofii yoo hammaataas ta'e gaarii, cimaas ta'e dadhabaa, beekaas ta'e wallaalaatti hirkachuun waliin ta'anii jiraachuu keessatti gorsa waliif dabarsu. Akkuma Oromoon, '***haadhoon gaafa xiiqiif***'' '***hidda malee xannachi hindhiigu***' jedhuun mammaaku. Mammaaksota kanneen irraa wanti hubatamu, halagaan sobee fafakkeessuun yeroo gammaachuu, kolfaafi bu'aa namarraa argachuuf kan tattaafatu yoo ta'u, dhalli yookaan qomoon ofii garuu akka halagaa sanatti haalaafi bara namarratti ilaallachuun miidhaa akka isaanirraan hingeenyeef walgorsanii hubannoo waliif kennuuf mammaaksota kanneenitti dhimma bahuu jechuudha.

Mammaaksota fakkeenya (2) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'b' irra jiru kan inni ibsu, afoolli kun faayidaa meeshaa kanaa ibsuun, namni jiruufi jireenya keessatti wal gargaaruu akka qabu, walgargaarsi immoo hawaasummaa isaa kana haalaan eeguu keessaatti iddoo guddaa akka qabu ibsa. Yaadni 'Yoo namaa oogan **eelee** jalatti namaa marqu' jedhu ergaa hedduu yoo qabaates, akka qorannoo kanaatti haala kanaan qaacceffamee jira. Akka raghimtoonni jedhanitti, mammaaksi kun ergaa iddoon isaa, barrisaa, haallisaa yoo mijataa ta'uu baateyyuu kan yaade nama gargaara yaada jedhu qaba. Yaada kana karaa biraan yoo ibsanis, '*Hamma qabu kan namaa darbate doqna hin jedhamu*' jedhu. Ergaan waliigalaa mammaaksa kanaa namni nama gargaaruuf haala mijataa eeggachuu akka hinqabne, yeroofi haala argateen nama gargaaruun dirqama namummaa akka ta'e kan barsiisuudha. Yaadni '*nama gargaaruuf nama ta'uu qofti gahaadha*' jedhu immoo ijoofi giddu galeessa cimaa mammaaksa kanaa ta'uu danda'a. Gabaabumatti, namni kamiyyuu haala mijataafi mijataa hin taane keessatti nama akka isaatii gargaaruun jireenya hawaasummaa isaanii cimsachuun rakkina isaan mudatu hundarra aanuu (injifachuu) akka danda'u yaada jedhus ni agarsiisa.

Mammaaksota fakkeenya (2) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'c' irra jiru kan inni ibsu, Itilleen kallee yookaan gogaa looniirraa kan hojjetamu tahee tajaajilala irra ciisichaaf kan ooluudha. Uummanni Oromoo ogafaan kanaafi kana fakkaatanitti fayyadamee jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti namni tokko firasaa yookaan qomoo isaa irraa bal'inaansi ta'e rakkoon, qaamaan yoo hangam fagaatee deemeyyuu qalbiidhaan firasaa irraanfachuu akka hindandeenye ibsa. Akkasumas, kan namaaf dubbaachuu danda'uufi nama gargaaruu danda'u fira ofii qofa ta'uu danda'a yaada jedhus qaba. Gabaabaadhumatti, mammaaksi kun halagaa wajjin yoo hanga

fedhe jiraatan iyyuu halagaan hanga fira ofii namaa ga’u akka hindandeenye, yaada kana mammaaksaan uummanni Oromoon gaafa ibsatu, ‘*alagaa gaafa kolfaa fira gaafa golfaa*,’ jechuun fira isaan dhaadata. Kanaaf, ergaan ijoo yookaan handhuurri mammaaksa kanaa ‘*hidda malee xinnachi hindhiigu*,’ isa jedhu akka ta’e kan nama hubachiisuudha.

Mammaaksota fakkeenya (2) jalatti tarreeffaman keessaa kan‘d’ irra jiru kan inni ibsu, dibbeen kan hojjetamu muka, gogaa loonii, gogaa re’ee akkaasumas gogaa kurupheefi waciitii fayyadamuun kan hojjatamuudha. Yaadni Mammaaksa ‘Achii dhufe jedhe waraabeessi ***dibbee butee’*** jedhuu kun akka hawaasa naannoo kanaatti sababaafi waan irraa maddee mammaakamuuf hedduu qaba. Waan hundumtuu bakkaafi akkaataa dhufeen beekama, qixa dhufanis hiriira. Akkasumas, Oromoon wantootaaf ramaddii mataa isaa ni qaba; wantoonni ramaddii isaanii malee ta’an kabaja hinqaban; sababni isaa eessaa dhufteen isaanii waan beekamuuf. Darbees, immoo lafti ati dhufte beekamaa waan ta’eef qixa kee beeki ergaa jedhullee ni qabaata. Akka raghimtoonni jedhanitti ogafaan kun meeshaa kanatti fayyadamee jireenya hawaasummaa keessatti nama of dagate, firaafi lammii isaa dhiisee ormatti firoome ittiin qeequufi of barsiisuuf kan mammaakamuudha. Dabalees, nama yooma iddoo jiruun gowwomfamee amala duraan qabu dhiisee waan biraa keessaa dhokatee jiru ittiin dammaqsuuf waan duraan ittiin beekamu akka hojjechuu qabu ittiin yaadachiisuuf kan mammaakamuudha.

### C. Mammaaksota Dinagdee Agarsiisan

Hawaasni Oromoo nama qabeenya isaatti seeraan fayyadamuu dhisuudhaan qisaasessu ni balaaleffata. Kanaafuu, aadaa qabeenya uumamaan qabus ta’e dhuufan dalagatee argate kuununsuun seeraan itti gargaaramuu niqaba. Kanarraan kan ka’e, namoota kana dagachuun waan qaban qusii malee nyaatanii fixan, ofdagatoo ta’an ogafaan isaanii keessaa mammaaksaafi isaan birootti gargaaramuun karaa ittiin gorsanii deebifatan hedduu niqaba. Namoota akka kanaan “*Bor hinbeekneen, qodaan bukoon ishee sagali, qodaan ittoo ishee kudha lama*” jechuun qeeqa. Oromoon hawaasa keessatti namoota ejjennoo (dhaabannoo) qaban jaallata; namoota ejjennoo hin qabne immoo niqeeqa. Mammaaksonni kanneen armaan gaditti dhiyaatan yaada kana caalaatti akka hubannuuf karaa kan nutti agarsiisaniidha.

**Fakkeenya (3)**

a. Gadheen garaa kutate ***eeboo*** gurguree nyaata
b. Namni ***gabatee*** hormaarraa nyaatu harka hin arraabbatu
c. Warri ***eelee*** dhahu ***eelee*** cabaatti nyaata
d. ***Eeboo*** darbatanii jinfuu hin qabatan
e. **Okkotee** bara beelaa abbaatu jala tuqata

Mammaaksota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'a' irra jiru kan inni ibsu, akka falaasama Oromootti eeboon¨meeshaa ulfooti. Meeshaa waraanaa kan ittin diinaafi bineensota hamoo ittii ofirraa ittisan yoo dide ammoo ittiin waraananii ajjeessanii of hambisaniidha. Eeboon kan ittiin seera gadaa tumaniidha; meeeshaa arararaa kan kakuudhaaf ooludha. Eeboon gosootaafi maqaalee adda addaa qabaachuu mala; kunis akkaataa faayidaafi madda irraa tolfamaan irratti hundaa'eeti. Gadhee jechuun, nama safuu hinbeekne, luyna, raatuu, aadaa baddeedha; namni akkasii uummata biratti fudhatama hinqabu. Akka odeefkennitootni jedhanitti, namni safuu hinbeekne, namni safuu nyaattu meeshaa ulfoo kan akka eeboo gurgurtee kan nyaatuudha; kunis nama namaan gadii ta'uusaa ibsa. Ogafaan kun meeshaa kanatti fayyadamee jireenyi hawaasummaa keessatti namoonni aadaa balleessan, nama gadhee imaanaafi ulfoo uummataa gurguratee nyaatu irraa ofeeguu akka qaban ittiin ergaa waliif dabarsu. Dhaamsi yookaan ergaan mammaaksa kanaa inni biroon, jireenya ofii boriitiif yaaduu dadhabuu kan agarsiisuudha. Jireenyi kallattii tokko qofaan hinmo'amu; kanaafuu, rakkoo hojjetanii keessaa bahaniif jecha waan egereef nama gargaaru dhabamsiisuun hanqina ta'uu isaa ergaa mammaaksa kanaarraa hubachuun nidanda'ama. Gabaabumatti, mammaaksichi kan inni ibsu, namni jireenya hawaasummaa keessaa ba'ee jireenya isaa keessatti waan baayyee isa barbaachisu gurguree fayyadamuun gadhummaa isaa isa dhumaa beeksifata yaada jedhu qaba.

Mammaaksota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'b' irra jiru kan inni ibsu, faayidaan afoolaa isaan ijoon barsiisuu, gorsuu, miliqsuufi k. k.f tiif gargaara. Uummanni Oromoo gabatee dhimma adda addaaf itti fayyadama. Meeshaan kana hawaasni kun oguma ofii isaatiin muka bakkee irraa kalaqee kan itti fayyadamuudha. Akka aadaatti gabatee ofiitti dhimma bahu malee ollaadhaa ergifatanii itti gargaaramuun safuudha; waan jajjabeeffamu miti. Gabateen mukeen akka hoomii, gambeelloofi waddeessaarraa namoota ogummaa kanaa qabaniin kan

hojjetamuudha. Yeroo baayyee gabateen namoonni heddummatanii tokkummaan irraa nyaachuufi nyaata aadaa cumboo jedhamu itti dhiyeessuuf fayyada. Raghimtoota keessaa Obbo Oljirrraa Dibaarii akka jedhanitti, gabateen jiruufi jireenya, qabeenya qabaachuufi arjummaatti fakkeeffama. Sakatta'a barruu keessaa yaada qorattootni akka Fiixee (2006) Dafaa (1974)fi kanneen biro gabateen meeshaa aadaafi safeeffannaa guddaa uummata Oromoo biratti qabu jedhu giddu galeeffachuun kan qaacceffameedha.

Akka raghimtootni jedhanitti, ergaan mammaaksa kanaa haalli jireenya hawaasaa sadarkaa adda addaarratti argama, sadarkaa walfakkaataarras akka hin jirre akeeka. Kanarraan kan ka'e, hiyyeessi, qabeenya kan hin qabne gadi aantummaatu itti dhaga'ama, nisaalfata/ boquu ol qabatee hinjiraatu. Nama qabeenya hin qabne abbaa argetu ergata, isa dhaana, ijoolleessaa garboonfata. Yeroo kana akkas ta'uurra, saalfataa hawaasa keessa jiraachurra biyya ormaatti baqachuun gala ta'anii jiraachuutu dhufa. Biyya ormaa dhaqanii mirga dhabu, haalli jireenya qe'ee ormaa ulfaataa ta'a, kan duraarra hammaata, ceephoo hamaa qaba. Afoolli kun kana mara ibsuu yoo barbaadan kan mammaakamuudha. Gabaabumatti, namni jireenyi dugda itti gatte sababa jieenyaaf jedhee akka barbaadetti jiraachuu hindanda'u, mirga hinqabu, quufee nyaachuu hindanda'u kan jedhu ibsuuf yoo oolu, namni haala kanaan itti mammaakamu karaa hundaa miidhamaa ta'uusaa namatti kan agrsiisuufi rakkoo kana keessaa bahuuf ciniinnachuu akka qabu agarsiisa. Gabatee ormaarraa namni nyaatu of gadhiisee akka garaasaatti ofirraa bu'ee nyaatee hinquufu; waan kan kooti jedhee lakkaawatu hin qabu, kansaa kan dhuunfaa isaarraa namni nyaatu garuu, akka garaasaatti ofirraa bu'ee quufee nyaata. Uummanni Oromoo ogafaan kanaafi kana fakkaatanitti fayyadamee jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti baay'ina qabeenya ormaarra yartuu waan ofii wayya jechuun namni kamiyyuu kutannoodhaan hojjetee of jijjiiree qabeenya dhuunfaasaatti qusannoon gargaaramu akka qabuufi hiyyumatti akka hin kufneef immoo aadaa hojii gabbifachuu akka qaban kan ittiin walii dhaamuuf afoola ooluudha.

Mammaaksota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'c' irra jiru kan inni ibsu, Meeshaalee supheerraa tolfamanii tajaajila mana keessaa kennan keessaa kanneen bakka hundatti beekaman eeleefi okkoteedha. Eeleen meeshaalee supheerraa namoota ogummaa suphee hojjechuu qabaniin kan hojjetamu yoo ta'u, garaa kan bal'atuufi tajaajila buddeen tolchuufi kan biroof kan ooluudha. Akka hawaasa naannoo kanaatti namoonni eeleefi meeshaalee kanneen dhahan ogeeyyii jedhamu. Eeleen waan nyaatan itti bilcheeffachuun kan nama gargaaruudha.

Akka odeefkennitootni jedhanitti, mammaaksi kun faayidaa meeshaa kanaa ibsuun, haalli jireenyaa hiree namaa adda addaa akka taasisuu malu, sun immoo garaagarummaa jireenyaarraan ka'ee ta'uu akka malu dubbatu. Dabalees, jiruufi jireenya keessatti abshaalummaan waan gaarii olkaa'uun guyyaa rakkinaaf dhimma itti ba'uun gaarii akka ta'e, yoo kana hintaane boriin namaa gaaffii keessa akka jiru ibsa. Afoola kanarraa wanti guddaan hubatamu meeshaaleen nuti jiruufi jireenya keessatti dhimma itti baanu sadarkaa jireenyaafi dinagdee keenya akka ibsan nu hubachiisa.

Faallaa kanaan immoo, afoolli kun jiruufi jireenya keesatti jireenya gadi bu'aa fakkaatu jiraatanii borii ofiif waa olkaawwachuun gaarii akka ta'e, waan tokko gaariidha jedhanii fixuun akka hinbarbaachifne, sanyii qusachuun gaarii akka ta'e ibsuuf mammaakama. Yaada kana karaa biroon yoo ibsinu, *'damma utuu minyaa'uu maragu'* jechuun qusannaan akka barbaachisaa ta'e wal barsiisu. Namoota kana dagatanii waan argan har'uma fixan 'boru hin beeknee' isaan akka garaasaanii jiraatan ittiin yaadachiisuuf ogafaan kanaafi ergaa kana fakkatu qabanitti dhimma ba'uun akka gorsan ragaa argamerraa hubachuun danda'amee jira. Sakatta'a barruu keessaa yaada qorattootni akka Bula (2011), fi Kayamba & Kwesiga (2016) yaada giddu galeessaa eeleen nyaatawwan aadaa kanneen akka cumboofi nyaatawwan kanneen akka buddeena, qixxaa, daabboo irratti tolchuuf kan tajaajiluudha.

Mammaaksota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'd' irra jiru kan inni ibsu, eeboon mi'a ulfoo uummatni Oromoo kabajaaf akkasumas, yeroo lolaatti waraanaaf dhimma itti ba'uudha. Kanaaf, meeshaan kun kan namni arge qabatu osoo hintaane kabajaaf, waraanaaf, injifannoof kan itti gargaaramaniidha. Eeboon sibiilarraa dalagamuun, ulee qajeelaa dheeraa jabaataatti kaawwama; fiixee ulee kanatti jinfuu waan jedhamu sibiila yabbuu akka qubeelaa qubaa fakkaatu itti kaa'u. Jinfuun boca maramaa qaba, dhugaa baasisuuf fayyada; jinfuun sibiila irraa hojjetama. Kanaaf, namni yeroo adamoos ta'e yeroo lolaa eeboo darbachuuf yoo jedhu darbatee ofharkaa baasuu yoo dadhabe diinaan yookaan bineensa sanaan waan miidhamuu maluuf eeggannaa gochuu qaba jechuudha.

Akka odeefkennitootni jedhanitti, eenyummaan ofii waan dantaan sharafamu, kan waan darbuun geeddaramu miti. Waan tokko erga eegallee ejjennoon xumuruu akka qabnu, walakkaatti waan hojii keenya, kaayyoo keenyaafi eenyummaa keenya nu dagachiisu hojjechuu akka hin qabne nu

hubachiisa. Namoota haala kanaan ofdagatan hawaasni naannoo kanaa '*gara citanitti citaa guru'* jechuun of isaan yaadachiisa. Kanajechuun, waan hojjetan sana hamma fuula baasanitti biraa deebi'uun namarra akka hin jirreefi yoo akkas godhan kun gadhummaa ta'uu ittiin wal barsiisuuf kan mammaakamuudha. Dabalees, ergaan mammaaksa kanaa mamii ykn gaabbiin gaarii akka hintaane, eeboo darbachuun kaayyoo ta'e tokkoof waraanuuf/ajjeesuuf ta'uu danda'a; darbatanii jinfuu isaa qabuun eeboon sun deemee waan ergameef akka hinraawwanne taasisa. Kana raawwii hojii dhala namaatti yoo finnee ilaalle dalagaa tokko bu'a qabeessa jennee erga eegallee raawwachuudhaaf shakkii keessa galchuun akka hinbarbaachifne nama barsiisa. Shakkaa waa dalaguun bu'aan irraa argamu kan nama gammachiisu waan hintaaneef osoo hindorgomin mo'amuun waan nama mudatuuf ofeeggannaan hojii jalqaban xumuruun bu'a qabeessa nama taasisa kan jedhu yaada giddugaleessaa mammaaksa kanaati. Gabaabumatti, ergaan mammaaksa kanaa namoota bu'aafi dantaa argataniif jedhanii eenyummaa isaanii gatan, hojii gaarii hojjechuu dhiisan, bakkaafi haala keessa jiran dagachuun waan biraatti deebi'uu yaalan karaatti deebisuuf kan mammaakamuudha.

Mammaaksota fakkeenya (3) jalatti tarreeffaman keessaa kan 'e' irra jiru kan inni ibsu, Okkoteen meeshaa supheerraa tolfamu ta'ee tajaajila akka farsoo, booka itti naquuf, bishaan itti qabbaneessuuf kan oolu akka ta'e ragaaleen adda addaa ni addeessu. Tajaajila kanaan alatti iddoo tokko tokkotti okkoteetti waa bilcheeffachuun ni mul'ata. Kanaaf, meeshaan kun mi'a mana keessaa kan dhimma garaa garaa kanneen akka bishaan ittiin waraabuuf, waa itti affeeluuf gosa isaatiin kan itti fayyadamamuudha. Akka raghimtootni jedhanitti, barri yeroo hunda gaarii ta'a jedhanii eeguun barbaachisaa miti. Barri tokko gaarii, barri kaan immoo hamaa/gadhee ta'uu mala. Barri gaariidha yookaan gadheedha jennee eenyummaa keenya, hojii gaarii ittiin beekamnu gatuun barbaachisaa miti. Barri akkuma wal geeddaruun gaabbii jireenya namaatti waan fiduuf bara isa hamaa yookaan gadhee jedhamu keessatti eenyummaa ofii gatuurra akkuma ta'an ta'anii eenyummaa ofii otoo hin gurrguriin eeggachuun bara darbu eeggachuun gaarii akka ta'e kan nama hubachiisuudha.

Karaa biraan, ergaan mammaaksa kanaa '*abbaatu of mara jedhe bofni'* kan jedhu waliin wal fakkaata. Bara gadhee bara nama hundatti cime nama eeggachuurra ofiin hojjechuun keessa darbuuf tattaafachuun murteessaa akka ta'e akeeka. Namni baraan, haalaan, taayitaan gowwomfamee ofdagachuu akka hin qabne, haala argateen qabeenya, humna, aangoo qabutti

seeraan fayyadamee hojjechuu akka qabu, nama kana dagatee ofdagataa ta’e ittiin yaadachiisuuf kan mammaakamuudha. Hojiin kun kan abaluuti; kun immoo kan isa sanaati jechuu dhiisanii hojii hunda bara sana keessa darbuuf ejjennoo guutuun hojjechuun namarra akka jiruufi yoo kana ta’uu baate yeroo sanaan nyaatamuu akka malan kan nama hubachiisuudha. Yeroo rakkinaatti wanti nyaatamuufi dhugamu baay'inaan waan hinargamneef namni biraan akka garaa ofitti qusannoodhaan namaaf hinhojjetu. Kanaafuu, okkotee waa itti bilcheeffatan sana ofumaaf qusannoodhaan, of eeggannaan itti tuqachaa ykn ibidda itti hoo'isaa suuta suuta boriif qusachaa itti fayyadamuuf kan gargaaruudha. Kunis xinnoodhuma qabaniin kutannoodhaan jabaatanii akka dabarsan kan gorsuudha.

## BOQONNAA SADDEET: HIIKAAFI GAHEE MEESHAALEE AADAA

Boqonnaawwan olii keessatti ragaan meeshaalee aadaa naanawa qorrannichaarraa argame ka'anii jiru. Bu'uruma sanaan, boqonnaa kana keessatti hiikni meeshaaleen kunneen aadaa bal'aa sabichaa keessatti qaban itti argatan bakka itti dhiyaatuudha.

### 8.1 Meeshaalee Aadaafi Hiika

Hiikni ergaa yookaan dhaamsa waan tokko qabuu jechuu dandeenya. Hiikni waan tokkoo keessumaa kan meeshaalee aadaa kan argamu akkaataa waliigaltee hawaasatiin yoo ta'u, irra caalaatti immoo wantoota ilaalaman irratti hundaa'uun.Hiikni waan tokkoo yookaan jecha tokkoo kan argamu bifa mul'ataa qofaan osoo hintaane karaa dhokataanis ta'uu danda'a. Hiikni bakka hundatti kan argamuufi jireenya hawaasummaa keessatti qooda guddaa kan qabuudha. Aadaa hawaasa tokkoo keessatti meeshaalee aadaa hedduutu mul'atu. Meeshaaleen aadaa kunneenis, akkamitti dhiyaatu? Akkamittis hojiirra oolu? gaaffileen jedhan ka'uu malu. Haaluma kanaan isaanis addaddummaa ni qabaatu. Addaddummaan hinjiru taanaan hiikti jiraachuu hindanda'u. Gabaabaan hinjiru taanaan dheeraan, dukkanni hinjiru taanaan ifti, gaariin hinjiru taanaan yaraan/badaan… jiraachuu hindanda'u. Xinmallattoo jechuun qorannoo haala itti mallattooleen hiika argatan kan qoratuudha. Mallattooleen qaama jiruu hawaasaa keessaa tokko.

Meeshaaleen aadaa akka nuti iftoominaafi gadifageenyaan yaadnu taasisa. Adeemsi yaaduu keenyaa kun immoo namaa namatti garaagarummaa qabaata. Meeshaaleen aadaa akka kutaa qaama keenyaa keessaa akka isa tokkootti ilaalama. Yeroo meeshaa kana fayyadamnu sammuu keenya qofaa utuu hintaane, keessi keenyayyuu nagaan inni argatu indabala; gammachuu argannaa jechuudha. Meeshaaleen aadaa jireenya hawaasumma dhala namaakeessatti qooda fudhatan harki caalaan isaanii hiika irra keessaafi hiika dhokataa qabu. Kunis haala itti fayyadamaafi galumsa keessatti kan mul'atu ta'a.

Hiikni karaa lamaan raawwachuu yookaan argamuu danda'a. Isaanis: hiika irra keessaafi hiika dhokataa ta'uu malu. Hiikni irra keessaa jechootaafi caasaalee mul'atan irratti hundaa'uun kan kennamuudha. Karaa biraan, isaan kun karaa qaamolee miiraa keenya arguun, dhagahuun, dhandhamuun, fuunfachuufi xuxxuquun hiika kennamuu yookaan argamuu danda'uudha. Hiikni irra keessaa kun caasaa himootaa afee keessa jiranii walitti fiduun hiika isaa hubachuun ni danda'ama. Hiikni dhokataa hiika sadarkaa irra keessaa caalaa dimshaashaafi dhokataa ta'eedhadha. Hiikni akka kanaa kan argamu karaa saayinsawaa, qor-hawaasummaafi oguma

kalaqaa ta'een kan argamuudha. Hiikni dhokataan yeroo baay'ee hiika fakkoommiis jedhamuu danda'a. Fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu'iinsa yaadaa waan tokko ibsuudha. Fakkoommii hiikaa xiinqoorraa adda ta'ee sirna mallattoo yaadaan wanticha ibsuun bakka bu'a; yaada cimdii ta'e qabate taa'a, mallattoofi ibsa isaa qabatee dhiyaata. Kanaaf, yaada cimdii qabatee dhiyaate caasaa fakkoommichaaf hiika kenna. Meeshaaleen aadaa hawaasa keessatti argaman gosaan adda adda akkuma ta'an hiika fakkoommiis garaagara ta'u qabu. Kun ammoo meeshaaleen aadaa akkuma akaakuun isaanii addaa adda ta'e hiikni fakkoommiin isaaniis addaa adda.

## 8.2 Meeshaalee Aadaafi Hawaasa

Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika kan argatan aadaafi duudhaa hawaasa tolchee dhimma itti ba'uu giddu galeeffachuun akka ta'e barreeffamoonni tokko tokko ni ibsu. Kana jechuun, hiikni meeshaalee aadaaf kennamu harka hawaasa oomishee dhimma itti bahuu jira jechuu dandeenya. Meeshaalee aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan taasisu meeshaaleen aadaa yoo meeshaa sana ofbiraa qabaannee galumsa murta'aa dhabnes yookaan galumsa murta'aa keessatti meeshaa sana yoo of biraa dhabnes hiika barbaachisu kennuu danda'uusaati. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan jedhamaniif hawaasa sanaa keessatti kalaqamuusaanii qofa osoo hintaane, hiika kan argatan hawaasa keessatti kalaqameeniifi galumsa barbaachisaa keessatti ta'uusaaniiti.

Meeshaaleena aadaa hawaasa keessatti oomishaman keessatti yookaan biratti seerlugaafi hiika mataa isaanii kan qabaniifi salphaatti hubachuun kan hindanda'amne kan qabaniidha. Meeshaaleena aadaa hiika fakkeenyaafi fakkeenya dubbii jechi tokko jecha biraa isa waliin walitti dhiyeenyaan walqabatu bakka bu'u qabaachuu danda'u. Hiikkoon kunniin namoota alaa biratti salphaatti kan argaman miti. Meeshaaleen aadaa yeroo hunda hiika aadaa qabu; kana irratti hiikni dhuunfaa itti dabalamuu danda'a, kunis dhuunfaa isaanii guddisuu danda'a. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman hiika kan argatan waloonis dhuunfaanis ta'uu danda'a jechuudha.

Afaan meeshaalee aadaa baay’ee cimaafi wal xaxaa kan salphaatti hubatamuu hindandeenyeedha. Hiikaafi moggaasa maqaa meeshaaleen aadaa qaban haawaasa oomishee itti fayyadamuufi namoota dhimma qorannoof isaan irraa hubatan malee akka salphaafi irra keessaan hiikuun ulfaataadha. Kana jechuun, akkaataan nuti waa’ee meeshaalee aadaa itti ilaalluufi hiikni isaanii itti kennamu daran gargar fagoodha. Meeshaaleen aadaa hawaasa oomishe keessatti faayidaafi hiika addaa kan qabuufi hiika isaanii kana argachuun xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Kana jechuun, meeshaaleen aadaa hawaasa oomishee itti gargaaramuuf faayidaafi hiika addaa akka qabaniifi hiika isaanii argachuun kan danda’amu hawaasaa oomishee itti gargaaramu keessatti qaamaan argamanii yoo ta’uu baate rakoon hiikaa mudachuu akka danda’u hubachuun ni danda’ama.

Meeshaaleen aadaa waan miidhaginaa qofa kanneen ibsan miti; irra caalaa walitti dhufeenya gadi fagoo dhugaa wajjin, hiika dhokataa kanneen qabaniifi ilaalcha gareen tokko kalaqeef ibsuu wajjin kanneen walqabatanii. Meeshaaleen aadaa kunneen dhugaa yookaan haqa akkasumaan dubbatamee darbu qofa kanneen ibsan miti, dhugaa qabatamaa hawaasaa keessatti ijaarame mala karaa salphaan hubachuun hindanda’amneen kanneen ibsaniifi miira namootaa kanneen calaqqisiisaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa meeshaalee dhugaa hawaasaa ibsan, miiraafi fedhii hawaasaa karaa dhokataa ta’e addeeessaniifi hiika gadi fagoo kanneen qaban akka ta’e kan nama hubachiisuudha.

Meeshaaleen aadaa hawaasni godina Wallagga Lixaa keessa jiraatu jiruufi jireenya isaa keessatti mana keessaatti dhiima itti ba’aa tureefi jiru akkaataa ragaa argameetti, tajaajila qabaniin qofa daanga’oo miti. Bu’uura faayidaa kennaniin adda durummaan abbaa itti fayyadamuun maaliif akka itti fayyadaman wajjin wal qabatu. Meeshaaleen aadaa barru kana keessatti hammataman, akkaataa ragaa hawaasa keessaa argameen bifa lama qabu. Gareen tokko ogeessota beekamaniin kan hojjataman yoo ta’an, kan biroon ammoo namni dhuunfaan ofumaaf kan hojjatuudha. Akkaataa ragaa argameen meeshaaleen aadaa supheerraa hojjetaman ogeessota jiruufi jireenya isaanii kana godhataniin yookaan ogeeyyii kanneen jedhamaniin hojjetamu. Kanneen, akka dibduu, gumbii, alangee, boraatii, okoleefi gundoon booree ammoo yeroo barbaachisoo ta’anii argamanitti nama kamiinuu hojjetamuun dhimma itti ba’amu.

Adeemsi qophii isaanii, wantoota irraa hojjetaman argachuurraa madda. Meeshaaleen suuraan isaanii askeessatti hammatame, kan durii ta'an (abbaa tokkoo ol lakkoofsisuun dhaalaan kan argamaniidha; fknf, gaanii) kanneen kaan yeroo ammaa baay'inaan gabaarraa bitamu. Kunis, naannoo keessatti uumamaan wanti turan haphacha deemurraa kanka'e, iddoo hafan irraa namootaan gabaaf dhiyaatu. Kanneen akka gumbii, biyyoo qe'eerraa hojjatamaniin ala, akkaataa ragaa argameen yeroo ammaa baay'inaan gabaarraa bittaan argamu. Wantoonni hojjatamanis, gabaatti dhiyaachuun gurguramu; hawaasti tajaajilamuun baattoo aadaasaa godhatee dhimma itti ba'aa jira. Meeshaaleen aadaa kanneen manaa qorannoo kana keessatti hammatan boca qabaniin yoo ilaalaman bu'uuraan geengoofi luxxee akkasumas boca adda addaa kanneen qaban jechuuf nidand'ama. Kanneen akka eeboofi alangee luxxee yoo ta'an, barcumni, gaachanni, qabeen, gumbiiniifi kanneen hafan biroo ammoo geengoo keessa golboo ta'aniidha. Bocni meeshaaleerratti mul'atu kun calaqqee yaada sammuu nama/ hawaasa meeshaa aadaa sana qabuu ta'un kutaa yaadrimee keessaa wajjin ilaalamuu danda'a (Henery,1999).

## 8.3 Meeshaalee Aadaafi Saala/Koorniyaa

Koorniyaa/saala jechuun, garaagarummaa hawaasummaafi aadaan dhiiraafi dubartootaa, ijoollee dhiiraafi ijoollee durbaa gidduu jiru kan gatiifi carraa jireenyaa walqixa hintaane isaaniif kennu agarsiisa. Akkasumas, amala dhiiraafi dubartii, dandeettiifi ejjennoo akkaataa dubartoonniifi dhiironni hawaasa keessatti amala qabaachuu qaban agarsiisa. Dabalees, amaloota dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi aadaa dubartiifi dhiira ta'uu wajjin walqabatan agarsiisa. Hiikni hawaasummaa dubartii ykn dhiira ta'uun maal jechuu akka ta'e aadaa gidduutti garaagarummaa kan qabuufi yeroon kan jijjiiramuudha. Saalli ibsa hawaas-aadaa amala addaafi gahee garee namoota murtaa'an waliin kan walqabatu saala isaaniifi saalqunnamtii isaanii ilaalchiseedha. Meeshaaleen kunneen, bu'aa itti fayyadamtootaa akkasumas gama oomishtootatiin yoo ilaalaman koorniyaa (dhiiraafi dubartii) kenname ibsu.

### 8.3.1 Dhiira

Meeshaaleen aadaa kanneen tajaajila mana keessaaf oolan dhiiraan qabataman yookaan dhimma itti bahaman akkaataa qaaccessa ragaa askeessatti gaggeffameen (a) Eeboo (b) Gaachana (c) Barcuma (d) Alangeefi kanaafi kana kan fakkatan akka tahan bira gahamuuf yaalamee jira.

### 8.3.2 Dubra/Dubartii

Dubartiin ogeettii yookiin harka toleetti akkasumas kaamettiidha kan jedhamtu meeshaa ishee haalaan qabachuufi itti fayyadamuu isheen madaalama. Akka aadaa Oromootti dubartiin kan ittiin beekamtuufi madaalamtu harka tolummaa isheetiini. Akkaataa qaaccessa ragaa askeessatti gaggeffameen meeshaaleen aadaa kanneen tajaajila mana keessaaf oolan kanneen dubartootaan qabatamaniifi dhimma itti ba'aman kanneen jedhaman qabee, okkotee, gumbii, gundoo booreefi kanaafi kana kan fakkaatan akka ta'an bira ga'amuuf yaalamee jira. Meeshaaleen aadaa kanneen tajaajila mana keessaaf oolan qaama itti fayyadamuufi hojjetuun saala lamaan wajjiin hariiroo guddaa qabu. Dubartiin, eeboo hinqartu, hinqabattu, dhiirri huubbootti bishaan hinbaatu. Faallaan kanaa garuu ni ta'a. Hariiroon kun akka warri 'Freudian' jedhan boca dhiirriifi dubartiin ittiin beekmaniin hariiroo wanta qabu fakkaata. Kanneen dhiira ibsan luxxee yoo ta'an, kanneen dubartii ibsan ammoo geengoofi golboodha. Itti fayyadama keessattis golboo qabanitti dhangala'aa (bishaan, aannan), kan akka gumbii ammoo midhaan soorata isaaniif ta'u baatu. Gaachanni, geengoofi golboo ta'us, bakka gaachana jechisiisu tajaajilasaa ala (gara luxxee) ta'e jiru. Kan mul'atu, moora dibamee kunuunfamu, halluun isaa akka gurracha'u taasifamu hundi gara alasaati. Bocni barcumaa geengoofi battee ta'us hanga tokko, boca golboos ni qaba. Haala kanaan yoo ilaalamu, amala addaatu irraa calaqqisa.

## 8.4 Ga'ee, Daangaafi Sadarkaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasummaa keessatti Argarsiisuu

### 8.4.1 Dhiirummaafi Dubartummaa

#### 8.4.1.1 Dhiirummaa

Dhiirummaan jecha dhokataa yoo ta'ellee gootummaa, moo'icha, jabina qabaachuutti hiikama. Meeshaalee aadaa jiran keessaa kanneen dhiirotaan qabataman baay'een isaanii yeroo lolaafi adamoo qabatamu. Kanaafuu, waraana gootatu qabata; bakka waraanaafi bakka adamootti baay'inaan itti fayyadamu jedhama. Dhiirris, cimaafi hamtuu kan ittisu ta'uu qaba; kunimmoo fakkoo yookaan fakkoommii ulaagaa dhiirummaa (abdatamummaa) agarsiisa jechuudha.

#### 8.4.1.2 Dubartummaa

Dubartummaan dhimmoota sochii hawaasaafi ilaalcha hawaasaa keessatti gama hawaasummaan, siyaasaafi dinagdeen gama koorniyaan hawaasaa keessatti mul'atan waa'ee dubartootaa kan

ilaallatuudha. Kanamalees, dubartoonni hawaasa keessatti kaka’umsa akkamii akka qaban, maalummaafi eenyummaa isaaniif haala jiireenya isaanii akka of hubatan kan ilaallatuudha.

### 8.4.2 Abbaa Warrummaafi Haadha Manummaa

#### 8.4.2.1 Abbaa Warrummaa

Akka aadaa Oromootti abbaan warrummaa meeshaalee aadaa keessaa waan hedduun walitti fakkeeffama. Keessumaa immoo walitti dhufeenya inni barcuma wajjin qabu adda akka ta’e ragaan argame ni agarsiisa. Barcuma namni gaa’ela dhaabbate/fuudhe mana isaatti qaba, gosa isaa keessatti barcuma gosaa qaba, nama ulfeessuuf (qomoosaafis/ sabasaafis) ta’e mana isaattis ta’e gosa keessatti barcuma kennas, qabas, akkasumas, bitaafi mirga warra isaa wajjin nageenya qaama qabuu waliin barcuma kenna/ fudhatees taa’a yookaan hinlagatu. Abbaan warrummaa, mana gad dhaabbatee (keenyan, baaxiifi balbala qabuun) beekma. Bakkaafi kallattiin adda ba’ee yaamama/beekama. Meeshaalee aadaa Oromoo keessaa kanneen abbaa warrummaa agarsiisan keessaa inni biroon alangeedha. Alangeen fuudhaafi abbaa seeraa namni ta’u, gadaa (waggaa 40 ofii yookaan abbaa ofii ) kan ga’een qabatama. Bara Oromoon Gadaan bulaa tureefi sadarkaan gadaa hordofamaa ture, dhiirri waggaa 32 yoo ga’u fuudha; abbaa warraa gaafa ta’e kaasee ittigaafatamummaan isaa akka maatii sana hoogganuuti.

#### 8.4.2.2 Haadha Manummaa/ Haadha Warrummaa

Akka aadaa Oromootti haati waan hundaati; ishee malee waan tokko hinmiidhagu. Meeshaaleen aadaa adda addaa haadha warrummaatti fakkeeffaman yookaan dhimma bahaman hedduun yoo jiraatanis qorannoo kanaan adda baafamuuf kan yaalaman boraatii, gundoo booree, qabee, okkotee, gumbiifi kanaafi kana kan fakkaatan maqaa dha’uun ni danda’ama. Gaafa cidhaa intalli boraatii haadha ishee harkaa fudhattee deemtee dinqa ishee dhaabbachuu jechuun mana dhaabbachuu, jiruufi jireenya haaraa eegaluufi maatii hundeeffachuusheetti akka fakkeeffamu ragaan argame ni agarsiisa. Gundoon boorees haaluma wal fakkaatuun mucaan dubaraa gara haadha manummaatti ce’uushee kanneen agarsiisan keessaa tokko akka ta’e qorannoo kanaan bira ga’amuuf yaalamee jira.

## 8.5 Meeshaalee Aadaafi Umuriifi Ga'ee

Qorannoo kanaan bira ga'amuuf akka yaalametti meeshaalee aadaa naannoo kanatti dhimma itti bahaman keessaa akkuma saala adda addaan dhimma itti ba'aman, umurii adda addaan keessatti akka dhimma itti ba'aman hubatamuuf yaalamee jira. Keessumaa meeshaaleen aadaa kunneen sadarkaa umurii tokkoofi kan biroo gidduu garaagarummaafi tokkummaa jiru ni agarsiisu. Isaan keessaa waa'ee bodeefi gundoo booree kaasuu dandeenya. Eeboon bodee umuriirratti hundaa'ee kan qabatamuufi keessumaa ijoolleen yeroo horii eegan kan dhimma itti bahaniidha. Gara caalu immoo sirna gadaa keessatti eeboo bodee ijoollee sadarkaan isaanii foollee jedhaman kana jechuun kanneen umuriin isaanii waggaa 17-24 ta'etu qabata. Gundoo Booree ragaan argame akka agrsiisutti umuriirratti hundaa'uun sadarkaa aadaa/ hawwaasummaa jiru himti. Kunis, durba/ dubartii adda baasa; Kana jechuun, gundoo booree kan hodhitu, waliifis kan kennitu durba. Haalli kennaa gundoo booree kun addooyyumma (sadarkaa hiriyyummaa) eerti. Meeshichi namoota lama gidduu hariiroon akka jiru ibsu caalayyuu sadarkaa hiriyyumma, walitti dhiyeenya iccitii bara ijoollummaa isaanii ibsiti. Kanarraa ka'un, intalli heerumtu sun osoo durbummaa dhabdee, namni iccitii durbummaa dhabuu isheef hunda dura kan gaafatu addooyyee gundoo booree laatte kana jedhama. Dabalees, gndoon booree mirkana ga'eessummaan/ fedhiin heerumaaf jiru ittiin kan calaqqisiifamuudha. Kunis, guyyaa intalli heerumtu '*anatu gita umurii/hiriyyaadha*' kan jedhu gundoo booree dhiyeessuun sirba arrabsoo itti dabaltee qopheessiti. Dabalataan, hagam ogeettii harkaa akka taateefi waan bareedaa hawwitu haalluuwwan gundoo booree ittiin hodhiteen ibsiti.

Kana malees, gundoon booree xiqqeenyaan ala boca gundoo guddaa, kanneen akka qunnaa midhaan ittiin safaranii, ni qabdi. Wanta xixxiqqaa (fkf, jalqabbeefaa bunaafaa ittiin dhiyeessuufis) ni taati. Boca gundoo qabaachuufi wantoota xixxiqqoo baachuun gundoo sun umurii intalaa, akkasumas qaacimannaa (qophii qaama hormaata dubarri gaa'ela ittiin horachuuf qabduun) wanta akeekamu jechuuf ni danda'ama. Gundoon kun, fuulduraan golboo xiqqoo, duubaan ammoo ganbooba xiqqoo qabdi. Garri lamaaniyyuu faayaa kuula ijaafi qalbii nama hawwatuun kuulamuun kun gara keessaan qaama hormaataan, alaan guntuta intalaa qomarraa bahaa jiruun wanta akeekamuu ta'uu akka danda'u ragaa argamerraa hubachuun danda'amee jira.

## 8.6 Meeshaalee Aadaafi Bareedina/ Faaya

Meeshaaleen aadaa kanneen mana keessatti dhimma itti ba'aman faaya haala aadaafi hiika isaanii bu'uura taasifachuun hojjetaman hedduutu jiru. Mana keessa jiranirraa jalqabee haala itti fayyadama isaanii kan dabalatu aadaa saba tokko wajjiin walqabatu. Meeshaaleen aadaa manaa kanneen tajaajila adda addaa qabaniifi miidhaginaaf oolan hedduun kan jiran yoo ta'u, yeroofi bakka adda addaatti dhimma kan itti bahamaniidha. Fakkeenyaaf, gundoon booree hodhaawwan isaan kaan irraa addadha; ni miidhagdi, ni jaalatamtis; intalli heerumtus maatiisheetiif akkuma kana ta'uutti fakkeeffama. Faayaan meeshaalee kanneenii, faayidaa qabaniin ala akkasumas, sona qabaniin addatti ilaaluuf wanta danda'amu hinfakkaatu; wanti faayamuuf faayidaa qabuun walqabata. Fakkeenyaaf; faayami qabee urfaa gaarii, qoraasumaan ulame qabaachuudha; urgaan sunimmoo wanti ta'uuf, fayyadama aannan dhugamu sanaa mijeessuuf yaadameeti. Aannan qabee urgaa qabu sana keessaa fayyadamuu danda'uun ammoo dubartummaa (kaamettummaa) dubartii tokkoo mirkaneessa. Kunis dabareen, nageenya mana sanaa, ulfina aadaan kenneefi hawaasni ragaa ba'u eera. Kanarraa kan ke'e faayamni addatti ni jiraata jechuuf nidhiba.

Haata'umalee, garee meeshaalee dhiiraafi dubaraa keessatti yoo ilaalamu, meeshaaleen aadaa dhiiraan dhimma itti bahaman faayidaa qabaniin wanta dursan fakkaata. Faallaa kanaatiin ammoo, kandubartii faayaa qabaachuun, gara faayidaatti wanta geessutti heddummata jechuuf nidanda'ama. Fakkeenyaaf, '*okkotee yookaan hodhaa bartuun dhoofte'* yeroo jedhamu ni dhaga'ama. Kunis, '*faayama kan hinqabne, ogummaa nama gonfateen kan hinhojjetamin yookaan kan waa hanqatu*,' jechuu akka ta'e mul'isa. Meeshaaleen aadaa dhiiraan walqabatan hangaafi akkaan cimina qabeeyyiidha. Wantoonni irraa hojjetamanis/argamanis cimina qabeeyyiidha. Faallaa kanaa haala fakkatuun ammoo kan dubartootaa lallaafoodha; kunis, wantoota jiidhina qabaniifi jiidhina barbaadan irraa kan hojjetamaniidha. Fknf, migirri hodhaa salphaatti bakka lamatti baqaquu kan danda'udha; innis bishaaniin jiidha; yoo jiidhes, tajaajilaa hodhaaf oola.

## 8.7 Hiikaafi fakkoommii Meeshaalee Aadaa kanneenii

### i. Hiika Meeshaaleen aadaa Godina Walaggaa Lixaa kessatti argaman qaban

Akka obbo Oljiraa Dibaar jedhanitti, “meeshaaleen aadaa dhiirotaan dhimma itti ba’aman boca luxxee yookaan qara qaban yoo ta’an kanneen dubartootaan dhimma itti ba’aman boca geengoo qabu,”jedhan. Qarri waa waraana, waa ofkeessaa baasa, waan golboon waan waa baatu, dhangala’aa itti kuusaniif waan eeggatamu tokko baatuutti hiikamu. Meeshaaleen aadaa hawaasa kana keessatti argaman fakkoommii qaban alatti hiika adda addaa qabu. Haaluma kanaan okoleen hiika horii, saawwa, dhaltii haadha hormaata horii ta’uu qabdi. Dibduun immoo hiika urgooftuu, gaanii immoo waan iddoodhaa hin sochoone, gumbiin immoo qabeenya, dingadeetti, gatbateen ulfinatti, gundoon booree immoo xiiqiitti, waan jaallataniitti, eeboon angafummaa, nama waa dursu, gootummaa, eeggannootti, eeleen miidhamaafi rakkina kan danda’utti, fal’aanni, qulqullina qodaa dhangaa gaariitti, Cuggeen, waan xiqqoo, waan waa ittiin dafanii namaa geessan, Okkoteen, waan gabaabaa iddoodhaa iddootti socho’utti, Buddukseen, safartuutti hiikamu jedhan.

Obbo Nagaraa Alamaayyoo hiika meeshaaleen aadaa naannoo kanatti dhimma itti ba’aman qaban yoo ibsan, Eeboon agafummaa, nama waa dursu, gootummaafi eeggannootti, barcumni hiika ulfinaa akka qabu, gabateen nyaataas hiika ulfinaa akka qabu, gumbiin hiika qabeenyaafi dinagdee akka qabu, dinduun hiika urgooftuu akka qabdu, eeleen hiika danda’uu, miidhamaafi rakkina kan danda’u akka qabdu, fal’aanni hiika qulqullinaafi qodaa dhangaa gaarii akka qabdu, gundoon booree hiika xiiqii, karaa warra intalaa jaalala, karaa warra gurbaa tuffii akka qabdu, cuggeen hiika Waan xiqqoo, waan waa ittiin dafanii namaa geessanii akka qabdu, okkoteen hiika waan gabaabaa iddoodhaa iddootti socho’uufi gaggaba nama oolchu baatuu akka qabu, gaaniin hiika waan iddoodhaa hin sochooneefi waan waa hedduu baatuu akka qabu, buddukseen hiika safartuu akka qabdu, gaayyaan hiika waan mukuu nama baasu, dibbeen hiika waan nama bo’aarsuu akka qabdu, itilleen hiika kabajaa akka qabdu, cancalli hiika badii qaba jedhan.

### ii. Fakkoommii Meeshaaleen aadaa aadaa keessatti qaban

**Okolee:** Okoleen tajaajilasaa kennurratti hundaa'ee fakkoommii hedduu qabaachuu Obbo Nagaraa Alamaayyoo yoo ibsan, "okoleen jiidha, hormaataafi jireenyatti hiikama/fakkeeffama" jedhu. Kana jechuun, namni aannan dhugee, dibatee, nyaatee, waan qabbaneeffatuuf, horii yoo qabaate jireenya qaba jedhamee waan amanamuuf akkas akka jedhama jedhan. Loon, okoleen jireenyattis ni fakkeeffamu jedhan. Haati siiqqee Kuulanii Ashandaa immoo akka jedhanitti, "haati yommuu ilmaan ishee eebbistu okoleefi gaadii harkatti qabatti," jedhu. Innis, *'horii, harkiifi sammuun kee hingogiin jiidhi*,' jechuutti fakkeeffama jedhan. Itti dabalees, "yoo okoleen hinjirre jireenyi hawaasa sanaa yaaddoofi gadadoo hamaa keessa akka jirutti ilaalama". Okoleen yoo jiraate manatu urga'a, yaaddoon hinjiru, hiyyumni hinjiru jedhanii waan amananiif okoleef iddoo guddaa kennuun jireenyaatti fakkeessu. Dabalees, okoleen qodaa aannanii waan ta'eef qabeenyattis ni fakkeeffama jedhu. Kunis, badhaadhina, qe'ee sun qabeessa akka ta'e, akka elmatu, akka aanna sooratu, akka irraa hafaa qabu, kan biraaf dabarsee kennuu akka danda'utti fakkeeffama. Gabaabumatti, yeroo wa'ee okolee yaadnu sa'a qabaachuu, horii qabaachuu, namni sun badhaadhaa ta'uu, qe'een sun sooreyyii ta'uu isaanii namatti agrsiisa.

Okoleen aadaa hawaasa kanaa keessatti fakkoommii hedduu kan qabu ta'uu adde Shukaaree Kaabbiitaanoo yoo ibsan, "okoleen hiika/ fakkoommii akkaataa yookaan qabaa jireenyaatti akkeeffama," jedhu. Kana jechuun, okoleen qabaa gaarii yoo qabaate waan gaariif akka oolu, namnis qabaa gaarii yoo qabaate waan gaariif akka oolu dubbatu. Okoleen foolii gaarii akka qabaatuuf qoraasumaan sirriitti qoraasuudhaan aannanni itti naqu. Kunis aannan osoo hinbadin akkasumas fooliisaa osoo hinjijjiirratin yeroo dheeraadhaaf akka turu taasisu jechuudha. Yoo kana ta'uu baate aanan sun foolii badaa godhachuu mala kan jedhan aadde Shukkaaree Kaabbitaanooti.

**Dibduu:** Dibduun aadaa hawaasa kanaa keessatti fakkoommii hedduu kan qabu ta'uu aadde Shukkaaree Kaappitanoo yoo ibsan, "dibduun haawasa naannoo kanaa biratti fakkoommii waan iddoo dhokataa jiru, gaggaba nama oolchu, gootummaafi kabaja durbummaatti fakkeeffama," jedhu. Kunis, dibanni meeshaa kana keessa jiru kan beekamu erga intalli mana gurbaa geessee haalli ishee adda baafamee waan buqqifamuufiidha. Dibanni meeshaa kana keessaa buqqa'e jechuun intalli kabaja ishee eeggattee jirti, maatii gurbaa birattis ni jaallatamti jechuu akka ibsu

odeefkennitooni nidubbatu. Akkuma dubarri durbummaa yoo qabaatte malee dibata dibduu keessaa hindibanne ajjeesaan yoo ajjeese malee hindibatu. Kunis, gootummaa namatti horuufi lugna balleessuuf yaadamee akka ta'e ni dubbatama. Haaluma kanaan meeshaan kun dubarri tokko hawaasa keessatti amala akkamii qabaachuu akka qabdu, ittigaafatamummaan akkamii akka irraa eegamu kan barsiisuudha.

**Ro'oo:** Aadde Zannabuu miijanaa akka jedhanitti, "Ro'oon hawaasa naannoo kanaa biratti jireenyatti, waa qabaachuufi dhabuutti fakkeeffama. Kana jechuun, yoo fannifamee taa'e loowwan akka hin jirretti, yoo ro'oon raafamu jiraate jireenyi akka jiruufi yaaddoon dhibuutti kan fakkeeffama," jedhan. Ro'ootu fannifame jechuun, sa'atu gu'e, ameessatu dhibe yookaan du'e, elmachaa hinjiran jechuutti hiikama. Yoo qabaate immoo jireenyatu jira jechuudha jedhan Obbo Nagaraa Alamaayyoo. Yoo horiin gu'aanillee mi'a aannaniitiin bishaan hin waraabamu adde Xajjiituu Shoonee. Dabalees, ro'oon qabaa jireenyaa, akkaataa jireenyaatti fakkeeffama jedhan aadde Masqalee Tolasaa.

**Budduksee:** Akka naannoo kanaatti buddukseen akka naannoo kanaatti jechuun godina Wallaggaa Lixaatti fakkoommii jireenyaafi dinagdee qabaachuun sammuu uummata kanaa keessa akka jiru kan dubbatan aadde Zannabuu Miijanaati.

**Gaanii:** Aadde Tashuushee Tafarraa akka jedhanitti, "gaaniin hawaasa kana keessatti fakkoommii dinagdee, barakaafi waan guddaa qaba," jedhan. Kanas, yeroo sirbaafi welluu adda addaa '*kan garaa gaanii'* yoo jedhanii sirban furdina, guddina isaa agrsiisuufi nama garaan guddatu jechuudha. Jechama isaaniin immoo kana yoo ibsan, '*garaan isaa hamma gaanii ga'a'* jedhu. Kana jechuun, garaa isaatu guddaadha; waanuma itti kennan fudhata, na ga'aa hinbeeku jechuu akka ibsutu himama.

**Gumbii:** Akka Abbaan Gadaa Moosisaa Garbii jedhanitti, "gumbiin uummata Oromoo biratti dinagdee, jireenya, barakaafi qusannaatti hiikama,"jedhu. Kunis, meeshaan kun jireenya hawaasummaa keessatti guyyaa boriif waa yaadanii akka qusatan kan nama taasisuudha jedhu. Kanamalees, midhaan gumbii keessatti walitti qabamu barakaaf kan namatti tolu ta'a jedhu. Gumbiin nama jabaa abdatanitti fakkeefama. Akka jechama isaaniitti yoo namni isaan abdatan du'e '*gumbii kootu jige*' jechuun boo'u. Kana jechuun, nama arjaa, nama bara naaf dabarse, nama guyyaa rakkinaa midhaan naaf hammaare, qabeenya qaburraa, kuufama qaburraa naaf

kenne yookaan naaf liqeesse, nama bara naaf dabarsetu na jalaa boqote yookaan na jalaa darbe, lafa kanarraa boqote jechuudha. Dabalees, quufaafi soressummaa, akkasumaas qusaannaa gaafa rakkoof waa ol kawwatanitti fakkeeffama. Kunis, namoonni jireenya qaban waan nyaatan hedduu qaban kan nyaatan kaawwatanii sanyiifi dilbii kaawwatu, yoo waan borii yaadanis callaan waggaa dhufuu akka ammaa ta'uu dhiisuu mala jechuun waan guyyaa borii ta'u hinbeekan jedhanii bara beelaaf midhaan kawwatu; kanaaf, fakkoommii qabeenya irraa hafaa qabaachuufi dilbii kaawwachuutti fakkeeffama kan jedhan immoo Obbo Tasfaayee Baqqaleeti.

Obbo Tolaa Habtee tajaajilaafi fakkoommii gumbii yoo ibsan, "gumbiin fakkoommii jireenyaaf, callaa facaasaniif hawwii gaarii qabaachuutti fakkeeffama,"jedhu. Kunis, yeroo midhaan facaasanii galan abdii guutuun galanii gumbii isaanii abdiin qopheeffachuun callaa facaasan sana eeggatu. Yeroo midhaan faca'u keessumaa xaafiin yeroo faca'u dhumarratti sanyii hafu namni facaasu sun ofirra qophanee yookaan ofirra gad taa'ee xaafii sana bitaa mirgatti facaasee *'ol jigii gadi jigi; aramaan gadi xaafiin ol, aramaan gad xaafiin ol,'* jechuun irra deddeebi'ee erga jedhee booddee xaafiifi biyyoo waliin makee abootte tokko fudhatee galee jala gumbii kaa'a. Kunis, kan ta'uuf yoo akkas ta'e midhaan sun callaa gaariifi baay'ee argamsiisa jedhamee waan amanamuufidha jedhu.

**Jabanaa:** Akka obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti, "Fakkoommii jabanaan akka dhugeeffannaa hawaasichaatti kan Waaqa biraa araara (nageenya) ittiin argatanidha. Kanaaf, jabanaa dhaabuun Waaqarraa nagaa argachuudha waan ta'eef, araara ykn. nageenyatti fakkooma. Funyaan baay'achuun jabanaa ayyaana abbaa qabeenya (soorummaatti) fakkoomaa jedhani.

**Xuwwee Ittoo:** Gurroon xuwwee ittoo lama ta'uufi kunis, haadha manaafi abbaa manaatti fakkoomaa jedhan aadde Bugulee Garbichooti.

**Gundoo Booree:** Aadde Karrituu Waltajjii akka jedhanitti, gundoon booree uummaticha biratti fakkoommii cichoominaa, joormaa, dadhabbii, gootummaa, booree namatti horuufi intala qe`eedhaa baatu mararsiifachuutti fakkeeffama. Kunis, jiruufi jireenya keessatti, adamootiif, oomisha oomishuuf taanaan dubartiinis dhiirris cichoomina agarsiisuu, qabnee gadi hindhiifnu, waan yaadne xiiqii qabaachuun fiixaan baasnu malee dhiisuu hinqabnu yaada jedhu qaba. Darbees, kaayyoo ofii bira ga'uuf gufuuwwan jiran mo'achuun namarra akka jiru, booree qabaachuun gaarii akka ta'e kan namatti agarsiisuudha. Kanamalees, gundoon booree hawaasa

kana keessatti fakkoommii mucaa guddisan salphaatti kennuun kan namatti hintolle, injifannoo argachuun qabsoo yeroo hedduu booda akka ta'e, qabsoo sana keessattis dhiigni dhangala'uu akka malu, arrabsoofi wantootni jilba nama buusan jiraachuu akka malan agarsiisa jedhan.

Obbo Karrasaa Callaa faayidaafi maalummaa gundoo booree yoo ibsan, "meeshaan kun hodhaawwan isaan kaan irraa addadha; ni miidhaga, ni jaalatamas. Kunis, intalli heerumtu maatiisheetiif akkuma kana ta'uutti akka fakkeeffama," jedhan. Kun kan agarsiisu waan jaallatan salphaatti akka namaaf hinlaanne; mucaan yookaan intalli mararfatamtus yeroo murtaa'eef dhoowwachuu akka yaalan, ta'us dhowwachuun immoo akka hindanda'amne kan agarsiisuudha. Fakkoommiiwwan kanaan alatti, gundoon booree hawaasa kana keessatti kabajatti fakkeeffama. Kunis, shaashii yookaan carqii xiqqoo dhiiga hoolaa rakoo gundoo booreerra ka'amu gaafa agarsiisan sirbi eegala. Sirbi gundoo booree kanaan kan sirbamuufi intalaaf kennaan kan kennamu yoo intalli durbummaa qabaatteedha. Kunis, bakkeetti utuu aadaa hincabsiin kabaja ishee eeggattee dhufuu, yeroo ishee eeggattee umurii heerumashee eeggattee jiraachuusheef kabajaa ulfina qarrummaatiin jiraachuushee waan agarsiisuuf ni kabajama jedhan.

Haadhi siiqqee Kuulanii Ashandaa akka jedhanitti, halluun gundoo booreerraa fakkoommii mataa isaanii qabu. Asxaafi alaabaan Oromoo sirna gadaa keessatti qabu, waa'ee waaqaa kan ittiin yaadu, waa'ee borii kan ittiin yaadu, waa'ee har'aa kan ittiin yaadu, waa'ee jireenya darbee kan ittiin yaadnuudha. Haaluma kanaan, halluuwwan gundoo booreerra jiran keessaa gurraachi guddummaa waaqaa, qulqullummaasaa, waaqa hundumaan olii jechuutti fakkeeffama. Inni diimaan gootummaa, qabsoodhaafi xiiqiidhaan jiruufi jireenya keenya tolfannee mana koon qabadha, qe'ee koo tottolfadheen ijoollee koo guddifadhaa, gaa'ela dhaabbadhee kan jedhu ibsuutti fakkeeffama. Dabalees, gundoon booree fakkoommii waadaa seenuu qaba. Gundoo booree fudhatanii galuun dirqama. Kunis, gurbaan gaafa fudhatee mana galu hoolaa rakoo balbalatti qophaa'ee jiru sana erga intala fudhatee galee qalee dhiiga ishee qeensee caqrii xiqqoon dhiiga hoolaa kanaa tuqee gundoo booree kana gubbaa ka'ee gara caaqulaa yookaan rakootti ol darbee dhiiga hoolaa rakoo sanaan gudeeda intalaa tuqa. Dhiigni sun eenyummaa isheetti akka fakkeeffamu ragaan argame ni agarsiisa. Kun kan barbaachiseef waadaa, kakuu gaa'elaa gaafa gammachuus gaafa gaddaas sin gatu, sin ganu si wajjinan jiraadha jedhee kan ittiin waadaa galuufidha. Haaluma kanaan, hamma du'aatti gargar hin baanu, ati haadha manaa

koo animmoo abbaa warraa kee jedhee waadaa galuufin sirni sirna kakuu ta'ee raawwatama jedhan.

**Gingilchaa:** Obbo Oljirraa Dibaar akka jedhanitti, uraan gingilchaa mul'istuu waan fuula duraati jechuun gaafa naqataa gingilchaadhaan biqilli milkii dhiyeessuu kanaatti fakkoomsu. Mana ayyaanaafi mana eeker dubbistuutti waan irreessaa gingilchaarra kaa'uus gingilchaan waa adda baasaa kan jedhutti fakkoomsuu jedhan.

**Gabatee:** Obbo Malaakuu Firoomsaa waa'ee fakkoommii gabatee yoo dubbatan, "gabateen waan nyaata keessaa/irraa nyaatan waan ta'eef kabaja iddoo midhaaniif qaban waliin walfakkaata," jedhan. Dabalees, akka isaan jedhanitti, meeshaa kana namoonni hiyyeessas ta'an dureessa manaa hindhaban. Kanaaf, "gabateen jiruufi jireenatti fakkeeffama," jedhu. Kana jechuun, namni jiraachuuf, hojjetee buluuf naachuu qaba. Waan nyaatu erga argateemmoo waan irraa nyaatu waan baarbaaduuf gabateetti dhimma baha. Waan nyaatu hinqabu taanaan waan itti nyaatu hinqabu, waan nyaatu hinqabu taanaan jireenya hinqabu; kanaafuu gabateen dinagdee/ jireenyatti fakkeeffama jechuun kan dubbatan Obbo Malaakuu Firoomsaati. Kana malees, "qabeenya qabaachuutti/ arjummaatti fakeeffama jedhan." Kanas, afoolaan yoo ibsan,

> ***Warra gabatee baaduu***
> ***Warra kan dhabeef laatu*** jedhu. Kana jechuun, badhaadhummaa qabuu, waan namni baay'een irraa nyaatu waan qabaniif sooreyyiidha, waan qabaniif kan dhabeef ni kennu jechuudha.

**Fal'aana:** Obbo Karrasaa Callaa akka jedhanitti, "fal'aanni fakkoommii safuufi safeeffannaa midhaaniif uummanni qabu ibsa jedhu. Dabalees, qulqullinaafi kabaja ofii eeggachuuttis ni fakkeeffama. Kunis, yeroo nyaata nyaatan harkaan utuu bira hinga'iin qulqullinaan nyaachuuf dhimma kan itti bahamu ta'uu kan agarsiisuudha," jedhan. Obbo Abbayyaa Baayisaafi obbo Nagaraa Alamaayyoo akka jedhanitti, "fal'aanni fakkoommii bu'aa ba'ii jireenyaa qaba. Yaada kana jechamaan yoo ibsan, '*barri fal'aana*' jedhu; kana jechuun, barri dabareedha, takka as fuudha, takka achi fuudha, takka namaaf fuudha, takkammoo ofii fudhataa, si'a tokko tokko namaaf darba, si'a tokko tokkommoo dhukkubaan, rakkinaan, joormaa tokko tokkoon mana namaa maatii namaa gaaga'a jechuutti hiikama," jedhan. Gabaabumatti, nama dhuunfaafis ta'e hawaasaaf dhufaa darbaa jireenya namaa, bu'aa ba'ii jireenya namaa agasiisuuf oola. Dabalees,

fal'aanni fakkoommii jiruufi jireenya keessatti mala waa keessaa ittiin bahanii qaba jedhan. Kana jechuun, yoo waa nama mudatu akkamiin akka furmaata barbaadatan kan namatti agarsiisuudha jedhan.

**Boraatii:** Akka haati siiqqee Kuulanii Ashandaa jedhanitti, "boraatiin waan waabaachuu danda'u, waan ofirra darbee nama biraaf ga'utti fakkeeffama," jedhan. Kana jechuun, namni nama deggeru karaa hundaan kan nama deggeramu tokkorra jiru waan ta'eef kana jedhama. Dabalees, uummata Oromoo biratti waan miidhama nama oolchu, deggersatti fakkeeffama jedhan.  Kana jechuun, boraatiin nyaanni nuti nyaanne akka nun miine, yeroo rafnu gororri akka nun feeneefi dibtani garaagaraa akka uffataafi afata keenya hinballeesine taasisuu lammiin ofii kan gaafa rakkoo nama cina dhaabbatee rakkina nama oolchu, nama gargaaru waan ta'eef boraatii koo jedhanii ittiin dhaadatu. Akkasumas, dinqa ykn gola cisichaattis ni fakkeefama. Boraatiin mukarraa soqamee tolfamee, calleedhaan faayamee gaafa cidhaa haadhaan intalaaf waan kennamuuf mallattoo haadha warrummaa ibsuuf gargaara. Intalli kennaa kana haadha harkaa fudhachuun mallattoo haadha warrummaa isheefi kanaan booda manichaaf keessummaa ta'uushee ibsa. Kunis, intalli kana fudhattee deemtee dinqa ishee dhaabbachuu jechuun mana dhaabbachuu, maatii hundeeffachuushee agarsiisa jedhan.

Aadde Zannabuu Miijanaa faayidaafi fakkoommii boraatii yoo ibsan, "boraatiin waan tokkotti xiyyeeffannaa kennuuttis ni fakkeeffama," jedhan. Kunis, keessumaa inatalli tokko akkamiin mana ishee akka eeggattu ittiin madaaluuf dhimma itti bahama. Durba ol adeemtuu haati yommuu barsiifu goraa qoraattii shifshifa qabu mataa mataasaa baalasaas qanxaftee mataa intalatti dura hafuudhaan boraatiirra dhabdeefii isarra bulchiti. Kunis, kan inni godhamuuf kana keessa boraatiirraa yoo kufte qoraattii sanatu boquushee waraanee yaadachiisa. Kanaaf, hirriba keessa taanaan of eeggataa haaraftuuf boraatii qoraattiirra dhaabu. Kanaan intalattiin otuu of eeggattuu boraatiirra rafuu bartee tuffatamuu oolti. Egaa durbi akkasitti guddattu hirriba akkamii keessallee boraatiirraa kufuun hinjiru. Dargaggeessi intala boraatiirra bultu in qorata, in doorsisas. Weedduudhaan weeddisee intalli inni barbaadu ulaagaa guutuufi dhiisuu ishee bara. Dhiirrimmoo yeroo mirga ajjeesee dibatu boraatirra rafuu bare mataasaa boraatirra bulchata, rifeensasaas eeggata jedhan. Weedduu gurbaan weeddisus,

*Olaanii abbaa guddaa goreen Bakareedhaa,*

*Boraatirraa kuftaa qoree dhaga'eeraa jedhee weeddisa.*

**Barcuma:** Obbo Dabalaa Hundee akka jedhanitti, "barcumni hawaasa kana keessatti fakkoommii yookaan mallattoo aangoofi ol'aantummaa keessumaa kan Abbaa gadaa ibsuu qaba," jedhan. Kana jechuun, nama yeroo sana aangoo yookaan baalliin harka jiruufi akka maatiitti immoo aangoo abbaa manummaa qabu mirkaneessa. Yaada kana jechamaan yoo ibsan, '*barcuma qaba'*, '*barcumni kan isaati'*, jedhu. Kana jechuun, aangootu harkasaa jira, baallii fudhatee biyya geggeessaa jira jechuudha. Dabalaees, '*barcuma Waaqayyo namaaf tolcherra taa'u*,' jedhu. Kana jechuun, barcuma Waaqayyo namaaf tolchee, boca itti baasee namaaf kennurra taa'u jechuu utuu hintaane, taayitaa, aangoo, ulfinni waaqa biraa kan namaaf kennamuudha jechuutti hiikama. Kanamalees, aangoo waa hunda bulchuu harka waaqaa keessa waan jiruuf namni teessoo gubbaa jirus hamma iddoo sana jirutti waan fedhe mara gochuu danda'a, garuu uumaa isaa isa isaa ol jiru ilaaluun raawwachuu qaba yaada jedhus kan dabarsuudha jedhan.

Obbo Dabalii Qananii akka jedhanitti immoo, "barcumni fakkoommii kabaja yookaan ulfinaa qaba," jedhan. Kunis, bakka namoonni jireenya hawaasummaa keessatti waliif qaban, akkaataa isaan ittiin haala hawaasummaa keessatti wal cina dhaabbatan kan ibsuudha jedhu. Akka hawaasa naannoo kanaatti yoo gaddi qe'ee tokkotti gale namni du'e yeroo lubbuun jiru nama nama gargaru, nama nama jaallatuufi kabaju, nama jaallatamaafi kabajamaa yoo ta'e '*wayyoo as taa'ii koo'* '*wayyoo barcuma kootu cabe'*, '*wayyoo barcuma kootu kufe'* jedhanii boo'u. Kana jechuun, nama ulfina naaf kennu, nama nyaataafi dhugaatii, iddoo bultii naaf kennaa turetu na jalaa boqote jechuutti hiikama jedhan. Kanaaf, fakkoommii kabajaafi ulfinaa qaba kan jedhamuufi jedhan. Kanamalees, barcumni fakkoommii kabajaa qabaachuusaa afoola isaaniin yoo ibsan, '*barcuma ulfinaa abbaatu ofjalabaata*,' jedhu. Kun immoo, muka miilsadee kana namni baatee deema jechuu utuu hintaane, haasaa ulfinaa, kabaja, safuu, ittiin ofiisaa kabajamuufi ittiin ulfinasaa eeggatu abbaatu eeggachaa deema jechuudha. Dabalees, namni tokko yeroo hawaasa kana keessa jiraatu dubbii salphoo yookaan waan hinmalle dubbannaan hinsalphifamaa, iddoo isaaf hinmalle jechuun iddoo salphinaa dhaabbannaan hinsalphata kan jedhu yoo ibsu, kanaaf barcuma ulfinaa abbaatu ofjala buta kan jedhamuufis kanumaaf akka ta'e dubbatu.

Obbo Nagaraa Alamaayyoo fakkoommii barcumni qabu yoo ibsan, barcumni fakkoommii waan *'hojjetanitti milkaa'uufi milkaa'uu dhiisuu*,'qaba. Kunis, utuu namni irra taa'uuf jedhuu barcumni yookaan teessumni sun yoo jalaa kufe namni sun waan inni karoorfatee jiru akka hinmilkoofneetti fakkeeffama. Itti dabaluun, jireenya hawaasummaa keessatti gaa'ila deebisaanii dhaabuuttis ni fakkeeffama. Kanas, hawaasni naannoo kanaa afoola qabu keessaa jechamaan yoo ibsu '*barcuma qajeelche'* jedha. Kana jechuun, itti fufiinsa sanyii tolche, sanyiin sun akka hinbadne mirkaneesse jechuutti hiikama. Gabaabumatti, barcumni aadaa hawaasa naannoo kanaa biratti waan hedduutti fakkeeffama jechuu dandeenya.

**Siiqqee:** Aadde Masqalee Tolasaa akka jedhanitti, "siqqeen sirna gaa'elaa keessatti ulee harooressaa qajeelaa ta'erraa hojjetamuun isaa kan inni itti fakkeeffamu harooressi jiidhaa mataasaarraa baala kan qabu waan ta'eef nuti ijoolleedha; sichi wal qabannee guddanna kan jedhutti yoo fakkeeffamu, sorooroo ta`uunsaa immoo, ani qajeelaadha atis qajeeli, walfudhannee lammii qajeelaa taana jechuutti fakkeeffama jedhan. Akkasumas, siiqqeen qajeelaadha, miidhagaadha, kanaafuu kan inni itti fakkeeffamu, bultiin nuuf haa qajeelu, nuuf haa miidhagu jechuuttis ni fakkeeffama. Dabalees, kennaa bu'uuraa shamarummaarraa gara dubarummaatti ce'uuf akka mallattootti isheef kennaman keessaa tokkottis ni fakkeeffama. Kana jechuun, siiqqee qabatte jechuun dubartii taate, mana dhaabbatte jechuu waan ta'eef fakkoommii mana dhaabuu qaba jedhan.

Akka aadde Asteer Goobanaafi aadde Zannabuu Miijanaa jedhanitti, "siiqqeen ulee tuuta mirgoota hawaasummaan qoqqobbii irra kaa'amee dubartoonni Oromoo ittiin ofirraa ittisanitti fakkeeffama," jedhan. Kun immoo dubartootni wantoota mirga isaanii sarban ittiin waan ofirraa ittisaniif fakkoommii mirga isaanii kabachiisuu qaba jechuudha. Inni biroon, birmadummaa /uumamaan bilisa ta'uu/ dubartootaa kan mul'isu, ulee jireenya hawaasummaa keessatti mirga dubartootaa wantoota miidhaman tiksuuf akka dhaabbatetti fakkeeffama jedhan. Kanaafuu, siiqqeen mallattoo nageenyaa, walqixxummaa dubartootaatti kan fakkeeffamuufi ergaa sirna dimokiraasiifi haqaa kan qabuudha. Akkasumas, sirna kabaja dubartoonni Oromoo hawaasa keessatti qaban waan agarsiisuuf mirga isaaniitti fakkeeffama jedhu.

Akka haadhi siiqqee Kuulanii Ashandaa jedhanitti, “akka mallattoo aangoo dubartoota Oromootti, akka dhaabbata waldhabdee hiikuutti fakkeeffama,” jedhan. Kana jechuun, meeshaa jabaa waldabdee isaanii ittiin hiikkatan, kana gochuuf deggersa nama biraa kan hinbarbaadne waan ta’eef meeshaa wal dhabdee hiikuutti kan fakkeefamuufi. Kanamalees, seera cabsuufi kabajuu dubartootaatti fakkeeffama. Dubartiin tokko siiqqee yoo hinbaatiin manaa baate safuu hawaasaa cabsuutti akka fakkeeffamuufi seera cabsuu isheef abbaan warraa ishee immoo safuu Oromoo cabsuun itti gaafatama. Dabalees, deebii argachuufi galateeffannaatti kan fakkeeffamuudha. Siiqqee olkaasuun waaqa kadhachuutti akka fakkeeffamu, kadhannaa isaanii yeroo argatan siiqqee isaanii lafa kaa’uun galatatti akka fakkeeffama jedhan.  Akkuma bokkuun, kallachi halangee, muudama, aangoofi murtii kennuu danda’uu abbaa Gadaatiin walfakkeeffamu, siinqeenis muuda, kabaja dubartii faana walfakkeeffama jedhan haadhi Siqqee Kuulanii Ashandaa. Dabalataanis siinqee kan qabattu dubartii heerumte qofaadha.kanumaan walqasiisuun siinqee dubartii herumte haadholiin walfakkaata jedhan.

**Eeboo:** Akka obbo Addisuu Bultum jedhanitti, eeboon faayidaafi tajaajila isaa kanarraa ka’ee hawaasa kana biratti hiika nama waraana deemuudhaaf deemu, nama lolatti bobba’udhaaf deemu, ajjeesaatti hiikamuu qaba,” jedhan. Kunis, bara durii nama bineensa guddaa adamsee faacha qabatee deebi’uuf kaayyeffate eebbisanii eeboofi gaachanatu kennamaaf jedhan. Kanamalees, gosoota eeboo keessaa bodee kan qabatu ijollee umurii dargaggummaarra jiraniifi dhiira ta’aniidha; kanafuu bodeen hawaasa kana keessatti hiika itti gaafatamummaa tokkoof gahuu, dargaggoomuu akka qaba jedhan. Dabalees, eeboon qara tokkoo hiika waaqa tokkichaa akka qabu dubbatu. Gosoota eeboo keessaa bakarri nama cimaa annisaafi irreensaa cimaa ta’etti fakkeeffama. Kunis, meeshaalee waraanaa keessaa jabina irree kan barbaadu, bineensota kanneen akka leencaa, gafarasaa, arbaafi kanneen biroo cimoodha jedhaman ittiin ajjeeesuu, keessumaa immoo ittiin fullasuuf waan gargaaruuf kanatti fakkeeffama. Kanamalees, gootummaa yookaan dhirummaattis ni fakkeeffama. Kana jechuun, nama gootummaa qabutu baqqoon dhaqee bineensotaafi yoo duulas ta’e duulee mirgaan galuu waan danda’uuf jedhamee akka ta’e ragaan odeefkennitootarraa argame ni dhugoomsa. Kanaafuu, namni ajjeesee gale bakara qabata; bakarri mallattoo gootaati; gootni bakara qabatee deema jedhan.

Obbo Gammachuu Disaasaa akka jedhanitti, “gosoota eeboo keessaa calaqni akka hawaasa naannoo kanaatti hiika onneefi irree jabaatti hiikama,” jedhan. Kunis, meeshaan kun sibiila cimaarraa waan hojjetamuuf gootummaatti fakkeeffama. Kanamalees, calanqi yoo waan tokko waraanu bakka waraane sana keessaa buqqifachuuf yoo jedhu eeboon sun keessumaa mi’a garaa waan waraanee sanaa gadiharkisee fidee dhufa. Kun ammoo ta’uu kan danda’u bocni eeboo sanaa akka ilkaan naachaa dhaqaa gala waan nyaatuuf akka ta’e dubbatu. Dabalees, waan waa qabee hingadhiifne, kaayyoo isaatti ciccuttis ni fakkeeffama. Akkasumas, rakkina, muddama, miidhaa baay’eettis ni fakkeeffama. Kunis, *’calaqni si haa waraanu*’ jechuun, rakkoon sitti haa baayyatu, rakkinni kee haa heddumatu jechuu akka ta’e obbo Gammachuu Disaasaa ni dubbatu.

**Cancala:** Abbaan Gadaa Moosisaa Garbii akka jedhanitti, “cancalli tajaajila isaa kanarratti hundaa’ee hawaasa kana keessatti hiika dhokataa yookaan gadifagoo hidhaa, rakkinaafi gidiraa akka qabu himu. Kunis, namni cancalaan hidhame akka barbaade lafa barbaade hindhaqu, waan barbaade hinhojjetu kan jedhutti akka fakkeeffama,” jedhan. Meeshaan kun sibiila, sibiilli jiidhina hinqabu; gogaadha. Amala dacha’uu hinqabu, laafaa miti. Cabuu hinqabu ykn furamuu hinqabu; bakumaafi akkuma tolffametti taa’a.  Kanaaf, cancalli kun ga’e bulchiinsa seeraa keessatti waan daangaa hawaasaa ala ta’e tokko ittiin too’atan ta’e mul’ata. Aadaa keessatti, meeshaaan kanarraa wanta hubatamu, baratamu, irraa to’atamu jira. Karaa biraan, cancalatu natti jira jechuun, hiikni isaa akka barbaadetti hindeemu, hinfiigu, hindiriirfadhu, hinboqodhu, kutadhee midhaan hinyaadhu, bishaan fudhee hindhugu, fincaaniif taa’u, ka’u hindanda’u, ittillee afadhee hindachaafadhu.... akka jechuuti. Uummanni Oromoo meeshaa kanatti kan dhimma bahaa ture badii hamaa hawaasaa keessatti raawwachuufi nama ajjeesuun gaarii akka hintaanetti kan fudhatamuufi hiikamuudha jedhan.

**Amartii:** Amartiin meeshaa tajaajila faaya dubartootni Oromoo naannoo kanaa dhimma itti bahaa turaniidha. Obbo Fayisaa Haayilee akka jedhanitti amartiin hawaasa naannoo kanaa biratti hiika naatoo yookaan miidhaginaafi kabajaa qaba jedhan. Kana jechuun, intalli tokko guyyaa amartii qubatti keewwatee kaastee kaadhimaa namaa waan taateef ni kabajamti, kan duraarraa miidhaginaan ofeeggatti jechuudha. Dabalees, qubeelaan waan hamma dhumaatti nama waliin turutti fakkeeffama jedhan. Kanajechuun, amartii yookaan qubeelaa yeroo gammachuufi gaddaas meeshaa harka ishee irraa hinbaaneefi ittiin dhaadattuudha; kanaaf yoo waan fedhe ta’e ofirraa hinbaaftu waan ta’eef jedhan. Akka Obbo Fiqiruu Galataa jedhanitti immoo, “amartiin sirna

gaa'elaa keessatti faaya ta'uurra darbee hiika walitti hidhamuu qaba," jedhan. Kunis, namoonni gaa'ela raawwatan lameen kan waadaa (kakuu) itti waliif seenaniidha. Amartiin kun walitti baqee waan hojjetameef jarreen lameen waadaa waliif seenan kunneen akkuma amartii kanaa walqabatanii akka jiraatanitti amanama. Kun immoo jarreen lameeniifis ta'e maatii isaaniif fakkoommii cimaa qaba. Kanaa booda tokko taaneerra; firoomneerra yaada jedhus kan ibsu ta'uu dubbatu.

**Alangaa:** Obbo Waaqwayyaa Beekumaa akka jedhanitti, "meeshaan aadaa kun hawaasa kana keessatti tajaajila isaa kanarratti hundaa'uun hiika yookaan mallattoo ol'aantummaa seeraafi maallattoo aangoo qabaachuu qaba," jedhan. Kana jechuun, alangaan fakkoommii yookaan mallattoo aangootti dhufuufi itti gaafatummaa fudhachuutti fakkeeffama jedhu. Akka obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti, "gaafa waa'een alangaa ka'u seeratu sammuu namaatti dhufa. Kunis, kabajamuu yookaan cabuu seeraatu sammuu namaatti dubbatama jechuudha. '*alangaatu kufe'*, '*alangaatu cabe' 'alangaatu cite', 'alangaatu dacha'e'*, yoo jedhan seeratu bade, seeratu iddoodhaa ka'e, safuutu iddoodhaa ka'ee, kabajaatu iddoodhaa badee jechuudha," jedhan. Yoo alangaan ***qu'aafmu,*** immoo *seeratu labsame*, *bulmaatatu iddootti deebi'ee*, *safuutu iddootti deebi'ee*, *araaratu labsamee*, kanaan booda kan ittiin bullutu labsame jechuutti fakkeeffama. Kun isa barreeffame otoo hintaane isuma si'a tokkicha dubbatametu sammuu isaa keessatti hojiirra oola. Kanaaf, gaafa waa'een alangaa kaafamu safuufi seerrata yeroo sirna gadaa sammuu isaa keessatti dhaga'aa turetu kabajamaa jiraachuu yookaan cabaa jiraachuu isaatu itti yaadatama; kanaafuu, alangaan hiika seeraa jedhan.

Aadde Asteer Goobanaa akka jedhanitti, "aadaadhaan alangaan misirroon baatamu sadarkaa jijjiirama ijoollummaarraa gara dhiirummaatti, nama gaa'ela qabuutti akkasumas bilchina isaaf mallattoo ta'uu isaatti hiikama," jedhan. Isaan kanneen olitti tarreeffaman malee alangaan hiika dhokataa yookaan gadifagoo ittiin wal abboomaa qaba. Dabalees, alangaan uummata Oromoo biratti fakkoommii seera tumame labsuu, aangoo, ol'aantummaa seeraa kan mul'isuufi araaratti kan fakkeeffamuudha jedhan. Gabaabumatti, alangaan ergaa bakka alangaan jiru nagaa, ol'aantummaa seeraafi araaratu jira jedhu qaba jedhan.

**Gaachana:** Akka obbo Dabalii Qananii jedhanitti, “gaachanni hawaasa kana keessatti gaaddisatti fakkeeffama yookaan hiika gaaddisaa qaba,” jedhan. Kunis, yeroo hojii aduufi rooba gaaddisa jalatti baqatu, yeroo lolaa immoo kan abdataniifi jalatti dheessan gaachana. Kanaaf, hawaasa Oromoo kamuu kessatti jechi gaachana jedhu bal’innaan dhimma itti bahama. Fakkeenyaaf, ‘*inni gaachana kooti’* waliin jedhu. Kana jechuun, nan abdadha jechuudha. Akkasumas, abdii kooti, nama gaafa rakkinaa jalatti dheessaniidha yaada jedhu qaba jedhan.

Obbo Oljirraa Dibaarii hiika gaachanni hawaasa kana keessatti qabu yoo ibsan, “gaachanni gaachanummaa isaan olitti nama onnee qabu, goota, nama saba isaatiif gaachana ta’u danda’utti fakkeeffama,” jedhan. Kunis, gaachanni meeshaa gootati; luynas ni gootomsa. Lubbuu loltuu diinarraa ittisa; ittiin diina ofii ofirraa qolatan. Kanaafuu, meeshaa hawaasa Oromoo biratti bakka guddaan kennamuufidha jedhan. Dabalees, gaachanni abdii waan tokkorraa qabaachuutti fakkeeffama. Kana jechuun, gaachana namaa kennuun ati jabaadha, goota, goota imaanaa hinnyaanne amanamaadha jedhan. Kanamalees, hinlolta gaachana kanaani, ati jabaadhaa warra lolee galeefis, warra ija duratti abdi qabaniifis yoo kennamu abdii akka biyyaatti irraa qabaachuutti akka fakkeeffamu dubbatan.

**Afarsaa:** Obbo Oljirraa Dibaar akka jedhanitti, “afarsaan hawaasa naannoo kanaa biratti fakkoommii waan hintaane waan qulqulluurraa yookaan midhaaniifi abaqii addaan baasuutti fakkeeffama,” jedhan. Qonnaan bulaan oobdii isaa keessatti midhaan kan ittiin qulleessu afarsaa of harkaa qaba; midhaan isa qulleeffames gombisaa isaatti in sassaaba; habaqii isaa garuu ibiddan in guba. Kanaafuu, afarsaan akka naannoo kanaatti waan gaarii waan badaatti adda baasuutti, oomishaafi jireenyatti fakkeeffama. Kanamalees, waan waa gargarar baasuufi nama dubbii daddabarsuttis ni fakkeeffama jedhan.

Akka Obbo Nagaraa Alamaayyoo jedhanitti immoo, “waan waa calalee adda baasutti fakkeeffama,” jedhan. Yaada kana geerarsaan yoo ibsan, *Afarsaa bakkee gamaa, Dabarsaa nabsee(lubbuu) namaa* jedhuun weeddisu jedhan. Yeroo baay’ee namoonni harka qalleeyyiin waa nama gaafatan dhimma walaloo kana keessatti ka’e fayyadamuun meeshaa kana waaqaa wajjin wal bira qabuun fakkeessanii kan dubbataniidha jedhu. Kunis, akkuma afarsaan abaqii, saaxoo fuudhee asiifi achi afarsee oobdii kanarraa gara dabarsee iddootii fageessee callaarraa fageessee qileensaafi bubbeef kennee ari’ee balleessu, waaqni dabarsaan lubbuu namaa akka

afarsaaatti lubbuu, jireenya namaa kana akka hinafarsine, qe'ee namaa akka hinballeesine kanarraa si haa baraaru jedhanii nama eebbisuu isaanii kan ibsuudha jedhan.

Gabaabumatti, meeshaaleen aadaa qabeenya ofiiti; eenyummaa namaa kan namatti agarsiisan, sabboonummaa nama keessatti uumaniidha. Meeshaaleen kunneen ofii isaaniif bu'aa aadaati, baattoo aadaati dabalees daangessitootaafi heyyamtoota ga'ee maatii tokko tokko keessatti aadaan kenneeti. Meeshaaleen kunneen hawaasummaa keessatti sadarkaa namootaa murteessuu; dhaabbata gaa'eelaa sabichi qabu, aadaa wajjin itti fufsiisu qabu. Meeshaaleen aadaa gosoota hedduu qabaachuurra darbee yoomessaa garaagaraa keessatti kan tajaajilaniifi hiika fakkoommii garagaraa hawaasicha biratti kan qabaniidha. Kanamalees, fedhii qabatamaa namoonni ilaalcha addunyaaf qaban miidhaginaan ittiin kan ibsataniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatan taasisuuf wanta ijaan argamuufi qabatamaa ta'e kan bakka bu'uudha. Akkasumas, hawaasa tokko enyuummaa, amantii, duudhaa, ilaalchaafi falaasama isaa gadi faggeenyaan kan mul'isaniidha. Meeshaalee eenyummaa hawaasa tokkoo ibsan kana immoo karaa qajeeltoon itti fayyadamuu, qorachuun ifa baasuufi kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Haata'umalee, meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman yeroo dheeraaf xiyyeeffannoo dhabuun gola namoota dhuunfaa keessatti harca'anii hafuun irraanfatamaa jiru; dhaloota har'aatiin maqaafi hiikni fakkoommiin isaanii dagatamuun akka waan kan ormaa ta'aniitti ilaalamaa jiru. Akka konya kanaatti qorattoonni tokko tokko waa'ee meeshaalee aadaa qorachuuf kufaa ka'aa turanis, jiraatanis qoratanii waliin ga'uu hindandeenye. Sababni isaas qorannoon akkanaa kun qorannoo aloolaafi yoomessa dhugaa kan barbaadu waan ta'eef haalli mijaa'aan dhabamuun duubatti harkifataadha. Sababiin inni biroon, siyaasaa biyyattii akkasumas akka naannoo kanaatti jiru eeruun ni danda'ama.

## BOQONNAA SAGAL: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

Boqqonnaan kun haala waliigalaa qorannoo jalqabaa hanga dhumaa kan ilaallaatuudha. Iddoo kanatti irra caalmaadhaan guduunfaa argannoo fi yaboon ibsa isaanii faana dhiyaataniiru. Qorannoon mata-duree “Wantoota Aadaa: Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaaleen Mana keessaa Aadaa keessatti Qaban,” jedhu irratti xiyyeeffatee gaggeeffame kun bifa gaaffilee qorannoo boqonnaa jalqabaa keessatti qindaa’an deebisuun dhihaate. Boqonnaa kana keessatti immoo gaaffilee qorannoo kanaan deebi’aniin waan irra ga’ame bifa goolabaan dhiheessuufi ragaa qabatamaa hawaasa keessa jirurraa ka’uun yaada furmaataa dhimma hiika meeshaalee aadaan wal qabatetu dhiyaatee jira. Haaluma kanaan, matadureewwan gara garaa saditti qoodamuun armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

### 9.1 GOOLABA

Uummanni Oromoo sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessaa isa guddaa yoo ta’u, uummattoota afaan Kuush dubbatan jalatti ramadama. Uummanni kun bal’ina lafaafi baay’ina uummataan Afrikaa keessaa tokkoffaa akka ta’e wal nama hinhaalchiisu. Uummanni Oromoo akka Kaaba Baha Afrikaatti uummata guddaafi beekamaadha. Oromoon naannoo Oromiyaa jedhamtu keessa kan jiraatuufi Afaan Oromoo afaansaa taasifatee dubbata. Baay’inaan naannoo Oromiyaa keessa kan jiraatu yoo ta’u, naannoolee kan biroo kanneen akka naannoo Amaaraa keessaa Waanbaraafi Kamisee keessa, naanoo Tigiraay keessaa ammoo Raayyaafi Asaboo keessas ni jiraarata yookaan naannoolee kanneen keessattis ni argama.

Uummanni Oromoo kuufama ogummaa adda addaan uummata badhaadhaa ta’eedha. Kuufama ogummaa isaa kanattis dhimma bahuun hojiilee adda addaarratti bobba’ee rakkoo hawaasummaafi dinagdee isaa furachaa ture. Kunis, aadaa walitti dhufee waliin jiraachuu isaa keessatti ogummaa qabu kana waljijjiiruun hawaasummaa isaa cimsatee jireenyasaa geggeffataa ture. Dabalataanis, hojii ogummaa isaa kanaan meeshaalee aadaa adda addaa hojjechuun gama tokkoon dinagdeesaa ittiin cimsataa gama kaaniin ammoo aadaasaa ittiin calaqqisifataa ture, ammas calaqqisiifataa jira. Uummanni kun aadaafi duudhaa mataa isaa kan qabuufi uummattoota biroorraa adda isa taasisu hedduu qaba. Isaan keessaa kan uummata kana sadarkaa addunyaatti beeksiisan sirna Gadaa, Irreechaa, aartii garaagaraa, duudhaafi meeshaalee aadaafaa eeruun ni

danda’ama. Hawaasni tokko aadaafi duudhaasaa yeroo gaggeeffatu kan ittiin adda bahee beekamu keessa tokko meeshaalee aadaa inni qabatee sirna sana geggeeffatuudha.

Uummanni kun akkuma hawaasa addunyaa biroo aadaa, seenaa, duudhaafi barsiifata garagaraa qaba. Uummanni Oromoo caasaa hidda latiinsaa hedduu haa qabaatuyyuu malee aadaa walfakkaataa kan walirraa adda isa hinbaafne danuu qaba. Aadaan qabeenya uummatichaa ta’e kunis gosa barnootaa fookiloorii kan damee bal’aa qabu keessatti kan ilaalamuudha. Haata’umalee, gosa barnoota fookiloorii keesatti afoolli, meeshaaleen aadaa, aartiin uummatichaa qorannoodhaan haalaan waan bira hingaa’amne fakkaata. Meeshaan aadaa damee fookiloorii keessaa tokko yoo ta’u, uummata Oromoo iddoo garaagaraa jiraatan biratti iddoo ol’aanaa qaba. Uummanni Oromoo Maccaa godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatu meeshaalee aadaa dhaalaan abbootiisaarraa hambifate akka ilmoosaatti jaallatu yeroo dheeraaf haala qaroomina of keessaa hinqabneen golaafi duuba mana isaa kessaafi jala ol kaa’atee argama.

Qorannoon kun mata-duree ”Wantoota Aadaa: Xiinxala Ga’eefi Hiika Meeshaaleen Mana keessaa Aadaa keessatti Qaban” jedhurratti kan geggeeffameedha. Meeshaaleen kunneen hawaasummaa keessatti sadarkaa namootaa murteessuu; dhaabbata gaa’eelaa sabichi qabu, aadaa wajjin itti fufsiisu qabu. Meeshaaleen aadaa gosoota hedduu qabaachuurra darbee yoomessaa garaagaraa keessatti kan tajaajilaniifi hiika fakkoommii garagaraa hawaasicha biratti kan qabaniidha. Kanamalees, fedhii qabatamaa namoonni ilaalcha addunyaaf qaban miidhaginaan ittiin kan ibsataniifi dandeettii uumuu isaanii ittiin ibsachuuf wantoota ijaan argamaniifi qabatamoo ta’an kan bakka bu’aniidha. Akkasumas, hawaasa tokko enyuummaa, amantii, duudhaa, ilaalchaafi falaasama isaa gadi faggeenyaan kan mul’isaniidha.

Meeshaleen aadaa kan hawaasni aadaa tokko, afaan tokko qabu waliin itti gargaaramuudha. Kunis, wantoota ijaan argamaniifi harkaan qaqqabataman kan of keessatti hammatuudha. Kanamalees, meeshaaleen aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa isaa, amantaa isaa, aadaa isaafi kanaafi kana kan fakkaatan bu’uureeffachuun ogummaa hawaasichi baroota keessatti gonfateen kan hojjetamaniifi dhalootaaf dabarfamaniidha. Wantoonni naannoo keenyatti argaman kanneen akka mukaa, dhagaa, baalaa, biyyoo garaa lafaa keessatti argamaniifi kanaafi kana kan fakkaatan akkuma jiranitti osoo hinjijjiiriin yookaan ogummaafi beekumsa ilma namaa otoo hindabalatiin maqaa addaa kan hambaa yookaan meeshaalee aadaa jedhamuun waamamuu

hindanda’an. Erga ogummaafi beekumsa dhala namaa dabalatanii aadaa hawaasichaa keessatti fudhatama argatanii moggaasa uumaan isaan badhaaste dhiisanii maqaa waloo argachuun meeshaalee aadaa jedhamuun waamamuuf ga’u. Meeshaaleen aadaa waan uumamaan naannootti argamurraa harkaan hojjetamanii kanneen ilma namaa tajaajilamaniidha.

Meeshaaleen aadaa meeshaa sanarra hiikarratti kan xiyyeeffataniidha; meeshaalee kanneen biroorraa adda kan ta’aniidha. Meeshaalee aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan taasisu meeshaaleen aadaa yoo meeshaa sana ofbiraa qabaannee galumsa murta’aa dhabnes hiika barbaachisu kennuu danda’uusaaniiti. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa meeshaalee kanneen biroorraa adda kan jedhamaniif hawaasa sanaa keessatti kalaqamuusaanii qofa osoo hintaane, hiika kan argatan hawaasa keessatti kalaqameeniifi galumsa barbaachisaa keessatti ta’uu isaaniiti. Wantootni yookaan meehaaleen aadaa haawaasa tokko keessatti argaman seerlugaafi jechoota mataa isaanii kan gareen isa kalaqeefi itti fayyadamu qofti beeku kan mataa isaanii qabu. Afaan meeshaalee aadaa baay’ee cimaafi wal xaxaa kan salphaatti hubatamuu hindandeenyeedha. Hiikaafi moggaasa maqaa meeshaaleen aadaa qaban haawaasa oomishee itti fayyadamuufi namoota dhimma qorannoof isaan irraa hubatan malee akka salphaafi irra keessaan hiikuun ulfaataadha. Kana jechuun, akkaataan nuti waa’ee meeshaalee aadaa itti hubannuufi hiiknu daran gargar fagoodha. Meeshaaleen aadaa waan miidhaginaa qofa kanneen ibsan miti; irra caalaa walitti dhufeenya gadi fagoo dhugaa wajjin, hiika dhokataa kanneen qabaniifi ilaalcha gareen tokko kalaqeef ibsuu wajjin kanneen qabaniidha. Meeshaaleen aadaa kunneen waan akkasumaan dubbatamee darbu qofa kanneen ibsan miti, dhugaa qabatamaa hawaasaa keessatti ijaarame mala karaa salphaan hubachuun hindanda’amneen kanneen ibsaniifi miira namootaa kanneen calaqqisiisaniidha. Kanajechuun, meeshaaleen aadaa meeshaalee dhugaa hawaasaa ibsan, miiraafi fedhii hawaasaa karaa dhokataa ta’e addeeessaniifi hiika gadi fagoo kanneen qabaniidha.

Meeshaaleen aadaa uummata Oromoo biratti jaalalaafi kabaja guddaa kanneen qabaniidha. Meeshaaleen kunneen wantoota garagaraa irraa kan tolfamaniifi yoomessa garagaraa keessatti akkaataa fakkoommii isaaniitiin ummatichaan kan itti tajaajilamaniidha. Yoomessi uummatni Oromoo meeshaalee aadaatti dhimma ba’u keessaa muraasni, meeshaalee aadaa kan araaraa iddoo araaraatti, kan waraanaa dirree waraanaatti, kan dhugeeffannaa iddoolee akka mana amantaa keessatti, caffee irratti, tulluu gubbatti, laga cinattiifi meeshaalee aadaa duudhaa

hawaasaa agarsiisan iddoowwan akka cidhaa, du'aa, awwaalaafi kan biroo fa'aa eeruun ni danda'ama. Haaluma kanaan, uummanni Oromoo wantoota naannoo isaatti argaman kanneen fayyadamuun akka salphaatti meeshaalee adda addaa hojjetee dhimma itti bahaa ture ammas dhimma itti bahaa jira. Kunimmoo eenyummaafi aadaa hawaasichaa agarsiisuufi beeksisuu irra darbee dandeettii kalaqqii adda addaa qabaachuusaa kan agarsiisuudha jechuu dandeenya. Gabaabaadhumatti, meeshaaleen aadaa ilma namaan waan naannoosaatti argamanirraa beekumsa xabboo isaa dabalatanii kan hojjetaman, haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo guddaa kan qaban, hojii qo'annoofi qorannoo keessatti akka madda ragaa tokkoffatti kanneen tajaajilan, fuula seeraa duratti fudhatamummaa guddaa kanneen qaban, jechuu dandeenya. Meeshaaleen kunneen dhimmoota hawaasummaa mijeessuun alatti seenaa uummata tokkoo qorachuuf, aadaa saba tokkoo cimsuu, jabeessuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuuf adda durummaan kanneen eermaniidha.

Fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu'iinsa yaadaa dhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatuudha. Jechi fakkoommii jedhu afaan Giriikiirraa kan fudhatame yoo ta'u, innis waan tokko waan biraan wal fakkeessuu jechuudha. Fakkoommiin jiruufi jiirenya dhala namaa keessatti waan waa tokko bakka bu'u yoo ta'u, jijjiirama guddaa jireenya dhala namaa keessatti fiduu kan danda'uudha. Fakkoommiin bakka kamittuu argamuu ni danda'a; yeroo kamiyyuu hiika waan tokkoo kan bakka bu'u ni jiraata, kun immoo fakkoommii agarsiisa. Kana jechuun, waan tokko hiika mul'ataa qabuun cinatti fakkoommii isaan yookaan hiika dhokataa isa bakka bu'u qabaachuu ni mala jechuudha. Fakkoommiin hiika dhokataa yookaan ergaa dhoksaa meeshaan yookaan waan tokko qabu kan ibsuudha. Kanamalees, bakka bu'aa yaada dhokataa ergaa ifa jiruuti jechuu dandeenya.

Fakkoommiin hiika dhokataa waan tokko duuba jiru kan ibsuudha. Fakkoommiin meeshaa ogbarruu keessaa tokko yoo ta'u, meeshaan yookaan wantootni, namni, haalli yookaan gochi tokko hiika kallattiin qabu ala waan tokko yoo bakka bu'u kan argamuudha. Yeroo baay'ee hiika, miira, yaada gadi fagoo ta'e karaa gabaabaafi al-kallattiin dabarsuudhaaf itti fayyadama. Fakkeenyaaf, nagaa argisiisuuf gugee, hammeenya fakkeessuuf bofa fayyadamuu, fayyadama daraaraa kan akka roozii jaalala bakka bu'u ykn liiliiwwan qulqullina bakka bu'an fayyadamuun fakkoommii jedhama. Fakkoommii yeroo baay'ee barreessitoonni barreeffama isaanii guddisuuf itti fayyadamu. Hojii ogbarruu tokkoof badhaadhinaafi halluu dabalataa kennuu kan danda'uufi

hiika hojii sanaa gadi fagoo gochuu danda’a. Fakkoommiin haala ibsa kamiyyuu ibsuuf kan gargaaru yoo ta’u, kunis kallattiin waan tokko agarsiisa, al-kallattiin karaa waan biraatiin kan agarsiisuuf kan ooluudha. Kanaaf, fakkoommiin yaada dhokataa ergaa yookaan hiika ifa jiruuti jechuu ni dandeenya.

Hawaasni kamiyyuu durii kaasee wantoota bu’uura eenyummaa isaa calaqqisiisan kan dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsaa dhufe ni qabaata. Kun immoo beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoo inni waliin kuufate jiraachuu agarsiisa. Uummanni tokko jiruufi jireenyasaa keessatti haala ittiin jiraatu kan mataasaati qaba. Kana jechuun, jireenya dhuunfaasaa mo’achuuf beekumsa xabboo mataasaan deggeree haala jireenyasaa mijeeffachuun kan ittiin jiraatu jira jechuudha. Uummanni Oromoo ogbarruu barreeffamaa guddifachuu baatus seenaa, aadaa, beekumsaafi amantaa mataa isaa ogafaanitti dhimma ba’uun waggoota hedduuf eeggatee dhalootaa dhalootatti dabarfataa ture, jiras. Oromoon beekumsa ogafaaniifi qabeenya isaan uummata badhaadheedha. Ogafaan uummata kanaaf waan hunda isaati yoo jedhame waan arbeeffamu miti. Oguma kana fayyadamee gaddaafi gammachuu, miidhaafi quuqqaa keessoo isaa ibsata. Kanaafuu, oguma qabeenyummaan isaa kan hawaasaa ta’e kana qorachuun waa’ee hawaasa sanaa sirriitti akka hubannuuf wantoota karaa nuuf saaqan keessaa adda durmmaan eerama.

Ogafaan dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii yookaan otoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, ogafaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasa sanaa, ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogumni kun beekumsaafi muuxannoo hawaasni tokko bara duriitii kaasee kuufataa ture of keessatti hammatee jira yoo jedhames waan olkaafamu miti. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii taasifamu, bu’aa ba’ii jireenyaa, mudannoowwan garaagaraa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo taasifamu mara ofkeessatti kan hammateedha. Ogafaan keessumaayyuu hawaasa sirna barreeffamaa gahaa hinqabne biratti waa’ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuuf gahee guddaa kan taphatuudha.

Addunyaa mara keessatti ogafaan shoora ol'aanaa qaba. Sabaabiinsaas hawaasni hundinuu qubee gargaaramee barreeffamaan muuxannoo jiruufi jireenyaa isaa ibsachuu hindandahu. Kan barreessuu danda'anis waan hundumaa barreessanii olkaahuu hindandahani. Akkuma ogbarruu, ogafaanni meeshaa aadaa, duudhaa, seenaa, hawwii, gadda, gammachuu, qaroomina, ogummaa, walumaagalatti dhugaan hawaasa tokko keessa jiru ittiin kan ibsamuudha. Hawaasni kamuu afoola mataa isaa qaba; uummanni Oromoollee afoolaan walqabsiisuun dubbii guyyaa guyyaa keessatti qabeenya isaa kan ta'e meeshaa aadaa, yeroo inni ibsu ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti, meeshaalee aadaa jechamoota, ciigoowwan, mamaaksotaafi hiibboon walqabsiisuun waan dubbatu qaba. Isaan kanneen keessaa mammaaksi falaasama hawaasaa kan yaada gad fageenyaa qabuufi dhimma cimaa ibsuuf fayyada. Keessumaa lola araarsuu keessatti iddoo guddaa qaba. Qabiyyeewwan (dhimmoota) hawaasni Oromoo mammaaksa isaatti gargaaramuun ibsatu keessaa akkaataa inni meeshaalee aadaatti gargaarame wal gorsu, wal jajjabeessu, wal ceepha'u, amala badaarraa akka itti of ittisan akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

Ogumni kun akkuma fookilooriin yookaan ogbarruun gooroo adda addaatti qoodamuun qo'atamu, ogafaannis gooroo adda addaatti qoqqoodamee xinxalamuu yookaan qo'atamuu danda'a. Goorowwan ogafaanii kanneen jedhaman keessaa muraasni seeneffama afaanii, sirboota, mammaaksaafi hiibboo namootaan uumamaniifi dhalootaa dhalootatti darban, nuttis ta'e ijoollee keenyatti dubbachuu danda'aniidha. Kanaaf, ogafaanni goorowwan ykn gosoota baay'ee kan qabu, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'ee addumaan aadaafi eenyummaa hawwaasa tokkoo kan calaqqisiisu, seenaafi mudannoo uummanni sun dabarses mul'isuu kan danda'u jechuu dandeenya. Dameewwan afoolaa gurguddoo kanneen jedhaman raagoowwan, afwalaloofi qareeyyiidha. Qareeyyiin warra jecha/gaalee/ hima gaggabaaboon dhiyaatanii ergaa bal'aa dabarsuun sammuu namaa qaraniifi irra deddeebi'amanii jedhamuun arraba qajeelchan kanneen akka mammaaksa, hibboo, jechamaafi ciigoofaa of keessatti kan hammatu waan ta'eef qabeenya guddaa beekumsa uummataa ibsuudha.

Meeshaaleen aadaafi ogafaan qaamolee ibsa aadaa hawaasa tokkoo keessatti walitti hidhaman lama yoo ta'an, tokko tokkorratti dhiibbaa kan geessisaniifi kan calaqqisiisaniidha. Hariiroon isaan gidduu jiru karaa hedduudhaan hubachuun ni danda'ama; keessumaa akkaataa isaan amantaa, duudhaafi muuxannoo bakka bu'aniifi itti dabarsan kanneen ijoodha. Unkaaleen kunneen lamaan eenyummaa garee tokkoo calaqqisiisu. Meeshaaleen aadaa yeroo baay'ee

duudhaa afaaniin dubbatamu keessatti mul'ataseenaaleen meeshaalee adda ta'an (akka meeshaalee ykn uffata) kaasuun ykn gochaalee aadaa (akka ayyaana ykn sirna) bifa meeshaatiin qaama ta'an ibsuu danda'u. Kanaafuu, hariiroon isaanii kun bakka bu'ummaa eenyummaa aadaa kan calaqqisiisuudha jechuu dandeenya. Kunis, meeshaaleen aadaa meeshaalee ijaan mul'ataniifi harkaan qaqqabataman kanneen akka ijaarsaa, uffataafi teeknooloojiiwwan aadaan tokko ittiin uumaman kan agariisuudha. Isaan kunniin gochaaleefi caasaa hawaasummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu jechuudha. Ogafaan immoo seenaa, sheekkoo, sirboota, mammaaksaafi duudhaa afaaniin dubbataman dhalootaan darban of keessatti qabata. Ogafaan dubbatamu akka meeshaa eenyummaan aadaa, seenaafi seera ittiin dabarfamutti tajaajila.

## 9.2 ARGANNOO

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee raawwatameen booda bu'a qabeessummaa qorannoo sanaa kan mirkaneessu argannoo qorataan sun erga qorannoo sana gaggeesseen booda argatuudha. Qorannoo mata-dureen isaa "Wantoota Aadaa: Xiinxala Ga'eefi Hiika Meeshaaleen Mana keessaa Aadaa keessatti Qaban" jedhu irratti gaggeeffameen firii argannoo qorannoo kan ta'e akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- Uummanni Oromoo godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraachaa tureefi jiru akkuma hawaasa Oromoo iddoo biraa jiraatuu dandeettii kalaqqiifi uumee kan mataasaatii kan qabuufi meeshaalee aadaa gosaan hedduu ta'an kalqasaa kanaan hojjetee dhimma akka itti bahaa tureefii jiru bira gahamuuf yaalamee jira.
- Meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman wantoota akka migira, suphee, biyyoo, mukaafi sibiilarraa akka hojjetaman adda baafamee jira.
- Meeshaaleen aadaa waan irraa hojjetaman irratti hundaa'uun gosoota adda addaa akka qaban, haaluma kanaan meeshaaleen aadaa supheerraa qophaa'an kanneen akka cuggee, okkotee, xuwwee, gaanii, eelee, jabanaa, xuwwee, gaanii, gumbiifaa akka ta'an, meeshaaleen aadaa mukarraa hojjetamanii kanneen akka boraatii, barcuma, dombii, gabatee, fal'aana, killa yookaan harkee qadaadaafi siiqqee akka ta'an, meeshaaleen aadaa buqqee hadha'aa irraa qopha'an kanneen akka ro'oo, gaayyaa, okolee, buddusee akka ta'an, meeshaaleen aadaa migirarraa hojjetaman kanneen akka gundoo, gundoo booree, gilgilii, gingilchaafaa akka ta'an meeshaaleen aadaa sibilaafi gogaarra hojjetaman

kanneen akka cancala, eeboo, amartii, gaachana, alangaa, afarsaafaa akka ta'an bira ga'amee jira.

- Meeshaaleen aadaa kunniin duudhaa, aadaa uummata Oromoo naannoo kanaa sirritti kan ibsaniifi yoomessa garagaraa keessati kan tajaajilan ta'uu hubachuuf danda'amee jira.
- Meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman dhimma hawaasummaa, aadaa, dinagdeefi siyaasa hawaasichaa ibsuu keessatti gahee ol'aanaa akka qaban hubachuuf yaalamee jira.
- Meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman tajaajila kennan cinatti tajaajila ga'ee bulchiinsaafi waa barsiisuu, ga'ee hawaasummaa barsiisuu, too'achuufi ittisuu, ga'ee diinagdee (qabeenya) ibsuu akka qaban adda baafamee jira.
- Tajaajilli meeshaaleen aadaa kunneen qaban guddaadha; dhiironniifi dubartoonni meeshaalee aadaa dhugeeffannaa fayyadamuun ol'aantummaa qaban mul'isu. Kanamalees, hawaasni naannoo kanaa jiruufi jireenya hawaasummaa isaa keessatti dhimma itti baha; fakkeenyaaf araara, eebbaa, iddoo cidhaafi kanneen biroo geessuun sirnichaaf midhagina laachuun bu'aalee meeshaalee aadaa naannoo kanatti argamanii akka ta'e hubatamee jira.
- Meeshaaleen aadaa godina kana keessatti argaman kanneen qorannoo kanaan bira ga'amuuf yaalaman hiika fakkoommii yookaan falaasama gadi fagoo xinsammuu hawaasaan walqabatan kan mataasaanii akka qaban addaan baafamee jira. Kunis, meeshaaleen aadaa kunneen fakkoommii mataasaanii kan qabaniifi hawaasa keessatti tajaajilaaf oolan keessatti yoo ta'e malee hiika yookaan maalummaa isaanii salphaatti hubachuun akka cimu adda baafamee jira.
- Meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman baay'een isaanii hiika yookaan moggaasa maqaa kan argatan akkaataa hojii yookaan uumama isaanii, faayidaa isaaniifi waan irraa hojjetaman irraatti hundaa'uun akka ta'e bira ga'amuuf yaalamee jira.
- Meeshaaleen aadaa kunneen hiika irraa keessaan qaban alatti hiika dhokataa yookaan fakkoommii akka qaban huatamee jira jira. Haaluma kanaan meeshaalee tajaajila ga'ee bulchiinsaafi waa barsiisuu qaban keessaa barcumni hiika dhokataa kabaja yookaan ulfinatti, alangaan hiika yookaan mallattoo ol'aantummaa seeraafi maallattoo aangootti, cancalli hiika hidhaa, rakkinaafi gidiraatti, eeboon hiika nama waraana deemuudhaaf deemu, nama lolatti bobba'udhaaf deemu, ajjeesaatti, gaachanni nama onnee qabu, goota,

nama saba isaatiif gaachana ta'u danda'utti akka fakkeeffamuu akka qaban adda baafamee jira.

- ☞ Meeshaaleen aadaa kanneen tajaajila ga'ee hawaasummaa barsiisuu, too'achuufi ittisuu qabanis hiika hiika irra keessaa malee hiika dhokataa akka qaban adda baafamuuf danda'amee jira. Haaluma kanaan, gundoon booree mucaa durbaa xiqqoo, maatiirraa adda bahuu, qofaatti mana dhaabbachuutti, amartiin sirna gaa'elaa keessatti faaya ta'uurra darbee hiika walitti hidhamuutti, siiqqeen akka mallattoo aangoo dubartoota Oromootti, akka dhaabbata waldhabdee hiikuutti, dibduun waan iddoo dhokataa jiru, gaggaba nama oolchu, gootummaafi kabaja durbummaatti akka fakkeeffaman yookaan hiikaman adda baafamee jira.
- ☞ Meeshaaleen aadaa godina kana keessatti argaman kanneen tajaajila dinagdee yookaan qabeenya ibsuu qabanis hiika yookaan fakkoommii mataa isaanii akka qaban bira ga'amee jira. Haaluma kanaan, gabateen jiruufi jireenatti, gumbiin jireenyaaf, callaa facaasaniif hawwii gaarii qabaachuutti, gaaniin dinagdee, barakaafi waan guddaatti, ro'oon biratti jireenyatti, waa qabaachuufi dhabuutti, akkaataa yookaan qabaa jireenyaatti akka fakkeeffama adda baafamee jira.
- ☞ Meeshaalee aadaafi ogafaan walitti qindeessuun dhimma itti ba'uun kan tureefi jiru ta'uun hubatamee jira.
- ☞ Meeshaalee aadaan qabanii gosoota ogafaanii keessaa mammaaksa, hibboofi jechamatti dhimma bahuun walgorsuun wal qeequun, walbarsiisuun ammayyuu haalaan kan mul'atu ta'uun adda baafamee jira.
- ☞ Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti hawaasni Oromoo naannoo kanaa ogafaan qabu keessaa hibboo, jechamaafi mammaaksatti haalaan dhimma akka ba'u bira ga'amee jira.
- ☞ Uummanni Oromoo naannoo kana jiraataa tureefi jiru hojiiwwan uumee isaa kana akka madda galiitti dhimma itti bahaa akka tureefi jiru bira gahamuuf yaalamee jira.
- ☞ Meeshaalee aadaa baay'een isaanii kanneen uumee hawaasa kanaan hojjetaman hambaalee dhalootaa dhalootatti darbuun faayidaa qorannoofi kanneen biroof oolaa akka jiran hubachuuf danda'amee jira.

### 9.3 Yaboo/Yaada furmaataa

Hawaasni Oromoo konya kana keessa jiraatu akkuma hawaasa Oromoo naannoo biroo jiraatuu beekumsa xabboofi falaasama isaa fayyadamee meeshaalee aadaatti dhimma ba'uun aadaafi duudhaa isaa eeggatee har'aan ga'atee jira. Meeshaaleen aadaa eenyummaafi falaasama hawaasa tokkoo gadi fageenyaan akka ibsan beekamaadha. Meeshaalee eenyummaa hawaasa tokkoo ibsan kana immoo karaa qajeeltoon itti fayyadamuu, qorachuun ifa baasuufi kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Haata'umalee, meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman yeroo dheeraaf xiyyeeffannoo dhabuun gola namoota dhuunfaa keessatti harca'anii hafuun irraanfatamaa jiru; dhaloota har'aatiin maqaafi hiikni fakkoommiin isaanii dagatamuun akka waan kan ormaa ta'aniitti ilaalamaa jiru. Akka godina kanaatti qorattoonni tokko tokko waa'ee meeshaalee aadaa qorachuuf kufaa ka'aa turanis, jiraatanis qoratanii waliin ga'uu hindandeenye. Sababni isaas qorannoon akkanaa kun qorannoo aloolaafi yoomessa dhugaa kan barbaadu waan ta'eef haalli mijaa'aan dhabamuun duubatti harkifataadha. Sababiin inni biroon, siyaasaa biyyattii akkasumas akka naannoo kanaatti jiru eeruun ni danda'ama. Kanumarraan kan ka'e, meeshaaleen aadaa naannoo kanatti argaman gadi fageenyaan qorannoodhaan xiinxalamanii hinmul'atan.

Ogafaan madda seenaa afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbuudha. Namoonni dhuunfaas ta'e hawaasni ogafaan gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalanii qeequ, deeggaru, mormu, isa darbe ittiin yaadatu, isa dhufuuf jiru ittiin raagu. Kana raawwachuuf gosoota ogafaanii keessaa gahee guddaa kan qaban kanneen akka mammaasaa, hibboo, cigoo, jechama, oduu duriifi kkf yoo jiraatan iyyuu xiyyeeffannoo guddaa kan argatan mammaaksa, hibboofi jechama kan giddu galeeffateedha. Kanaaf, waa'ee qorannoo meeshaalee aadaa, qabiyyeefi ergaa mammaaksota, hibboowwaniifi jechamoota Oromoo meeshaalee aadaa wajjin walqabatan ilaalchisee ta'uu qaba kanan jedhu yaada furmaata yookaan yaboo qorannichaa ta'u kanan jedhu akka itti aanutti lafa kaa'een jira.

- Akkaataa uummanni Oromoo meeshaalee aadaa fakkoommii isaaniin eegee dhimma itti ba'u daran kan nama ajaa'ibsiisuudha. Kanaafuu, hawaasni naannoo kanaa meeshaaleen aadaa mallaattoo falaaasama, beekumsa, duudhaafi aadaa isaa ittiin ibsatu ta'uu beekee itti fayyadamuun sabboonummaa isaa ittiin mirkaneeffachuu qaba.

- Fakkoommiin yeroo baay'ee hiika miira yookaan yaada gadi fagoo ta'e karaa gabaabaafi al-kallattiin dabarsuudhaaf itti fayyadamnuudha. Kanaaf, oogumni kun ofeeggannaa cimaa waan barbaaduuf dhimmamtoonni kana akka baraniif qorannoon adda addaa irratti geggeeffamuun dhalootaaf akka darbu taasifamuu qaba.
- Fakkoommiin meeshaan yookaan wantootni, namni, haalli yookaan gochi tokko hiika kallattiin qabu ala waan tokko yoo bakka bu'u kan argamuudha. Hojiin kun immoo xiyyeeffannaa guddaa barbaada; kanaaf, dhaloonni si'anaa haalaan akka dhimma itti ba'aniif barsiifamuu qabu.
- Meeshaaleen aadaa yeroo hunda hiika aadaa qabu, hiikni isaanii kun callisee kan kennamu osoo hintaane haala hawaasa sanaa giddu galeeffateeti; yoo sanaa ala ba'e rakkoo hubannaa uumuu waan danda'aniif waajjirri aadaafi tuurizimii dhimmamtootaaf hubii kana uumuu qaba.
- Meeshaalee aadaa namoonni manaa qaban, bitanii kennaaf itti fayyadamaniif hiika mataa isaanii qabu; kunis, meeshaaleen aadaa 'wantoota' qofa osoo hintaane, hiika dhokataa isaan namootaaf qaban of keessaa waan qabuuf hiikni isaanii kun bifa isaa akka gadi hinlakkifneef haalaan irratti hojjetamuun waraabamee kaa'amuu qaba.
- Mammaaksaafi jechama gargaramanii wal gorsuun, wal qeequun, wal jajjabeessuun yeroo durii ture ammas sirnaan akka itti fufuuf dhalootni si'anaa barsiifamuu qabu.
- Faayidaan ogafaan hawaasa kanaaf qabu hedduu ta'uunsaa hubatamee karaa waajjira aadaafi tuurizimii namoota umuriin isaanii gorsaaf ga'es ta'e ijoolleef mana barumsaafi iddoo mijataatti gorsi osoo kennameefii gaariidha.
- Barsiisonni Afaan Oromoofi hojjettootni waajjira aadaafi tuurizimii barattoonniifi qaamolee biroon ogafaan warrasaaniifi namoota biroo gaafatanii akka fidan taasisuun barreessanii olkaa'uun hawaasa keessatti akka yaadatamaniifi dhalootaa dhalootatti akka darban gochuu qabu.
- Dhaabbileen barnoota ol'aanoo Oromiyaa keessa jiran hunduu qorannoo ogafaanii keessaayyuu mammaaksa, jechama, hibboofi kanneen biroo irratti bobba'anii falaasama hawaasaa kana badiirraa baraaruu qabu.

- Hibboon afaan barsiisuu keessatti haala tokkummaafi jaalala maatii gidduu jiruun dabalamee dandeettiwwan adda addaa kan ofkeessaa qabuudha. Hibboon dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsa. Kanaaf, barattoonni afoola fayyadamanii ogummaa afaanii akka gonfataniif barsiisonni shaakala adda addaa, hojii daree, hojii maneefi abbaltii kennuufiin jajjabeessuu qabu.
- Ogeeyyiin kitaaba barnootaa yemmuu qopheessan ogummaa afaanii afran afoolaan barsiisuuf qabiyyeen dhiyaatu waa'ee umurii, aadaa, eenyummaa, ogummaa afaanii, fedhiifi muuxannoo jiruufi jireenya barattootaa kan giddugaleeffate akka ta'uuf carraaquu qabu.
- Qorattootniifi hayyootni fookiloorii, waa'ee meeshaalee aadaa faayidaa isaan afaan barsiisuufi jireenya hawaasummaa keessatti qaban galmeessuun dhaloota dhufuuf dabarsuu qabu.
- Waajjirri aadaafi tuurizimii konya kanaa duudhaa hawaasaa kanaa qorachuun yoo golhambaa keessa kaa`u dhabellee iddoo mijataa qopheessuun namootni akka irraa baran, daawwatan gochuu qaba.
- Nammoonni dhuunfaa, iddooleen amantaa adda addaa meeshaalee aadaa kanneen of harkaa qaban kunuunsuun ol kaa'anii dhaloota dhufuuf akka darbuuf qaama dhimmi isaa ilaallatutti kennuun gaarii ta'a.
- Duudhaan hawaasaa kun sababa amantii, saayinsiifi teknolojiin akka hinbadneefi hindagatamneef jaarsoliin biyyaa, hayyootniifi abbootni amantii waliin ta`uun wantoota dhiibbaa ta'an addaan baasuun kallattii furmaataa kaa'uun duudhaan hawaasaa kun akka turu taasisuun gahee isaanii bahuun irraa eegama.

## DABALEEWWAN

### DABALEE A: Gaaffilee Afgaaffiif Dhiyaatan

# Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaatti, Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoo

Gaaffii afaanii yookaan afgaaffii namoota/jaarsolii/ dhimmamtoota waa'ee hiika fakkoommii meeshaalee aadaa Oromoo Maccaa konya Wallaggaa Lixaa ilaallatan haala qabatamaa naaannoo Maccaa onaalee kudhan keessa jiran beekaniif dhiyaate. Kaayyoon qorannoo kanaa muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiin sagantaa Idileen Digirii Sadaffaa (PhD) guuttachuuf mata-duree Xiinxala Hiika Fakkoommii Meeshaalee Aadaa Oromoo Maccaa: Konya Wallaggaa Lixaa ilaallatan haala qabatamaa onaalee Gimbii, Boojji Dirmajjii, Mana Sibuu, Laaloo Assaabii, Gullisoo, Aayira, Sayyoo Noolee, Noolee Kaabbaa, Ganjiifi Haaruurratti ragaa funaannachuuf gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuudhaan kan qophaa'eedha. Odeeffannoon isinirraa argadhu qorannoon gaggeessu guutuu akka taasisan amanamaadha. Kanaafuu, odeeffannoo dhugummaafi qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

Maqaa ________________________________ umurii________saala_______gahee hojii _____________ amantaa __________sadarkaa barnootaa _____________ bakka dhalootaa (1) Naannoo _____ (2) Konya __________ (3) Ona ___________ (4) Ganda_______

1. Meeshaalee aadaa jechuun isiniif maal jechuudha? (What does material culture mean? What is it?)
2. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman meeshaalee akkamiiti? Maaliif meeshaalee aadaa jedhaman?
3. Meeshaaleen aadaa meeshaalee kanneen biroorraa maaliin adda ba'u yookaan amala adda isaan baasu qabuu? (What makes difference material culture from other materials? Was it unique? )
4. Gosoota meeshaalee aadaa Oromoo akka naannoo kanaatti beekaman naaf tarreessuu dandeessuu?

5. Meeshaaleen aadaa hiika akkamiin argatu, namoota hunda biratti hiika wal fakkaataa qabuu? Yoo miti ta'e maaliif?eenyutu moggaasa?
6. Meeshaaleen aadaa akka naannoo keessanitti beekaman irra jireessaan maalirraa hojjetamu? Maaliif? Faayidaa maaliis uummatichaaf kennu? (What are the object's physical properties? Materials (wood, stone, clay, metal, skin and so on )
7. Meeshaaleen aadaa faayidaa qabuu? Faayidaa akkamii, maalii qabu? (Does the object have purpose? What is the object's purpose? What was the object's function?)
8. Meeshaaleen aadaa ergaa yookaan dhaamsa dhokataa dabarsan qabuu? Ergaan isaan dabarsan ergaa akamiiti? Akka hawaasaatti, akka dhuunfaatti?( Does the object promote some kind of theme, action or performance? Individual or Social?)
9. Afoolawwan meeshaalee aadaa waliin walqabatan naaf himaa

**DABALEE 'B': Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoof Dhiyaatan**

# Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaatti, Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookiloorii Oromoo

1. Namni hundi waa'ee meeshaalee aadaa hubii qaba jechuu dandeenyaa? Yoo hinqabaanne maaliif jettanii yaaddu? Hubachiisuun hoo ni barbaachisaa? Gahee eenyuutimmoo?
2. Meeshaalee aadaatti akka yeroo duriitti dhimma bahamaa jiraa? Yoo hinjiraannee maalif? Akka duraatti meeshaalee aadaatti fayyadamuu aadaasaa deebisuun ni barbaachisaa? Deebisuuf maaltu barbaachisa? Ni danda'amaammoo? Maaltu danqaa ta'a? Gahee eenyutimmoo?
3. Meesaalee aadaa kunuunsuun yookaan eeguun ni barbaachisamoo hinbarbaachisu? Yoo eeguun yookaan kunuunsuun barbaachisaa ta'e gaheen isaa kan eenyuuti? Maaliif?
4. Meeshaalee aadaatti fayyadamuu dhiisuun dhiibbaa fidu qabaa? Yoo kan fidu ta'ee dhiibbaa yookaan miidhaa akkamii fiduu danda'a?
5. Meeshaalee aadaatti fayyadamuun amantii keenyarratti dhiibbaa qabaa? Amantiifi qaroominni aadaan uummata tokkoo akka hinguddanne ni taasisuu?
6. Hiikni dhokataan meeshaan aadaa tokko qabu eessaa dhufee kennama?

**DABALEE C: Odeeffannoo Madda Ragaalee/Raghimtootaa**

| T. L | Maqaa | Um urii | Saal a | aanaa | Sad.bar | Ogummaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **1** | Aadde Asteer Goobanaa | 41 | Dha | N/Kaabbaa | Dig | *OWAT* |
| **2** | Aadde Baanchee Toleeraa | 48 | Dha | Gullisoo | " | Qonnaan Bultuu |
| **3** | Aadde Duulee Immaanaa | 55 | Dha | B/Dirmajjii | Dip | W/Barnootaa |
| **4** | Aadde Kuulanii Ashandaa | 58 | Dha | Gimbii | 12 | Haadha Siinqee |
| **5** | Aadde Masqalee Tolasaa | 53 | Dha | Gimbii | Dig | OWAT |
| **6** | Aadde Shiibirree Isaayyas | 47 | Dha | S/Noolee | Qalama | Qonnaan Bultuu |
| **7** | Aadde Tashuushee Tafarraa | 59 | Dha | M/Sibuu | Dig | OWAT |
| **8** | Aadde Xajjituu Waaqjiraa | 56 | Dha | L/Assaabii | Dig | OWAT |
| **9** | Aadde Zannabuu Miijanaa | 58 | Dha | N/Kaabbaa | Qalama | Qonnaan Bultuu |
| **10** | Obbo Abbayyaa Baayisaa | 52 | Dhi | B/Dirmajjii | Dig | OWAT |
| **11** | Obbo Debela Gutema Tasisa | 48 | Dhi | M/Sibuu | Qalama | Q/Bulaa |
| **12** | Obbo Abdiisaa Taammiruu | 59 | Dhi | Gullisoo | Qalama | Q/Bulaa |
| **13** | Obbo Addisuu Bultum | 62 | Dhi | Gimbii | Dip | OWAT |
| **14** | Obbo Alamuu Taaffasee | 64 | Dhi | N/Kaabbaa | 11 | Q/Bulaa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **15** | Obbo Asaffaa Nagaasaa | 54 | Dhi | S/Noolee | Dig | H/Mootummaa |
| **16** | Obbo Bulchaa Dhibbarraa | 67 | Dhi | S/Noolee | Qalama | Q/Bulaa |
| **17** | Obbo Carraa Waltajjii | 54 | Dhi | Gullisoo | 11 | Hojii dhuunfaa |
| **18** | Obbo Dabalaa Caalii | 62 | Dhi | M/Sibuu | 9 | Q/Bulaa |
| **19** | Obbo Dabalaa Hundee | 63 | Dhi | L/Assaabii | Dig | OWAT |
| **20** | Obbo Dafaa Waaqumaa | 57 | Dhi | M/Sibuu | 8 | Q/Bulaa |
| **21** | Obbo Eebbisaa Bantii | 68 | Dhi | S/Noolee | 6 | Q/Bulaa |
| **22** | Obbo Fayisaa Haayilee | 76 | Dhi | Gimbii | Qalama | Abbaa Gadaa |
| **23** | Obbo Fiqaaduu Wayyeessaa | 75 | Dhi | B/Dirmajjii | Dig | Luba |
| **24** | Obbo Fiqiruu Galataa | 63 | Dhi | Gimbii | 12 | Abbaa Gadaa |
| **25** | Obbo Karrasaa Callaa | 73 | Dhi | Gullisoo | Dig | Luba |
| **26** | Obbo Karrasaa Kumarraa | 69 | Dhi | N/Kaabbaa | 9 | Q/Bulaa |
| **27** | Obbo Magarsaa Bayyaan | 57 | Dhi | Gullisoo | Qalama | Q/Bulaa |
| **28** | Obbo Magarsaa Goobanaa | 62 | Dhi | B/Dirmajjii | Qalama | Q/Bulaa |
| **29** | Obbo Malaakuu Firoomsaa | 63 | Dhi | Gullisoo | Dig | Sooramaa |
| **30** | Obbo Moosisaa Garbii | 67 | Dhi | N/Kaabbaa | 12 | Q/Bulaa |
| **31** | Obbo Nagaraa Alamaayyoo | 65 | Dhi | Gimbii | Dig | OWAT |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **32** | Obbo Oljirraa Dibaar | 71 | Dhi | M/Sibuu | Qalama | Q/Bulaa |
| **33** | Obbo Qajeelaa Irraandhufaa | 55 | Dhi | B/Dirmajjii | Dig | H/mootummaa |
| **34** | Obbo Suutumaa Waaqjiraa | 59 | Dhi | S/Noolee | 6 | Q/Bulaa |
| **35** | Obbo Taganyee Tolaa | 67 | Dhi | L/Assaabii | Dig | H/Mootummaa |
| **36** | Obbo Tamasgeen Disaasaa | 67 | Dhi | L/Assaabii | Qalama | Q/Bulaa |
| **37** | Obbo Tasfaayee Baqqalee | 72 | Dhi | L/Assaabii | Dip | Soramaa |
| **38** | Obbo Tolaa Habtee Marshaa | 69 | Dhi | S/Noolee | Qalama | Q/Bulaa |
| **39** | Obbo Waaqwayyaa Beekumaa | 61 | Dhi | B/Dirmajjii | Dig | H/mootummaa |
| **40** | Obbo Yadasaa Beekumaa | 71 | Dhi | N/Kaabbaa | Dip | Sooramaa |
| **41** | Obbo Yoonaas Immiruu | 67 | Dhi | M/Sibuu | 7 | Q/Bulaa |
| **42** | Obbo Yoonnattan Galataa | 54 | Dhi | L/Assaabii | Qalama | Q/Bulaa |
| **43** | Adde Faaxumaa Xahaa | 51 | Dha | N/Kaabbaa | 9 | Q/Bulaa |
| **44** | Adde Bungulee Garbichoo | 45 | Dha | Gullisoo | Qalama | Q/Bulaa |
| **45** | Adde Shukaaree Kaabbiitaanoo | 56 | Dha | Gullisoo | Qalama | Q/Bulaa |
| **46** | adde Maragtuu Disaasaa | 48 | Dha | B/Dirmajjii | Dig | Sooramaa |
| **47** | Aadde Asteer Goobanaa | 56 | Dha | B/Dirmajjii | 12 | Q/Bulaa |
| **48** | Aadde Baanchee Toleeraa | 61 | Dha | Gimbii | Dig | OWAT |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **49** | Aadde Duulee Immaanaa | 45 | Dha | S/Noolee | 9 | Q/Bulaa |
| **50** | Aadde Kuulanii Ashandaa | 52 | Dha | S/Noolee | Qalama | Q/Bulaa |
| **51** | Aadde Masqalee Tolasaa | 49 | Dha | M/Sibuu | Qalama | Q/Bulaa |
| **52** | Aadde Shiibirree Isaayyas | 47 | Dha | L/Assaabii | Dig | Sooramaa |
| **53** | Aadde Tashuushee Tafarraa | 43 | Dha | M/Sibuu | 12 | Q/Bulaa |
| **54** | Aadde Xajjituu Waaqjiraa | 42 | Dha | L/Assaabii | Dig | OWAT |

[1]**Ibs**

[1] ***N/Kaabbaa: Noolee Kaabbaa, B/Dirmajjii: Boojji Dirmajjii, L/Assaabii: Laaloo Assaabii, M/Sibuu: Mana Sibuu, OWAT: Ogeessa Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Q/Bulaa: Qonnaan Bulaa, H/Mootummaa: Hojjetaa Mootummaa, S/Noolee: Sayyoo Noolee, Dip: Dippiloomaa, Dig: Digirii,***


## DABALEE ‘D’: Suura Meeshaalee aadaa xiinxalarraa hafanii

| | | |
|---|---|---|
| <br>**Barcuma Teephaa** | <br>***Agilgilii mukarraa hojjetamu*** | <br>**Alqabaa** |
| <br>***Baattuu Dhugaatii*** | <br>***Bubbuttuu*** | <br>***Budduksee Bukoo*** |
| <br>**Caabii** | <br>Cororsaa Dhadhaa | <br>Cuggee/ Manqallii |


| | | |
|---|---|---|
| <br>**Dombii** | <br>Gabatee Muudaa | <br>Gomboo Giisoo |
| <br>**Guchuma** | <br>**Jabanaa Morma Lamaa**[2] | <br>**Kenneeraa** |
| <br>**Killa Bunaa** | <br>Koobaa | <br>Masaaqula |

[2] *Jabanaan dhaabbatee bunni danfee*
*Sagadaan dhaabbatee nutti marsee*
*Yaa aayyoo maaree*
*Sin kadhadhaka sitti marmaaree*

| | | |
|---|---|---|
| <br>**Meeshaa Wareegaa** | <br>**Mooyyee/Moonyee** | <br>Okolee Horaa |

| | | |
|---|---|---|
| <br>**Qabduu Waraantoo** | <br>**Qabee Qorii** | <br>**Qabee Unata Aannanii** |
|  |  |  |

| **Qalqalloo** | Qeremoo | Safartuu Jirbii |
|---|---|---|
| <br>**Sataatee** | <br>**Siilettii** | <br>**Siliqqee Sooraa** |
| <br>**Sinii Bunaa** | <br>**Waadduu Jejii Foonii** | <br>**Waciitii Miillaa** |

| | | |
|---|---|---|
| <br>**Waraabee** | <br>**Xuwwee Ittoo** | <br>**Xuwwee/doocoo** |

| | | |
|---|---|---|
| <br>**Koomboo Farsoo** | <br>Budduksee Bishaanii | <br>Killa/Harkee Qadaadaa |
| <br>**Gabatee Nyaataafi Dhugaatii** | <br>Caabii Mukarraa Hojjetamu | <br>Qodaa Kuusaa Dhadhaa |
| <br>**Gabatee Sanyii Facaasaa** | <br>Harkee Miillaa | <br>**Qabee/Wullee unata farsoo/bordee** |







**Budunuu/ Qabee Aannanii** **Gilgilii/Agelgilii/Gingilii** **Gingilchaa**



Jalqabbee



**Eeboo Qara Jahaa**



**Eeboo Qara Jahaa**

| | | |
|---|---|---|
| <br>***Baattuu Dhugaatiifi Dirata foonii*** | <br>**Mutaa** | <br>**Waancaa Bookaafi Farsoo**[3] |

[3] *Warri loon qabanii*
*Rakkina hin qabanii*
*Gaanfi waancaa ta'a kan itti dhuganii*
*Faltiin ni boba'aa yoo qoraan dhabanii*
*Osoo inni jiruu agabuu hin bulanii*

**Wabiilee**


Addisu Asefa and Habte Jebessa. (2021). Oromo Folklore Manifested through Features of the Northern Ground-Hornbill in Ethiopia. *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities*, 1-24.

Ahmed, M. F. (2023). Culture And Symbolic Transformations: Understanding The Dynamics Of Societal Change. *International Research Journal of Modernization in Engineering Technology and Science*, 234-240.

Akuamoah Kwabena (2015). Define what material culture is and explain why its study may provide insights into the cognitiveand social realms of life in any given communityof people. *Institute of African Studies, University of Ghana* , 1-12.

Alemayehu Kumsa (2019). The Oromo national memories. *RUDN Journal of Sociology* , 503-516.

Alex Dennis (2011). Symbolic Interactionism and Ethnomethodology. *University of Califorinia press*, 349-356

Alhayat Getu (2018). The Art of Hand Weaving Textiles and Crafting on Socio-Cultural Values in Ethiopian. *International Journal of Advanced Multidisciplinary Research ISSN: 2393-8870*, 1-10.

Allen D. (1965) *The Study of Folklore.* University of California.

Amanpreet Kaur & Manpreet Kaur. (2016). The Study Of Components Of Culture: Values , Norms, Material Objects ,Language And Culture Change. *India International Centre, New Dehli*, 1-13.

Anne Gerritsen and Giorgio Riello. (2014). *Writing Material Culture History.* London.New York.New Dehli.SYDNEY: Bloomsbury Publishing Plc .

Arthur Berger (2016). *What Objects Mean An Introduction to Material Culture Second Edition.* Taylor & Francis: Routledge.

Asafa Jalata and Harwood Schaffer. (2013). The Oromo, Gadaa/Siqqee Democracy and the Liberation of Ethiopian Colonial Subjects. *ResearchGate*, 276-295.

Ayalew Keno (2013). The Oromo: An ancient people great African people. Oromia cultural and turizm bureau. *unpublished*, 121.

Beaudry, M. C. (2015). Material culture studies and historical archaeology. *ResearchGate*, 190-204.

Berihun Negash & Getu Girma. (2019). Propose Knowledge Creation Confirmative Factor Analysis Model For Ethiopian Local Tanners. *Global Scientific Journals*, 361-376.

Buchli, V. (2004). *Material Culture: Critical Concepts in the Social Sciences, Volume 1.* London: Rout ledge.

Bula Sirika Wayessa (2011). The Technical Style of Wallaga Pottery Making:An Ethnoarchaeological Study of Oromo Potters in Southwest Highland Ethiopia. *Article in African Archaeological Review*, 300-326.

Bula Sirika (2017). We Are Not Alone: Conceptualizing People-Things Relationship in Oromo Community in North America. *Journal of Ethnic and Cultural Studies* , 33-43.

Cathryne Palmer & Amanda Bolderston. (2006). A Brief Introduction to Qualitative Research. *ResearchGate*, 1-5.

Clive Orton and Michael Hughes. (2013). *Pottery in Archaeology,Second Edition.* Singapore, Sao Paulo, Delhi, Mexico City: cambridge university press.

Christopher Tilley and el al (2006). *Handbook of Material Culture.* SAGE Publications.

Daniel Miller (1998). *Material cultures Why some things matter.* University College London: Taylor & Francis Group.

Davison, P. (1991). *Material culture, context and meaning.* Cape Town: University of Cape Town.

Delia Imaniar Putri Hidayat, Ni Made Widisanti S And Sari Rejeki. (2021). Types Of Idioms And Strategies In Translating Idioms In The Novel The Girl On The Train By Paula Hawkins. *Journal Albion: Journal Of English Literature, Language, And Culture*, 39-45.

Dirribii Damisee (2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Droogan, J. (2013). *Religion, Material Culture and Archaeology.* London • New Delhi • New York • Sydney: Bloomsbury Academic.

Duguma Waktole (2016). Cultural Values of Customary Handicraft:Cloth weaving in the Case of Macca Oromo Ethnic group in Western Ethiopia. *Socrates*, 15-26.

Dyer, Serena. (2021). State of the Field: Material Culture. *The Journal of Historical Association History*, 282-292.

Ehondor, B. (2017). The Concept Of Proverbs As A Theoretical Category In Communication In Africa. *ResearchGate*, 1-22.

Emana Beyene and Tadele Deressa (2018). Contextual Analysis and Documentation of Normative and Linguistic Aspects of Riddles among Afran Qalloo Oromo. *East African Journal of Social Sciences and Humanities* , 69-88.

Endalew Kufi (2023). The Portrayal of Indigenous Knowledge Assets in Ethiopian Curricular and Pedagogic Practices : The Case of Oromo Indigenous Knowledge (Ethiopia). *Research Square*, 1-14.

Enongene Mirabeau Sone (2016). The interrelationship between oral literature and museum studies . *UNISA*, 1-11.

Fiixee Birri (2006). *SEENAAFI AADAA OROMOO.* Finfinnee: EECMY-Misirach Dimtsi.

Filee Jaallataa (2016). Beekumtaa Oromoo (Oromo Folklore). Finfinnee : Mana Maxxansaa Raajii.

____________(2019). Malleen Qorannoo. Finfinnee: ADP Printing Press.

Funtek, E. (2015). Idiom Comprehension In English As A Second Language. University Of Rijeka, 1-27.

Gebremichael Bisrat (2016). Traditional Leather Processing, Production and Marketing in Amhara Regional State of Ethiopia. *Open Access Library Journal*, 1-19.

Gemechu Beyene & Assefa Tolera. (2006). Marriage Practices Among The Gidda Oromo, Northern Wollega, Ethiopia. *Nordic Journal of African Studies 15(3)*, 240–255.

Geremew Chala and Hunduma Dagim (2018). Oromo Oral Literature for Environmental Conservation: A Study of Selected Folksongs in East and West Hararghe Zones. *Humanities*, 1-14.

Gilligan, I. (2018). *Encyclopedia of evolutionary Psychological Science* . Sydney: NSW, Australia.

Gold Stein, K.(1964) A Guide for Field Workers in Folklore.Folklore Associates.

Goldberg, E. S. (2013). Exploring Visual And Material Culture. *University Of Florida*, 1-43.

Gumi Boru (2017). An Analysis of Guji Oromo Folktales: Function in Focus. *International Journal of Humanities & Social Science Studies (IJHSSS)*, 224-242.

Harvey, Karen. (2018). *History and Material Culture A Student's Guide to Approaching Alternative Sources( second edition).* 711 Third Avenue, New York, NY 10017: Routledge.

Helen Sheumaker and Shirley Teresa. (2008). *Material culture in America : understanding everyday life.* Oxford, England: Santa Barbara, California.

Hirst Kris (2021). Material Culture - Artifacts and the Meaning(s) They Carry. *ThoughtCo*, 23-31.

Hodder, I. (1982). *Symbols in Action: Ethnoarchaeological Studies of Material Culture.* Cambridge University Press.

Ian Woodward (2007). *Understanding Material Culture.* London: SAGE Publications Ltd.

Imola Nagy (2017). *An Introduction To Lexical Semantics For Students Of Translation Studies.* Imola Katalin Nagy: Cluj-Napoca : Scientia.

J.T Esquinas-Alcazar and P.J. Gulick. (1983). *Genetic Resources of Cucurbitaceae.* Rome: IBPGR Secretariat.

Jiang, Y. (2023). The Concept of Material Culture in Cross-cultural Communication and Its Application in Contemporary Art. *ESSC*, 1-5.

Johan De Smedt and Helen De Cruz. (2011). The role of material culture in human time representation: Calendrical systems as extensions of mental time travel. *Adaptive Behavior* , 62-76.

Jones, A. (2007). *Memory and Material Culture.* Cambridge,: Cambridge University Press.

Kaya, M. K. (2009). Tanners In Ottoman State. *ResearchGate*, 1447-1462.

Kondi, B. (2019). Folkore. *ResearchGate*, 1-7.

Kwabena Akuamoah (2015). Define what material culture is and explain why its study may provide insights into the cognitiveand social realms of life in any given communityof people. *Institute of African Studies, University of Ghana* , 1-12.

Madonsela, S. (2020). Riddles, Meanings And Cognitive Development Of The African Child In The Siswati Tradition. *ResearchGate,* 46-64.

Martha C.& Martine Stephens (2005) Living Folklore. An Introduction to the Study of People

and Their Traditions).Utah State University Press Logan, Utah

Mengistu Asmamaw, Seid Tiku Mereta & Argaw Ambelu. (2020). The role of local knowledge inenhancing the resilience of dinki watershed social ecological system,central highlands of Ethiopia. *PLoSONE*, 1-18.

Michael J Carter and Celene Fuller. (2015). Symbolic interactionism. *Sociopedia.isa*, 1-17.

Milkessa Edae & Fesseha Mulu. (2017). The Role Of Indigenous Healing Practices In Environmental Protection Among The Maccaa Oromo Of Ilu Abbaa Bora And Jimma Zones, Ethiopia. *Social Sciences and Education Research Review* , 30-53.

Miller, D. (1998). *Material cultures Why some things matter.* London: UCL Press.

Misganu Gabayo(2020). Oromo indigenous forest knowledge and Environmental sustainability among East Wollega Zone Oromo society; western Ethiopia. *IOSR Journal of Humanities And Social Science (IOSR-JHSS),* 69-79.

Mohammed Kedir (2015). An Interpretation of Two Oromo Folklore Genres Integrated to Enhance Skills, Knowledge, Attitude and Values in theStudent Text Books of Primary Second Cycle LanguageCurriculum. *Ethiop. J. Educ. & Sc.*, 23-38.

Mohan Sruthi (2019). Symbolism. *Sreenidhi Insitute of Science& Technology*, 1-15

Mulu Getachew and Lemma Nigatu. (2022). Traditional Hunting Associated Oral Literature and its Environmental Impacts in Southwestern Ethiopia. *Ethiop.j.soc.lang.stud.* , 57-71.

Nagaraa Alamaayyoo (2003). *Hambaalee Uumamaafi Muuxannoolee Hawaas-dinagdee Wallaggaa Lixaa.* Gimbii: Kan hin maxxanfamne.

Nebiyu Hundissa (2012). A Descriptive and Interpretive Documentation of Enemor Household Utensils. *Addis Ababa University School of Graduate Studies Faculty of Humanities* , 1-67.

Nilgun Askan (2009) *Symbolic Interaction Theory*.Procedia Social and Behavioral Science.

Nnyagu, U. (2017). The Nature of Oral Literature: Concepts and Genres. *Scholars Journal of Arts, Humanities and Social Sciences*, 1149-1155.

O'Toole, P. A. (2008). Observing Places: Using Space and Material Culture in Qualitative Research. *Qualitative Research*, 616-34.

Paul E. Bolin & Doug Blandy. (2003). Beyond Visual Culture: Seven Statements of Support for Material Culture Studies in Art Education. *National Art Education Association*, 246-263.

Rajukmar Lakhadive (2019). Symbolism – A Key Concept In Literature. *Pune Research Dicovery An International Journal of Advanced Studies*, 1-7.

Richard M. Dodson (1972) *Folk and Folk life.* University of Chicago Press, Ltd., London.

Rouse, I. (1960). The Classification of Artifacts in Archaeology. *American Antiquity Vol. 25, No. 3*, pp. 313-323.

Runoz Martín and Rojo López (2018). Meaning. *ResearchGate*, 61-78.

Sahoo, H. B. (2018). Concept of clothes. *International Journal Of Legal Developments And Allied Issues*, 1-8.

Scarpaci, J. L. (2016). Introductory Essay Material Culture and the Meaning of Objects. *ResearchGate*, 1-9.

Shining Star Lyngdoh (2022). The Materiality of the Sign in Khasi Oral Tradition: Derrida's Linguistic Materialism. *Journal of Indian Council of Philosophical Research*, 151-168.

Shoemaker, Helen; Wanda, Shirley (2008) Material Culture in America: Understanding

Everyday Life.Santa Barbara, CA: ABC-CLIO. pp. 1-36.

Sibani, C. M. (2018). Impact Of Western Culture On Traditional African Society: Problems And Prospects . *International Journal of Religion and Human Relations*, 56-72.

Spradley, J. (1979). *The Ethnographic Interview.* New York: Holt, Rinehrt, and Winston.

Sulaiman, I. (2020). Semiotic Communication:An Approach Of Understanding A Meaning In Communication . *International Journal of Media and Communication Research* , 22-32.

Syed Muhammad Sajjad Kabir (2016) Methods Of Data Collection. Curtin University.

Taherdoost, H. (2016). Sampling Methods in Research Methodology; How to Choose a Sampling Technique for Research. *International Journal of Academic Research in Management (IJARM)*, 17-27.

Tarik Hadgu (2012). Empowering Women through Home-based Work and Institutionalized Threats in Ethiopia. *International Institute of Social Studies(iSS)*, 1-52.

Temesgen Burka (2008). Qaalluu, Smith and Metal: Traditional Conflict Resolution Mechanisms in the Medium of Metals among the Oromo of Northeast Wollega, Ethiopia. *EJOSSAH Vol. VI, Nos. 1 & 2* , 25-43.

Terence McDonnell (2023). Cultural Objects, Material Culture, and Materiality. *Annual Review of Sociology University of Notre Dame, Notre Dame, Indiana, USA*, 196-220.

Tilmann Habermas (2001). Objects: Material. In N. J. Smelser & P. B. Baltes. *International Encyclopedia of the Social and Behavioral Sciences Oxford UK: Elsevier,* 90-81.

Tujuba Beyene (2020). The Role Of Oromo Ethnographic Museum In Promoting Social Interaction And Generation Building. *A Thesis Submitted to the Department of Archaeology and Heritage Management in Partial Fulfillment of the Requirements for the Degree of Masters of Art in Museum Studies*, 1-114.

Ujulu Teso (2018). *Oromo Indigenous Reliion and Oromo Chirstianity.* Hildesein-Zurich-New York: George Olms Verlag.

Umer Aliy and Muktar Ahmed. (2019). The Genres and the Uses of Oral Literatures in the Utterances of Sayyid Haji Ali Wale and Sayyid Roba Garbi in Bale Zone, Oromia. *Journal of Literature, Languages and Linguistics*, 23-31.

Valentina Vadi, V. (2018). Power, Law and Images:International Law and Material Culture. *Syracuse Journal of International Law (forthcoming* , 1-29.

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo(WDAO), W. A. (2006). *DAANIYAA.* Finfinnee: Kaawoo HBT,THC Galaan BFC.

William Kayamba (2016). The role of pottery production in development: A case study of the Ankole region in Western Uganda. *Net Journal of Social Sciences*, 81-90.

Wogari Negari (2018). Indigenous Knowledge For Good Governance And Development:Unleashing The Wisdom Of The Gada System. *Amity Journal of Management Vol. VI, No. 2*, 1-17.

Yenealem Aredo (2016). Description and Documentation of Traditinal Dress: the Case of Arsi Oromo. *PhD Dissertation submitted in Partial Fulfillment of Degree of Philosophy in Documentary Linguistics and Culture. Addis Ababa University (un published)*, 433.

ዳፋ ጀሞ (1974). አዳ ኦሮሞ ወለጋ.ሴንተራል ማተሚያ ቤት፡